OROMUMMAA
FI
ISLAAMUMMAA

Qopheessaa:

Gaalii Abbaaboor Abbaaguumaa

Gulaalaa:

Ahmaddiin Jabal
Sa'iid Nagaashiifi
Abuu Yahyaa Amaan

Mirgi maxxansaa kitaabichaa kan abbaa qopheesseeti. Eenyunuu eeyyama barreeffamaa seera qabeessaan malee kutaa kitaabichaa bifa kamiinuu baay'isuufi fayyadamuun hin eeyyamamu

حقوق الطبع محفوظة للمؤلف

No part of this book may be reproduced or utilized in any form or by any means without written permission.

Gaalii A/Boor A/Guumaa
Bilbila 0917273968
Whatsapp 0917063137
e-mail: glababor@gmail.com
Finfinnee

Maxxansaa Tokkoffaa – Sadaasa 2011

Dursa Ustaaz Ahmaddiin Jabal

Faaruun kan Rabbii Gooftaa Aalamaati. Rahmanniifi nageenyi Nabiyyii keenya Muhammad irra haa jiraatu. Akkuma beekamu namni tokko eenyummaa baay'ee qaba. Isaan keessaa namoomni, amantiin, sabniifi biyyoomni isa ijoodha. Eenyummaa kanneen wal dandeessisanii adeemsisuu dhabuudhaan rakkoon baay'een qabatamaan kanneen sammuu namaa jeeqaniifi adeemsa ummataatti gufuu ta'an biyya hunda keessatti argamaa jiru. Isaan keessaa eenyummaan Oromummaafi Islaamummaa qabxii ijoo hubatamuu qabuudha. Haala isaan lamaan osoo wal hin faallessin wal deeggaranii wajjin deeman sirriitti qoratanii hubachuun barbaachisaadha. Kana ilaalchisee kitaabni Ustaaz Gaaliin mataduree Islaamummaafi Oromummaa jedhuun qopheesse baay'ee bu'a qabeessa.

Kitaaba kana yoo dubbiftan wantoota baay'ee irraa hubattu; bu'aa guddaa isiniif buusas jedheen abdadha. Kanaafuu kitaaba kana ofiif dubbifnee akka namoonni biroos bitatanii dubbisan taasisuudhaan yaada isarraa arganne irratti bal'inaan haa mari'annu. Kitaabonni kana fakkaatan hawaasa Muslimaatiif baay'ee barbaachisu. Kanaafuu mataduree akka kanaa barreessuufi qoratanii ummataaf dhiheessuun barreessitoota amantii Islaamaafi hawaasaa kanneen ummata keenya keessatti argaman irraa sirriitti eegama jedheen amana.

Dursa Qopheessaa

Faaruun hunduu kan Rabbii Gooftaa aalamaati. Rahmanniifi nageenyi Nabiyyii keenya Muhammad, maatii isaanii, sahaabota isaanii, nabiyyoota hundaafi ummata hanga Guyyaa Qiyaamaatti isaan hordofan hunda irra haa jiraatu.

Dhimmi Oromoofi Muslimoota ilaallatu Itoophiyaa keessatti dirree qabsoo qorattootaafi gulaaltotaa baay'ee barbaaduudha. Sababni isaas dirreen kun lamaan qaama isaan qoratee dharaafi dhugaa, cubbuufi haqa adda baasu, kan qaawwa barreessitoonni biyyoota dhihaafi nafxanyoonni wallaalumaanis ta'ee beekaa irra utaaluudhaan uuman duuchuufi dhugaa isaan jallisan qajeelchu gaafata.

Akkuma beekamu ummanni Oromoofi Muslimoonni biyyattii bilisummaaf jecha bara dheeraaf qabsaa'aa turan. Yeroo dhiheenyaa kana qabsoon Oromoofi Muslimoonni biyyattii godhaa turan sirna godhataa dhufeera. Hoggantoota bebbeekamoos oomishuu danda'eera. Akkuma hoggantoonni uumaman ummatichis maalummaa qabsochaa kallattii baay'eedhaan hubatee isaan cinaa dhaabachaa jira; irraa eegamas. Garuu ummata biratti kallattii lamaaniinuu hanqinni hubannoo hangi ta'e ni mul'ata. Sababa kanaa yeroon qabsoo baay'ee dheerachuu danda'e. Akkasumas hubannoon hir'achuudhaan bu'aan qabsoo baay'een kan duuba deebi'u argaarra. Keessumaa warra eenyummaa

kana lamaan uffatee jiru biratti hubannoo guddaatu barbaachisa.

Barreeffamni kun akka yaada kiyyaatti warri maalummaa qabsochaa hubachuu dhabee fagoo dhaabatee ilaalu akka isa hubatu, warri itti seene immoo akka kallattii sirreeffatu deeggara jedheen yaada. Ogga kana qabsoon adeemaaru sirriitti bakka ga'a. Sababni isaas akkuma beekamu ummanni Oromoo harki caalu Muslimoota. Muslimoonni wanta hojjatan tokko osoo seera Rabbiitiin hin madaalin hin hojjatan. Kanaafuu qabsoon amma jiru akka seera Islaamaatti maal fakkaata jedhamee ummanni Oromoo Muslimaa hunduu sochii kana ragaa irratti hundaa'ee hubachuu qaba.

Yoo kana hin taane namoonni gariin "adeemsi kun sabaan of tuuluudha; Islaamni immoo kana nuuf hin eeyyamu" jechuudhaan irraa baqachuu eegalu. Gareen biraa immoo sochiin Oromummaafi Islaamummaa waan wal faallessu itti fakkaachuudhaan ani saba koon filadha kan jedhu uumamuu danda'a. Gareen sadaffaan immoo isaan kana lamaan jidduu dhama'ee jidduutti hafuutu mala. Kanaafuu waa'ee kanaa ilaalchisee amantiin Islaamaa "maal jedha? Isa kam eeyyama? Maal dhorga?" gaaffii jedhu hubatee osoo seera amantii isaa hin diiginiifi wal hin qoodin ummata isaa bilisa baasuuf qabsaa'uu qaba. Garuu qabsochi yoo seera kanaan madaalamee hin ilaalamin gabaabinaan ummanni

Oromoo Muslimaa bakka sadiitti qoodamuuf deemu. Warri amantii Kiristaanaas akkasuma ta'uutu mala. Kun immoo miidhaa guddaa nutti uuma. Silaawuu sochii biyya guutuu dhiisaatii jireenyi nama dhuunfaatu seeraafi kaayyoo mataa isaa qaba; sochiin ummata Oromoos seerriifi kaayyoon isaa sirriitti hubatamuu barbaachisa.

Erga kana ta'ee ummanni keenya kaayyoo warraaqsa sabboonummaa adeemsifamaa jiru kana fageenya dhaabbatee ilaaluu dhiisee itti makamee maalummaa isaa baruutu irraa eegama. Sababni isaas waan tokko yoo kaayyoo isaa sirriitti hin hubatin gochi kun sirriidhamoo dogoggora waan jedhu adda baasuuf nama rakkisa. Sochiin tokko yoo kaayyoofi karoora isaa sirriitti hubatan galma ga'uu ni danda'a. Oggas ummanni keenyas adda qoodamuu dhiisee harka wal qabatee tokko ta'ee qabsoo isaa itti fufa. Qabsoon yoomuu hin dhaabatu waan ta'eef fuuldurattis hubatamaa deemuu gaafata. Kaayyoon qabsoo ummata keenyaa, akkan hubadhetti biyyattii keenya kan bara dheeraaf, keessumaa erga mootottiin hidda Solomoonawaa ofiin jedhan taayitaa qabatanii kaasee unkuramaa, kan humna qabu dadhabaa saamee nyaataa ture, dhiigni ummata keenyaa akka bishaaniitti dhangala'aa ture dhaabuufi seenaa loogiidhaan guutame sana sirreessuudha.

Qabsochi kaayyoon isaa hammeenyaafi jallina saba tokkoo kaasanii sabaafi paartii siyaasaa biraa ittiin quubsuu ykn saba tokko bilisoomsanii kan biraa gabroomsuu miti. Akkasuma qabsoo hiyyeeyyiin dureeyyii irratti ka'uudhaan qabeenya dureeyyii saamaniifi barbadeessanii miti. Kaayyoon isaa biyyattii keessattii wal qixxummaa saba hundaa, bilisummaa amantii hundaa, bilisummaa guutuu biyyattii, sabni hunduu osoo adda hin qoodamin mirga qabeenya isaatti fayyadamuufi siyaasa biyyattii keessatti hirmaachuu argachuu qaba kan jedhu natti fakkaata.

Kaayyoon kitaaba kanaas ummatichi maalummaa sabboonummaa akka baru, kan dhorgamuufi eeyyamamu adda baasee akka hubatu, sochii biyya guddisuuf godhamu fagoo dhaabbatee ilaaluu dhiisee keessatti hirmaatee ga'ee isaa akka ba'atu taasisuuf yaadameeti. Kanas qabiyyee kitaabichaa irraa hubachuun ni danda'ama.

Kutaa duraa kitaabichaa keessatti eenyummaa (identity) dhala namaa, miidhaa biyya keenyaa eenyummaa irratti hundaa'eefi barbaachisummaa mata duree kanaa ibsuuf yaaleera. Kutaa itti aanu keessatti seenaa Oromoofi ummata Kuush gabaabinaan tuquuf yaaleera. Akka isaan baha Afrikaa keessatti abbaa biyyaa isa bu'uraa ta'anis ibseera. Akkasumas maalummaa sabboonummaa, jaalala biyyaafi sochii bilisummaa ibsuu wajjin ilaalcha Islaamni

isaan irraa qabu dubbadheera. Amantiin Islaamaa dhala namaatiif mirga guutuu kan kenne ta'uus ibseera. Hariiroo Islaamniifi Oromoon durii kaasee qabu, akkamitti ummanni Oromoo Islaama akka fudhateefi Oromoon Muslima ta'an eenyummaa isaanii kan amantiifi sabaatiif sirriitti qabsaa'uu isaanii hanga ta'e ibseera. Akkasuma bu'aa sabboonummaan biyya keenyaafi guutuu addunyaatiif buuse, akkasuma miidhaa sabboonummaan kallattii lakkise uumes ibsuuf yaaleera.

Nama dubbise hundaawuu kan ittiin fayyadamu Rabbiin haa taasisu. Warra kitaaba kana qopheessuu keessatti na gargaaran hundaawuu, keessumaa Ahmaddiin Jabal, Dr. Jaylaan Kadiriifi warra gulaalan kanneen akka Abuu Yahyaa Amaaniifi Sa'iid Nagaash akka Rabbiin jannataan milkeessun kadha. Warra ergaa Islaamaafi kallattii qabsoo hubachuu dhabee karaa bade immoo akka Rabbiin ittiin qajeelchun kadha. Walumaa galatti lammii keenya, saba keenya Oromoofi Muslimoota biyya keenyaa hundaa akka Rabbiin bilisummaafi wal qixxummaa badhaasun kadha.

Baafata

Dursa Ustaaz Ahmaddiin Jabal 3
Dursa Qopheessaa 4
Baafata 9
Boqonnaa Tokko 11
1. Eenyummaa Ilma Namaa 11
1.1 Ilaalcha Eenyummaa Biyya Keenyaa 16
1.2 Dhiibbaa Eenyummaa Irratti Hundaa'e 19
Boqonnaa Lama 31
2. Seenaa Oromoo Gabaabaa 31
2.1 Hortee Kuush 31
2.2 Seenaa Oromoo 39
2.3 Aadaafi Duudhaalee Oromoo 49
2.3.1 Arjummaafi Gootummaa Oromoo 51
2.3.2 Aadaa Wal Gargaarsaa 53
Boqonnaa Sadii 62
3. Sabboonummaa 62
3.1 Maalummaa Sabboonummaa 65
3.2 Jaalala Biyyaa (Patriotism) 70
3.3 Qabsoo Bilisummaa 77
3.4 Hariiroo Jechoota Kana Sadanii 79
3.5 Sabboonummaa Ilaalcha Islaamaatiin 83
3.5.1 Uumamaan Sabaafi Sablammoonni Jiraachuu 88
3.5.2 Bu'aa Sabaafi Sablammiin Baay'achuu 91
3.5.3 Amala Nuti Qabaachuu Qabnu 94
3.6 Sabaan Of Tuuluu (Dhaaduu) fi Dhiphina Islaamni Dhorge 95
3.7 Bilisummaafi Wal Qixxummaa Islaamni Labse 103
Boqonnaa Afur 115

4. Oromoofi Islaama 115
4.1 Hariiroo Islaamaafi Oromoo 116
4.1.1 Islaamaafi Afaan Oromoo 117
4.1.2 Islaamaafi Aadaa Oromoo 122
4.2 Oromoonni Akkamitti Muslima Ykn Kiristaana Ta'an? .. 136
4.2.1 Oromoon Akkamitti Kiristaana Ta'e? 137
4.2.2 Lola Dirqamaan Kiristaanessuu Jaarraa 19ffaa 141
4.2.3 Oromoonni Akkamitti Muslima Ta'an? 161
4.2.3.1 Kallattii Godaansaatiin 167
4.2.3.2 Kallattii Daldalaatiin 173
4.2.3.3 Kallattii Daa'iifi Beektotaa 179
4.3 Oromoon Yoom Muslima Ykn Kiristaana Ta'e? 182
4.4 Bu'aa Islaamni Oromootaaf Buuse 187
4.4.1 Eenyummaa Oromoo Tiksuu 188
4.4.2 Ga'ee Afaan Oromoo Guddisuu 193
4.4.3 Hacuuccaa Dubartoota Irraa Kaasuu 203
Boqonnaa Shan 210
5. Bu'aafi Miidhaa Sabboonummaa 210
5.1 Bu'aa Sabboonummaa Guutuu Addunyaa 211
5.2 Bu'aa Sabboonummaa Biyya Keenyaa 212
5.3 Miidhaa Sabboonummaa Guutuu Addunyaa 218
5.4 Miidhaa Sabboonummaa Biyya Keenyaa 232
Xumura 235
Kitaabota Wabii 238

Boqonnaa Tokko

1. Eenyummaa Ilma Namaa

Faaruun hunduu kan Rabbii Gooftaa aalamaati. Rahmanniifi nageenyi nabiyyii keenya Muhammad, maatii isaaniifi sahaabota isaanii hunda irra haa jiraatu.

Akkuma beekamu ummanni kamuu namoottan eenyummaa (identity) baay'ee qaban irraa ijaarame. Eenyummaan kun saba, amantii, saala, miseensa garee wahii ta'uu ykn kan biroo ta'uu danda'a. Namni tokko yeroo baay'ee eenyummaa afuriifi sanaa ol qabaachuu danda'a. Fkn ani saba Oromoo, amantii Muslimaa, lammii Itoophiyaa, saala Dhiira, ogummaan Injinaraafi kkf jedhee of ibsuu nan danda'a. Namni kamuu eenyummaa kanaa oliitiin of ibsuu ni danda'a. Eenyummaan kun hunduu fedhii adda addaa nama keessatti uuma. Namoonni fedhiin isaanii walitti dhihaate eenyummaa isaanii irratti hundaa'anii garee wahii waliin ijaarratu. Fkn yeroo ammaa sabni Oromoo tokkoomee bakka jiru hundatti warraaqsa uumee bilisummaa isaatiif qabsaa'aa jira. Akkasuma Muslimoonni waggaa torban har'aa tokkummaadhaan gurmaa'anii mirga isaaniitiif qabsaa'aa turan. Yeroo garii hojjattoonni mootummaa wal ga'anii qabsaa'anii miindaa isaanii sirreeffachiifatu. Akkuma kana konkolaachistoonni yeroon isaan walii galanii lagannaa hojii geggeessuun hacuuccaa isaan irra ga'e kaasuuf

qabsaa'an ni jira. Yeroo dhiheenyaa kana barattoonnis biyya keenya keessatti warraaqsa isaan qofa ilaallatu baay'ee geggeessaniiru. Warraaqsi kun hunduu garee namoottan hariiroo waliin qaban irratti hundaa'uun ijaarameen geggeeffame. Warri gurmaa'u kun hunduu eenyummaafi fedhii gareen waliin qabu irratti hundaa'a.[1]

Yeroo baay'ee namoonni addunyaa kana irra jiraatan eenyummaa baay'ee armaan olii keessaa kallattii afuriin hariiroo guddaa uumu. Inni jalqabaa namooma yoo ta'u ilmi namaa hunduu sababa namoomaa hariiroo ni qaba. Kan biyyaan, sabaafi amantiidhaan addaa sababa namummaa qofa hariiroo uumee wal bira dhaabata; yoo rakkate wal gargaara. Ardii Awrooppaa irraa ka'ee kan inni karaa dheeraa qaxxaamuree namoottan baha fagoofi Afrikaa kan namooma malee hariiroo homaa hin qabne gargaaru argita. Gargaarsi akka kanaa baay'ee gaariidha; jaalatamaadhas. Islaama keessatti ilma namaa qofa osoo hin taane waan lubbuu qabu hundaa gargaaruun mindaa guddaa argamsiisa. Dubartiin Banii Israa'iil sagaagaltuun tokko saree baay'ee dheebotee biyyee eelaa (biirii) nyaatu argitee kophee isii baaftee eela buutee bishaan waraabdee isa obaasuudhaan Rabbiin badii isiidhaaf

[1] Yaada kana waraqaa "Identity Politics and Politicized Identities: Identity Processes and the Dynamics of Protest" jedhu irraan cuunfee fuudhe. Baay'een isaa waanuma yaada namaa keessa jiruudha.

araaramee jannata isii galche.[1] Hadiisicha keessatti waan tiruu jiidhaa qabu hundaa nyaachisuun mindaa akka qabu nuuf himameera. Kanaafuu nama amantiin, biyyaafi sabaanillee siin adda ta'e tokko namummaa qofaaf gargaaruun Islaama biratti jaalatamaadha. Aadaa Oromoo keessattis gochi kun beekamaadha. Nama eenyummaa baay'eedhaan Oromoon adda ta'e moggaasaan ofitti maxxanfatu. Gosa moggaasaa kana keessaa beekamaan guddifachaadha. Fkn Oromoon Maccaa saboota akka Innaariyaa, Konch, Shaat, Bizaamoo, Gumar, Bosaafi kkf[2] moggaasaan Oromoo godhanii tokkummaa uumanii wal gargaaranii waliin jiraataa turan. Garuu yeroo ammaa Oromoo Maccaa warra bu'uuraafi saboota kana adda baasuun hin danda'amu. Qabatama addunyaas yoo ilaalle namummaa qofaan kan wal gargaaran baay'ee argina. Silaawuu hunduu ilmaan Aadam waan ta'aniif hariiroo uumuun barbaachisaadha.

Inni lammaffaa immoo biyyooma; lammiin biyya tokko keessa waliin jiraatan hariiroo biyyoomaa ni qabu. Hunduu biyya isaanii irraa waliin fayyadamu. Akkasumas waliin ta'anii biyya isaanii tiksuun dirqama isaan irra jiruudha. Jaalala biyyaatu (patriotism) walitti isaan hidha. Biyya ofii jaalachuufi ummata biyya sana keessa jiran waliin hariiroo uumuun nageenya uumanii

[1] Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

[2] Muhammad Hasan, Oromo of Ethiopia

waliin jiraachuun murteessaadha. Seera walii galaa malees jiraachuun hin danda'amu. Kanaafuu biyyi keenya seera ummata hunda wal qixxeessu baafattee qabdi. Hojiirra oolchuutu laafe malee seerichi gaarii ture. Nabiyyichis (saw) warra amantii addaa wajjin walii galanii biyya misoomsaa turan. Yahuudaa Madiinaan keessa turan kanneen amantiifi sabni isaanii adda tureen walii galtee uumanii biyyattii irraa diina waliin faccisuudhaaf waadaa uumanii turan. Kanaafuu akka Islaamaatti ummanni biyya tokko keessa waliin jiraatan osoma sabniifi amantiin isaanii adda ta'eeyyuu walii galtee uumanii wal gargaaranii jiraachuun barbaachisaa ta'uu hubanna.

Inni sadaffaa immoo walitti hidhamiinsa dhiigaati. Warri sabni isaanii tokko ta'e firooma waan qabaniif hariiroo guddaatu jidduu isaanii jira. Yeroo sabni isaa tokko rakkate isaa waliin dhaabachuun saba isaa hundarraa eegama. Akka Islaamaattis firooma fufuu waan ta'eef barbaachisaa ta'ee argama. Saba keessan waan ittiin firooma fuftan baradhaa jechuun Hadiisa keessatti gabaafameera. Akkasuma saba ofii jaalachuufi gargaaruun uumama waan ta'eef dhiphina ykn of tuuluutti hin lakkaa'amu. Inni kun fuulduratti bal'inaan irraa ni dubbatama.

Inni afraffaa immoo warra amantii tokko hordofaniidha. Ummanni amantii tokko hordofan tokkummaa

amantichaa uummatu; yeroo dhiibbaan kallattii amantii isaaniitiin isaanitti dhufu waliin qindaa'anii tokkummaa uumanii rakkoo amantii isaaniitiifi ummaticha irra ga'e irraa deebisuuf socho'u. Akka seera Islaamaatti Muslimoonni hunduu obbolaadha. Sabaafi biyyaan adda ta'anillee osoo baraan hin daangeffamin obbolummaa isaanii Rabbiin nutti hime. Mu'uminoonni akka ijaarsa manaatti gariin garii jabeessu. Kanaafuu wal tuffachuun, wal miidhuun, diinaaf dabarsanii wal kennuufi kkf baay'ee jibbamaadha.

Yeroo garii, miseensi garee tokkoo kan eenyummaa wahii irratti hundaa'ee ijaarame eenyummaan isaanii inni hafe wal dhabuu danda'a. Fkn lammii biyya tokkoo ta'uudhaan gareen wahii ijaaramee achi keessatti sabaafi amantiidhaan wal dhabuudhaan fedhiin isaanii wal dhabuu danda'a. Biyya keenya keessatti saba Amaaraatiin lammummaa waliin qabna. Garuu sabboonummaa irratti bara dheeraa wal dhabaa turre. Isaan saba isaanii irratti hundaa'anii saba Oromoofi kan biroo hacuucaa turan. Faallaan kanaa immoo sabni bal'aan biyya baay'ee keessa jiraatu sabboonummaan garee ijaarratee biyya irratti wal dhabuu danda'a. Fkn Araboonni sabboonummaa irratti hundaa'anii yeroo dhaabbata tokkummaa Arabaa ijaaran jaalala biyyaarratti kan wal dhaban argina.

1.1 Ilaalcha Eenyummaa Biyya Keenyaa

Qabatama biyya keenyaatti yeroo as deebinu, dhugaa jiru dubbatanii rakkoo jiruuf furmaata barbaaduun dirqama ta'a. Dhugaa jiru haguuganii bira darbuun gonkuma nu fayyaduu hin danda'u. Wanti ani warraaqsa biyya keenyaa irraa yeroo baay'ee hubadhe gareen tokko ogga eenyummaa wahii irratti hundaa'ee ijaarame eenyummaa hafe hunda mormuu fedha. Eenyummaan biyya keenya keessatti bakka guddaa qabu sadii ta'ee natti mullata. Isaanis lammummaa (biyyooma), sabboonummaa (saba dursuu) fi amantiidha. Gareen maqaa biyyaatiin ijaaraman baay'een yeroon dubbii isaanii dhaggeeffadhu maqaa sabaafi amantii dhaga'uu hin fedhan. Namni isaan biratti eenyummaa isaa kan sabaafi amantii mullifate akka dhiphina qabutti ilaalama. Yeroo baay'ee ijaarsa haala kanaatiin kan socho'aa turan warra Amaaraati. Dhaabbanni siyaasaa isaanii kan yeroo ammaa jiranis yaaduma kana labsu. Warri sabboonummaan wal ijaaran immoo maqaa biyyaafi amantii dhaga'uu hin fedhan. Biyya isaanii himachuu kan hin feenellee ni jiru. Haalli kun bara dheeraadhaaf Oromoota keessa ture. Warri amantiin wal ijaaranis akkasuma waa'ee biyyoomaafi sabboonummaa dhaga'uu hin fedhan. Dhugaan jiru garuu kanaa miti. Gareen sabboonummaa ogga ijaaramu garaa garummaa amantii jiru hubatee amantii walii waliif kabajee waliin deemuun dirqama ta'a. Warri amantiin wal ijaares garaa

garummaa sabaa jiru hubatee osoo sabboonummaa hin mormin wal kabajanii waliin jiraachuun dirqama isaaniiti. Ani garee amantiitti seenuudhaan sabboonummaan narraa haqamuu hin danda'u; sabboonummaatti seenuudhaafis amantii kee dhiisi naan jedhamuu hin qabu. Mirgi kiyya hunda keessattuu ifaan ifatti mullatee naaf kabajamuu qaba. Biyyoomnis akkasuma ta'a.

Oromummaafi Islaamummaa yoo ilaalles kana irraa addaa miti. Amantiis ta'ee sabni eenyummaa namaati. Kanaafuu namni Oromoo tokko yoo amantii Islaamaa qabate Muslima; Oromoodhas. Oromoon akkuma beekamu amantii gurguddaa sadii hordofa. Isaanis Islaama, Kiristaanaafi waaqeffataadha. Oromoon Muslima ta'e saba isaatiin boonuu qaba; amantii isaatiinis boonuu qaba. Kiristaannis akkasuma saba isaatiin boonaa amantii isaatiinis boonuu qaba. Waaqeffataanis sabboonummaa isaa eeggatee amantii geggeeffachuu danda'a. Eenyummaa tokko mul'ifachuudhaaf eenyummaan kee inni kaan dhokachuun sirraa hin eegamu. Ani yeroon Oromummaa mullifadhu Muslimummaa kiyya dhoksuun ykn yeroon Muslima ta'uu kiyyaan boonu sabboonummaa dhiisuun gonkuma narraa hin eegamu. Saboonni biroofi warri amantii biroos akkasuma. Yaanni bilisummaafi wal qixxummaa lammiis kanuma deeggara.

Yeroo garii yaada kana hubachuu dhabuun ummata baay'ee keessatti ni mullata. Muslimoonni gariin sabboonummaa hundaawuu akka sabaan of tuuluutti fudhachuudhaan kanneen mormuuf yaalan ni jiru. Haalli kun hordoftoota amantii biraa keessattis ni argama. Sabboontota keessaahis warri amantii akka Islaamaa ykn Kiristaanaa fudhachuun sabboonummaadhaan wal faallessaatti yaadaniifi barreessanillee ni jiru. Dhuguma sabboonummaan yoo sadarkaa of tuuluufi saba biraa tuffachuutti jijjiirameef amantii kam keessattuu jibbamaadha. Sabboonummaan inni osoo saba biraa hin miidhiniifi hin tuffatin bilisummaa ofiitiif, dachii ofii misoomsuufi aadaa ofii guddisuuf qabsaa'amu garuu amantii kam keessattuu waan dhorgamu natti hin fakkaatu. Akkasuma sabboonaan Oromoo tokko amantii dhugaa isatti fakkaate qabachuun mirga isaati. Yoo inni amantii dogoggoraa qabate kan isa gaafatu Rabbi malee namaa miti. Kun sabboonummaa isaa irratti dhiibbaa homaatuu hin uumu. Yaanni namoota garii kan kitaabolee garii keessattillee mullatan akka waan eenyummaan kun lamaan wal faallessuu sabboonaa Oromoo ta'uuf waaqeffataa ta'uun ykn amantii ofii dhokfatanii sabboonummaa qofa labsuu akka ulaagaa gochuuf kanneen yaalantu jiru. Yaanni kun gonkumaa sirrii miti; bilisummaa argachuuf qabsaa'aarruunis guutummaan guutuutti wal faallessa. Sabni Oromoo bilisoomuu jechuun mirga amantii filate hordofuu

dhabuu natti hin fakkaatu. Inni kun hacuuccaa mootii Salamoonawaa kan maqaas ta'ee amantii natu siif filata jedhaa tureen darbeera. Amma maqaa sabboonummaatiin gonkumaa deebi'uu hin danda'u. Ummanni Oromoo bilisummaa isaatiif yeroo qabsaa'u bilisummaa siyaasaa, dinagdee, aadaafi amantii isaa hundaa argachuuf socho'a malee garii argate kaan gadi lakkisuufii miti.

Anis yaada dogoggoraa uumame kana ibsuudhaafin kitaaba Oromummaafi Islaamummaa jedhu kana qopheessuutti ka'e.

1.2 Dhiibbaa Eenyummaa Irratti Hundaa'e

Biyya keenya keessatti yeroo baay'ee eenyummaa dubbannee dabarsine keessaa waa lama irratti hundaa'ee dhiibbaafi hacuuccaan guddaan raawwatamaa ture. Isaanis eenyummaa sabaafi kan amantiiti. Akka sabaatti harka caalu kan miidhame ummata Oromooti. Akka amantiitti immoo hundarra kan miidhame ummata Muslimaati. Oromoon Muslima ta'e kallattii saba isaatiifi amantii isaatiin miidhaan dachaan irra ga'aa ture. Oromoon Muslima hin taane immoo sababa sabboonummaa isaa qofa miidhaan guddaan irra gahaa ture. Akkasuma Muslima saba Amaaraa ta'e irra miidhaa amantii qofatu ga'aa ture. Inni akka sabaatti roorroon homaatu isarra hin geenye. Ummanni Oromoo harki caalu Muslima ta'uun beekamaadha. Kanaafuu miidhaan

kallattii gurguddaa lamaan Oromoota baay'ee irra ga'aa ture jechuudha. Warri miidhaa suukanneessaa akka kanaa baay'inaan keessummeessan Arsii, Baalee, Harargee, Wolloo, Raayyaa, Oromoo Gibee Shananiifi garii Booranaa fa'i. Warra kana hacuuccaan kallattii amantiifi sabaatiin isaan mudate ibsuuf afaan namaatti ulfaata. Harmaafi harka muraan Aanolee, harka muraan Wolloo, namoota baay'ee ajjeesuufi gabroomfachuun naannoo Guumaa, Wolloofi godinaalee biraa keessa ture keessa seenanii dubbachuun namatti ulfaata.

Namoonni gariin hacuuccaan ture saba qofarratti hundaa'eeti kan jedhan ni jiru; yaanni kun sirrii miti. Hayyoota Wolloo meeqatu harka mirgaatiin amantii Islaamaa barreessite jechuudhaan harki irraa murame. Meeqatu osoo itti hin amanin dirqiin Kiristaana godhamee yeroo gaafatamu lubbuu isaa hambifachuuf "Wollaahii ani Kiristaana" jedhe. Osoo keessa isaatiin itti hin amanin of dhoksuuf yaalee kallattii hin yaadneen Muslima ta'uu isaa deebisee mullise. Sochiin dirqamaan Ahbaasha gochuu yeroo dhiheenyaa naannoo keenyaafi guutuu biyyattii jeeqee urgufe eessa nurraa dhokate!

Faallaa kanaa immoo warri miidhaan ture sababa amantiiti malee saba hin ilaallatu jedhanis ni jiru. Warri kunis seenaa tureefi qabatama yeroo ammaa jiru wallaaluu isaanii irraa ka'e. Oromoo meeqatu dirqamaan Kiristaana godhamee osoma Kiristaanummaa isaa labsuu

mormi isaa murame. Qabatama siyaasaafi dinagdee Oromiyaan keessa turte sammuu keenyarraa maaltu haguuge? Warri miidhaan sabboonummaa qofti yeroo baay'ee isaan mudate naannoo Shawaafi Wollaggaa fa'i.

Akka miidhaan eenyummaa kana lamaan irratti hundaa'ee geggeeffamaa ture Labsii Minilik baay'ee isaa yoo ilaalte siif ifa. Qaamni taayitaa fudhatuufi poolisiillee ta'u akka nama Amaaraa amantii Ortodoksii qabu qofa ta'e deddeebisee labsaa ture. Ni jedhe: "*lammii Amaaraa, Kiristaanaa, afaan Amaaraa dubbisuufi barreessuu danda'u ta'uu qaba.*"[1] Kan biraa immoo:

Qaamonni mootummaa hojii geggeessummaa irra jirtanis gama keessaniin sabni amantii Islaamaa hordofuufi sabni aramaneen gara amantii Ortodoksiitti akka harkifamaniif nuffii malee tooftaawwan adda addaa uumtanii akka irratti hojjattan isin yaadachiifna. Sabni aramaneen kun ilaalcha gaarii akka qabaataniif lallaba lallabamus akka dhaggeeffataniif gara jireenya Kiristaanummaatti isaan harkisuun barbaachisaadha."[2]

Namoonni gita bittootaa Oromoota amantii isaaniitti makaman qofa Itoophiyaa jechuun Oromoota amantii Islaamaa hordofaniifi waaqeffataatiin bulan akka lammii

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 46

2 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 47

biyya kanaa hin taanetti barreessaa turan.[1] Weerartoonni Minilikiin dura turanis yeroo meeshaa lolaa warra dhihaa kan akka Faransaayiifi Ingilizii gaafatan *"yoo qawwee naaf ergitan biyya Gaallaattan amantii Kiristaanaa baballisa"* jedhanii waadaa seenuudhaan meeshicha argataa turan.[2] Warri haala kanaan naannoo Oromoo dirqiin Kiristaana gochuuf meeshaan deeggaramaa turan baay'eedha. Saahile Sillaaseen kan seenaan isaa baay'ee hin beekamnellee Oromoota dirqiin Kiristaana gochuuf deeggarsa meeshaa lolaa argataa ture. Dajjaaz Wubee bulchaa Tigiree kan ture Raas Alii Oromoo Muslima dirqiin Kiristaana godhuuf meeshaa Faransaayii irraa fudhatee ittiin lolaa ture. Kan fuuldura bu'ee ittiin lolaa tures phaaphaasii biyyichaa Abuune Salamaa ture.

Sirni gabroomfattoota Amaaraa saba Oromootiin 'gaallaa, gara jabeessa, yeeyyii, aramanee, bishaan keessaa kan ba'e …' jechuudhaan maqaa balleessaa turan. Waa'ee saba Amaaraa immoo akkas jedhu turan:

Maqaan Amaaraa jedhu jecha Amhaaraa kan jedhu irraa dhufe. Hiikti isaas filatamaa, saba bilisummaa qabu jechuudha. Am jechuun saba jechuudha. Haaraam jechuun immoo kan

---

[1] Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa/Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa, 1998

2 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 94

hurriidhaa bu'e, amala qabeessa, injifataa, hogganaa olaanaa jechuudha.[1]

Ummanni kun nama amantii Ortodoksii hin hordofne hundumaa aramanee jedhanii waamu. Jechi aramanee jedhu hiikti isaa gara jabummaa, laafina kan hin qabne, ajjeesaa, bineensa jedhuudha. Kun dhugaatti eenyuun ibsa kan jedhu akkuma jirutti haa taa'u. Gocha kana hunda keessawuu miidhaa eenyummaa lamaan irratti hundaa'etu jiraa akeeka. Namootaaf ibsuudhumaaf malee kun waan beekamaa ta'eef bal'isuu hin barbaachisu.

Ummanni biyya keenya saamaa turan hanga ammaatti harqoota gabrummaa kallattii hundaa nutti fe'ataa turan. Rakkoo ummanni Kolonii biyya alaa kan akka Xaaliyaanii ummata keenya irraan hin ga'in nurraan ga'aniiru. Sabni keenya osoo dachii bal'aa qabuu "*rakkatee bakka itti rakkatullee dhabaa*" ture. Madaa'ee bakka itti wallaanamu dhabuun nu mudateera. Kan du'ee lafa itti awwaalamu dhabes ni jira; ummanni keenya bara dheeraaf Finfinnee keessatti lafa awwaalaa gaafataa ture. Warra amantii Ortodoksiitiif malee hin eeyyamamu jechuudhaan lafa awwaalaas dhabaa ture. Dr. Abdallaa Kadir ni jedhe: "manni bataskaanaa taayitaa keessatti abbaa mirga guutuu turte; mijaa'ina meeshaa

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 32 - 33

irraa ka'ee biyya guutuu keessatti dhaabbata ittiin ummata kiristaanessaniifi barsiisan ijaaruu danda'an. Meeshaalee fooyya'aadhaanis of gargaarsifatan. Muslimoonni immoo magaalaa guddaa keessattuu masjida ijaaruu irraa dhorgaman. Bara Minilik (1889 – 1913) bakka itti awwaalaman hin qaban ture."[1] Ergamaan Sulxaan Abdul Hamiid gara Minilik yeroo dhufu Muslimootaaf bakka awwaalaafi masjidaa akka eeyyamuuf itti jabeessee gaafannaan Minilik qeebaluu isaa mullisee ture. Muslimoonni sanaan ni gammadan. Masjidicha hixaa gaarii maqaa mootichaatiin ilaallachuuf jecha Humeydiyyaa jedhanii moggaasuu yaada isaanitti dhiheesse. Yeroma ergamaan Turkii sun achii deemu waadaa isaa diigee Finfinneen masjida malee hafte. Hayle Sillaaseetu booda waggaa soddomaatii eeyyame.[2]

Qabxiin ummanni keenya hunduu asirratti itti dammaquu qabu akka sabni waliif yaaduu dhiisee diina walitti ta'u diinota keenyaan yeroo dheeraaf nurratti hojjatamaa ture. Biyya keenya keessatti akka ummanni hariiroo qabutti hin fayyadamne diinni shira adda addaa baasee ummata wal jibbisiisaa ture. Fkn yoo Oromoon tokko mirga isaa falmate maqaa ABO jedhuufi kan biraa itti moggaasuudhaan nama kana diina biyyattiifi lammii isii godhanii dhiheessu. Akka sabni biraa hunduu ija diimatee isa ilaalu godhu. Shira kanaan saboonni biyya

[1] Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaa Kadir, 19

[2] Islaamaa Habashaa Keessaa, Yuusuf Ahmad fuula 77.

kana keessa jiran hunduu yeroo dheeraadhaaf osoma dachii Oromoo irra jiraatanii Oromoo akka diinaatti akka ilaalan gochuu danda'aniiru. Yoo Muslimni mirga isaa falmate immoo maqaa shororkeessa, alqaa'idaa, mankaraarsaa, dhaadessaafi kkf itti uumanii ummata sodaachisu. Namoonni shira kanaan jeeqaman yeroma Muslima kuufiyyaa kaa'ate ykn marata qabu argan sodaachuu eegalu. Yoo ummanni shira kanaan wal loluu dide immoo taayitaa isaanii tursiisuuf jecha gara jabeenyaan akka ummanni wal loluufi wal ajjeesu godhu. Diraamaan akka kanaa seenaa fagoo osoo hin taane umurii keenya keessatti baay'ee nu mudateera. Fkn Oromoonni akka amantiin wal qoodanii wal lolan yeroo barbaadan naannoo mana amantii Kiristaanaatti nama isaanii erganii akka Qur'aana cicciru ykn mana fincaaniitiin fayyadamu godhu. Muslimoonni yeroo Qur'aanni xiqqeeffamuu argan obsa dhabanii warra mana amantii kanaatu Qur'aana cicciree mana fincaaniitti fayyadame jechuun aarii qabaniin ummata Oromoo amantii Kiristaanaa qaban sanaan wal lolu. Aariidhaan namoonni du'uufi manneen gubachuunis nu mudateera. Yeroo kana diinni shira kana qindeesse hanga sabni kun wal lolee dhiiga walii buusee diina wal godhatutti ilaala. Sana booda akka qaama seera kabachiisuu fakkaatee garee lamaan irraawuu nama mana hidhaatti guura. Wanti nama ajaa'ibu kan ajjeeses kan ajjeefames saba keenya. Warri lubbuun hafe immoo shira kanaan mana

hidhaa gala. Maatiifi ilmaan warra ajjeefameefi hidhamee bakkeerratti hafti. Namni tokkollee isaan bira hin dhaabbatu. Inumaa nama ilmaan qehee duwwaatti hafte gargaarellee qabanii hidhaa turan. Hammeenya akka kanaa ilaali! Ilmi namaa akkana garaa walitti jabaate! Ummanni shira kanaaf yeroo baay'ee saaxilame godina Jimmaa naannoo Bashaashaa, Sandaaboofi kkf. Wanti nama gaddisiisu immoo ummanni keenya gocha kana shira diinaa ta'uu wallaalee hanga ammaatti wal jibbee hafuu isaati. Yeroon kitaaba kana barreessullee shira kanaan sabni Amaaraa tokko magaalaa Mattuutti Qur'aana ciree meeshaa suuqiitiin maree akka gurguru godhan. Ummanni baay'ee jeeqamuu bira gahee ka'ee shira diinaa ta'uu dammaquudhaan kallattii seera qabeessaan itti deemuu filate. Amma kan nurraa eegamu Muslimas ta'ee kiristaanni gochi Qur'aana mana fincaanii geessuufi bataskaana gubuu shira diinaatiin kan qindeeffame ta'uu barree saba keenya kallattii hundaan miidhamaaru kana miidhaafi roorroo keessaa baasuuf haaloo sana dagachuudha. Dhuguma dogoggorri kallattii lamaaniinuu uumamuu danda'a. Garuu dogoggorri kun akka uumamu qaamni qindeessee fide diina hundaa ta'uu barree kaayyoon isaa akka galma hin geenye gochuun dirqama saba keenyaati.

Egaa Oromoonni Muslimaa kan sababa amantiifi sabboonummaa si'a lama miidhaman Oromoota Kiristaanaafi waaqeffataa ta'anii sababa sabboonummaa

isaaniitiin miidhamanii wajjin akkamitti wal hubatee bu'aa walii galaatiif qabsaa'ee saba isaatiif mirga guutuu argamsiisuu danda'a yaada jedhu ibsuun kaayyoo kitaaba kanaa isa guddaadha. Ummanni Oromoo hunduu mirga isaa kabachiisuuf, dachiifi qabeenya isaa saamame Finfinneen osoo hin hafin deebifachuuf, ummata isaa qaroomsuuf, dingdeefi aadaan guddisuuf, Afaan Oromoo baballisuuf qabsaa'uun dirqama isaati. Qabsoon inni kun dirqama nu hunda irra jiruudha. Namni tokko gabrummaa keessatti dhalachuun badii isaatii miti; garuu gabrummaa fudhatee keessatti du'uun badii isaati.

Ummanni keenya yeroo dheeraaf gabrummaa dubbannee dabarsine kana didee qabsaa'aa ture. Guyyuma tokkollee itti gammadee fudhatee hin teenye. Kana hundaaf ragaan guddaan sochii jaarraa kudha shanaffaafi kudha jahaffaa kallattii lamaaniinuu tureedha. Kanaafuu bilisummaa ofiitiif qabsaa'uun hunda keenya irraa eegama. Yeroo bilisummaaf qabsoofnu kana immoo daangaa seera qabeessa keessa deemuu qabna. Yoo daangaa dabrine sochiin keenya bu'aa buusuurra taree faallaa ta'ee miidhaa guddaa fiduutu mala. Wareegamni kaffalame hunduu miidhaa qofa ta'ee hafuutu mala. Fakkeenya kanaa yoo ilaalle, akkuma fuulduratti bal'inaan dhufuuf adeemu, biyyootiin Awrooppaa yeroo jalqaba warraaqsa bilisummaatiif ka'an roorroo mootummaan abbaa irreefi

bataskaanni Kaatolikii isaan irraan gahaa turte mormuuf ture. Sababa kanaa sochiin bilisummaa jalqaba Faransaayii keessatti eegalame ni milkaa'e. Biyyiifi ummanni isii bilisummaa argachuu danda'an. Isii hordofanii biyyoonni Awrooppaa hunduu qabsaa'anii bilisummaa biyyaafi saba isaanii labsatan. Garuu yeroo booda dhiphinni sabaa kan ummanni Yahuudaa ittiin socho'u Awrooppaa seene. Keessumaa biyya Jarmanii keessatti bakka guddaa argate. Ummanni Jarmanii nuti saba Rabbiin filate waan taaneef addunyaa bulchuu qabna yaada jedhu fudhatanii ka'an. Sochiin mootummaa Jarmanii kan Hitlariin hogganamu hunduu bu'uura kana irratti hundaa'ee itti fufe. Mosolooniinis of dhaaduu sabaa kanarratti akka Hitlarii wajjin dhaabbatu labse. Jaappaaniinis bu'uura isaanii irratti hundooftee sochoote. Biyyoonni kunniin sadan lola Faransaayii irratti labsan. Ingiliziin Faransaayii deeggartee isaaniin lolte. Sababa kanaa waraanni addunyaa lammaffaa kan namoota miliyoona 54 ol fixe jidduu ummata Awrooppaatti geggeeffame. Bu'urri lola kanaa sabboonummaa kaayyoo isaa lakkisee of tuuluutti jijjiirameedha. Sanarrattis osoo hin dhaabbatin bilisummaaf qabsaa'uu isaanii dagatanii garba qaxxaamuranii biyyootii Afrikaafi Eeshiyaa gabroomsuuf dhufan. Fageenya deemuu dhiifnee yoo sochii bilisa baastota ummata Tigiree biyya keenyaa ilaalle jalqabni isaa ummata isaanii hacuucame bilisa baasuu ture. Booda

garuu kaayyoo isaa lakkisee saboota Itoophiyaa kan biroo keessumaa Oromoota irraan hacuuccaa guddaa ga'uufi qabeenya isaa saamuu eegalan. Qabeenya sadarkaa biyyoolessaatti gurguddaa ta'ellee ni hatan. Hanni isaanii seera qabeessa godhuuf namoota baay'ee miidhan. Ogga kana ummanni keenya sila Dimokraasii arganne jedhee taa'aa ture guutuu biyyattii keessatti isaanitti qabsaa'uu eegale. Dhumti isaanii waan inni irra ga'e kunooti argine.

Kanaafuu sochiin keenya seeraafi kaayyoo ifaa qabaatee lammii keenya kan yaadaafi amantii fedhe qabuufuu wal qixxummaa kennee socho'amuu qaba; muudamni taayitaa qabsoo kanaan dhufellee walqixxummaa kallattii hundaa qabaachuu qaba. Amantiifi ilaalcha siyaasaatiin kan namoota keenya adda qoodu yoo ta'e innis booda deebi'ee rakkoo uumuun shakkii homaa hin qabu. Kana kan sirreessuu danda'u immoo, erga Rabbiitii, qabsoo ummataati malee warra taayitaa fudhate qofaa miti. Kanaafuu ummanni keenya keessumaa Muslimoonni ilaalcha Islaamni qabsoo akka kanaa irratti qabu baruun osoo dhiphina sabummaa isa Islaamni seerate keessa hin seenin kaayyoo qabsochaa sirriitti hubachuun, kaayyocha sana galmaan ga'uuf socho'uu nu barbaachisa.

Silaa waan akka kanaa qindeessee kan ummata Muslimaa hubachiisuu qabu Gumii Dhimma Islaamaa ture. Garuu namoonni yeroo ammaa diinaan

muudamanii jiran kaayyoon isaanii ummataaf dhaabachuu osoo hin taane diinaa wajjin haala ittiin ummata saamaniifi gabroomsan karoorsuu waan ta'eef durumaanuu sochiin bilisummaa ummataa diina isaaniiti. Akka itti sochicha dhaamsan karoorsuu malee kallattii agarsiisuun ga'ee isaaniitii miti. Kana booda ummanni mirga amantii isaa kanaafis akka sirriitti socho'u abdii guddaan qaba. Gaaffiin ummata Muslimaa kan hanga ammaatti hin deebi'inis qabsoo kana keessa deebii argata jedheen yaada. Erga hojiin guddaan kun abbaa dhabee ani hanga dandeettii kiyyaatiin yaada kana ummata hubachiisuun qaba jedheen kitaaba kana qopheessuutti ka'e. Bu'urri yaada kanaa marii Ustaaz Ahmaddiin Jabalii waliin goone ture. Marii sana irraa ka'uudhaan hojjatamuu akka qabus walii galle. Sana booda odeeffannoo waan kana ilaallatu walitti funaanuu eegalle. Amma Al-hamdu Lillaah kitaaba ta'ee harka nama dubbisuu ga'eera. Erga barreeffamee xumuramees namoonni baay'een yaada itti kennaniiru. Hunduu gammachuu guddaa irraa qabu turan. Hunda isaaniituu Rabbiin mindaa gaarii haa mindeessu. Akka kitaabichi ummata keenya kallattii agarsiisus abdii guddaan qaba.

Garuu yaada kitaabni kun qofti ummata jijjiira jedhu gonkumaa hin qabu. Haa ta'u malee kallattii ni agarsiisa; hojiiwwan fafakkaatoof bu'uura ni ta'a ykn mariif hulaa ni bana jedheen abdadha. Mata duree akka kanaa irratti kitaaba qopheessuunuu nuuf milkii guddaadha.

Boqonnaa Lama

2. Seenaa Oromoo Gabaabaa

Yaadni beektoleen seenaa hunduu itti walii galan tokko jiraattonni kaaba baha Afrikaa hortee gurguddaa lamatti qoodamu kan jedhuudha. Inni jalqabaa hortee Kuush yoo ta'u isaan jiraattota biyyattii kan bu'uuraati. Horteen lammataa immoo hortee Seem warra kibba adoola Arabaa irraa as godaananiidha. Hortee kana lamaan jalayyuu saboonni, sablammoonniifi gosoonni adda addaa ni jiru. Isaan lamaan irraawuu dameelee baay'eetu madde. Akkasumas makaa hortee lamaanii irraa gosa namoota adda ta'aniifi qarooma wal makaa godhatanii amala dhuunfaa qabantu jiru. Maqaan Habashaa jedhu yeroo baay'ee ummata wal makatiinsa maatii Kuushiifi Seem kana irraa uumamaniin jedhama. Waa'ee Oromoo dubbachuun dura hortee Kuush kan Oromoon irraa madde kana hanga ta'e haa ilaallu.

2.1 Hortee Kuush

Akka ilaalcha amantii Islaamaa, Kiristaanaafi kanneen biroo baay'eetti abbaan namaa kan jalqabaa Aadam ture. Ilmaan isaa erga naannoo jaarraa kudhanii jiraatanii wal horanii booda yakka gurguddaa lafarratti baay'ifnaan Rabbiin ergamaa Nuuh (A.S) jedhamu isaaniif erge. Gorsa isaa dhaga'uu didanii cubbuufi yakka isaanii itti fufan. Booda Rabbiin isaanitti dallanee Nuuhiifi warra

amane qofa hambisee warra jajallaa dhabamsiise. Ummanni sana booda dachii kana irra jiraatan ilmaan nabi Nuuh (A.S) kana qofa ture. Ilmaan Nuuh argate keessaas kan dachii kanarratti wal horan sadii turan. Isaanis Seem, Haamiifi Yaafis jedhamu. Abbaan seenaa beekamaan Ibn Jariir Axxabariin kitaaba isaa kan seenaa keessatti Hadiisa armaan gadii gabaase. Nabiyyichi [saw] ni jedhan: "Seem abbaa Arabootaati; Haam abbaa Habashaa (Itoophiyaati). Yaafis immoo abbaa Roomaa (Awrooppaati)."[1] Kuush kan jedhamu maqaa ilma Haam ta'uu warri seenaa bara dheeraa dura barreessan baay'een dubbataniiru. Yeroo dheeraa booda saboonni ilmaan Kuush ilma Haam ilma Nuuh ta'an kan naannoo kaaba baha Afrikaa jiraatan hunduu maqaa Kuush jedhu kanaan waamaman.

Ummanni Misraa duriis daangaa kibba Misraa kan Nuubaa jedhamtu maqaa Kuush jedhuun waamaniiru. Warri Hibroos akka Tawraat (Kakuu Moofaa: Seera Uumamaa 10: 6-7) keessa jirutti Kuush jedhanii waamaniiru. Akka ibsa Macaafa Qulqulluu kanaatti warri Misraa yeroo sanaas ilmaan Haam (Kaam)[2] ta'uu

1 Tirmiziitu gabaasee Hasan godhe. Ahmadis gabaaseera. Suyuuxiin Jaami'i Assaghiir keessatti Hasan godhe.

2 Macaafa Qulqulluu yeroo ammaa warra Kiristaanaa bira jiru keessatti maqaa Haam jedhu Kaam jedhee waan kaa'eefin akkasitti barreesse. Kitaabolee seenaa duraanii baay'ee keessatti Haam jedhamee barreeffamee jira.

hubanna. Akkasuma ilmaan Kuush booda dachii Afrikaa qaxxaamuranii hanga Baabiloon bulchuu isaanii akeekeera.

Dr. Laaphisoon ummanni Itoophiyaa ammaa waggaa 15,000 dura naannoo kana keessa loon horsiisuufi qonnaan jiraataa akka turan qorannoon ni ibsa jedhanii dubbatan.[1]

Akka ibsa armaan olii irraa mullatutti ummanni Kuush dhalataa biyya Afrikaa keessaa tokko ta'uun sirriitti namatti mullata. Warri yaada kana morman yeroo baay'ee ilaalcha dhiphina sabaa kan qaban akka ta'an hayyuun seenaa ummata Kuush baay'een dubbataniiru. Kitaaba "Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa" jedhu kan Amaariffaa fuula 19 irratti kan armaan gadii jedha: "ummata dhalattoota biyya kanaa kan kaaba baha Afrikaa keessa waggaa 8,000 ol jiraataa turan keessaa tokko ummata Kuush. Akka ragaan qorannoo afaanii agarsiisutti ummanni Kuush duriifi afaan isaanii bara 5000 Dh.K.D bakka afuritti qoodame.[2] Damee afran kana

1 Laaphisoo, "Zaaree Naw", fuula 11.

2 Qoodamni afran kun kan armaan gadiiti:
Kuush Kaabaa: Beejjaafi Kuunamaa,
Kuush giddu galaa: Agawuu,
Kuush Kibbaa: warra afaan Taanzaaniyaa dubbatan fi
Kuush bahaa: inni kun baay'ee yoo ta'u Oromoon kana keessatti argama. [isa kana kitaaba "seenaa saba Oromoofi sirna gadaa" jedhamu irraan jijjiirama xiqqoo waliin dubbadhe].

keessaa tokko damee Kuush bahaati. Warri Kuush bahaa kun immoo bara 3,500 Dh.K.D hanga bara 2000 Dh.K.D tti gara ummata afaan mataa isaanii qabaniitti akka qoqqoodame ragaan qorannoo afaanii ni mullisa. Ummanni Oromoos kan inni madde damee Kuush bahaa kana irraayi."[1] "Kanaafuu Oromoon akka Kuushummaa isaatti, Itoophiyaa dabalatee naannoo Kaaba baha Afrikaa kana waggaa 8,000 dura irraa kaasee jiraataa ture yoo ta'u Dh.K.D bara 3,500 hanga 2,000 tti damee Kuush bahaa kaan irraa adda ba'ee aadaafi afaaniin of danda'ee jiraachuu isaa dhugaa ragaan qorannoo afaanii mirkaneesseedha."[2]

Ummanni Kuush durii yeroo ammaa bakka baay'eetti qoodamaniiru. Itoophiyaa keessa qofa afaan Kuush durii irraa kan maddan afaanota 23 tu jiru. Isaanis: Oromoo, Sidaamaa, Burjii, Affaar, Sumaalee, Kambaataa, Geedi'oo, Saahoo, Koonsoo, Qimaant, Himtaang, Awung, Hadiyyaa, Baaraareet, Buusee, Eerbooree, Daasanech, Gawaadii, Garoobaz, Tsamaay, Waaraz, Baaysoofi Gidooloodha. Kun afaan Kuush kan Itoophiyaa keessatti dubbatamaniidha. Kan biyyootii ollaatti dubbatamanis ni jiru.[3] Afaan kunniin maddi

1 Birhaanuu Lammeessoofi Taaboor Saamii, seenaa ummata Oromoo, fuula 16-19.

2 Ehret, Christofer, Cushitic Prehistory, PP. 86-89

3Yaadicha Kitaaba "Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa" kan Amaariffaa irraan fuudhe.

isaanii tokko ta'uun kan irraa barame hariiroo isaan waliif qaban irraa ka'uudhaani. Fkn jechoonni afaan Sumaaleefi Oromoo 35-40% wal fakkaatu. Kan Koonsoos Oromiffaan hanga 50% walitti siqa jedhama.[1]

Walumaa galatti ibsa seenaafi qorannoo afaanii armaan olii irraa sabni Oromoo ummata Kuush kan biroo waliin yoo xiqqaate waggaa kuma saddeetiin dura naannoo kaaba baha Afrikaa kan yeroo ammaa Suudaanii jedhamu turuu isaanii sirriitti hubanna. Akkasuma ummanni kun naannoo kaabaa irraa gara kibbaafi kibba bahaatti bara dheeraa dura tamsa'uu barreerra. Barri inni kaabarraa gara kibbaafi kibba bahaatti sochoonaan afaan isaa bakka afuritti qoodamuu eegales Dh.K.D bara 5,000 dura akka ta'e ibsameera. Kana jechuun waggaa 7,000 dura socho'uu eegalaniidha. Kanarraa ka'uudhaan Kiristoofar Ehereet akka ummanni Afaan Kuush dubbatan Dh.K.D bara 4,000 jalqaba keessa naannoo qarqara galaana Diimaa gara kaabaatii jalqabanii hanga kibbaatti tamsa'anii turan ibseera. Akkasuma ummanni afaan Kuush dubbatan bara 1500 ykn 2,000 dura ummata Seem Amaariffa, Argobbaafi Gaafaat dubbataniin duratti jiddu gala Itoophiyaa ammaa naannoo Shawaa ballatanii turuu ibseera. Booda garuu ummata kanaan achii buqqifaman.[2] Haa ta'uu sochii bal'ifannaa Oromoo

1 Madduma tare.

2 Eheret, Christofer. Cushitic Prehistory, P.86-89. 96

jaarraa 16ffaatiin deebisanii bakka isaanii qabachuu danda'aniiru.

Egaa ummanni Kuush naannoo Itoophiyaa jedhamtu ammaatti naannoo waggaa 7,000tii eegalee irra qubatee jira ogga ta'u "maqaan Itoophiyaa jedhu kun eessaa dhufe?" gaaffiin jedhu ka'uutu mala. Dr. Abdullaah Kadir kitaaba isaanii keessatti yaada armaan gadii dubbatan: "namni jalqaba biyya Habashaa[1] kana Itoophiyaa jedhee waame Giriikota warra Macaafa Qulqulluu gara Afaan Habashaa 'Gi'iiziitti' hiikaniidha. Jecha 'Kuush' jedhu Kakuu Moofaa keessa jiru Itoophiyaa jedhanii hiikan. Achumaan ummanni Itoophiyaa biyya isaanii Habashaa jedhamtu yeroma sana 'Itoophiyaa' jedhanii moggaafatan. Achumaan kitaaba kana fayyadamuun mootummaa Aksum biratti baay'ate. Kunis yeroo amantiin Kiristaanaa jaarraa afraffaa irratti Habashaa seene keessa ta'uutu mala. Maqaan inni kutaa mootii Aksum akka masaraa mootiitti of keessatti dabalatu ittiin beekamu Habashaa ture. Warri Awrooppaa immoo gara 'Abiisiiniyaa'tti jijjiiran."[2]

---

1 Akka yaada barreessaa kanaatti biyyootiin gaanfa Afrikaa hundi kanneen baha Afrikaas dabalatee Habashaa jedhamu. Akka yaada isaatti Habashaan biyya akka Suudaanii, Keeniyaafi biyyootii baha Afrikaa kanneen biroos ni dabalata ture. Gara boodaa keessa garuu maqaan Habashaa jedhu gaanfa Afrikaatti gabaabbate.

2 Insaayikilooppidiyaa Islaamiyyaa kan Ahmad Ashantanaawiifi Ibraahiim Zakii Khoorshiid fuula 282.

Akkuma dubbannee dabarsine maqaan ummata kaaba Afrikaa Kakuu Moofaa (Seera Uumamaa 10: 6-7) keessa jiru Kuush kan jedhuudha. Booda warri Giriikii yeroo Tawraatiin (Kakuu Moofaa) gara Afaan Gi'iiziitti hiikan jecha Kuush jedhu Itoophiyaa jedhanii hiikan. Akka hiika Macaafa Qulqulluu warra Giriikiitti jechi Itoophiyaa jedhu ummata Kuush saboota Itoophiyaa keessa jiran 23fi kanneen ollaa isii jiraatan dubbannee dabarsine dachii isiitiin walitti hammata. Warra Seem kan akka Amaaraa, Tigireefi kkf hin hammatu ture. Garuu mootiin Habashaa Izaanaa jedhamu erga jaarraa afraffaa bara 333 Dh.K.B Kiristaanni Itoophiyaa seenee biyya Nuubaa kan Kibba Misraafi kaaba Suudaan jirtu lolee to'atee maqaa mootummaa isaa Itoophiyaa jedhee moggaafate. Akka moggaasa maqichaa kan jalqabaatti maqaan Itoophiyaa jedhu kan ummata Kuush malee ummata Gi'iz, Amaaraa, Tigireefi kkf warra kibba Arabaa irraa gara baha Afrikaatti godaanan gonkuma hin ilaallatu ture. Ragaa isaa keessaa tokko kan Kakuun Moofaan maqaa kanaan waame ummata Kibba Misraa naannoo biyya Suudaanii yeroo sanatti laga Mormor ykn Abbaay qabanii jiraataa turaniidha. Maqaan kun Kakuu Moofaa keessa dhufuunuu Dh.K.D naannoo waggaa kuma lamaati. Akka kitaabni seenaa baay'een akeekanitti ummanni Seem gara Ityoophiyaa godaanuun immoo yoo baay'ee tureera jedhames waggaa kuma tokkoo ol

dhaloota Kiristoos hin dursu.[1] Dh.K.D Bara 1000 hanga 500 naannoo ummanni Seem booda irra qubatan kan to'atee ture ummata Daamaat warra hortee Kuush ta'uun warra seenaa biratti beekamaadha waan ta'eef. Kan ummanni Seem ga'ee argachuu eegalan waggaa 500 Dh.K.D irraa eegaleeti. Kan isaan ummata Kuushiin wal makatanii humna baasanii mootummaa ijaaran immoo 100 Dh.K.B ture. Sana booda Kuush dadhabaa deemee jaaraa afraffaa keessa ummatichiifi dachiin isaa mootummaa Izaanaatiin to'atame. Innis yeroo kanatti dachii bal'aa hanga kibba Misraa ga'uufi galaana ce'ee biyya Yaman to'atee maqaa mootii Itoophiyaa jedhu moggaafate. Biyya Yaman keessaa kan akka Himyar, Saba'iifi kkf to'achuu isaa ragaan barreeffamaa mullisu baay'eetu jira.

Jechi Itoophiyaa jedhu 'Ilyaazaa' keessatti si'a lama, 'Awdeessaa'[2] keessatti si'a sadii dhufe. Insaayikilooppidiyaa Fu'aad Afraam Alpistaanii keessatti "jechi Itoophiyaa jedhu jecha Giriikii lama irraa kan dhufeedha: 'Itoo' hiikti isaa gubataadha; 'Ops' immoo

[1] Barreessitoonni seenaa warri booda kanaa gariin kanneen akka Dr. Laaphisoo yaada ummanni Seem Itiyoophiyaa alaa dhufan jedhu akka mormu beekamaadha. Ragaan isaa baay'een arkiyooloojii irratti kan hundaa'eedha. Akka yaada isaatti ummanni Itiyoophiyaa keessa jiraatu hunduu bu'uura irraa kaasee biyyuma kana turan malee alaa hin dhufne. Inni kun ragaan isaa hangam akka deemsisu naaf hin galle.

2 Awdeessaa kan jedhamu walaloo Hoomer Giriikii jaarraa 8 Dh.D kaa'eedha.

fuula jechuudha. Kan itti fedhame fuula gubataa jechuudha. Isheen maqaa turaa biyya kibba Misraatti argamtuuti. Giriikonni biyya saba gurraacha Afrikaa keessatti argamu hundaa maqaa kanaan waamu."[1]

Maqaan ummata Seem inni irra beekamaan Habashaa kan jedhuudha. Garuu isaan maqaa Kuush kan Itoophiyaa jedhu nurraa fudhachuu yaaluun isaanii maaliif? Maqaan biyya kanaa seera qabeessi bara Minilik keessa Itoophiyaa jedhamuun maaliif laata? Ummata hortee Seem hundee isaanii biyya kana fakkeessuu yaadaniiti ta'aa? Moo hiika jecha Habashaa jedhu kan ummata sabaafi afaan isaa wal makate jedhu baqataniiti? Isaan yeroo hunda biyyattii kan saba tokkoofi amantii tokkichaa godhuuf yaalu waan ta'eef kana ta'uu danda'a. Yoo kana ta'eef immoo hiikti jecha Itoophiyaa jedhuu "nama fuula gubataa ykn gurraacha" jechuu akka ta'e dagataniiru. Kun akkuma jirutti haa taa'uu maalummaa ummata Oromoo gabaabinaan haa ilaallu.

2.2 Seenaa Oromoo

Seenaa gabaabaa hortee Kuush dubbannee dabarsine irraa akka ummanni Oromoo ummata Kuush kan biroo waliin kaaba Baha Afrikaa keessa waggaa 8,000 dura kaasee turan hubanneerra. Akkasumas ummanni kun

1 Itiyoophiyaa, Arabaafi Islaama Seenaa Keessatti, Muhammad Xayyib 1/14, Insaayikilooppidiyaa Alpistaanii irraa fuudhe.

naannoo Kaabaa irraa gara Kibbaafi kibba bahaatti Dh.K.D bara 5,000 irraa eegalee akka tamsa'es barreerra. Kiristoofar Ehereet akka ummanni Afaan Kuush dubbatan Dh.K.D bara 4,000 jalqaba irraa kaasanii naannoo qarqara galaana Diimaa gara Kaabaatii jalqabanii hanga Kibbaatti tamsa'anii turan ibseera. Akkasuma ummanni Oromoo bara 1500 ykn 2,000 dura ummata Seem Amaariffa, Argobbaafi Gaafaat dubbataniin duratti jiddu gala Itoophiyaa ammaa naannoo Shawaa baballatanii turuu dubbanneera. Booda erga ummata Seem kanaan achii buqqifamanii sochii babal'ifannaa Oromoo jaarraa 16ffaatiin deebi'anii bakka isaanii qabachuu danda'uus hubanneerra.[1] Qabxiin kun murteessituu waan taateef naa qabadhu.

Kitaaba "Kuudhama Seenaa, Leellisaa Aadaa Bantii, F.F" jedhamu keessa kan armaan gadiitu jira: "Oromoon akka Kuushummaa isaatti, Itoophiyaa dabalatee naannoo Kaaba baha Afrikaa kana waggaa 8,000 ol dura irraa kaasee jiraataa ture. Sabni Kuush jiddu-gala Itoophiyaa, Dh.K.D bara 3,500 hanga 1000 qubatanii jiraatan. Habashoonni gara baha Afrikaa kan dhufan bara 500 Dh.K.D hanga bara 100 Dh.K.B ta'uun ni beekama."

Ummanni Oromoo yeroo ammaa ummata guddoo naannoo bal'aa biyya Itoophiyaa, kaaba Keeniyaa,

1 Eheret, Christofer. Cushitic Prehistory, P.86-89, 96. Garuu hundaawuu jecha kiyyaanin irraa dubbadhe.

Sumaaleefi Taanzaaniyaa keessa bal'inaan jiruudha. Biyya baha Afrikaa (gaafa Afrikaa) keessatti ummata hundarra bal'oodha. Itoophiyaa keessatti lakkoofsa bara 2015 geggeeffame irratti hundaa'ee dhibbentaa 34.49% madaalu. Baay'inni isaaniis 25,489,024 jedha. Garuu lakkoofsi kun kijiba ta'uun isaa shakkii homaa hin qabu. Akka barreeffama G.W.B Huntigford bara 1959 keessa jirutti baay'inni ummata Oromoo dhibbentaa 42 (42%) akka ta'e dubbata.[1] Akka yaada Muhammad Hasanitti immoo ummanni Oromoo saboota Itoophiyaa keessaa baay'inaan walakkaatti tilmaamamu.[2] Yaanni sirriin isa kan Muhammad Hasan kana ta'uu hin oolu. Sababni isaas lakkoofsi biyya keenya keessatti geggeeffamu kaayyoo siyaasaafi kan biroo irratti hundaa'a malee dhugaa ibsuun dhimma isaa waan hin taaneef amanuurra soba jechuutu namatti dhihaata. Afaan ummata Oromoo Afaan Oromoo ykn Oromiffa jedhama. Afaan Oromoo afaan Afrikaa keessaa Arabiffaafi Hawusaatti aanee bal'inaan sadaffaadha. Dachiin ummata kanaa kan Itoophiyaa keessatti argamu Oromiyaa jedhamee beekama.

Ummanni Oromoo ummata jalqaba gaanfa Afrikaa keessa qubateedha. Garuu amma yoonaatti tilmaamni sirriin kan yoom akka isaan naannoo kana qubatan ibsu

1 G.W.B Huntingford, The Galla of Ethiopia: The Kingdom of Kaffa and Janjero. London 1959

2 Mohammad Hasan: The Oromo of Ethiopia 1990:xi

hin jiru. Garuu waan baay'eetu akka isaan waggaa 7,000 ol bakka kana jiraatan akeeka.[1] Akka yaada qorattoota Oromoo ammayyaa baay'eetti ummanni Kuush bu'urri isaa Afrikaadha; biyya kamiiyyuu hin dhufne.

Seenessaan Misraa Dr. Muhammad Sabrii jedhamu haala kanaan ummaticha ibse: "gootummaa, onnee qabaachuufi lola keessatti dura bu'uun beekamu. Kanaafuu humni waraanaa filatamoon isaan irraa uumama. Isaan ummata baha Afrikaa jiran keessaa lolaaf miira cimaa qabu. Hortee Afrikaa keessaa fuula ifuufi bareedumaan beekamu."[2] Arjummaafi tola namaaf yaaduutti sabni ummata kanaan madaalamu hin jiru.

Dh.K.B Jaarraa kudha jahaffaa keessa pilaatoo Habashoonni duraan isaan irraa fudhatan deebisanii to'atan.[3] Lakkoofsa baay'eedhaan isiitti duulan; humni kamuu isaan dhorguu hin dandeenye. Beellada isaaniitiin bakka hunda keessa faffaca'an. Yeroo bakka tokko qubatanii tasgabbaa'an bakka isarra gabbataafi marga qabutti deemu. Erga pilaatoo bahaa to'atanii

1 Muhammad Haamiddiin, Islaamni Habashaa keessa babal'achuu

2 Misra Afrkaa bahaa keessatti, fuula 129.

3 Yeroo akkana jennu ummanni Oromoo jaarraa kudha jahaffaa dura naannocha guutummaan lakkisee ture jechuu miti; yaanni jechuutti jirru humna waraanaafi hacuuccaa Habashaatiin to'annoo dachii isaanii dhabanii turan sochii bilisummaa jaarraa 16ffaa tiin deebifatan jechuudha. Oromoon hangi ta'e faffaca'ee jiraachuun isaa hin oolu.

booda gara walakkaa pilaatoo bakka Amaaraa dhaqanii taayitaafi dachii isaanii fudhatan. Wanti lola kanarratti isaan deeggare lola jidduu Muslimootaafi Kiristaanotaa turee lamaan isaaniiwuu dadhabsiiseedha. Oromoonni mormiin cimaan osoo isaan hin qunnamin biyyattii seenan. Booda suutaan jireenya tiksitootaa irraa gara bakka tokko qubatanii qonnaan buluutti jijjiiraman. Olii gadi socho'anii waa tiksuu ummata hortee isaanii Danaakil keessa jiraniif dhiisanii ogummaa qonnaa warra isaan dursee jiru irraa fudhatanii qubatan. Ergasii aadaa isaaniitiin saboota biroo hundaan walitti makatanii waliin soddooman. Afaan isaanii bal'ina fakkii hin qabne bal'atee lugaa maatii Haam baha Afrikaatti dubbatamu keessaa akkaan bal'aa, ogbarruufi walaloon guddaa ta'e. Garuu baay'een isaa hin barreeffamne."[1]

Gaaffiin guddaan bakka kanatti ka'uu danda'u "Ummanni Oromoo hortee Kuush kan biroo waliin naannoo jiddu gala Itoophiyaa naannoo waggaa 7,000 irraa kaasee erga qubatanii jaarraa kudha jahaffaa fuuldura achuma turani moo achii buqqa'anii gara Madda Walaabuutti baqatanii turan?" kan jedhuudha. Gaaffiin kun yeroo ammaa dhimma cimaa ta'ee argama; seenaa qofa ta'uus dhiisee kaayyoon siyaasaa keessa seenee argama. Akka yaada barreessitoota Habashaatti ummanni Oromoo duraanuu alaa dhufe kan jedhu nu

1 Islaamni Itiyoophiyaa Keessa Babal'achuu, Muhammad Haamiddiin Booranaa. Jijjiirama hanga ta'ee wajjinin irraa fuudhe.

barsiisuu waan yaadaniif Oromoon jaarraa 16ffaa keessa alaa dhufee mootummaa Kiristaana Itoophiyaa weerare waan jedhu nu barsiisu. Akka ibsa isaaniitti Muslimoonnis alaa dhufanii biyya weeraran. Abbaan biyyaa isaan biratti saba Amaaraafi amantii Ortodoksii malee hin jiru. Yaanni isaanii kun guutummaan guutuutti dogoggora. Ummanni Oromoos Muslimoonnis biyya alaatii hin dhufne; lammiidhuma biyyattii kanaati. Inumaa kan biyya alaatii dhufe saba Seem ture. Keessummaatu alaa dhufee ka'ee abbaa biyyaatiin ati keessummaadha jedhe.

Deebii kanaatiif ani qorannoo dheeraa asitti dhiheessuun kaayyoo kaaneef irraa nu baasa waan ta'eef yaada cuunfamaa qofan fida. Ummanni Kuush Oromoos dabalatee hanga bara 1270 Dh.K.B nageenyaan jiddu gala Itoophiyaa keessa jiraataa ture. Akka natti fakkaatutti wiirtuun gadaa Oromoo yeroo sanaa Dawwaaroo keessa ture. Dawwaaroon kaaba baha Shawaati. Sabni Oromoo bakka sanaas Laaloo akka ta'e himama. Hanga mootummaan Solomoonawaa ofiin jedhu ijaaramutti humni Kiristaanaa guddaan yeroo sanatti Oromoo irraan dhiibbaa ga'u hin jiru ture. Akkuma beekamu mootummaan Islaamaa Shawaa kan bara 896 – 1285 Dh.K.B jiddu gala Itoophiyaa to'attee turte. Jidduu isiitiifi mootummaa Aksum ta'ee sabootii biraa lolli beekamaan hin turre. Mootummaan Aksum mataan isaa saba Kuush kan birootiin wal loluufi diigamuu keessa waan tureef

ummata kanaan homaa loluu hin danda'u ture. Ummata mootummaa Islaamaa Shawaa ijaaran keessatti Oromoon gahee guddaa qabaachuun shakkii homaa hin qabu. Maqaan bakkaa Dokumentii Sheeroolii keessa jiru kan akka Wolalaa jedhu moggaasa Oromoo ta'uu hin oolu. Bara 1285 Dh.K.B mootummaan Shawaa dadhabee harka mootummaa Ifaatitti kufe. Yeroo kana keessa mootummaan Solomoonawaa Yikunnoo Amlaakiin ijaarame dhiibbaa saba Kuushiifi Muslimoota irraan ga'uu eegale. Mootummaan Ifaat dadhabee hanga mootummaa Kiristaanaatiif gibira gabbaru ga'e.[1] Yeroo kana keessa Oromoo irra dhiibbaan guddaan ga'e. Mootummaan Ifaatis harki caalu Oromoo ta'uutu namatti mullata. Yeroo sanatti lolli guddaan saba Kuush irratti geggeeffamuun shakkii hin qabu. Sababni isaas imaammanni mootummaa Kiristaanaa saba Kuush kan akka Agawuutiin lolatti jira; Beejjaan kufaatii Aksumiif sababa ture. Oromoos diina godhachuun isaanii shakkii hin qabu. Yeroo sanatti wiirtuun gadaa Dawwaaroo keessa ture. Dawwaaroon kun akka jecha Dr. Abdallaatti "waan yeroo ammaa kana Harar dhihaatiifi Aruusii jedhamtuudha. Isiin kutaa Oromiyaa irraayi. Naannoo

1 Yaanni barreessaan Oromoo gariin mootummaan Ifaat mootii Kiristaanaatiin walii galee Oromootti duule jedhu kijiba ifaadha. Yaanni kun seenaa mootummaa Ifaat wallaaluu yookiin dhiphina irraa kan maddeedha. Mootummaan Ifaat mataan isaa hanga dhumaatti osoo hin tasgabbaa'in sulxaana isaanii meeqatu ajjeefame.

Baaleefi Diidaa of keessatti qabatti. Maqaan kun magaalaa tokko kan Arsii keessatti argamu jidduu Dheeraafi Itayyaa dhiha Adaamaatti argamu irratti hafee jira."[1] Wiirtuun gadaa Oromoo sababa dhiibbaa siyaasaafi amantii isarra dhaqqabeen gara Kibbaatti jijjiirame. Akka tilmaama kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20 jedhuutti barri wiirtuun gadaa Oromoo Odaa Nabee irraa gara Roobaatti jijjiirame bara 1316 Dh.K.B ta'uutu mala. Dhiibbaan itti fufee bara mootii Zare Ya'aqoob dhiibbaan waan Oromootti ulfaateef naannoo bara 1449 Dh.K.B wiirtuu gadaa gara Madda Walaabuutti jijjiiran. Yeroo wiirtuun gadaa jijjiiramu kana ummanni hundi akka waliin hin godaanne beekamaadha. Fkn mootummaan Ifaat yeroo mootiin isaanii inni dhumaa Sa'adaddiin bara 1402 Dh.K.B wareegamu ilmaan isaa kurnan waggaa 12 booda wiirtuu Sulxaaneeti gara Harar Adaalitti jijjiiran.[2] Wanti kanarraa hubannu Oromoon Ifaat keessa turan hundi isaanii waliin gara Adaal deeman jechuu miti; wiirtuu taayitaa Muslimootaatu achi deeme malee Oromoon hangi caalu Shawaa keessatti hafeera. Harar keessas Oromoo hangi ta'e jiraachuun shakkii hin qabu. Yeroo mootummaan Ifaat kufu dhiibbaan mootummaa Kiristaanaa ummata Oromoofi Kuush irratti qofa xiyyeeffachuu hin hafu. Garuu yeroo

1 Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti

2 Duuti Sa'adaddiin bara kana ta'uu "Al-Ilmaam Dimna Rasaa'il Almaqriizii fuula 240" dubbate.

gabaabaa keessa Sabruddiin II'n sulxaaneetii Adaal ijaaree Kiristaanaan wal loluu eegale. Garuu mootummaan Adaalis yeroo Ahmad Badlaay gocha ganiinsa nama Hadiyyaa wahiitiin ajjeefamu ni dadhabe. Achiin Zare Yaaqoob humna guddaa argatee ummata hunda gibira gabbarsiise. Warra Ahmad Badlaay ganee ajjeesisellee Atseen gara boodaa keessa akka intala dubraa bareeda waliin gibira gabbaran godhe. Oromoon dhiibbaa kana baqa wiirtuu gadaa Madda walaabuu geessanii qabsoo haaraaf qophaa'an. Qabsoon Oromoo jaarraa 16ffaa beekamaan asirraa eegale.

Ibsa armaan olii irraa Oromoon biyya Itoophiyaa ammaa naannoo baay'ee keessa turuu hubanna. Fakkeenyaaf akka Dr. Abdallaah Kadir dubbatetti mootummaan Islaamaa Baalee kan bara mootummaa Ifaat ture ummata Sidaamaafi Oromooti. Akka warri seenaa lola Imaamu Ahmad Ibraahiim Alghaazii dubbatan ibsanitti gareen loltoota isaa inni guddaan saba Oromoo ture. Oromoon Yajjuu akka Imaama wajjin lolaa turan Fat-hul Habashaa keessatti ibsameera. Akka jecha Dr. Muhammad Taaj yoo ta'eef Imaam Ahmad bin Ibraahiim Algaazii mataan isaa Oromoodha. Hoggantoonni lolaa Oromoo ta'an baay'een isaa waliin turuun seenaa isaa keessatti beekamaadha. Garuu baay'inniifi ol aantummaan siyaasaa Oromoon yeroo sana qabu kan jaarraa 16 booda argameen wal dhaba ture. Kanaafuu gabaabinaan naannoo akka Dawwaaroo, Baalee, Shawaa bakka mootiin Amaaraa

wiirtuu godhate bakka Fataagaar jedhamee beekamu naannoo Dukam ammaa, dhiha Shawaafi jiddu gala isii Oromoon jaarraa kudha ja'affaa dura turuun isaa beekamaadha. Akka yaada barreessitoota Oromoo gariitti immoo Oromoon bahaa hanga dhihaa, kaabaa hanga kibbaatti jiraataa ture. Akka yaada kiyyaatti inni kun sirrii natti hin fakkaatu. Naannoleen Oromoon baay'inaan qubatanii turan kanneen armaan olitti dubbannee dabarsineefi kan biroos jiraachuu ni danda'a. garuu bakki hundi kan Oromooti jechuun sirrii miti. Godaansa jaarraa kudha jahaffaa keessa bakki haaraan Oromoon bane jiraachuu ni danda'a.

Seenaan Oromoo kan jaarraa 16ffaa boodaa dokumentiin sirriitti barreeffamee taa'uu baatus sammuu nama Oromoo ta'ee baay'ee keessa ni jira. Ummanni Oromoo haaromsa sirna gadaa jaarraa kudha shanaffaa keessa taasiseen kakaa Oromoo jedhamu raawwachuudhaan lafa isaa bilisoomsuuf qabsoo eegale. Qabsoo eegale kanaan daangaa Oromiyaa amma jiru kana uumeera. Seenaan qabsochaa dheeraa waan ta'eef asitti ballisanii dubbachuun ni rakkisa. Kanaafuu kitaaboleen seenaa baay'een adda adda baasanii dubbatu; gariin isaanii kan Tuulamaa qofarratti barreeffaman. Kaan immoo kan Maccaa qofa ibsu. Gariin immoo kan Gujii, Booranaa ykn Oromoo Bareentuu biroo irratti barreeffaman. Kitaabni hunda walitti hammachuuf yaale sirnaan keessa seenee dubbachuu hin dandeenye. Akkasumas kaayyoo

barreeffama seenaa irratti hundaa'ee ijjannoon beektoleen godaansa jaarra 16ffaa irraa qaban baay'ee wal dhabaa ta'uu argita. Kanaafuu amma sana dubbachuu dhiifnee gabaabinaan kaayyoo keenyatti tarkaanfanna.

2.3 Aadaafi Duudhaalee Oromoo

Oromoon bishaan gaafannaan aannan buusee namaaf kenna.

Oromoon dhadhaa baqsee nyaatatti naqee siif dhiheessee "carraa keessanii akkuma ta'etti nyaadhaagaa" jedha. Sabni wahii immoo barbaree ittoo godhee siif dhiheesse "nyaadhu waan manatti oomishamee ni mi'aaha" jedha.[1]

Aadaa jechuun waan ummanni bara dheeraa hojjachuudhaan ittiin wal bareefi aadeffateedha. Aadaan yeroo baay'ee dhalootaa dhalootatti darbaa deema. Dhaloonni haaraan abbootii irraa dhaalanii isaanis ilmaaniif dabarsu. Haala kanaan gochichi aadeffatama.

Sabni kamuu saba jadhamee kan waamamu yoo afaan, seenaa, aadaafi duudhaa akkasumaas falaasama mataa isaa qabaateedha. Afaan, seenaafi aadaan saba tokkoo calaqqisiiftuu eenyumaa saba saniiti. Akkuma saba kamiituu sabni Oromoo aadaa ittiin beekamu boonsaafi bareedaa qaba. Bal'ina lafaafi baay'ina ummata isaa

[1] Jechi kun lamaan waanin ofii kiyyaa argeefi dhaga'eedha. Yaanni kun naannoo Oromiyaa baay'eetti hojiirra oolee argama; garuu hundaa miti.

irratti hundaa'ee sabni Oromoo aadaafi duudhaa bal'aa himamee hin dhumne, garba waraabamee hin hir'anne qaba.

Akkuma beekamu sabni kamuu aadaalee gaggaarii bu'aa buusaniifi aadaalee miidhaa geessisan of keessaa qaba. Aadaan saba kamiituu kana irraa qulqulluu hin ta'u. Isa kana mata duree aadaafi Islaama jedhu jalatti, yoo Rabbiin fedhe, adda baafnee dubbanna. Bakka kanatti garuu aadaalee gaariifi nama boonsan kan ummanni Oromoo jaarraa hedduu ittiin beekaman irraa kanneen muraasa gabaabinaan haasofna.

Ummanni Oromoo nyaata, dhugaatii, uffannaa, fuudhaafi heeruma (cidha), du'aafi awwaalcha, hawaasa waliin jireenya keessatti, tapha, ayyaana, lola, sirbaafi kkf hunda keessattuu aadaa of danda'e qaba. Aadaan isaa kun baay'een isaa waan nama boonsuudha. Aadaan Oromoo baay'een isaa sirna gadaatiin hogganama. Sirni gadaa sirna bulmaataa yoo ta'u, kan dimokraasii ammayyaa irra haalaan miidhagaadha. Waggaa saddeetitti abbaan gadaa jijjiirama. Gadaan sunis nama ga'umsa qabuufi biyya hogganuu danda'utu filatama.

Aadaan Oromoo wal fakkeenyaafi garaa garummaa isaa irratti hundaa'ee bakka baay'eetti qoodama.[1] Isaanis:

[1] Yaada kana ilma Sheekh Bakrii Saphaloo irraan fuudhe. Aadaa Oromoo baay'ee kan ofii kiyyaa keessa jiraadhen barreesse. Aadaa

- Arjummaafi gootummaa
- Aadaa wal gargaarsaa (waliif birmannaa).
- Aadaa nyaataa.
- Aadaa uffataa.
- Aadaa fuudhaa fi heerumaa.
- Aadaa wallee fi weedduu (Sirbaa)
- Aadaa meeshaa fi kkf

Isaan kana keessaa arjummaa, gootummaafi aadaa wal gargaarsa Oromoo irratti hanga ta'e dubbanna.

2.3.1 Arjummaafi Gootummaa Oromoo

Ummanni Oromoo nuti keessa jiraannee guddanne aadaan, duudhaan, safuufi kabajni inni qabu waan baay'ee nama boonsuudha. Ummata arjummaafi gootummaa keessatti daangaa tareedha.

Jechoonni ani jalqaba matadurechaatti barreesse arjummaa ummata Oromoo sirriitti ibsa. Jechi kun Oromiyaa keessa bakkan dhaqe baay'eetti na mudateera. Namni tokko yoo karaa deemaa dheebotee mana namaatti goree bishaan gaafate bishaan qofa isaaf kennuun Oromoota biratti qaaniidha. Yeroo baay'ee aannaniifi nyaata isaaf dhiheessu. Naannoo aannan hin jirretti qaawwaa dhugi jedhanii buna dhaabanii nyaataa waliin dhiheessuuf. Akka himni lammaffaa ibsutti

---

wal gargaarsa Harargee garuu barreeffama ilma Sheykh Bakrii Saphaloo irraan fuudhe.

ummanni Oromoo yoo dhiiga isaa namaaf arjoomellee ittiin hin dhaaddatu. Inumaa 'waan isiniin malu guutuu hin dandeenyee akkuma ta'etti nyaadhaa' jedha. Namni saba biraa wahii qe'ee Oromoo dhaqnaan isa keessummeessanii nyaata qopheessanii dhadhaa baqsanii itti naqanii dhiheessaniifii 'carraa keessaniigaa akkuma ta'etti nyaadhaa' jedhaniin. Namichis dinqisiifatee 'sila nyaanni kanaa olii maaltu namaaf dhiheeffama?' jedhe. Aadaan saba garii biyya keenya keessa jiranii immoo barbaree bulbulanii nyaatatti naqanii sitti dhiheessanii 'nyaadhu waan manni oomishee ni mi'aaha' siin jedhu. Aadachis waanuma qaban namaaf gumaachuu nu agarsiisa. Isaafis hiika gaarii kennuun ni danda'ama. Garuu yeroo gocha ummata kana lamaanii waliin madaaltu ummata biyya tokko keessa waliin jiraatan hin fakkaatan.

Ummanni Oromoo gootummaanis fakkii hin qabu. Kanaafuu meeshaa lolaa boodatti hafaa kan akka waraanaafi guraadeetiin meeshaa lolaa ammayyaa Habashoonni Awrooppaa irraa kadhatan dura dhaabataa turan. Sodaatanii bara kamuu callisanii harka hin kennine. Garuu gootumman Oromoo beekumsaan hogganama. Yoo lolli inni itti seenu bu'aa hin qabuu hubate hayyootaan mari'atee nageenya filachuun ni mala. Kun immoo beekumsa malee sodaa miti. Kun aadaa gootummaafi arjummaa ummatichaa ilaallatuudha.

2.3.2 Aadaa Wal Gargaarsaa

Godinoota Oromiyaa keessatti maqaan gosoota aadaa wal gargaarsaa garaa garummaa qabaatus, tooftaa fi adeemsi isaanii hangas mara kan addaan fagaatuu miti. Ummanni Oromoo aadaa wal gargaarsaa bal'aa qaba. Sabni Oromoo bu'ura wal gargaarsaa irratti hundaa'uun qabeenya, humnaa fi beekumsa walitti qindeeffachuun ittiin wal kaba. Yeroo gaddaa fi gammachuu, dhabaa fi qabeenyaa keessattis waliif dirmachuun tooftaa ittiin wal bira dhaabbatanii wal gargaaran qabu.

Oromoon saba hayyummaa fi beekumsaan akkasumas qabeenyaan badhaadheedha. Akkuma hawaasa tokko keessatti dureessi jiru hiyyeessis ni jiraata. Haa ta'u malee sabni Oromoo rakkatus hin kadhatu, qabeenya namaa hin saamu; hin hatu. Sababni isaas aadaa wal gargaarsaa gaarii qabeenya ittiin wal horachiisu waan qabuufi. Aadaan wal gargaarsaa kun bu'aa baay'ee qaba. Isaanis:

- Yerootti sirnaan akka fayyadaman nama taasiisa.
- Namoota muraasaan hojii bal'aa hojjachuu nama dandeessisa.
- Namoota humnaafi dandeetti hin qabneef deeggarsa taasisa.
- Diinagdeen dhuunfaafi kan garee salphaatti akka guddatu taasisa.

- Walitti dhufeenyaa fi jaalala hawaasummaa namoota jidduutti uumuu fi KKF qaba.

Aaadaan wal gargaarsaa Oromoo baayyee tahanillee isaan keessaa beekamoon kanneen armaan gadiiti:

Daboo (Guuza Ykn Jigii)

Daboon tooftaa namoonni baay'een walitti birmatanii, harka harkaan tooftaa hojii walirraa salphisuuf ittiin hojjataniidha. Namni tokko hojiin isaa humna isaatii ol ta'uu yeroo hubatu, mataa isaatiif daboo kadhata; ykn nama biraa kan walitti dhihaatutti himatee akka guuza kadhatuuf godha. Daboon yeroo kadhatamu abbaan kadhatu gosa hojii irratti bobbahan himuun dirqama. Sababni isaas namni kadhatame sun meeshaa hojii saniif barbaachisu qabatee akka dhufuuf haala mijjeessa.

Hojiin daboodhaan hojjatamu kun hojii qonnaa, midhaan muruu (haamuu), mana ijaaruu, callaa galchuu fi KKF ta'a. Guuzni kun namoota humna qaban wal kadhatan qofaaf osoo hin taane, maatii yatiima (abbaa hin qabne) fi manguddoota humna dhabeeyyiifis dabree dabree waan hojjatamuuf walitti dhufeenya ni cimsa. Yeroo daboo kanatti dubartoonni gandaa walitti dhufuudhaan hojii nyaataafi qaawwaa warri daboo nyaatan qopheessuu irratti haadha guuzaa gargaaru.

Daadoo (Hinfala)

Namoonni dabaree naqachuudhaan hojii walii irratti daadoodhaan wal gargaaru. Namoonni daadoo waliin hojjatan dabaree naqatanii guyyaa tokko nama tokkoof hojjatanii guyyaa itti aanutti nama isa kaaniif hojjatu. Haala kanaan miseensota hundaaf hojjatamee wal ga'a. Marsaa lammaffaaf ammas irra deebi'amee jalqabama. Akkuma daboo hojiin hojjatamu dursamee himama. Meeshaan hojichaaf barbaachisu fudhatamee dhaqama. Daadoo keessatti kan nama siif hojjatee kaffaluun dirqama; daboon garuu dirqamaa miti. Faraqee ykn marroo Hararitti argamu ilmi Sheekh Bakrii Saphaloo dubbateen hanga ta'e walitti dhihaata. Garuu daadoon hojii humnaa qofa irratti hundaa'a.

Faraqee (Marroo)

Aadaan wal gargaarsaa kun akkaataa walitti dhiheenya nama lamaafi lamaa oliin humnaan ykn qabeenyaan marrotti (tartiibaan) itti wal gargaaraniidha. Warra dhiiraas tahee warri dubartii marroo walitti seenuu danda'u. Warri dhiiraa humna isaaniitin walitti dhufuun ykn qotiyyoo walitti hidhachuun tartiibaan hojii isaanii irratti wal gargaaru.

Dubartoonni humna isaaniitiin ykn qabeenya akka aannanii walitti ida'achuun guyyaa guyyaan akka gurguratanniif marroo deeman. Humnaan yoo marroo walitti seenan dubartootni ollaa tokko jiraatan midhaan

qabiyyee wal qixaa wal bira fidachuun mooyyee waliin tumu. Dura kan nama tokkoo eega fixanii booda kan nama kaaniitti dabru.

Qabeenya irratti yoo marroo walitti seenan garuu dubartoonni ganda tokko keessa jiraatan kan loon ilmamu qaban aannan qabiyyee wal qixaa walitti dabalachuudhaan guyyaa tokko nama tokkoof kennuun akka gurguratu taasisu; guyyaa itti aanu immoo nama biraatiif kennuudhaan wal gargaaru.

Gumaata

Aadaa wal gargaarsaa keessaatti gumaanni baay'ee beekamaadha. Keessattuu nama fuudhe ykn heerume ykn dubartii deesseef kan kennamu yoo ta'u dabree dabree namoota jaatanii mana ijaaruutti jiraniif illee ni godhama. Gumaanni yeroo baayyee gamtaan kan godhamu yoo tahu yeroo tokko tokko garuu dhuunfaanis namaaf kennuu ni danda'ama. Gumaatni hiriyummaa, firummaa fi wal beekumsa birootiin waliif kadhatama.

Guyyoota muraasa dursee namni gumaata kadhatu nama beeku hundatti himachuu qaba. 'Guyyaa akkanaa gumaata naaf kottu' jedhee itti himata. Namni kadhatames guyyaa itti affeerame sanitti qophaa'ee, waan barbaachisu qabatee iddoo itti kadhatametti

argama. Gumaatni dubraa fi dargageessaa galgala taha.[1] Naannoo Jimmaatti yeroo duraanii Peestaa naqachuu waan jedhamutu jira. Adeemsi isaa cidhaan wal fakkaata. Garuu kaayyoon isaa abbaa Peestaa sanaatiif gumaata funaanuu qofa.

Kennaan shamarraniifi dardarri gumaataaf waliif kannan maallaqa. Gumaatni haawwanii garuu irra baay'ee guyyaa taha. Kennaan isaanii garuu maallaqa ykn kennaa biraa kan akka nyaataas tahuu mala. Kaayyoon isaas nama fuudhe ykn dubartii deesse dinagdeen guddisuu keessatti gahee guddaa qaba.

Afooshaa

Aadaan kun haawasni akkaataa qubsuma isaanii irratti hundaa'uudhaan walitti ijaaramanii jireenya hawaasummaa keessatti tooftaa itti wal gargaaraniidha. Du'aa fi jiruu, gaddaa fi gammachuu, sadoo fi gadadoo keessatti wal bira dhaabbachuun aadaa itti wal gargaaranii fi wal bira dhaabbataanii ittiin wal jajjabeessaniidha.

Yeroo cidhaa, du'aa fi haajaa garagaraa ulfaataa keessatti namoonni miseensa afooshaa ta'an hunduu hirmaachuu dirqama qabu. Afooshaan kun aadaa wal gargaarsaa kan biroo irraa wanni adda isa godhu yoo jiraate, seera ittiin

[1] Aadaan kun bakkaa bakkatti wal dhaba.

bulmaataa mataa isaanii qabaachuu caalaa yeroo gara yerootti bal'achaa, dagaagaa dhufuu isaati.

Miseensonni afooshaa heera bulmaataa ofii isaaniitii baafatanitti waan bulaniif, namni dambii cabse sirnaan adabama. Kanaaf seera ittiin bulmaata isaanii baay'ee kabaju. Haalli kun immoo ummatni seera namni biraa baasee ittiin bulaa jedhu irra kan ofiif baafatanitti sirnaan buluu akka jaalatan namatti mul'isa.

Quubii (Uqqubii)

Aadaa wal gargaarsaa keessaa tokko quubii yoo ta'u, namoota hojii wal fakkaataa hojjatan, qubsumaan naannoo tokko jiraatan, galii walitti dhihaataa argatan, yaadaa fi ilaalchaaniis walii galan, akkasuma wal amantaa qaban jidduutti maallaqa walitti buufachuun tartiibaan tooftaa itti walii kennaniidha.

Guyyaatti, torbaanitti ykn ji'atti namni tokko maallaqa hanga murteeffame kan kafalu yoo tahu miseensota keessaa nama beekaa fi amanamaa jedhanii yaadan tokko walitti qabaa godhanii filatu. Kana booda tartiibaan maallaqicha walitti qabee abbaa carraan baheef kennama. Quubiin qusannaa maallaqaa fooyyessuun diinagdee nama dhuunfaafi kan garee guddisuu keessatti ga'ee guddaa qaba.

Massaaggoo (Horsiisaa) fi Gabbisa

Massaaggoon adeemsa nama beeylada hin qabne ittiin horii itti horaniidha. Namni qabeenya hin qabne hoolaa, re'ee ykn goromsa xiqqoo kan abbaa qabeenyaa fuudhee tiksee guddisee ogga isiin dhalte ilmoon isii qixxee jara lamaanii taati. Yoo sa'a ta'e immoo aannan isiis waliin fayyadamu. Torbii tokko abbaa sa'aatu ilmata; torbii biraa immoo abbaa tiksetu ilmata. Haati garuu abbaa qabeenyaatiif deebiti; ilmoo isii qofa qooddatu. Haala kanaan hiyyeessi horii argata. Kun aadaa baay'ee gaariifi deeggaramuudha.

Gabbisa kan jedhamu immoo sangaa huqqataa gatiin isaa tilmaamamee nama hiyyeessatti kennama. Hiyyeessi sun isa gabbisee bu'aan gatii tilmaamamee olii qixxeetti isaaniif qoodama.

Gosti gargaarsaa kan biraas kan akka kaayaa, sangaa walitti qara'uu, nyaachisaafi kanneen biroos ni jiru. As irratti dubbatanii xumuruun hin danda'amu.

Liqii fi Ergisa

Aadaa wal gargaarsaa baay'ee beekamu yoo tahu sirni isaas namni qabeenya harkaa qabu tokko nama rakkateef laachuun namni sun yeroo muraasa keessatti dhimma itti bahee isaaf deebisa.

Liqiin qabeenya akka maallaqaa, midhaanii fi waan biraatis ta'uu ni danda'a. Ergisni garuu waan akka

uffataa, meeshaa fi wantoota biroo kan yeroo muraasaaf itti dhimma bahanii deebisan irratti xiyyeffata. Lamaanuu faayidaa guddaa qabu; keessattuu walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuufi namoota harka qalleeyyii ta'an rakkoo irra akka hin buuneef baay'ee gargaara.

Liqii fi ergisni wal amantii namootaa irratti waan hundaa'aniif, namni waa liqeeffatu ykn ergifatu yeroo nan deebisa jedhee baallame sanitti deebisuu qaba. Yoo haalli hin mijjaawiniif garuu dursee abbaa irraa liqeeffate sanitti himuu qaba. Gama biraatiin ergisni meeshaa irratti waan xiyyeeffatuuf waan ergifatan san sirnaan eeganii deebisuun barbaachisaadha.

Hirtaa (Yakutoo)

Hirtaan ykn yakutoon aadaa namni dachii qonnaa hin qabne ykn xiqqoo qabu nama lafa qonnaa bal'aa qabu irraa fuudhee yeroo oomisha tokkoo ykn waggoota muraasaaf qotee oomisha argamu san wal qixatti abbaa dachii waliin addaan hirachuun wal gargaaraniidha.

Abbaan dachii erga lafa isaa hirtaa kennee booda oomishuma isaa eeggata malee quba hin qabu. Kan hirtaa fuudhetu lafa kunuunsuu fi akka isiin oomisha guddaa kannitu waan dandahamu hunda godhee oomisha irraa galcha. Hanga oomisha addaan fudhatanitti amanamtummaan waan lafa san irra jiru eeguu qaba.

Nyaachisaan ammoo tooftaa qotiyyoo nama qotiyyoo hin qabnetti kannanii nyaata isaa dhiheessaafi ittiin qotatuudha. Haalli kuniis wal gargaarsa hawaasummaa keessatti gahee guddaa qaba.

Aadaa Oromoo baay'ee miidhagaa keessaa kun isa muraasa. Aadaaleen biroo baay'eetu jiru. Wanti dagatamuu hin qabne aadaan saba kamiituu bu'a qabeessaafi kan miidhaa fidu of keessaa ni qaba. Garuu wal ni caala. Aadaan Oromoo isa miidhaa fidu irra kan bu'aa buusutu caala. Ummanni Oromoo bara seerri addunyaan baafataa ture wal qixxummaa hin beekne keessa warraaqsa Faransaayii waggaa dhibba hedduun dursitee seera Dimokraasii ammayyaa irra miidhagaa tolchee ittiin bulaa ture. Namni seera gadaa kan Maccaa ykn Tuulamaa ilaale yaada kana sirriitti hubata. Kanaafuu aadaan saba kanaa haalaan miidhagaadha jennee ittiin boonna. Garuu yeroo akkana jennu aadaa Oromoofi amantii waaqeffataa waliin makuu hin qabnu. Waaqqeffannaan amantii of danda'eedha. Waaqa[1] itti amanuufi sirna mataa isaa qaba; amantichaafi gochaalee isaa fidanii aadaatti makanii wal burjaajessuun sirrii miti.

[1] Jechi waaqa jedhu naannoo gariitti waaqayyoo jedhama. Amantiin waaqeffataa Gooftaa isaa maqaa kanaan waama. Hiikti isaa sirriin gooftaa gabbaramu jechuudha. Gooftaa samii jechuudha warri jedhanis ni jiru. Garuu jecha waaqeffannaa jedhuu wajjin yoo ilaallu Gooftaa waaqeffatamu (gabbaramu) hiika jedhutu irraa hubatama.

Boqonnaa Sadii

3. Sabboonummaa

Namni tokko yeroo ani sabboonaadha ofiin jedhu maal jechuu isaati? Sabboonaa ta'uuf ulaagaan barbaachisu maali? Hiika sabboonaa dubbachuun dura saba jechuun maal akka ta'eefi haala kamiin akka eegalame haa ilaallu.

Jalqaba kan uumame abbaa keenya Aadam qofa ture. Ergasii Hawwaan uumamte. Isaan lamaan irraa namoonni baay'een addunyaa kana irratti uumaman. Kana ilaalchisee Rabbiin ni jedhe:

{يَا أَيُّهَا النَّاسُ اتَّقُوا رَبَّكُمُ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ نَفْسٍ وَاحِدَةٍ وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا وَبَثَّ مِنْهُمَا رِجَالًا كَثِيرًا وَنِسَاءً وَاتَّقُوا اللَّهَ الَّذِي تَسَاءَلُونَ بِهِ وَالْأَرْحَامَ إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْكُمْ رَقِيبًا} [النساء: ١]

Yaa namootaa! Gooftaa keessan Isa lubbuu tokkittii (Aadam) irraa isin uumee, isii irraa cimdii ishee (Hawwaa) uumee, isaan lamaan irraa dhiirotaafi dubartoota baay'ee tamsaase sodaadhaa. Rabbii ittiin wal kadhattaniifi firummaa [muruus] sodaadhaa. Dhugumatti, Rabbiin isin to'ataadha.

[An-nisaa'i 4:1]

Yeroo sanatti wanti saba jedhamu hin turre. Booda erga namoonni baay'ataa dhufanii namoota kana adda baasuuf barbaachisaa ta'ee waan argameef eenyummaan baay'een uumamuu danda'e. Garuu namoonni yeroma sana irraa kaasanii firoomaan hariiroo uumaa deeman. Saboonni yeroo ammaa addunyaa irratti beekaman

baay'een isaanii warra booda Nuuhii qoodamaniidha. Akkuma dubbannee dabarsine ilmaan Nuuh kan addunyaa kana irratti tamsa'an sadantu hortee gurguddaa ta'an. Yoo saba keenya fudhatte isaan keessaa Kuush ilma Haamitti seena. Oromoon immoo kan isaan irraa adda ba'e bara dheeraa booda. Kana jechuun qoodamiinsi sabaa amma jiru kun yeroo booda kan argameedha. Fkn bara namni Kuush jedhamu sun jiraataa turetti wanti saba Oromoo, Affaar ykn Sumaalee jedhamu hin turre. Osoo abbaa keenya sana saba Sumaalee ykn Oromoo jedhu gaafattee hin beeku ture. Afaan Oromoos ta'ee Affaar hin dubbatu ture. Garuu numa hundaafuu abbaadha. Isa booda ilmaan isaa baay'atanii wal qooduudhaan saba adda addaatti fottoqan. Kanaafuu nuti saba amma jiruun abbaa keenya sanaan adda taana.

Ogga kana jennu qoodamiinsi sabaa amma jiru barbaachisaa miti jechuu akka hin taane ifaadha. Qoodamiinsi sabaa amma jiru barbaachisaa ta'uu bira darbee dirqama; inumaayyuu uumama waan ta'eef eenyunuu dhabamsiisuu hin danda'u. Gara fuulduraattis qoodamiinsi sabaa kun itti fufuu ni danda'a. Ilmaan abbaa tokkoo saba adda addaa ta'anii fottoquun ni mala. Fkn Ibraahiim ilmaan Ismaa'iiliifi Is-haaq jedhamu qaba ture. Ilmaan Ismaa'iil hunduu Araba ta'an; kan Is-haaq immoo Israa'iilii ta'an. Aadaafi afaan isaaniis adda ta'e. Yeroo ammaa sabni hanga isaanii wal jibbu addunyaa

irra hin jiru. Saboonni biroos akkasumatti uumaman. Oromoonis jalqaba nama tokkotu dhalatee Oromoo jedhamee moggaafame. Sana booda ilmaan argate; ilmaan isaatu saba Oromoo jedhamee waamame.

Akkasumas namni kamuu Guyyaa Qiyaamaa sabni isaa hin gaafatamu. Homaas isa hin fayyadu. Kan nama fayyadu hojii gaariifi amantii isaa qofa. Kanaafuu Rabbiin akkana jedhe:

{فَإِذَا نُفِخَ فِي الصُّورِ فَلَا أَنْسَابَ بَيْنَهُمْ يَوْمَئِذٍ وَلَا يَتَسَاءَلُونَ (١٠١) فَمَنْ ثَقُلَتْ مَوَازِينُهُ فَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ (١٠٢) وَمَنْ خَفَّتْ مَوَازِينُهُ فَأُولَئِكَ الَّذِينَ خَسِرُوا أَنْفُسَهُمْ فِي جَهَنَّمَ خَالِدُونَ (١٠٣)} [المؤمنون: ١٠١ - ١٠٣]

Yeroo xurumbaan afuufame (qiyaaman ga'e), guyyaa san firummaan (sabni) gidduu isaanii hin jiru; walis hin gaafatan. Namni madaalli [hojii gaarii] isaa ulfaatte, isaan sun warra milkaa'oodha. Namni madaalli isaa salphatte immoo, isaan sun warra lubbuu isaanii hoongessan. Jahannam keessatti hafoo ta'u. [Al-Mu'uminuun 23: 101-103]

Sabaan adda ba'anii beekamuun kun yeroo hanga murtaa'e qofaaf tura. Fakkeenyaaf saboonni Kuush qoqqoodamanii Oromoo, Sumaalee, Affaar fi kkf jedhamuun naannoo waggaa kuma sadii hin caalle. Guyyaa Qiyaamaa saba kanaan beekamuufi fayyadamuunis hin jiru. Har'a garuu addunyaa irratti ittiin beekamuufi fayyadamuun ni danda'ama. Aayatichi waan Guyyaa Qiyaamaa fayyadus dabalee nutti himeera. Namni hojii toltuun isaa madaala irratti ulfaate

milkaa'aadha jedhe; yoo isiin salphatte immoo hoonga'uun isaa mamii hin qabu. Namni colleen guyyaa sanaaf qophaa'uu qaba. Kan inni ittiin qophaa'us iimaana jabeeffachuu, hojii tolfachuufi amala gaaromfachuudha.

3.1 Maalummaa Sabboonummaa

Jechi sabboonaa jedhu Ingiliffaan 'nationalism' Arabiffaan immoo 'qawmiyyaa' jedhama. Ingiliffaan "Free online Dictionary" irra hiikti jiru kan armaan gadii fakkaata: *"fedhii ykn aadaa saba ofiitiif hojjachuu; jaalala biyyaatiif of wareeguudha. Saboonni walitti guuramuu irra yoo of danda'anii hojjatan bu'aa qaba yaada jedhuudha. Kaayyoo guutuu addunyaarra kan saba ofiitti xiyyeeffachuu, to'annoo alagaa jalaa saba ofii bilisa baasuuf kartoorfatanii socho'uudha"* jedha. Qorannoon Arabiffaa tokko akkana jedhe: *"qawmiyyaan (sabboonummaan) ilmaan ummata tokkoo akka hariiroon isaan walitti qabuufi ummata biroo irraa adda isaan baasu jiru amanuudha. Hariiroon isaanii kun kan dhiigaa (firoomaa), afaanii, aadaa, qaroominaa, seenaa, dinagdee ykn siyaasaa ta'uu danda'a."*

Barreeffama Jawaar Muhammad irratti guyyaa tokko kan armaan gadiin arge: *"sabboonummaan yaadaafi miira ummata eenyummaa, aadaa, seenaafi rakkoo waliin qabu tokko waliin sochoosuun dantaa siyaas-diinagdeefi aadaa ofii ittiin galma ga'aniidha (Ideology for mobilization of a collective)."*

Hiikti sabboonummaa kuusaa jechoota adda addaa irra jiru walfakkeenya qabaatus hanga ta'e wal dhaba. Akka

kiyyatti sabboonummaa jechuun bu'aa saba ofii eegsisuu, seenaa ummatichaa, aadaafi afaan isaa guddisuuf hojjachuu, maalummaa ofiitiin boonuu, eenyummaa ofiitti gammaduu, saba ofii kabajuufi bilisummaa sabichaatiif qabsaa'uudha jedheen yaada. Inni kun immoo nama qulqulluu sabichaa ta'e tokko keessatti uumamaan ni argama natti fakkaata. Sabboonummaan Oromoos kanaan adda hin ta'u. Namni tokko sabboonaa Oromooti kan jedhamu yoo bu'aa Oromoo eegsisuuf, aadaafi afaan isaa guddisuuf, seenaa isaa tiksuuf kan socho'u ta'ee Oromummaa isaatti kan gammadu, saba isaa kan kabaju, bilisummaa Oromoofi dachii isaatiif kan qabsaa'u ta'eedha. Sabboonummaan kun yeroo baay'ee onnee nama Oromoo qulqulluu ta'e irraa madda. Namni maatii isaa keessaa kallattii ta'een faalame yeroo baay'ee sabboonummaan isaa hir'uudha.[1]

Sabboonummaan kun sadarkaa adda addaatti qoodamuu danda'a. Jawaar Muhammad hiika isaa armaan oliitti

1 Kanaaf akka fakkeenyaatti Haylesillaasee fudhachuu dandeenya. Maqaan isaa Tafarii Mokonnin Wolde Mikaa'eel Gooddessaati. Gooddessaan Oromoo Shawaa beekamaadha. Haati isaa Yeshimmabeet Dajjaazmaach Alii Abbaajifaar beekamaa Oromoo Wolloo keessaa isa tokko. Inni gara abbaa isaatiinis ta'ee haadhaatiin Oromootti deebi'a. Firoomni inni Minilikiin qabu kallattii haadha akaakayyuu isaa Tinnaanee Warqee Sahle Sillaaseetiin. Kallattii kana qofaan hidda Solomoonawaa jedhee of waamutti kijibaan of hirksee ummata Oromoo hacuucee miidhaa ture.

aansee sabboonummaa haala armaan gadiitti qoodee dubbatee ture:

Haaluma kanaan sabboonummaan saba kamiituu sadarkaa sadi irratti biyya tokko fayyaduu danda'a. Kan duraa ummanni aadaan, afaaniin, eenyummaafi diinagdeedhaan cunqurfame roorroo san jalaa bahuuf itti fayyadamuu danda'a (resistance nationalism). Isa kanaan sabboonummaa hiree murteeffannaa (self determination) jechuu dandeenya.

Kan lammaaffaa immoo sabni tokko erga bilisummaa goonfatee booda tokkummaa isaa eegsisuuf, misoomatti ummata kakaasuuf, diina ofirraa eeguufi kkf'f faayidaa guddaa kennuu danda'a. Kana jechuun sabboonummaan yaada siyaasaa kan qabsoo (resistance nationalism) qofa osoo hin taane siyaasa bulchiinsaa (governance politics) keessatti madda hamileefi miira ummataa sochoosu guddaa ta'ee fayyaduu danda'a.

Kan sadaffaa immoo ummanni tokko yeroo biyyi isaa cunqursaa jalaa baatee walabummaa isii goonfatte dantaa siyaasaafi diinagdee isaa daangaa ofii bira cehee warra biraa biratti babal'ifachuu yoo barbaades sabboonummaatti fayyadamuu danda'a. Isa kanaan sabboonummaa babal'ifannaa (expansionist nationalism) jechuu dandeenya. Fakkeenyaaf biyyoonni Awurooppaa hedduun sabboonummaatti fayyadamanii erga of bilisoomsanii booda yeroo dantaa diinagdee isaanii gara

Ameerikaa Kibbaa, Afrikaafi Eeshiyaatti babal'ifachuu barbaadan sabboonummaatti fayyadaman. Fakkeenyaaf loltuun biyyoota san koloneeffachuuf ergaman "dantaa biyya abbaa keetiitiifi ummata keetiitiif wareegami" jedhamee amansiifameeti ergamaa ture. Barsiisaas ta'ee bulchaan ergamus qaroomina biyya keetii addunyaa waliin gahi jedhameeti (civilizing mission). Numa birattuu loltuun Tigree sabboonummaan guutamee biyya isaa erga bilisoomsee booda, Oromiyaa dhufee kan du'aa tureefis dantaa saba kiyyaan eegsisa jedheeti."[1]

Dubbii Jawaar kana irraa kan mullatu sabboonummaan sadarkaa sadii qaba kan jedhuudha. Inni jalqabaa sabboonummaa bilisa of baasuuf qabsaa'uu, lammaffaan immoo bilisummaa argame eeguufi biyya ofii qaroomsuu yoo ta'u sadaffaan immoo qaroomaafi aadaa biyya ofii sana naannoofi biyyootii biraattis baballisuudha. Sadarkaan sadanuu yoo sirnaan hogganamee ummata biraa irraan hacuuccaa hin gahin sabboonummaa faarfamaadha. Garuu inni sadaffaa kun fakkeenyi yeroo baay'ee dhihaatu miidhaa ummanni koloneeffattootaa biyya biraa irraan gahaa turaniidha. Inni kun dhiphina makatee rakkoo fide. Silaa yaanni (ideology) kamuu yoo sirnaafi seeraan hin hogganamin rakkoo guddaa uumuun isaa gaaffii hin qabu. Fkn Kaappitaalizmiin

1 Barreeffama Jawaar Muhammad fuula FB isaa irratti maxxanse irraan fuudhe. Qubeefi jecha tokko tokko gulaaleera.

akka inni qabeenya namoota murtaa'an harka qofa galchee ummata 90% ol rakkisaaru biyya keenya keessattuu argaa jirra. Rakkoon sooshiyaalizmiin uumee tare biyya keenyaaf haaraa miti.

Sabboonummaan biyya keenyaas kanaan addaa miti. Yoo akeekkachiisa lamaan kitaabni "Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse" jedhu keessa jiraniin hogganame malee karaa baduun isaa hin oolu. Isaanis: inni jalqabaa haaloo qabaachuun haaloo baafachuuf akka hin yaalle akeekkachiisuu yoo ta'u, inni lammaffaa immoo "ol aantummaa koo durii maaliifin dhabe? Maaliifan kabaja dhabe?" jechuudhaan of tuuluun akka hin biqille cimsinee akeekkachiisna. Isaan lamaanuu sabboonummaa gara lolaatti nama oofan waan ta'aniif balleeffamuu qabu. Kitaabichi itti fufee barreessaa wahii wabeeffachuudhaan akka armaan gadiitti maalummaa sabboonummaa ibseera:

Eenyummaa ofiitti boonuun isa kaan jibbuu, bilisummaa argachuun isa kaan irratti haaloo bahuu, ofiin of bulchuun isa kaan gabroomsuu, mirga dimokraasii argachuun isa kaaniin "naannoo kiyya gadi lakkisi" jedhanii dirqisiisuun itti fayyadama mirgaa hiika hin qabne ta'uu isaarrayyuu bu'aan isaas nageenya booressuu ta'a. Ilaalcha akkasii irratti duuluun itti gaafatama ummattoota hundaati. Ummanni keenya daangaa mirga isaa kan dhugaarra osoo hin darbin, mirgasaas dabarsee osoo hin kennin seenaasaa hundee cimaarratti

ijaarratee jireenya isaa isa sirna nafxenyaatiin duraa sarbame deebisee akka gonfatu jabeessinee abdanna.[1]

Sabboonummaan nuti fuulduratti ilaalcha Islaamaatiin madaallee dubachuuf deemnus isuma kana ta'a. Waa'ee sabaan of tuuluus hanga ta'e madaala Islaamaa irratti maal fakkaata kan jedhu ni dubbanna.

3.2 Jaalala Biyyaa (Patriotism)

Ummanni hunduu biyya isaa jaalachuun dirqama ta'uu namni sammuu qabu kamuu ni amana. Sababni isaas kan inni itti dhalate, irratti guddate, irratti leenji'e, waan jireenya isaatiif barbaachisu hundaa argateefi tika isii jala jiraate biyyattiidha waan ta'eef. Akka jecha kanaatti garuu naannoo ofii qofa adda baasanii jaalachuu osoo hin taane biyyicha akka walii galaatti sabaafi sablammii, aadaa, amantiifi seenaa isiin qabduu waliin jaalachuudha. Bakka kanatti qabxiin guddaan maalummaa jaalala biyyaa hubachuudha. Jaalala biyyaa kan jedhamu qabeenya biyyattii qofa jaalachuu miti. Ummata biyyattii keessa jiraatan aadaafi amantii isaan qabanii wajjin jaalachuun dirqama ta'a.

Biyya keenya keessatti ummanni jaalala biyyaa yeroo hunda labsan garuu ilaalcha bal'aa kana ni qabuu jennee yoo ilaalle yaanni isaanii guutumatti faallaa kanaa ta'uu

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, fuula 8-9.

argina. Ummanni kun sabaafi hordoftoota amantii isaaniitiin alaa akka lammiittuu hin ilaalan. Fakkeenyaaf kitaabni "Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa" yaada armaan gadii dubbateera: "Seenaan sochii Oromoo Bareentuufi Booranaa jaarraa 16ffaa akka godaansaatti yoo ilaalamu, walitti bu'iinsi mootummaa Abiisiiniyaafi Islaamaa jaarraa 16ffaa sababa ka'umsa waraanichaa mootummaa Islaamaa taasisuun waraanichi weerara Ahmad Giraanyiin moggaafame. Weerarriifi aggaammiin mootummaa sanyii Salamoonawaa jaarraa 13ffaa irraa eegalee hanga xumura jaarraa 19ffaatti taasise ummattoota Gaanfa Afrikaa nagaa dhorke garuu akka hojii qulqulluu biyya ijaaruuf taasifameetti fudhatame. Kanaaf barreeffama seenaa Itoophiyaa keessatti kaan abbaa biyyaa kaan immoo keessummaa taasisuun barreessuun waanuma baratameedha. Oromoonis ummattoota abbaan biyyummaa isaanii barreeffama seenaatiin haalamuu yaalame keessaa tokkoodha."[1] Warri ummata keenya gabroomfatan yeroo hunda maal akka isaan labsaa turan kitaabni "Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse" jedhamu ibseera: *qomoowwan weeraraan biyyaafi qe'ee irraa fudhachuudhaan gabroomfatan kanneen biyya hin qabne, bilisummaa hin qabne, kabaja sabummaa hin qabne hundumaa waa'ee jaalala biyyaa, jaalala mootummaa isaanii barsiisuu yaalu. Saba mirgi ofiin of bulchuu duraa sarbamee garboome barnoota "jaalala biyyaa"*

1 Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa, 7-8

jedhu barsiisuu yaalu. Har'ayyuu gochaa wallaalchisaa kana kan isaan raawwatan ni argina. Abbaa biyyummaa lammiilee sanaa garuu jabinaan mormu.[1]

Ibsa kanarraa biyya kana keessatti ummanni Muslimaafi Oromoo abbaa biyyaa akka hin taaneefi waan godaansaan biyya alaatii dhufan fakkeessuuf barreessitoonni seenaa Itoophiyaa barreesan socho'uun isaanii sirriitti hubatama. Garuu tisiisa irraa damma eeguu keenyaan badiin keenyuma ta'a. Nuti ummanni bal'aan seenaafi aadaa keenya barreessuu dhabnee hiree maalummaa keenya nuuf murteessu ummata kaaniif dhiisuudhaan sadarkaa kana tuffatamne. Amma garuu ummanni keenya dammaqee seenaafi aadaa isaallee qorachuus eegalee abbaa biyyaa ta'uu isaa labsuu eegaleera.

Ahmaddiin Jabalis dhimma Muslimootaa yeroo dubbatu yaada bal'aa armaan gadii ibseera: "biyya kana keessatti 'seenaa' jedhamee kan dhihaate guutuu Maalummaa biyyattii calanqisiisee mul'isuu hin dandeenye. Seenaa Kiristaanaatiifi Naannoo kaabaa qofa barreessanii guutuu Itoophiyaa bakka hin bu'uu osoma beekanii "seenaa Itoophiyaa" jechuudhaan ibsu. Seenaa

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, fuula 17

Itoophiyaa naannoo kaabaa qofaaf kennan.[1] Waa'een biyyattii yeroo dubbatamus ta'ee yeroo barreeffamu seenaan dhihaatu naannoolee Kiristaanaa (kaabaa) qofa ture. Naannoon Kibbaatiifi Muslimootaa qabeenya jaraatiin, madda dinagdeefi kkf tahuudhaan dubbatamuu malee seenaa qabaachuudhaan gonkumaa hin yaadataman. Ulaagaan Itoophiyummaa Kiristaana ta'uu kan gaafatu ta'e. Hiikti Itoophiyummaadhaaf kenname hawaasa biyyattii keessaa saba tokko qofatti xiyyeeffata. Waa'ee biyyattiis tahee kan Mootummaa isii yeroo dubbatamu itti yaadameetuma Kiristaanummaafi manneen Bataskaanaa qofaan walitti hidhama. Seera mootummaa irraa eegalee caasaan maybaasii mootummaa hunduu kan ummata bal'aa Itoophiyaa osoo hin taane fedhiifi aangoo Bataskaanaatiin qabamee hogganama ture.

Ummata Muslimaa yero ibsan "Muslilmoota Itoophiyaa" osoo hin taane "Muslimoota Itoophiyaa keessa jiraatan" jechuudhaan waamu. Sababni isaan kana godhaniif Muslimoonni Itoophiyaa kan keessummummaa biyya biraarraa dhufanii biyya jaraa keessa jiraatan fakkeessanii alagoomsuufi abbaa biyyummaan akka itti hin dhaga'amne keessaa cuunfamee akka dhabamu gochuuf kaayyoo karoorfameedha. Kanaafuu Muslimni "ani

1 Sababa kana seenaan barreeffame ummata Oromoofi Muslimoota baay'ee hin hammanne ture.

lammii Itoophiyaatii?"[1] gaaffiin jedhu keessatti uumamee yeroo dheeraadhaaf qormaata itti ta'aa ture. Dhiibbaan yaanni kun Muslimootarraan gahe waan akka laayyootti ilaalamuu miti. Gochi kun Muslimoota alagoomsee dhimma biyyattii keessatti taajjabdoota moggaa dhaabbatee daawwatu taasise.

Walumaa galatti gochi jaraa kun jaalala Muslimoonni biyya isaaniitiif qabaachuu qaban irratti qormaata itti ta'aa ture. Namni hunduu biyya ofii jaallachuun, gumii biyyummaa bahachuufi isiidhaaf jecha wareegama kaffaluutu irraa eegama. Biyya ofii jaallachuun dirqama malee filannoo keenyaa miti. Hacuuccaaniifi cunqursaan baay'achuun jaalala namni biyyaaf qabaachuu qaburratti hanga fedhe dhiibbaa uumullee bakka dabeen sirreessaa, bakka jallateen qajeelchaa of dura deemuudha malee biyya ofii jibbuun gonkumaa sirrii miti. Waan nama ajaa'ibu irraa warri jaallattoota biyyaa ta'uu isaanii halkaniifi guyyaa nutti himan (dingil mareeet jedhan) waa'ee dachii biyyattii, laggeen, bosona, gaarreeniifi sulula isii weeddisaati eenyummaa ummata isii amananii

1 Yaanni kun Oromoota birattis akkuma kana ture. Oromoon baay'een shakkiiwuu dhiisee gochi isaanii kun akka inni maqaa biyyattii jibbu taasisuun "biyyi koo Oromiyaadha" jedha malee maqaa Itiyoophiyaa jedhu dhaga'uu hin fedhu. Sababni kanaa immoo hacuuccaa isaan ummata irraan ga'aa turaniidha. Silaa Itiyoophiyaanis kanuma Oromoo ture.

fudhachuu jibbuun gonkumaa waan wal hin fakkaanneedha.

Sababni gochi isaanii kun sirrii miti jennuuf biyya jechuun biyyee isiitiifi qabeenya uumamaa isiin qabdu qofaa miti. Inni guddaan seenaa ummattoota biyyattii, aadaafi maalummaa amantii ummatichaa jaallatanii amananii fudhachuudha. Aalimni Itoophiyaa beekamaan Sheekh Sa'id Muhammad Saadiq[1] dhugaa jiru akkas jechuudhaan ibsu.

Biyya ofii tajaajiluun dirqama ilmaan namaa waan ta'eef faayidaan itti hin barbaadamu ture. Garuu namoonni "biyyuma keessatti jireenyi nuuf mijaa'etu biyya keenya; ummata nu kabajetu maatii keenya" jedhan waan hin dhibamneef warra biyya tajaajilaniif mindaan kennamuun gocha sirrii ta'e. Biyya jaallachuu jechuun dachii isii, ummatichaafi aadaa ummatichaa dabalatee yoo ta'e malee dhoqqee (lafa) isii qofa jaallachuu yoo ta'e diinninuu akka jaallatu beekuun barbaachisaadha."[2]

Walumaa galatti ummanni Oromoofi Muslimoonni akka biyya ofii shakkan godhamaa turan. Yeroo baay'ee akka

1 Sheekni kun isaan Sheekh Muhammad Saanii Habiibii waliin Qiddus Qur'aan kan Amaariffaa hiikaniidha.

2 Endris Mohammed, Sheik Seid Muhammed Sadiq (1897-1977) Philological, Historical And Patriotic Legacy, 2007, Africa Printing P.L.C .P 150. Hunda isaatuu kitaaba seenaa Muslimoota Itiyoophiyaa kan Ahmaddiin Jabal fuula 25 – 27 irraan fuudhe.

baqattoota alaa dhufanii asitti hafaniitti ilaalaman. Muslimoonni Oromoo ta'an immoo yakka Oromummaafi Islaamummaa waan qabaniif gidiraan daran itti hammaatte. Kanaafuu maqaa biyyattii kan Itoophiyaa jedhuyyuu dhaga'uu jibban. Lammiin keenya biyya ofii keessa jiraachuurra baqatanii biyya alaa jiraachuu filatan. Kanaafuu namoonni baay'een biyyaa baqatanii godaanan. Godaansa kana keessatti namoota baay'eetu rakkoo gurguddaaf saaxilaman. Kan galaana keessatti qurxummiin nyaatame lakkoofsa hin qabu. Kan harka namaatti lubbuun isaanii ba'eefi dubartoonni dhiira baay'een gudeedamanis hedduudha. Biyyootiin addunyaa kan lammiin keenya itti hin baqatin hin jiru. Akka lammii biraa bakka dhaqanittillee kabaja hin qaban. Yeroo dhiheenyaa biyya Afrikaa Kibbaa keessatti kan gommaan konkolaataa itti hidhamuudhaan gubaman daawwanneerra. Warri Liibiyaa keessatti dhumes namoota nuti beeknu fa'i. Kana hundaafuu sababa kan ta'e hacuuccaa mootiin maqaa Salamoonawaa jedhuun of waamu booda kana gargaarsa Awrooppaatiin nurratti raawwateedha. Warri hanga kaleessaa tures dhaaltota isaaniitu maqaa jijjiirrate malee haaraa miti. Gariin isaanii dhaaltota Yohaannis ta'anii ergaa Yohaannis geggeessuuf yoo socho'an kaan immoo dhaaltota Minilik ta'uudhaan kaayyoo isaa galmaan ga'uuf qabsaa'u. Qabxii kana ilaalchisee kan hanga ta'e galata qabu mootummaa Dargiiti. Maqaan mootummaa

Salamoonawaa inni awwaale hanga Guyyaa Qiyaamaatti deebi'ee hin ka'u. Warri booda isaa maqaa dhiifte malee gocha isaanii deebiftee kaaftee turte. Amma isiinis sababa sochii qeerroo Oromiyaa nurraa dhabamteetti.

3.3 Qabsoo Bilisummaa

Ummanni kallattii adda addaatiin hacuucame bilisummaa argachuudhaaf warraaqsa kaasuun isaa hin oolu. Roorroon yoo kallattii sabaa, amantii, dinagdee, siyaasaa, aadaafi kan birootiin ummata irra ga'e ummanni haala ilaallatee hacuuccaa kana jalaa bahuuf sochii eegala. Yeroo baay'ee qabsoon godhamu kun sabboonummaa ykn jaalala biyyaa kan jedhu irratti hundaa'a. Sochiin kun jaarraa 19ffaa Awrooppaa keessatti yeroo haala addaatiin eegalu sababoota baay'ee qaba ture. Isaan ijoon kan armaan gadiiti:

- Ummanni Awrooppaa baay'een hacuuccaa taayitaa sirna abbaa lafaa kan hojjattootaafi qottoota mirga dhorgatanii bu'aa ofiitiif yeroo hunda isaan hojjachiisan jalaa ba'uu
- Bara dukkanaa[1] jedhamee kan beekamu keessa warra maqaa amantiitiin ummaticha hacuuce jalaa ba'uufi

1 Barri isaan dukkana jedhanii nu barsiisan kun bara ummanni Awrooppaa rakkoo keessa tureedha malee addunyaa guutuu miti. Akkuma seenaan Itiyoophiyaa kan warra kaabaa qofa ta'e kan addunyaas Awrooppaa qofarratti gabaabsamuuf yaalama. Yeroo sanatti amantiin Kaatolikii ol aantummaa waan qabuuf warra

- Bilisummaa barbaacha, wal qixxummaa fiduu, jireenya hadhaawaa keessaa bahuuf ture.

Kanarraa ka'anii sabboononni Faransaayiifi Ameerikaa qabsoo labsanii bilisummaa, wal qixxummaafi haqa dalaguutti waaman. Yeroo sanarraa kaasanii taayitaa hin daangeffamne kan mootummaaf kenname mormuufi mirga dhala namaatiif labsuu jalqaban. Warraaqsi jalqaba kanarratti milkaa'e kan Faransaayii ture. Achiin biyyootiin addunyaa baay'een Faransaayii hordofanii qabsoo eegalan. Qabsoon bilisummaa yeroo baay'ee sabboonummaafi biyyoomaan kan adda ba'uu miti. Sabboonummaafi jaalalli biyyaas hariiroo guddaa qaba ture. Garaa garummaas ni qaba. Kana qabxii itti aanu keessatti ilaalla.

---

qorannoo saayinsii geggeessanii yaada isaanii faallessan hunda shayxaana jedhanii ajjeesaa turan. Qeesoleen yeroo sanaa qaama dhiqachuuwuu yakka guddaatti ilaalu turan. Nama umurii isaa guutuu osoo qaama hin dhiqatin caffee keessa rafaa marga nyaatee jiraatutu ture. Bara sana keessa saayintistoonni yaada phaaphaasii faallessuun ajjeefaman kuma dhibba sadiitti tilmaamamu. Kan osoo lubbuun jiranii gubaman immoo saayintistoota kuma digdamii lama turan. Gaalili'oon sababa dachiitu naannofti jechuu amanuuf warra manni murtii bataskaanaa ajjeechaa itti murteessitee ajjeefame keessaa tokko ture. (Maazaa Kasiral Aalamu, fuula 157 ilaali). Dhuguma barichi biyya sanaaf dukkana azaabaa ture. Garuu dukkanichi Ardii Awrooppaa malee kan biroo hin ilaallatu.

3.4 Hariiroo Jechoota Kana Sadanii

Jechoota kanniin sirriitti hubachuuf qabatama biyyootii adda addaa tuquun barbaachisaa ta'a. Sochiin biyya Faransaayii yeroo jalqabu sabboonummaafi biyyoomni isaan biratti tokko ture. Sababni isaas ummanni Afaan Faransaayii dubbatan hunduu Faransaayii keessa jiraatu. Akkasumas biyyattii kan to'ate sabuma sana qofa ture. Kanaafuu sabni Faransaayii bilisoome jechuun biyyi Faransaayii bilisoome jechuudha. Faallaa kanaas biyyi Faransaayii bilisoome jechuunis sabni Faransaayii bilisa ba'e jechuudha. Kanaafuu biyya sanatti saba jechuufi lammii jechuun, akkasuma sabboonummaafi jaalalli biyyaa hiikti isaa tokko ture. Biyyoonni akka Jarmanii, Jaappaaniifi kkf haala kan Faransaayiitiin wal fakkaatu. Sababni isaas saba tokkotu dachii tokkorra jiraata waan ta'eef.

Biyyootii biroo kan akka Arabaa biratti immoo biyyoomni kan saba Arabaa irra dhiphoo ta'e. Isaan jalqaba sochii biyyoomaa eegalanii itti waamaa turan. Biyyoonni akka Misraa, Sooriyaafi kkf sochii biyyoomaa eegalanii turan. Garuu booda akka biyyoomni kan sabaa irra dhiphina qabu baranii sochii sabboonummaatti jijjiiran. Misra erga Jamaal Abdul Naasirii kaaftee sabboonummaa Arabaatti deebite. Achiin biyyoonni Arabaa hunduu sabboonummaatti deebite. Garuu kaayyoon sabboonummaa isaanii hunduu wal dhabee

hanga ammaatti ciccitanii hafan. Biyya gariitti sabboonummaan isaa kan biyyaarra dhiphata. Biyyi keenya haalli isaa baay'een kana fakkaata. Inni irra bal'aan biyyooma malee sabboonummaa miti. Garuu akkuma sila dubbannee dabarsine biyya akka nuti hin jaalanne waan nurratti hojjatameef sabni Oromoo baay'een sabboonummaa filate. Akka Oromiyaatti sochiin duraan ture baay'een isaa ummata Oromoofi dachii Oromiyaa bilisoomsuuf qabsaa'uu ture. Gara boodaa kana immoo ummanni Oromoo bara dheeraa hacuucamaa ture amma carraa argatee biyyattii guutuu bulchuu, afaan isaa afaan federaalaa ta'uu, dachiin isaa saamame kan akka Finfinnee, Raayyaa, Wolloofi kkf deebi'uufii qaba yaada jedhutti jirama. Yaanni kun biyyooma isa jedhuun wal galuu wajjiin sadarkaa sabboonummaa dubbannee dabarsineen alaa miti. Kana jechuun Oromoon Itoophiyaan alaa kan Keeniyaa, Sumaalee, Yugaandaafi Taanzaaniyaa keessa faan jiran sabboonummaa kana keessatti ni hammatamuu akeeka. Yaanni Oromoota baay'ees kanuma natti fakkaata; Oromoon lafa jiru hundarrattuu bilisa ba'uu qaba jedhu. Guyyaa tokko namni Oromoo biyya Yugaandaa wahii biyya keenya dhufee waan rakkateef masjida Jimmaa wahii seenee Afaan Ingiliffaatiin gargaarsa gaafate. Inni Oromiyaa keessa akka jiru hin beeku ture. Booda qarshiin ummanni isaaf kennan xiqqaannaan "yaa Waaq maal wayya?" jedhe. Achiin ummanni Oromiffa

dubbachuu isaa arganii "ati maaliif Yugaandaa jettee nu sobda? Atihoo Oromiffa dubbattaa" jedhaniin. Innis dachii Oromiyaa keessa akka jiru waan hin beekneef "isin Yugaandaadhaa akkam Oromiffa dubbattu?" jedhe. Ummannis "lakki nuti Yugaandaa miti Oromiyaadha" jedhan. Achiin namichis boo'ee "nuti Oromoota kuma dhibba afurii oltu naannoo tokko jiraanna; ummanni achii saba keenyaan 'dachii keenya irraa ka'aa Oromiyaatti galaa' jedhanii galaanatti darbu" jedhee dubbate. Oromoon bilisummaa falmu warra akkasiitiifis falmuutu irraa eegama jechuun yaada. Oromoon osoo hin beekamin naannoo adda addaa keessatti hacuucamanii jiranis bilisummaa kana irraa fayyadamuu qabu. Fkn'f ummanni Oromoo hundee Shawaa (Tuulamaa) irraa ta'an kan Haylesillaaseen bara 1945 gara Kafaa godina Boongaa aanaa Gawaattaa jedhamu geesse namoonni kuma dhibba sadii ol ta'an achitti hacuucamanii mirga baay'ee dhabanii jiraachuu isaanii quba qabnaa? Kana malees godinicha keessa aanaa shan keessa jiru.[1] Guyyaa tokko nama achii wahii argee

1 Fuula FB kan OBN irratti guyyaa tokko odeeffannoo bal'aa armaan gadii dubbiseera. Bara mootummaa Hayilesillaasee lafti abbaa lafaa hojjattoota mootichaatiin qabamaa adeeme. Ummanni Meettaa Roobiitiifi Salaalee lafa dhabuu qofa utuu hin taane cunqursaan abbaa lafaa baay'ee itti ulfaate. Booda mala dhabnaan mootii Hayile Sillaaseetti iyyata dhiyeeffatan. Bara 1945 mootichi nama lafa dhabee akka lafti kennemuuf gaaazeexaadhaan baase. Lafti Oromoonni Salaaleefi Meettaa Roobii gaafatan Arsiifi Baalee ture. Garuu bakka

rakkoo achi jiru irraa qoradhee maqaa isaa gaafannaan natti himuu dide. Maaliif jennaan akka tasaa yoo maqaa koo dubbatte isatu odeeffannoo kana baase waan jedhuun rakkoon na mudata jedhee maqaa isaa osoo natti hin himin adda baane. Walumaa galatti jechoonni kun sadan hariiroo guddaa qabu. Akkasumas garaagarummaas ni qabu.

---

kennamuuf utuu hin beekin galmaa'anii geggeessaa isaanii filatan. Bara 1945 gara dhumaarra lafti isaaniif kenname bakka yeroo sana Kafaa Kifle Hager jedhamee waamamu yeroo ammaa kanammoo godina Kafaa jedhamee waamamu ta'e itti himame. Yeroo sana dhimmichi jiraachuufi jiraachuu dhabuu waan ta'eef Oromoonni kuma digdama ta'an miilaan loon isaanii ooffatanii ji'a tokkotti Godina Kafaa ga'anii qubatan. Itti fufee sirba isaan sirbaa biyya sana dhaqan garaa nama gubu baay'ee dubbate. Yaada itti fufuun kan armaan gadii ibse:

Yeroo ammaa kana Godina Kafaa aanaa ja'an keessaa jiru. Isaanis

1. Aanaa Gawaattaa
2. Aanaa Geeshaa
3. Aanaa Biixxaa
4. Aanaa Cannaa
5. Aanaa Addiyoo
6. Aanaa Cattaa

Lakkoofsi isaanii tilmaamaan kuma dhibba shaniifi isaa ol akka ta'an shakkii hin qabu. Lakkoofsa sirrii ta'e adda baasuuf bulchiinsi naannoo waan hin eeyyamneef malee salphaa ture. Aanaa Gawaattaa keessatti bara 1999 dhoksaadhaan akka lakkaawametti kuma dhibba tokkoof kuma shantama akka ta'e ragaan ni jira. Lakkoofsi ummataa bara kana geggeeffames Oromoota hunda kan hammatee miti.

3.5 Sabboonummaa Ilaalcha Islaamaatiin

Namni tokko hidda saba isaa lakkaa'ee baruun, saba isaatti ykn biyya isaatti dabuun rakkoo homaatuu hin qabu. Inumaa "saba keessan irraa waan ittiin firooma keessan fuftan baradhaa" jechuutu jira.

قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: " اعْرَفُوا أَنْسَابَكُمْ تَصِلُوا أَرْحَامَكُمْ

Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "saba keessan qoradhaa; ittiin firooma keessan fuftu." Hadiisicha Alhaakim sahiiha godheera. Zahabiinis isa deeggare.

Kanaafuu nabiyyoonni kamuu yeroo ergaman waamichi isaanii guddaan "yaa ummata kiyya!" kan jedhu ture. Akkasuma namni tokko guyyaa rakkoo wahii saba ofiitti dabee rakkoo keessaa bahuun ni deeggarama. Kanaafuu nabiyyullaah Luux [A.S] kan armaan gadii jedhee ture:

{لَوْ أَنَّ لِي بِكُمْ قُوَّةً أَوْ آوِي إِلَى رُكْنٍ شَدِيدٍ} [هود: ٨٠]

Ani osoon humna isin irratti qabaadhee ykn gara gosa jabduutti hirkadhee [ittiin of tiksa ture]." [Huud: 80]

Aayanni kun namni kamuu saba isaatiin ni fayyadama jechuu nu barsiiseera. Akkasuma ummanni Madyan nabiyyii isaanii Shu'aybiin ajjeesuu yaadanii saba isaa sodaachuun akka dhiisan Qur'aanni nutti himeera. Sabboonummaan nabiyyootas ni fayyade jechuu nu akeeka. Rabbiin ni jedhe:

{يَا شُعَيْبُ مَا نَفْقَهُ كَثِيرًا مِمَّا تَقُولُ وَإِنَّا لَنَرَاكَ فِينَا ضَعِيفًا وَلَوْلَا رَهْطُكَ لَرَجَمْنَاكَ وَمَا أَنْتَ عَلَيْنَا بِعَزِيزٍ } [هود: ٩١]

Yaa Shu'ayb! Irra hedduu waan ati jettuu nuti hin hubannu. Nu keessatti dadhabaa taateetiin si argina. Odoo gosti kee jiraachuu baatee, silaa dhagaan tumnee si ajjeefna turre. Ati nurratti jabaa miti. [Huud: 91]

Ummanni Samuudis nabiyyii isaanii Saalihiin ajjeesuu karoorsanii turan. Garuu waan inni saba bal'aa qabuuf mullisanii isa miidhuun isaaniif hin mijoofne. Kanaafuu namoonni humna qaban bebbeekamoon saglan halkan keessa dhokatanii Saalihiifi maatii isaa ajjeesuuf walii galan. Saba isaatiin immoo nuti ajjeefamuu isaanii homaa hin arginee kakachuuf mari'atan. Oggas kallattii inni ibaadaaf deemu irra deemanii holqa wahii keessatti isa ajjeesuuf eegan. Garuu osoo isaan achi jiranii Rabbiin dhagaa guddaa isaatiin isaanitti cufee achumatti dhuman. Shira isaan baasan Rabbiin isaanumatti deebise. Saalih ganama yeroo karaa sana darbu karaan nagaa ture. Galgala ogga inni galu immoo dhagaan lagicha cufee arge. Inni waan kana dinqisiifataa gale. Namoonni sun hunduu achitti dhuman. Ummanni biyyatti hafan kan jallina fagoo keessa turan immoo booda isaaniitii balleeffaman. Rabbiin isa kana gabaabsee nutti himeera:

{ وَكَانَ فِي الْمَدِينَةِ تِسْعَةُ رَهْطٍ يُفْسِدُونَ فِي الْأَرْضِ وَلَا يُصْلِحُونَ (٤٨) قَالُوا تَقَاسَمُوا بِاللَّهِ لَنُبَيِّتَنَّهُ وَأَهْلَهُ ثُمَّ لَنَقُولَنَّ لِوَلِيِّهِ مَا شَهِدْنَا مَهْلِكَ أَهْلِهِ وَإِنَّا لَصَادِقُونَ (٤٩) وَمَكَرُوا مَكْرًا وَمَكَرْنَا مَكْرًا وَهُمْ لَا يَشْعُرُونَ (٥٠) فَانْظُرْ كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ مَكْرِهِمْ أَنَّا دَمَّرْنَاهُمْ وَقَوْمَهُمْ أَجْمَعِينَ (٥١) فَتِلْكَ بُيُوتُهُمْ خَاوِيَةً بِمَا ظَلَمُوا إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَةً لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ (٥٢)} [النمل: ٤٨ - ٥٢]

Magaalattii keessa namoota sagal kan gaarii hin hojjanne lafa

balleesantu ture. Ni jedhan: "Dhugumatti isaafi maatii isaa halkan keessa akka balleessinee sana booda fira isaatiin 'nuti ajjeechaa maatii isaa bira hin jirru; nuti dhugaa dubbattoota' jechuuf Rabbiin waliif kakadhaa." Isaan tooftaa baasan. Nutis odoo isaan hin beekne tooftaa itti baasne. Booddeen tooftaa isaanii akkam akka ta'e ilaali! Dhugumatti, Nuti isaaniifi ummata isaanii guutumatti balleessine. Kun sababa isaan miidhaa hojjataniin ontuu haala taateen manneen isaaniiti. Dhugumatti, kana keessa namoota beekaniif mallattootu jira. [Annaml: 48 - 52]

Nabiyyiin Rabbii Luux immoo saba cimaa akkasii dhabuu isaatiif badii isaanii of irraa deebisuu dadhabe. Kanaafuu dubbii isaa irraas mullate.

Nabiyyichi keenyas (saw) saba isaanii irraa baay'ee fayyadamaniiru. Wasiilli (adeerri) isaanii Abuu Xaalib osoma Islaama hin fudhatin hanga du'aatti Ergamaa Rabbii (saw) wajjin dhaabataa ture. Wasiilli kaafirri kun Ergamaa Rabbii (saw) ofitti qabuu kana Rabbiin tola isaaniif oole godhee dubbate. "Sila yatiima ta'uu kee arginee si hin maxxansinee?" jedhe. Abbaafi haati duunaan Abuu Xaalib ofitti isaan qabee kunuunsee guddise. Booda isaan ergamaniis hanga dhumaatti bira dhaabate. Abuu Xaalibis "hanga ani biyyee keessa awwaalamutti baay'ina isaanii kanaan si tuquu hin danda'an" jedhee kakataa ture. Kanaafuu seenaa Islaamaa keessatti barri Abuu Xaalibiifi Khadiijaan du'an bara gaddaa jedhamee beekama. Sana booda rakkoo

baay'ee ulfaataatu isaan mudataa ture. Ogga sanas firoottan Ergamaa Rabbii (saw) warra banii Haashim sodaataniiti malee silaa ummanni jajalloon Ergamaa Rabbii (saw) ajjeesuu irraa duuba hin deebi'an ture. Kanaafuu guyyaa godaansaa akka gosa hunda irraa namni tokko tokko dhufee yeroo wal fakkaataa Ergamaa Rabbii (saw) waraananii ajjeesan mari'atan. Sababni isaas gosa baay'ee irraa yoo ta'e baniin Haashim gosa hundaan loluu waan hin dandeenyeef dirqama gumaa kaffaltii gaala dhibba fudhatu. Muhammadiin haala kanaan ajjeefnee gaala kaffallee tokkummaa Rabbii inni himu kana irraa boqochuu nuuf wayyaa mari'ataa turan.

Kanaafuu gosa ofiitti dabuun (aantomuun) sharii'aa keessatti jibbamaa miti. Kan jibbamu saba biraa tuffachuu, saba ofii kan nama miidhu miidhaa san irratti deeggaruu, saba kaan hacuucuufi kkf dha. Akka Islaamaatti Muslima saba biraa irraa ta'e tokko sabni isaa waan adda ta'eef of irraa achi dhiibuun badii guddaadha. Inni kun hariiroo iimaanaa isa Rabbiin hidhaa cimaa godhe muruudha. Tokkummaa Muslimoota addunyaa guutuu kan Islaamni dirqama godhe san faallessuutu keessa jira. Akkuma dubbannee dabarsine namni tokko eenyummaa baay'ee qaba. Sabniifi amantiin eenyummaa san keessaayi. Nama eenyummaa amantii sii waliin qabu sabni isaa naan adda jettee tuffachuun diliin isaa baay'ee ulfaataadha. Kanaafuu Ergamaan Rabbii (saw) *"obboleessa*

isaa Muslimaa tuffachuun hamtuudhaaf ilma namaa ni ga'a"[1] jedhan. Akka biyya keenyaatti saboonni Muslimootaa baay'eetu jiru. Warri kun hariiroo amantii nuun qabu. Garuu sabaan nuun adda. Isaanii wajjin obbolummaa dirqamaa kan Rabbiin nu ajajetu jira. Kanaafuu obbolummaa Islaamaa san eeguun dirqama Muslimoota hundaati. Oromoota wajjin immoo hariiroo dhiigaa qabna. Kanaafuu bu'aa waliitiif wajjin hojjachuun rakkoo homaatuu hin qabu. Firri wal bira dhaabachuun seenaa hunda keessattuu beekamaadha waan ta'eef. Kanaafuu Rabbiin firooma fufuu dirqama godhe. Namni firooma dhiigaa kutes badiin isaa hammaataadha. Guyyaa Qiyaamaa nama firooma kute rakkoo guddaatu isa mudata. Nama firooma kute Rabbiin akka isa kutu Hadiisa keessatti nutti himameera.

Sabni baay'achuun bu'aa baay'ee qaba. Qur'aanni suuraa Alhujuraat keessatti waa'ee qoqqoodama sabaa ilaalchisee ergaa gaarii dabarsee jira. Innis aayata armaan gadiiti:

{يَا أَيُّهَا النَّاسُ إِنَّا خَلَقْنَاكُمْ مِنْ ذَكَرٍ وَأُنْثَى وَجَعَلْنَاكُمْ شُعُوبًا وَقَبَائِلَ لِتَعَارَفُوا إِنَّ أَكْرَمَكُمْ عِنْدَ اللَّهِ أَتْقَاكُمْ} [الحجرات : ١٣]

Yaa namootaa! Nuti dhiiraafi dubartii irraa isin uumne; akka wal beektaniif jechas sabootaafi sablammoota adda addaa isin taasifne. Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, irra Rabbiin sodaataa keessani. (Alhujuraat:13)

[1] Muslimtu gabaase.

Aayanni kun ilaalcha Islaamni sabboonummaa irraa qabu qabxii sadiin ibse. Isaanis:

1. Uumamaan akka ummanni sabaafi sablammootatti qoodaman nutti hime. "*Sabootaafi sablammoota adda addaa isin taasifne*" jedhe.
2. Bu'aa sabaafi sablammiin adda adda ta'uu nutti hime. Innis "*akka wal beektaniif*" nuun jedhe.
3. Amala nuti qabaachuu qabnus nu barsiise. Innis "*Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, irra Rabbiin sodaataa keessani*" nuun jedhe.

Qabxiilee kana sadan bal'ifnee armaan gaditti irratti dubbanna.

3.5.1 Uumamaan Sabaafi Sablammoonni Jiraachuu

Rabbiin ni jedhe: "*Nuti dhiiraafi dubartii irraa isin uumne; akka wal beektaniif jechas sabootaafi sablammoota adda addaa isin taasifne.*" Wanti aayata kana irraa barannu ummanni gosaan, sabaafi sablammiidhaan adda ta'uun adeemsa uumamaati malee waan filannoo keenyaan dhufee miti. Kana jechuun namoonni sanyiidhaan, gosaan, sabaafi sablammiidhaan adda ta'uufi akaakuun isaanii baay'achuun waan namni dhuunfaa ykn dhaabni siyaasaa wahii uumee miti. Rabbii namoota kana uumetu gosa adda addaa, sabaafi sablammiitti ummata kana qoode. Saba guddaa tokko yoo fudhatte isa jalas sanyii

baay'eetu jira. Sanyii sana keessas yoo deemte balbala adda addaa ni qabu. Maatiin tokkollee dhiiraafi dubartii waan qabuuf garaa garummaan wahii akka jiru ni hubanna. Inni kun uumaa Rabbii waan ta'eef jijjiiruun gonkumaa hin danda'amu. Akkuma kana biftiifi afaan dubbatamus wal dhabuun isaa uumama Rabbii kan nuti jijjiiruufi dhabamsiisuu hin dandeenyeedha.

Yaada kana nuu ibsuuf jecha Rabbiin suurat Arruum keessatti biftiifi afaan ummataa wal dhabuu mallattoo dandeettii Isaa irraa lakkaa'ee jira. Ni jedhe:

{وَمِنْ آيَاتِهِ خَلْقُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ وَاخْتِلَافُ أَلْسِنَتِكُمْ وَأَلْوَانِكُمْ إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِلْعَالِمِينَ} [الروم : ٢٢]

Samiifi dachii uumuu, arrabni (lugaan) keessaniifi bifti keessan waldhabuunis mallattoo (raajii) Isaa irraayyi. Dhugumatti, kana keessa aalama hundaaf mallattoolee (raajiiwwantu) jiru. (Arruum: 22)

Ummanni addunyaa kana irra jiraatan sabaan, gosaan, bifaan, afaaniin, aadaafi kkf'n garaa garummaa qabu. Garaa garummaa kanan balleessa jedhee namni socho'e uumama faallessuudha. Yaanni kana fakkaatu yeroo dhiheenyaa Kongireesii Amerikaa irratti mootii isaaniitiin dhihaatee ture. Afrikaafi ummata gurraacha fixnee warra adiifi filatamoon qofti addunyaa irra haa jiraatan yaada jedhu mootiin isaanii kaasee ture. Kun yaaduu dhabuu isaa irraa kan ka'eedha malee gonkumaa waan danda'amu akka hin taane beekamaadha.

Namoonni jalqaba irratti burqaan isaanii tokko ta'uun shakkii homaatuu hin qabu hoo "akkamitti kun uumamuu danda'e?" yaanni jedhu uumamuun ni mala. Dhugaadha burqaan namoota hundaawuu tokko ta'uun shakkii hin qabu. Akka amantii Islaamaatti namni abbaa isaa Aadam irraa eegale; booda Hawwaan itti ida'amte. Isaan lamaan irraa dhiiroleefi dubaroonni baay'een uumaman. Kana jechuun isaan hunduu sabni isaanii jalqaba tokko tureedha. Garuu yeroo booda ilmi namaa kun miira isaa, naannoo keessa jiraatu, hawaasa waliin jiraatu, aadaa, amantii, qarooma, haala jireenyaa hiyyummaafi durummaa, sochii daldalaafi dhimma biraatiif bakkaa bakkatti socho'uun garaa garummaa uumuu eegale. Akkasuma ilmaan abbaa tokkoo yeroo baay'ataa deeman isaanuu saba mataa isaanii uumuu eegalu. Fkn'f warri amantii baay'een akkasuma gariin warra seenaa "ummanni yeroo ammaa dachii irra jiru hunduu ilmaan Nuuh (Noh) ta'uu" dubbatu. Warra isa booda jirantu Kuush (Haam), Seem, Niiloofi kan birootti qoqqoodaman. Garuu abbaan isaanii tokkicha ture. Hambaan isaan abbaa isaanii irraa dhaalan osoo tokko ta'uu sababoota armaan olitti dubbanneen saboota adda addaa ta'an. Akkuma kana ummanni Oromoo yeroo duuba deebi'u Kuushitti seena. Kana jechuun ummanni baha Afrikaa turan kan akka Nuubaa, Sumaalee, Affaariifi kkf tokko turan; afaan isaaniis tokko ture. Booda garuu adda fottoqaa dhufanii saba adda addaa ta'an.

3.5.2 Bu'aa Sabaafi Sablammiin Baay'achuu

Sabaafi sablammiin baay'achuun uumama ta'uu erga barree bu'aa maalii nuuf qaba kan jedhu gaaffii ta'ee dhihaachuun isaa hin oolu. Islaamni bu'aa garaa garummaan kun qabu nutti himeera. Innis ittiin wal baruuf kan jedhuudha. Addunyaa kana irratti qaroomni, aadaan, amantiiniifi kan biroollee ummata keessatti uumame qaba. Wantoota kana hundee isaa baruuf jalqaba ummata sana baruun, maalummaa isaanii beekuuniifi seenaa isaanii hubachuun dirqama ta'a. Namni adda baasee wal baruuf immoo wanti adda isa godhu jiraachuun dirqama ta'a. Yeroo ummanni baay'ataa dhufe keessatti immoo wanti adda isa godhus baay'achuu barbaachisa. Kanaafuu Rabbiin ummata kana bifaan, afaaniin, sabaafi gosaan adda baase. Ummanni haala kanaan wal baruudhaan wantoota bu'a qabeessa isaan bira jiru wal jijjiiru. Wantoonni wal jijjiiraman kun qaroomina, aadaa, amantii fi kkf'n ta'uu danda'a. Fakkeenyi kanaa addunyaa keenya irra baay'eedha. Akkasuma wal irraa barachuudhaan dogoggora qaban sirreeffatu. Walumaa galatti wal baruun sabaafi sablammii Qur'aana keessatti dubbatame kun bu'aa guddaa dubbatamee hin dhumne qaba. Sababa isaa barumsi saayinsiifi Teknooloojii biyya tokkotti qoratame biyya biraa keessattis ni fayyada. Aadaan bu'a qabeessi ummata tokkoo ummata biraa fayyaduu danda'a. Amantiinis akkasuma. Fakkeenyaaf ummanni naannoo

Kaaba Afrikaa turan baay'een isaanii uumama jiran kan akka ji'aa, biiftuu, dachii, samiifi kkf, akkasuma waaqa namtolchee kanneen akka Haamuun biyya Misraa tureefi kkf gabbaraa turan. Biyyoonni biroos akkasuma turan. Booda garuu amantiin akka Kiristaanaafi Islaamaa ogga dhufu ummanni baay'een irra isaan kanatu sirriidha jedhanii isaan fudhataniiru. Kana jechuun wal baruun Qur'aana keessa jiru kun amantiinillee osoo hin hafin akka ummanni wal jijjiiru godhaa tureedha. Walumaa galatti ummanni yoo wal baree walitti gurguree, wal irraa bitee, kennee fudhate malee guutuu ta'ee jiraachuu gonkumaa hin danda'u. Kanaafuu wal baruun dubbatame kun handhuura jireenya ilma namaa taatee argamti. Ummanni gurraafi onnee isaa banee yaadaafi barumsa ummata biroo bira jiru fudhatee kan isa bira jiru itti dabalee fayyadame, akkasuma hanqina barumsaa, aadaafi amantii isaa keessa jiru beekee sammuu isaa banee of sirreesse guddachuufi dagaaguun isaa shakkii homaa hin qabu. Garuu namni didee cufamee taa'e maal keessattuu hin milkaa'u. Islaama biratti duuchaadhaan aadaa abbaa kiyyaati jedhanii osoo dhugaafi dogoggora qoratanii adda hin baasin hordofuun jallina guddaadha. Inumaa kun aadaa warra jallatee karaa lakkisee ta'uu nutti hime. Rabbiin ni jedhe:

{وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ تَعَالَوْا إِلَى مَا أَنْزَلَ اللَّهُ وَإِلَى الرَّسُولِ قَالُوا حَسْبُنَا مَا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آبَاءَنَا أَوَلَوْ كَانَ آبَاؤُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ شَيْئًا وَلَا يَهْتَدُونَ} [المائدة : ١٠٤]

Yeroo "gara waan Rabbiin buuseefi gara ergamichaa kottaa"

isaaniin jedhame "wanti nuti abbootii keenya irratti argine nuuf ga'aadha" jedhu. Sila odoo abbootiin isaanii homaa kan hin beekneefi karaa hin qajeelle ta'aniis (isaanuma hordofuu)? [Al-Maa'idaa: 104]

Ummanni sammuu isaa banee waan bu'a qabeessaafi dhugaa nama biroo bira jiru hin fudhanne ummata duraanii birattillee jibbamaa akka ta'e Qur'aanni seenaa Muusaafi Banii Israa'ii keessatti nutti hime. Ni jedhe:

{قَالَ مُوسَى أَتَقُولُونَ لِلْحَقِّ لَمَّا جَاءَكُمْ أَسِحْرٌ هَذَا وَلَا يُفْلِحُ السَّاحِرُونَ (٧٧) قَالُوا أَجِئْتَنَا لِتَلْفِتَنَا عَمَّا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آبَاءَنَا وَتَكُونَ لَكُمَا الْكِبْرِيَاءُ فِي الْأَرْضِ وَمَا نَحْنُ لَكُمَا بِمُؤْمِنِينَ} [يونس : ٧٧ ، ٧٨]

Yeroo dhugaan Nu biraa isaanitti dhufu "dhugumatti, kun falfala ifa ba'aadha" jedhan. Muusaan ni jedhe "sila dhugaan isinitti dhufnaan (kana) jettuu? Sila inni kun falfalaa? Falfaltoonni hin milkaa'an." Isaan ni jedhan: "Sila ati waan abbootii keenya irratti argine irraa nu garagalchitee ol aantummaan dachii keessatti isin lamaaniif haa taatuuf nutti dhuftee? Nuti isin lamaaniif hin amannu." (Yuunus: 76-78)

Walumaa galatti wanti nurraa eegamu sabaafi sablammii biroo irraa yaada isaanii dhaggeeffannee hubannee isa irra gaarii ta'e fudhachuutu nurraa eegama. Kanaafuu Rabbiin warra "haasawa dhaggeeffatee isa gaarii filatee hordofe" baay'inaan faarse. Isa bu'a qabeessa filatanii fudhachuudhaan waan bu'aa hin qabne dhiisuutu nurraa eegama.

3.5.3 Amala Nuti Qabaachuu Qabnu

Amalli nurraa eegamu hunda keessattuu saba kamiifuu Rabbiin sodaachuu akka ta'e Rabbiin nutti himee "*Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, irra Rabbiin sodaataa keessani*" jedhe. Kana jechuun ummata sabaafi sablammii adda addaa kana keessaa "kamtu irra caala? Isa kamtu filatamuu qaba? Isa kamtu durfamuu qaba?" kan jedhuuf deebiin sirriin "isa waan hunda keessatti Rabbii isaa sodaatu, kan gaarii hojjatu, obsu, haqa eegu, miidhaa hin hojjanne, hin gowwoomsine, dhugaaf dhaabatu, qabeenya namaa haqaan malee hin nyaanneefi walumaa galatti amanamaa dhugaaf deemu" ta'uu qaba kan jedhuudha. Sabni tokko yoo amala amma dubbannee dabarsineen ta'e malee saba biraa gonkumaa hin caalu. Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "sodaa Rabbii isaatiin yoo ta'e malee Arabni ummata biraa homaa hin caalu" jedhan. Hadiisichis akka namni filatamaan kan Rabbii isaatiin bulu, isaaf ajajamuufi waan inni dhorge dhiisu ta'e ibsa.

Caalmaan kun kan addunyaas ni dabalata. Addunyaattis kan ummata dursuufi hogganuu qabu nama ga'umsa qabu ta'uun beekamaadha. Ga'umsa keessaa inni jalqabaa nama amanamaa dhugaaf dhaabbatu ta'uu qaba. Namni siyaasaaf jecha kijibu, ummata gowwoomsu, qabeenya isaanii saamuufi ummata isaa ija walqixaan hin ilaalle gonkumaa hogganuu hin qabu. Biyya keenya keessatti rakkoon hanga ammatti uumamee

biyyattii jeeqaa ture kana ta'uun iccitii ummanni hundi beekuudha. Mootoleen dhuftee tarte hunduu Dimokraasiifi wal qixxummaa labsiti; waan seera jettee tumattu irrattis ni barreessiti. Garuu wanti qabatamaan biyya keenya keessatti hojjatamaa ture faallaa kanaati; qabeenya saba biraa saamtee ittiin of guddisaa turte. Akka adda dureetti ummanni qabeenyi isaa saamamaafi hacuucamaa ture immoo ummata Oromoo saba bal'aa biyyattiiti.

3.6 Sabaan Of Tuuluu (Dhaaduu) fi Dhiphina Islaamni Dhorge

Islaamni sabaan of tuuluu, saba biraa tuffachuu, ofii gaditti isa ilaaluu, dhiibbaa irraan gahuufi kkf waan ummanni wallaalaan geggeessaa turan guutummaatti mormeera. Namni tokko saba biraa ta'eef dhugaan isaa dhokachuu hin qabu. Maqaan adda addaa itti baafamees tuffatamuun dhorgaadha. Dhiphinni sabaa jibbamaan Afaan Arabaatiin 'Asabiyyaa' jedhama. Hiikti isaa kan kuusaa jechoota Arabaa Tahziib Allughaa keessa jiru kan armaan gadiiti:

والعَصَبيَّة: أَن يَدْعُو الرجل إِلَى نُصْرة عَصَبته والتأَلُّب مَعَهم على من يناوئهم، ظالمين كَانُوا أَو مظلومين. وَقد تعصَّبوا عَلَيْهِم إِذا تجمّعوا.

Asabiyyaa jechuun namni tokko firoottan isaa kan nama miidhan ykn miidhaman warra faallaa isaanii irratti gargaaruuf waamuufi isaaniin walitti qabamuudha.

‘Ta’assaba Alayhim’ jechuun walitti qabamuudha.[1]

Guyyaa tokko sahaabaan wahii Ergamaa Rabbii (saw) kan armaan gadii gaafatee ture:

يَا رَسُولَ اللَّهِ أَمِنَ الْعَصَبِيَّةِ أَنْ يُحِبَّ الرَّجُلُ قَوْمَهُ؟ قَالَ: «لَا، وَلَكِنْ مِنَ الْعَصَبِيَّةِ أَنْ يُعِينَ الرَّجُلُ قَوْمَهُ عَلَى الظُّلْمِ»

Yaa Ergamaa Rabbii (saw)! Sila saba ofii jaalachuun ‘Asabiyyaa (dhiphina) keessatti ramadamaa?’ jedhe. Ergamaan Rabbiis (saw) “lakki! Asabiyyaa jechuun namicha saba isaa miidhaa irratti gargaaruudha” jedhan.[2]

‘Asabiyyaa’n inni jibbamaan saba ofii miidhaa raawwataaru deeggaruufi isaan biratti walitti qabamuudha. Deeggarsi kun saba biraa miidhuu waan ta’eef Rabbi biratti baay’ee jibbamaadha. Yoo nama miidhameef tumsuu ta’e immoo jaalatamaadha. Kanaafuu saba ofii jaalachuun isa keessa hin seenuu Ergamaan Rabbii (saw) dubbatan. Akkasuma saba biraa tuffachuun ykn dhugaa isaan bira jiru diduun waan Rabbiin dallansiisuudha.

Gochi kun immoo biyya keenya keessatti babal’atee argama. Sabaafi sablamoonni biyya keenyaa baay’een maqaa adda addaa walitti moggaasanii wal tuffatanii, wal jibbanii, namaa gaditti wal ilaalaa jiraataa turan.

---

[1] Tahziib Allughaa 2/30, تهذيب اللغة ٢ / ٣٠

[2] Imaamu Ahmadiifi Ibn Maajaah keessa jira.

Oromoon, walaayittaan, Dawroofi Yamiin maqaan tuffii itti moggaafamee ittiin waamamaa turan. Oromoo keessa yeroo seentus balbala baay'eetu maqaan adda addaa itti moggaafamee tuffatamaa ture. Gosaan of tuuluun isiin akka kanaa xirooftuu ajooftuudha.

Kanaafuu ilaalcha amantii Islaamaa keessatti namni saba fedhe ta'us Rabbi biratti wal qixa. Madaalli ittiin Rabbiin biratti wal caalan sodaa Rabbii, amala gaarii, hojii gaarii, beekumasa bu'a qabeessaafi kkf dha. Kanaafuu Qur'aanni "isin keessaa namni kabajamaan isa akkaan Rabbii isaa sodaatuudha" jechuu nutti hime. Ergamaan Rabbiis (saw) kan armaan gadii jedhaniiru:

يَا أَيُّهَا النَّاسُ، أَلَا إِنَّ رَبَّكُمْ وَاحِدٌ، وَإِنَّ أَبَاكُمْ وَاحِدٌ، أَلَا لَا فَضْلَ لِعَرَبِيٍّ عَلَى عَجَمِيٍّ، وَلَا لِعَجَمِيٍّ عَلَى عَرَبِيٍّ، وَلَا أَحْمَرَ عَلَى أَسْوَدَ، وَلَا أَسْوَدَ عَلَى أَحْمَرَ

Yaa namootaa! Dhaga'aa Rabbiin keessan tokkicha; abbaan keessanis tokkicha. Dhaga'aa! Yoo sodaa Rabbiitiin ta'e malee Arabani kan biraa hin caalu; sabni biraas Araba hin caalu. Akkasuma sodaa Rabbiitiin malee warri adiin gurraacha hin caalan; warri gurraachis adii hin caalan.[1]

Ergaan hadiisicha kanaa Hadiisa isa *"isin hunduu ilmaan Aadami; Aadam immoo biyyee irraayi"*[2] jedhuun wal gala.

Ummata kana hundaawuu Rabbitu akka fedhetti uume. Hundi keenyayyuu abbaafi haati keenya jalqabaa

[1] Ahmadtu gabaase. مسند أحمد مخرجا (٣٨ / ٤٧٤)

[2] Abuu Daawudiifi Tirmiziitu gabaasan.

Aadamiifi Hawwaadha. Rabbiin ilmaan isaanii sabaafi sablammii baay'eetti qoode. Isatu filatee saba fedhe keessatti nu uume. Namni saba ofii filatee keessatti dhalate hin jiru. Nu keessaa namni Oromummaa filatee uumame hin jiru. Warra saba biraas akkasuma Rabbitu filateefii uume. Rabbiin immoo saba tokkollee isa kaan irra hin caalchifne. Namni tokko saba Rabbiin isaaf filate, kan ofiif hin filatiniin xinneeffamuu hin qabu. Kanaan garaa garummaa uumuun gaarii miti. Sababa xixiqqoo dhiheessanii saba biraa tuffachuunis waan Rabbiin dallansiisuudha.

عَنْ أَنَسِ بْنِ مَالِكٍ، قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَآلِهِ وَسَلَّمَ: " النَّاسُ كَأَسْنَانِ الْمُشْطِ"

Anas bin Maalik irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: *"Namni hunduu wal qixa akka ilkaan filaa (faaqqeeti)."*[1]

Kanaafuu sahaabonni Ergamaa Rabbii (saw) gabroota gurraacha bitamanii gara isaanii dhaqaniin sayyidii jedhaa turan. Umar bin Alkhaxxaab waa'ee Bilaal keessatti kan armaan gadii jedha ture:

كَانَ عُمَرُ يَقُولُ: «أَبُو بَكْرٍ سَيِّدُنَا، وَأَعْتَقَ سَيِّدَنَا يَعْنِي بِلاَلًا»

Umar yeroo hunda ni jedha ture: "Abuu Bakriin sayyidii (caalaa) keenya. Sayyidii keenya Bilaaliin bilisa baase."[2]

[1] Musnada Ashihaab keessa jira.

[2] Bukhaariitu gabaase.

Sahaabonni gocha kana Ergamaa Rabbii (saw) irraa baratan. Ergamaan Rabbii (saw) gabroota Makkaafi shariifa isii, dureessaafi hiyyeessa isii, Arabootaafi gabroota isaan bilisa baasan kan Habashaa, Faarisiifi kanneen biroo wal qixxeessaniiru. Salmaaniin isa gurguramee bitamee gara isaanii dhufeen maatii keenya jechuun Ergamaa Rabbii (saw) gabaafameera:

سَلْمَانُ مِنَّا أَهْلَ الْبَيْتِ

Salmaan nurraayi; maatii keenya.[1] Muslimoota irraas kan eegamu kana qofa. Ergamaa Rabbiitti (saw) hidhachuun, fakkeenya isaan godhachuufi karaa isaanii irra deemuun dirqama hunda keenyaati.

Biftiifi afaan garaa gara ta'uunis fedhii Rabbiitiini. Akkasuma mallattoo dandeettii Rabbii agarsiisuudha. Kana hundaanuu wal tuffachuu Rabbiin jabeessee seerate. Namni kanaan nama biraa tuffate hunduu, abbaa fedhe yoo ta'es gocha wallaalaa (jaahiliyyaa) hojjateera. Hojiin isaas xirooftuudha. Rabbiin ni jedhe:

{ يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لَا يَسْخَرْ قَوْمٌ مِنْ قَوْمٍ عَسَى أَنْ يَكُونُوا خَيْرًا مِنْهُمْ وَلَا نِسَاءٌ مِنْ نِسَاءٍ عَسَى أَنْ يَكُنَّ خَيْرًا مِنْهُنَّ وَلَا تَلْمِزُوا أَنْفُسَكُمْ وَلَا تَنَابَزُوا بِالْأَلْقَابِ بِئْسَ الِاسْمُ الْفُسُوقُ بَعْدَ الْإِيمَانِ وَمَنْ لَمْ يَتُبْ فَأُولَئِكَ هُمُ الظَّالِمُونَ} [الحجرات : ١١]

Yaa warra amantan! Ummanni tokko ummata biraa hin tuffatin. Isaan irra caaluun isaanii (tuffatamtootaa) ni mala. Dubartoonnis dubartoota biraa (hin tuffatin). Isaan irra

[1] Ibn Sa'ad, Xabraaniifi Alhaakim faatu gabaasan.

caaluun isaanii (tuffatamtootaa) ni mala. Tokkoon keessan isa biraa maqaa hin xureessin; maqaa gaarii hin taaneenis wal hin arrabsinaa. Erga amanuutii maqaan faasiquummaa (fincilaa) akkam fokkataadha! Namoonni hin tawbatin, isaanumatu miidhaa raawwattoota. [Alhujuraat: 11]

عن جَابِر بْن عَبْدِ اللهِ رضي الله عنه قال: كُنَّا مَعَ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ فِي غَزَاةٍ، فَكَسَعَ رَجُلٌ مِنَ الْمُهَاجِرِينَ، رَجُلًا مِنَ الْأَنْصَارِ، فَقَالَ الْأَنْصَارِيُّ: يَا لَلْأَنْصَارِ، وَقَالَ الْمُهَاجِرِيُّ: يَا لَلْمُهَاجِرِينَ، فَقَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: «مَا بَالُ دَعْوَى الْجَاهِلِيَّةِ؟» قَالُوا: يَا رَسُولَ اللهِ كَسَعَ رَجُلٌ مِنَ الْمُهَاجِرِينَ، رَجُلًا مِنَ الْأَنْصَارِ، فَقَالَ: **«دَعُوهَا، فَإِنَّهَا مُنْتِنَةٌ»**

Jaabir bin Abdullaa (RA) ni jedhe: Nabiyyii (saw) wajjin lola wahii keessa turre. Namni warra muhaajiraa (godaantotaa) irraa ta'e nama Ansaara (warra Madiinaa) irraa ta'e wahii rukute. Inni Madiinaa sun "Yaa Ansaarotaa naaf dirmadhaa!" jedhe. Inni muhaajiraas "yaa muhaajirootaa naa birmadhaa" jedhe. Ergamaan Rabbii (saw) "waamichi wallaalaa kun maali?" jedhan. Namoonnis "yaa Ergamaa Rabbii! Nama muhaajira irraa ta'etu nama Ansaara wahii rukute" jedhan. Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "isii dhiisaa; isiin xirooftuudha (ajooftuudha)" jedhan. Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

عن أَبَي مَالِكٍ الْأَشْعَرِيّ قال: أَنَّ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: " أَرْبَعٌ فِي أُمَّتِي مِنْ أَمْرِ الْجَاهِلِيَّةِ، لَا يَتْرُكُونَهُنَّ: الْفَخْرُ فِي الْأَحْسَابِ، وَالطَّعْنُ فِي الْأَنْسَابِ، وَالِاسْتِسْقَاءُ بِالنُّجُومِ، وَالنِّيَاحَةُ "

Abuu Maalik Al-Ash'arii irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Nabiyyichi (saw) ni jedhan: *"waa afur ummata kiyya keessatti gocha wallaalaati. Garuu isii hin dhiisan: sadarkaa*

abbootiitiin walitti dhaaddachuu, sabaan wal arrabsuu, urjii irra rooba barbaaduufi reefka irratti iyyuudha." Muslimtu gabaase.

عَن ابن عباس رضي الله عنهما قال: ((خلال من خلال الجاهلية : الطعن في الأنساب والنياحة))

Ibn Abbaas irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: "sabaan wal arrabsuufi reefka irratti iyyuun amala wallaaltotaati." Kun Bukhaarii keessa jira. Muslim keessatti immoo Ergamaa Rabbii (saw) irraas gabaafamee jira.

عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ، قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: " اثْنَتَانِ فِي النَّاسِ هُمَا بِهِمْ كُفْرٌ: الطَّعْنُ فِي النَّسَبِ وَالنِّيَاحَةُ عَلَى الْمَيِّتِ "

Abuu irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "waa lama namoota keessa jiran isaaniif kufriidha. Sabaan wal arrabsuufi reefka irratti iyyuu."[1]

عن جندب بن عبد الله البجلي قال : قال رسول الله : ((من قتل تحت راية عمية يدعوا عصبية[2] أو ينصر عصبية فقتلته جاهلية)) أخرجه مسلم في صحيحه

Jundub bin Abdillaah Albajalii irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: "namni alaabaa dhiphinaa jalatti lolee ajjeefame, sabaan of tuuluutti waame, ykn saba ofii miidhaa irratti gargaaruuf lolee ajjeefame duuti isaa du'a jaahilaati." Muslimtu gabaase.

---

[1] Muslimtu gabaase.

[2] Al-Azhariin Tahziib Allughaa keessatti 'Asabiyyaa' jechuun firri ofii miidhamaa ta'us kan miidhaaru ta'us isaan gargaaruuf wal waamuudha jedhe.

عَنْ عُقْبَةَ بْنِ عَامِرٍ، أَنَّ رَسُولَ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «إِنَّ أَنْسَابَكُمْ هَذِهِ لَيْسَتْ بِسِبَابٍ عَلَى أَحَدٍ، وَإِنَّمَا أَنْتُمْ وَلَدُ آدَمَ، طَفُّ الصَّاعِ لَمْ تَمْلَئُوهُ، لَيْسَ لِأَحَدٍ عَلَى أَحَدٍ فَضْلٌ إِلَّا بِالدِّينِ أَوْ عَمَلٍ صَالِحٍ

Uqbaa bin Aamir irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: *"sabni keessan adda ta'uun kun nama tokko ittiin arrabsuufii miti. Isin hunduu ilmaan Aadami. Hundi keessanuu walitti dhihoodha. Namni tokkollee kan biraa amantii sirriifi hojii gaariidhaan malee hin caalu."* Ahmadtu gabaase.

Hadiisa baay'eetu akka namoonni hunduu ilmaan Aadam ta'an, Aadam immoo biyyee irraa ta'e ibsa. Kana jechuun bu'urri ilma namaa hunduu wal qixaadha. Isa kanaaf sabaan wal tuffachuun hin eeyyamamu. Garuu saba ofii ibsachuufi ittiin boonuun rakkoo homaa hin qabu. Kan dhorgamu saba biraa tuffachuu, of tuuluu, dhugaa isaan bira jiru fudhachuu diduufi kkf dha. Isa kana ilaalchisee Hadiisa armaan gadii ilaali:

عَنْ عَبَّادِ بْنِ كَثِيرٍ الشَّامِيِّ، عَنِ امْرَأَةٍ مِنْهُمْ يُقَالُ لَهَا فُسَيْلَةُ، قَالَتْ: سَمِعْتُ أَبِي يَقُولُ، سَأَلْتُ النَّبِيَّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ، فَقُلْتُ: يَا رَسُولَ اللَّهِ أَمِنَ الْعَصَبِيَّةِ أَنْ يُحِبَّ الرَّجُلُ قَوْمَهُ؟ قَالَ: «لَا، وَلَكِنْ مِنَ الْعَصَبِيَّةِ أَنْ يُعِينَ الرَّجُلُ قَوْمَهُ عَلَى الظُّلْمِ»

Ubaadaa bin Kasiir Ashaamiin ni jedhe: dubartiin saba isaanii irraa taate tokko Fuseylaa jedhamtu abbaa isiitii kan armaan gadii jedhuu dhageesse: *"Yaa Ergamaa Rabbii! Namni tokko saba isaa jaalachuun dhiphina sabaa isa dhorgamaadhaa?"* jedhe. Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan: *"lakki! Dhiphinni sabaa inni dhorgamaan namichi saba isaa miidhaa irratti deeggaruudha."* Ibn Maajaahtu gabaase.

Akka walii galaatti sabboonummaa ilaalchisee kan eeyyamamu saba ofii baruu, sabaan wal deeggaruu, siyaasaafi dinagdeen wal guddisuu, wal qaroomsuu, aadaa ofii gaarii baballisuufi kkf dha. Sabboonummaan hin deeggaramne immoo of tuuluu, saba biraa tuffachuu, dhugaa isaan bira jiru fudhachuu diduu, saba ofii kan badii balleessaaru gargaaruu, aadaa dogoggoraa irratti wal deeggaruufi kkf dha.

3.7 Bilisummaafi Wal Qixxummaa Islaamni Labse

Bilisummaafi wal qixxummaan bu'uura Islaamaati. Namni kamuu Islaama keessatti ilaalchaan, sabaan, kkf'n osoo adda hin baafamin bilisummaafi wal qixxummaa qaba. Namni tokko yaada isatti dhufe hundaawuu sammuu isaatiin xinxalee yoo itti amane fudhata; yoo isa dide ni dhiisa. Namni kamuu isa dirqisiisuu hin danda'u. Kanaafuu Rabbiin ergamaa isaatiin ati isaan irratti hin moosifamne jedhe:

{ فَذَكِّرْ إِنَّمَا أَنْتَ مُذَكِّرٌ (٢١) لَسْتَ عَلَيْهِمْ بِمُصَيْطِرٍ (٢٢) إِلَّا مَنْ تَوَلَّى وَكَفَرَ (٢٣) فَيُعَذِّبُهُ اللَّهُ الْعَذَابَ الْأَكْبَرَ (٢٤)} [الغاشية: ٢١ - ٢٤]

Yaadachiisi; ati yaadachiisaa qofa. Isaan irratti dirqisiisaa hin taane. Garuu nama gara galee kafare, Rabbiin adabbii guddaa isa adaba. [Alghaashiyaa: 21 - 24]

Yaada namni itti hin amanin nama fudhachiisuun gonkumaa Islaama keessa hin jiru. Dirqamni Muslima

irra jiru ergaa Islaamaa namootaan ga'uudha. Namni tokko ergaa Islaamaa dhaggeeffatee yoo fudhachuu dide nuti isa dirqisiisuu hin dandeenyu. Isa inni dhugaa dide Rabbitu isa gaafata malee nuu miti. Kanaafuu "nama gara galee kafare, Rabbiin adabbii guddaa isa adaba" jedhe.

Yoo namni Muslima hin taane kan biyya Muslimaatiin ala jiraatu biyya Muslimaa daawwatee maalummaa isaa hubachuuf eeyyama gaafate nageenya isaa eegsisanii biyya Muslimaa daawwachiisanii akka inni Qur'aana dhaga'u gochuu Rabbiin Muslimoota ajaje. Erga Qur'aana dhaggeeffatee booda Amantii Islaamaa fudhachuufi dhiisuun filannoo abbichaati. Yoo inni qeebaluu dide biyya nageenyi isaa itti eegamuun gahuus Rabbiin dabalee ajajeera.

{وَإِنْ أَحَدٌ مِنَ الْمُشْرِكِينَ اسْتَجَارَكَ فَأَجِرْهُ حَتَّى يَسْمَعَ كَلَامَ اللَّهِ ثُمَّ أَبْلِغْهُ مَأْمَنَهُ ذَلِكَ بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَا يَعْلَمُونَ} [التوبة: ٦]

Yoo namni mushrikoota irraa ta'e tokko nagaya gochuu sirra barbaade, hanga inni haasaa Rabbii dhagahutti eegumsa isaaf godhi. Sana booda iddoo eegumsa isaatiin isa ga'i. Kun waan isaan ummata hin beekne ta'aniifi. [Attawbaa: 6]

Mushrika kan jedhamu nama Rabbii wajjin uumama gabbaru ykn waaqeffatu jechuudha. Akka seera Islaamaatti namni kun Islaamaan ala ta'uun beekamaadha. Rabbitti waa qindeessanii gabbaruun yakka hundarra ulfataadha. Garuu namni akkasiis biyya

Muslimaa daawwachuufi amantii isaanii barachuuf mirga qaba. Yoo inni fudhachuu dide immoo dirqiin fudhachiisi hin jenne. Bakka inni itti eegumsa argatee nagaa ta'uun gahi jedhe. Silumatti kan nuti ajajamne dhugaafi dhara adda baasuudha; namoota dirqisiisuu miti. Rabbiin ni jedhe:

{لَا إِكْرَاهَ فِي الدِّينِ قَدْ تَبَيَّنَ الرُّشْدُ مِنَ الْغَيِّ فَمَنْ يَكْفُرْ بِالطَّاغُوتِ وَيُؤْمِنْ بِاللَّهِ فَقَدِ اسْتَمْسَكَ بِالْعُرْوَةِ الْوُثْقَى لَا انْفِصَامَ لَهَا وَاللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ} [البقرة: ٢٥٦]

Amantii keessa dirqisiisuun hin jiru. Dhugumatti, qajeelumni jallina irraa ifa ta'eera. Namni xaaghuutatti kafaree, Rabbitti amane, dhugumatti haada jabaa hin cinne qabateera. Rabbiin dhagayaa, beekaadha. [Albaqaraa: 256]

Kana jechuun immoo addunyaa irratti Rabbiin namootaaf sammuu ittiin waa filatu kenneera; sammuu sanatti fayyadamee yoo dhugaa hubatee qabachuu dide Rabbiin biratti rakkoo guddaatu isa eeggata. Namni sammuu isaatti fayyadamee dhugaa kana qoratee fudhate immoo qananii dhuma hin qabnetu jannata keessatti isaaf qophaa'a. Nutu isa dirqisiisuu hin dandeenye malee Rabbiin biratti qormaata jalaa hin ba'u.

Gaaffiin bakka kanatti ka'uu danda'u "erga Islaamni namootaaf mirga akkasii kennee namoonni baay'een *Islaamni nama ajjeesuu ajaja* jechuun maaliif maqaa Islaamaa balleessu ree?" kan jedhuudha.

Deebiin kanaa kallattii lamaan ta'a. Tokkoffaan maalummaa ergaa Islaamaa wallaaluu yoo ta'u

lammaffaan immoo jibbaa Islaamaaf qaban irraa kan ka'e maqaa isaa balleessanii akka namoonni Islaama hin fudhanne gochuuf yaaluudha. Jibbaa kana irraa ka'eeti miidiyaaleen addunyaa keessumaa kan warra dhihaa suuraa Islaamaa balleessuuf halkaniifi guyyaa hojjatu. Yeroo hunda akka Muslimoonni lubbuu namaa callisanii ajjeesan labsu. Islaamni "namni kaafira ajjeese jannata gala" jedha kijiba jedhu uumanii afarsu. Kijibni kun osoo miidiyaa irra deddeebi'u namootatti dhugaa fakkaachuu eegale. Sana booda namoonni ogga nama Muslimaa mallattoon Islaamaa irraa mullatu argan boombii nutti dhoosa jedhanii sodaachuu eegalan. Warri sila kijiba uumeyyuu sadarkaa deebi'ee ofii isaatii sodaatu irra ga'e. Yaada isaanii kana mirkaneessuuf immoo guutuu addunyaa irratti diraamaa gurguddaa baay'ee dalagan. Diraamaa isaan yeroo dhiheenyaa geggeessan keessaa ISIS fakkeenya guddaadha. Biyya keenya keessattis diraamaan akkasii baay'eetu geggeeffame. Akkaataa Islaamni mirga namoota kabaje hubachuudhaaf akaakuu namoota Muslima hin taane armaan gaditti haa ilaallu:

Akaakuu Namoota Muslima Hin Taanee

Yaada Islaamni mirga namaa kabajuu dubbannee dabarsine sirriitti ibsuudhaaf qabxii armaan gadii kana ilaaluun gaariidha. Akka Islaamaatti kaafiroonni (namoonni amantii Islaamaa didan) bakka afuritti qoodamu. Isaanis:

- Zimmiyyi (kan gibira gabbaree jiraatu),
- Mu'aahad (ummata bal'aa Muslimootaan walii galanii jraatan),
- Musta'aman (kan biyya alaatii biyya Muslimaa daawwatuu) fi
- Muhaarib (kan Muslimootaan lolu).

Qoodaa kana arfan gabaabsinee haa ilaallu.

Mu'aahad: isaan kun warra Islaama fudhachuu dhiisanii amantii isaanii irra turan; garuu lola dhiisanii "walii gallee nageenyaan biyyattii keessa jiraanna" jedhaniidha. Haalli yeroo ammaa biyya keenya keessatti argamus isa kana. Ummanni seera walii galaa baafatee seericha duratti hunduu wal qixa ta'ee wal qixxummaan jiraata. Haaluma kana fakkaatuun yeroo Ergamaan Rabbii (saw) Madiinatti mootummaa ijaaran ummanni Yahuudaa gosoonni sadii gurguddoon Madiina keessa turan. Hunduu amantii isaanii qabatanii biyya Madiinaa keessa wajjin jiraachuu walii galanii turan. Biyyattii irraa fayyadamuufi isii tiksuun dirqama hunda isaanii ture. Booda Yahuudonni akkuma aadaa isaanii waadaa diiganii diinaa wajjin Muslimootaan lollaan jidduu isaaniitti lolli baname malee nagaadhaan wajjin jiraataa turan.[1] Kana jechuun nama amantiifi sabni isaa adda ta'ee waliin biyya ijaartee jiraachuun ni danda'amaadha.

1 Rahiik Almakhtuum, Bidaayaa Wannihaayaafi kitaabota baay'ee keessa jira.

Ummanni Yahuudaa sabni isaanii Israa'iilii yoo ta'u amantiin isaanii immoo faallaa Islaamaa ture; Nabiyyichi [saw] kanumaa wajjin isaaniin wal danda'anii jiraatan.

Warra akka kanaa tuquun yakka guddaadha. Hadiisa keessatti Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan:

عَنْ عَبْدِ اللَّهِ بْنِ عَمْرٍو رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُمَا، عَنِ النَّبِيِّ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ قَالَ: «مَنْ قَتَلَ مُعَاهَدًا لَمْ يَرِحْ رَائِحَةَ الجَنَّةِ، وَإِنَّ رِيحَهَا تُوجَدُ مِنْ مَسِيرَةِ أَرْبَعِينَ عَامًا»

Abdullaah bin Amr irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Nabiyyiin (saw) ni jedhan: *"namni warra waadaa isaan walii galee jiraataaru ajjeese foolii jannataa hin argatu. Fooliin isii immoo adeemsa waggaa afurtamaa irratti argama."* [Bukhaariitu gabaase. 4/99]

Hadiisa biraa keessatti Ergamaan Rabbii (saw) ni jedhan:

«أَلَا مَنْ ظَلَمَ مُعَاهِدًا، أَوِ انْتَقَصَهُ، أَوْ كَلَّفَهُ فَوْقَ طَاقَتِهِ، أَوْ أَخَذَ مِنْهُ شَيْئًا بِغَيْرِ طِيبِ نَفْسٍ، فَأَنَا حَجِيجُهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ»

Dhaga'aa namni warra walii galteen jiraatu miidhe, ykn haqa isaa hanqise, ykn waan inni hin dandeenye isa dirqisiise ykn fedhii isaatiin alatti waa irraa fudhate Guyyaa Qiyaamaa anatu isaan falma. [Abuu Daawudtu gabaase. 3/171] Albaaniin sahiiha godheera.

Muslima nama haala kanaan walii galteen jiraataaru namni dogoggoraan ajjeese gumaa kaffaluu Qur'aanni dirqama godheera. Gumachis gaala dhibba tokko akka ta'e Hadiisa baay'ee keessatti ibsameera. Rabbiin ni jedhe:

{وَإِنْ كَانَ مِنْ قَوْمٍ بَيْنَكُمْ وَبَيْنَهُمْ مِيثَاقٌ فَدِيَةٌ مُسَلَّمَةٌ إِلَى أَهْلِهِ وَتَحْرِيرُ رَقَبَةٍ مُؤْمِنَةٍ} [النساء: ٩٢]

Yoo inni [ajjeefame sun] ummata gidduu keessaniifi gidduu isaanii walii galteen jiru irraa ta'e, gumaa dhiigaa gara maatii isaa kennamuufi gabra mu'uminaa bilisoomsuutu [isa ajjeeserra jira]. [Annisaa'i: 92]

Zimmiyyii: kan jedhamu kaafira jalqaba diina Muslimootaa ta'ee ittiin lolee booda Muslimoonni lolanii injifannaan dhiifama gaafatee gibira kaffalee jiraatuudha. Islaama keessatti namni Muslimaa tajaajila biyya ofii irraa argatuuf zakaa waan jedhamu kafalee jiraata. Inni Islaama keessatti sirna amantii of danda'e waan ta'eef Muslima qofa ilaallata. Namni Muslima hin ta'in immoo tajaajila Muslimoonni argatan kana wal qixa argachuuf gibira kennee jiraata. Lamaan isaaniituu akkuma tajaajila irraa argatan dirqamni biyyattii tiksuu irra jira. Murtiin nama zimmiyyii kanuma Mu'aahad dubbannee dabarsineen tokkuma.

Musta'aman: jechuun warra biyya ofii irraa ka'anii osoo amantii Islaamaa hin fudhatin biyya Islaamaa daawwataniidha. Yeroo ammaa kana namni viizaa ykn Passport baafatee biyya adda addaa daawwata; biyya Muslimaas akkasuma daawwatee waan isa keessa jiru ilaaluu danda'a. Erga daawwatee ergaa Rabbii dhaga'ee booda yoo fudhachuu dides nageenyaan biyya isaatti deebisuun dirqama akka ta'e dubbannee dabarsine. Nama namtokkoon 'nageenyan siif eegsisa' jedhee ka'ee

ganee ajjeese Ergamaan Rabbii (saw) ani diina isaati jedhaniiru:

عَنْ عَمْرِو بْنِ الْحَمِقِ، رَضِيَ اللَّهُ عَنْهُ قَالَ: سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ يَقُولُ: «مَنْ أَمَّنَ رَجُلًا عَلَى دَمِهِ ثُمَّ قَتَلَهُ فَأَنَا بَرِيءٌ مِنَ الْقَاتِلِ وَإِنْ كَانَ الْمَقْتُولُ كَافِرًا»

Amr bin Alhamiq irraa odeeffamee (ra) ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii (saw) jedhanuun dhaga'e: *"namni nama wohii nagaa godhee amansiisee ergasii ajjeese, osoma inni ajjeefame kaafira ta'eewuu ani isa ajjeese irraa qulqulluudha (diina)."*[1]

Gabaasa Ibn Maajaahfi kan biroo keessatti immoo *"Guyyaa Qiyaamaa alaabaa gantuudha jedhutu isaaf dhaabama"* jedhan. Ibsi Qur'aanaa armaan olitti dabarsines warra kana irraa haasa'a:

{وَإِنْ أَحَدٌ مِنَ الْمُشْرِكِينَ اسْتَجَارَكَ فَأَجِرْهُ حَتَّى يَسْمَعَ كَلَامَ اللَّهِ ثُمَّ أَبْلِغْهُ مَأْمَنَهُ ذَلِكَ بِأَنَّهُمْ قَوْمٌ لَا يَعْلَمُونَ} [التوبة: ٦]

Yoo namni mushrikoota irraa ta'e tokko nagaya gochuu sirra barbaade, hanga inni haasaa Rabbii dhagahutti eegumsa isaaf godhi. Sana booda iddoo eegumsa isaatiin isa ga'i. Kun waan isaan ummata hin beekne ta'aniifi. [Attawbaa: 6]

Harbiyyii: Harbiyyi jechuun kan diina ta'ee Muslimootaan lolaaru jechuudha. Inni kun amantii Islaamaa balleessuuf, qabeenya Muslimootaa saamuuf,

1 Sahiiha Ibn Hibbaan 13/320, Al-Aasaar walmasanii kan Ibn Abii Aasim 4/316

kabajaa isaanii xiqqeessuufi kkf irratti kan lola banuudha. Isa akka kanaatiin loluun dirqama ta'a. Wanti afaan guuttannee dubbannu tokko diina keetiin loltee bilisummaa kee goonfachuun Islaama keessatti dirqama malee fedhii miti. Garuu daangaa itti darbuu Islaamni nu seerata. Jihaanni kan ajajames isa kana irratti. Warri hiika jihaada lolaa hin hubatin akka kanatti hubachuutu irraa eegama. Warra kana ilaalchisee Rabbiin ni jedhe:

{ وَقَاتِلُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ الَّذِينَ يُقَاتِلُونَكُمْ وَلَا تَعْتَدُوا إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ الْمُعْتَدِينَ} [البقرة: ١٩٠]

Warra karaa Rabbii keessatti isiniin lolaniin lolaa. Daangaa immoo hin dabrinaa. Rabbiin warra daangaa dabran hin jaalatu. [Albaqaraa: 190]

Diina ofirraa deebisuun seera biyya kamii keessattuu barreeffamee jira. Kanaafuu biyyi hunduu raayyaa ittisaa mataa isaa qaba. Islaamni biyya Muslimaa tiksuudhaaf raayyaa ittisaa qopheessuuf lammii biyyattii, qabeenya isiifi amantii isii tiksuutti nu ajaje. Kun nama sammuu qabu hunda birattuu gaaffii hin ta'u. Namni dhuunfaan tokkoyyuu yoo itti roorrifame ofirraa faccisuu mirga qaba.

Waan kanaan ala jiru Islaamni wal qixxummaatti nu ajaja. Beektoleen Islaamaa warri Islaama seeraan hojiirra oolchanis kanuma raawwatanii darban. Umar bin Alkhaxxaab yeroo Amr bin Al-Aas Misra irratti muude keessa ilmi Amr tokko nama Gibxii rukunnaan Umar

Amriifi ilma isaa waamee fuuldura biyyaatti akka gurbaan Gibxii sun rukutee baafatu godhee jecha isaa beekamtuu armaan gadii jedhe:

متى استعبدتم الناس وقد ولدتهم أمهاتهم أحرارا

"Yoom namoota gabroomfattan haawwonni isaanii walaba isaan da'anii osoo jiranii?"[1]

Manni murtii Muslimootaa khaliifaa Muslimootaa Muslima hunda bulchu irrattillee murteessaa ture. Yeroo Alii bin Abii Xaalib biyya bulchu keessa kobbortaan inni uffatu irraa buunaan Yahuudaan tokko fudhate. Aliin argee "kobbortaa kooti gaala kiyya irraa kufe" jedhee qabe. Yahuudichi immoo "kan kooti anarka jiras; kottu abbaa murtii Muslimaa bira dhaqnaa" jedhe. Erga abbaa murtii Shurayh jedhamu bira dhaqanii isa biratti wal falman. Abbaan murtichaa Aliidhaan "akka inni kobbortaa kee ta'e nan beeka" jechuu wajjin ragaa akka fidatu gaafate. Achiin nama Qambar jedhamuufi Hasan ilma isaa waammannaan ragaa bahaniif. Shurayhis kan Qambar fudhatee kan ilma keetii hin ta'u jedhee dide. Ragaa biraa waan dhabeef kobborticha Yahuudichaaf murteesse. Yahuudichis yeroma wal qixxummaa jidduu Khaliifaafi nama dhuunfaatti geggeeffamu kana argu Islaama fudhate. Kobbortichi keeti jedhee Aliif kenne. Aliinis deebisee isaaf kenne.[2]

---

1 Kitaaba Asr Alkhilaafat Arraashidaa 1/127 keessa jira.

2 [الحاكم فى الكنى ، وأبو نعيم فى الحلية ، وابن الجوزى فى الواهيات) [كنز العمال ١٧٧٩٥)

Seenaan kana fakkaatu bulchitoota Muslimaa biyya keenyaa keessaa kan Jamaaluddiin jedhamuun naannoo Hararitti geggeeffameera: abbaa haqaa ta'uu isaa waan akeeku kan nama ajaa'ibutu dhufe. Innis ilma isaa daa'ima irraa tokko daa'ima Habashaa wahii wajjin taphatee daa'ima isaanii tokko rukutee harka cabse. Yeroo hanga ta'eef waan kana isa dhoksan. Dubbiin kun booda isa dhaqqabe. Matootii ummata isaa walitti qabee waan kana isa dhoksuu isaanii irratti isaan komate. Ergasii akka mucaan isaa fidamee gumaan baafamu ajaje. Waan xiqqoo ta'eef gurmuutti baatamee dhufe. Matootiin hunduu ka'anii manguddummaa kadhatan. Isaan maatii mucaa sanaa akka fidan wabii ta'an. Manguddummaa isaanii hin qeeballe. Abbaa daa'ima sanaafi maatii isaa fidan. Haqa isaanii kana ni dhiisaniif. Akka inni ilma isaa kanaaf araaramu hanga danda'an kadhatan. Isaan didee mucaa isaa harka qabe. Harka isaa dhagaa irra diriirsee irree isaa sibiilaan rukute.[1] Matootiin dhaabatanii boo'icha daa'imaatiif boo'aa turan. Inni immoo 'hanga daa'ima kana laalessite laaladhu' jedha ture. Osoo inni madichaan iyyuu akka dhukkubsachiiftuuf kaadimni gara haadhaa geesse. Barri isaa sodaatamaa ture. Erga yeroo sanaatii

[1] Akka seera Islaamaatti daa'ima irratti gumaa akkasii raawwachuun waan jiru natti hin fakkaatu; namni hubannoon wal dhabuun ni mala.

mootummaa isaa keessatti namni tokkollee nama biraa miidhuu irratti hin gootomne. Inni haala akka kanaa kan of tiksuu, ibaadaa qabaachuu, dhimma isaafi biyya isaa hunda to'achuu, kabajaan guutuu, warra badii dhabamsiisuufi badii balleessuu ilaalchisee baay'eedha."[1]

Al-Ilmaam keessatti ni jedhe: "oduu kana nama amanamaa Jamaaluddiin wajjin taatee sanatti hirmaatee argetu natti hime. Sana booda namni tokkollee qabeenya namaa fudhachuutti hin uggine; hin dandeenyes. Xiqqoollee ta'u nama biraa hin miidhanu. Kabajaa isaa irraa kan ka'e yeroo inni waa tokko ajaje ykn dhorge amiironni isaa tokkollee ajaja isaarra hin taran."[2]

Silaa wal qixxummaan seera fuulduratti akka kana ture. Bara ammaa manni murtii dhaabates diraamaa paartii bulchaaruuf dalaga malee kan haqa hojjatu qubaan lakkaa'ama. Qabxiin ijoon nuti asitti fudhannee kaane waa lama. Inni jalqabaa Islaamni dirqamaan amantii fudhachiisuu nama hin ajaju; warri yaada akkasii baballisan jibbaa Islaamaaf qaban irraa kan ka'eedha malee ajaja Islaamaa ta'eetii miti. Lammaffaan immoo seera Islaamaa keessatti namni hunduu osoo eenyummaa isaa kamiinuu adda hin bahin murtii haqaa argachuu qaba kan jedhuudha.

---

1 Assuluuk Lima'arifat Duwal Almuluuk 7/216

2 Al-Ilmaam Dimna Rasaa'il Almaqriizii fuula 243

Boqonnaa Afur

4. Oromoofi Islaama

Ummanni Oromoo biyyootii baha Afrikaa keessa waggaa kuma saddeetii ol jiraachaa akka ture seenaan dubbannee dabarsine ni mirkaneessa. Ummatichi akkuma ummata kamiiyyuu amantii duudhaa kan mataa isaa qaba ture. Amantiin Oromoo duraanii beekamaan waaqeffannaa jedhama. Gooftaan inni gabbarus waaqa jedhamee beekama. Amantiin kun sirna mataa isaa danda'e qaba. Garuu akkaataan waaqeffannaa isaa baay'een barreeffamee hin argamu. Ergamaafi kitaaba mataa isaa danda'e hin qabu. Kanaafuu nabiyyiin itti amanuufi kitaabni qajeelfama ta'ee nama waaqeffataa hogganu hin jiru. Garuu sirni waaqeffannaa dabaa dabarsa wal irraa dhaalamaa dhufe.

Ummanni kun erga amantiin Kiristaanaafi Islaamaa biyya kana seenee suuta suutaan amantii kana lamaan fudhataa dhufan. Yeroo ammaa kana Oromoon amantii gurguddaa sadii hordofa. Isaanis Islaama, Kiristaanaafi Waaqeffataadha. Warri waaqeffannaa hordofu warra amantii Islaamaafi Kiristaanaa hordofuun yoo madaalame baay'ee xiqqoodha. Keessumaa ummanni Oromoo jaarraa kudha shanaffaa booda gara Islaamaatti baay'inaan seenan. Ummanni Oromoo jalqaba jaarraa 16ffaa keessa diina ofirraa deebisuuf lolanii lafa baay'ee irra qubatanii turan. Ummanni warri Harar, Baalee, Arsii,

Raayyaa, Wolloo, Jimmaafi Iluu Abbaaboor qubatan baay'een isaanii amantii Islaamaa qabatanii Muslimoota ta'an. Warri Shawaafi Wollaggaa keessa qubatan baay'een isaanii yeroo dhiheenyaa Kiristaana ta'an. Shawaan baay'een yeroo bulchiinsi Amaaraa dirqiin Kiristaanessuuf lola labsan baay'een isaanii Ortodoksii ta'an. Wollagga immoo yeroo dhiheenyaa kana harki baay'een Pirootestaantii ta'anii warri hafan Muslimoota ta'an. Booranni kaabaa Muslimoota yoo ta'an warri Kibbaa gariin waaqeffannaa irratti hafan. Oromoonni biyya Sumaalee, Jibuutiifi Keeniyaa keessa jiranis baay'een isaanii Muslimoota ta'an. Lakkoofsi xiqqoon Taanzaaniyaa, Sudaaniifi Yugaandaa keessa jiranis akkasuma Muslimoota.

4.1 Hariiroo Islaamaafi Oromoo

Ibsa armaan olitti dabarsine irraa ummanni Oromoo yeroo ammaa yoo xiqqaate dhibbentaa 70% ol Muslimoota akka ta'an ni hubanna. Akka ibsa Muhammad Haamiddiinitti "ummanni Oromoo waaqeffataa irraa gara Islaamaatti deebi'uudhaan dhibbentaa 80% ol Muslimoota ta'an. Islaama tumsuu keessattis gahee turaa guddaa qabu. Hojii kana keessatti wareegama guddaa kafalan. Warri Kiristaanotaan wal makatan ni kiristaanoman. Xiqqoon isaanii immoo naannoo Boorana kibbaa keessatti waaqeffannaa irratti

hafan."[1] Tilmaamni Muhammad Hasan immoo Oromoon dhibbentaan 70 Muslimoota jedha. Lakkoofsi tilmaama biyyattii garuu faallaa kanaati. Isaan biratti hanga danda'ameen lakkoofsi Oromoofi Muslimootaa gaduma hir'ifamuutu irra jira waan ta'eef. Lakkoofsa dhugaa irratti hin hundoofne, kaayyoo siyaasaa qofaan hogganamu gonkumaa dhugeessuun nama rakkisa. Oromoofi Islaama ogga jennu aadaa Oromoo, Afaan Oromoofi seenaa isaa hariiroo inni Islaamaan qabu ilaaluudhaafi. Kanaafuu mataduree armaan gadiitti qoodee kaa'e.

4.1.1 Islaamaafi Afaan Oromoo

Seera Islaamaa keessatti ummanni sabaan, afaaniin, bifaafi aadaan adda ta'uun uumaa Rabbiin jalqaba irratti uumeedha. Isa kana jijjiiruun gonkuma hin danda'amu. Uumama waan ta'eefis ittiin qabsaa'uu hin barbaachisu. Rabbiin ni jedhe:

{يَا أَيُّهَا النَّاسُ إِنَّا خَلَقْنَاكُمْ مِنْ ذَكَرٍ وَأُنْثَى وَجَعَلْنَاكُمْ شُعُوبًا وَقَبَائِلَ لِتَعَارَفُوا إِنَّ أَكْرَمَكُمْ عِنْدَ اللَّهِ أَتْقَاكُمْ} [الحجرات : ١٣]

Yaa namootaa! Nuti dhiiraafi dubartii irraa isin uumne; akka wal beektaniif jechas sabootaafi gosoota adda addaa isin taasifne. Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, irra Rabbiin

1 Qorannoo (Risarchii) Afrikaa Kibbaatti dhihaate maqaan isaa "Islaamni Habashaa Keessa Baballachuu" jedhamu yoo ta'u Muhammad Haamiddiin Booranaatiin qoratame.

sodaataa keessani. (Alhujuraat:13)

Aayanni kun ilaalcha Islaamni qoodama afaaniifi sabaa ilaalchisee qabu qabxii sadiin ibsuu isaa dubbannee dabarsine. Isaanis:

1. Uumamaan akka ummanni dhiiraafi durba, sabaafi sablammootatti qoodaman nutti hime. *"Sabootaafi gosoota adda addaa isin taasifne"* jedhe.
2. Bu'aa sabaafi sablammiin adda adda ta'uu nutti hime. Innis *"akka wal beektaniif"* nuun jedhe.
3. Amala nuti qabaachuu qabnus nu barsiise. Innis "*Rabbiin biratti irra kabajamaan keessan, irra Rabbiin sodaataa keessani*" nuun jedhe.

Qabxiilee kana boqonnaa darbe keessatti tokko tokkoon ibsineerra. Ummanni afaaniifi halluun isaa wal dhabuunis mallattoo dandeettii Rabbii keessatti ramadama. Kanaafuu Rabbiin ni jedhe:

{وَمِنْ آيَاتِهِ خَلْقُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ وَاخْتِلَافُ أَلْسِنَتِكُمْ وَأَلْوَانِكُمْ إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِلْعَالِمِينَ} [الروم : ٢٢]

Samiifi dachii uumuu, arrabni (lugaan) keessaniifi bifti keessan waldhabuunis mallattoo (raajii) Isaa irraayyi. Dhugumatti, kana keessa aalama hundaaf mallattoolee (raajiiwwantu) jiru. (Arruum: 22)

Islaama biratti afaan kamuu waluma qixa; namni afaan fedhe dubbateedhaaf wal hin caalu. Kanaafuu Ergamaan

Rabbii (saw) afaan Yahuudaa barachuu Zayd bin Saabit ajajanii turan.

قَالَ زَيْدُ بْنُ ثَابِتٍ: قَالَ لِي رَسُولُ اللهِ صَلَّى اللهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ: "تُحْسِنُ السُّرْيَانِيَّةَ؟ إِنَّهَا تَأْتِينِي كُتُبٌ " قَالَ: قُلْتُ: لَا. قَالَ: "فَتَعَلَّمْهَا " فَتَعَلَّمْتُهَا فِي سَبْعَةَ عَشَرَ يَوْمًا

Zayd bin Saabit ni jedhe: Ergamaan Rabbii (saw) "Afaan Suryaaniyyaa (Yahuudaa) ni beektaa? Kitaaboleen isii yeroo garii natti dhuftii" jedhan. Hin beekun jedhe. "Isii baradhu" naan jedhan. Guyyaa kudha torba keessattin isii baradhe.[1]

Asirratti qabxiin nama hundaaf ifa ta'uu qabu seerri Islaamaa Afaan Arabaatiin bu'e. Ibaadaan (waaqeffannaan) Rabbiin ajajes akkuma Nabiyyichi (saw) hojjatanitti ta'uu waan qabuuf afaanuma sanaan ta'a. Namni Qur'aana qara'us afaanuma Arabaatiin qara'a. Kan afaan biraatti hiikame Qur'aana osoo hin taane hiika Qur'aanaa jedhama. Sababni isaas hiikichi haasaa namaati malee haasaa Rabbiitii miti. Fkn ani Qur'aana afaan Oromootti hiikeera. Yeroon hiiku jechoolee afaanichaa keessaan ofii kiyyaa filadhee barreesse. Dogoggorris keessa jiraachuun isaa ni mala. Qur'aanni inni Rabbiin buuse immoo jecha Rabbiiti; dogoggoras hin qabu. Yeroo falmii wahiis ragaa kan ta'u isa Arabiffaati malee hiika namootaatii miti. Kanaafuu namni jecha Rabbii kallattiin dubbisuu fedhe Isa inni Arabiffaan buuse sana qara'uu qaba malee hiika isaatii miti; inni

[1] Ahmadtu gabaase. :مسند أحمد ط الرسالة (٣٥ / ٤٦٣)

jecha Rabbiitii miti waan ta'eef. Arabiffumatti osoo akka biraatti hiikamee ykn qubeen tokko keessaa jijjiiramee inni jecha Rabbiitii miti. Qara'amus mindaan qiraatii ittiin hin argatamu. Wanti Islaama amantii biraa irraa adda godhu guddaan tokko isa kanaayyu. Kitaabni amantichaa akkuma Rabbiin buuseen argama. Afaan isaa dhiisii qubeen isaa tokko hin jijjiiramu. Kan Qur'aanni kaafamu yeroo Qiyaamaan dhihaate qofa. Kitaabni amantii biraa tokkollee afaan ittiin buufameen hin jiru. Osoma jiraatees shaaramuun isaa beekamaadha.

Sababa kanaaf ibaadaan akka salaataa, azaanaa, hajjiifi kkf afaan ittiin Rabbiin buuseefi Ergamaan Rabbii (saw) dubbataniin geggeeffama. Kanaan ala wanti jiru hunduu afaan namni beekuufi hubatuun itti himamuu qaba. Kanaafuu Rabbiin ergamoota hundaa afaan saba isaaniitiin erge. Ergamaan keenya garuu kan addunyaa guutuu waan ta'aniif afaan ummata hundaatiin erguun hin mijaa'u ture.

Yeroo biyya keenyatti as deebinu immoo akka afaan Islaamaatti kan ilaalamu Afaan Oromooti. Sababa Ummanni Oromoo baay'een Muslima ta'eef Afaan Oromoo bakka baay'eetti afaan Islaamaa jedhamee beekama. Islaamaanis hariiroo dheeraa qaba. Faallaa kanaa immoo Amaariffi afaan Kiristaanaa jedhamee beekama. Sababni isaas amantiin Kiristaanaa Afaan Amaaraafi ummata Amaaraatiin hariiroo guddaa qaba

waan ta'eef. Naannoo Oromiyaa baay'ee keessatti yeroo dheeraadhaaf bakka jecha Kiristaana jedhuu Amaara kan jedhu fayyadamu turan. Yeroo dhiheenyaa kana keessa Amaarri saba akka ta'e labsame malee abbootiin keenya jecha Amaara jedhu irraa amantii Kiristaanaa, kan Oromoo jedhu irraa immoo Islaama jechuu malee waan biraa hin hubatan ture. Wanti kun ummata Oromoo biratti qofa osoo hin taane sabootii biroo birattillee hiikti isaa akkasuma ture. Namoota saba Amaaraafi Silxee irraa ta'anis gaafadhee jechi kun isaan birattis hiika kana akka qabu natti himan. Akka namni Amaaraa tokko naaf himetti manguddooleen Amaaraa kan Amaara jechuun saba osoo hin taane amantii Kiristaanaati jedhanii falman ammas ni jiru. Ammas ummata hunda birattuu qalma Amaaraa jechuun qalma Kiristaanaa jechuu akka ta'e beekamaadha. Kun seenaa dhugaa biyya keenya tureedha; garuu yeroo ammaa isa dhoksuuf yaalii guddaatu godhamaara. Akka Oromoon hariiroo guddaa Islaamaan qabu dhoksuuf kana carraaqu. Garuu dhugaa dhoksuun eenyuunuu hin fayyadu.[1]

[1] Yaada kana ilaalchisee mudannoo baay'eetu jira. Yeroo tokko ani masjida barattoonni Yunivarsitii Jimmaa baay'inaan fayyadaman keessattin Afaan Amaaraa haasa'e. Ogga kana dardarri Yunivarsitii baratu wahii tokko na dhaga'ee baay'ee na lole. "Bataskaana seete moo? Akkamuma Afaan Amaaraa masjiida keessatti dubbatta?" naan jedhe. Sanatti hin gabaabsineewuu "yoo kan ati Afaan Kiristaanaa kana itti fuftee masjida keessatti dubbattu ta'e masjida kana lammata hin dhufu" jedhee na akeekkachiise. Akkasumas Salaahaddiin abbaan kitaaba kana gulaales guyyaa tokko mudannoo

Sababni ummanni Oromoofi saboonni biroo amantii Islaamaafi Oromummaa walitti hidhaniif inni guddaan ummanni Oromoo harki caalu Muslima ta'uu yoo ta'u, kallattiin guddaan Islaamni ittiin biyya keenya keessatti baballate Afaan Oromootiin ta'uufi kan inni ittiin baballates ummata Oromootiin ta'uu isaati. Akkasuma ummanni Oromoo yeroo amantii Islaamaa fudhatan waraana tokko malee fedhii isaaniitiin qabiyyee amantichaa madaalanii ilaalanii dhugaa isaa baruudhaan ture. Matadureen Afaan Oromoofi Islaama jedhu bal'aadha. Bal'inaan gumaacha Islaamni Afaan Oromootiif buuse isa jedhu jalatti dubbadheera. Sana dubbisuu akka hin daganne.

4.1.2 Islaamaafi Aadaa Oromoo

Aadaa jechuun waan ummanni tokko bara dheeraa hojjachuudhaan ittiin wal bare ykn aadeffate jechuudha. Qabxiin namni hunduu hubachuu qabu sabni kamuu

---

isaa natti himeera: "nama wahiitu masjiida keessatti Afaan Amaaraatiin da'awaa gochuu (ummata dorsuu) eegale. Achumaan namni tokko ummata keessaa ol ka'ee "ቤተ ክርስቲያን መሰለህ እንዴ በአማርኛ የምትናገረው" (bataskaana seetemoo kan ati Amaariffaan dubbattu?) jedhee lolee dhaabsise. Namni Amaaraa wahiis akka naaf himetti inni Qur'aana qara'ee xumuree osoo jiruu nama Oromoo Muslima kan Qur'aana hin qara'in argee ittiin dubbate. Ogga kana "ati akkam Muslima taatee Afaan Oromoo hin dubbanne? Ati Kiristaana moo?" jedhee lole. Sababa Afaan Oromoo wallaaluu isaa osoma inni Qur'aana qara'uu ofii itti himuuyyuu Muslima ta'uu isaa shakkee fudhachuu dide. Ummanni keenya sadarkaa kana Afaan Oromoo fi amantii Islaamaa walitti hidhu.

aadaalee gaggaarii deeggaramuufi aadaalee hamaa sirreeffamuu qabu hammateera. Kana jechuun gochi tokko aadaa saba wahii keessa jira jechuun gochi sun waan gaarii ta'uuf ragaa miti jechuudha. Aadaaleen saba kamiituu hanqina mataa isaa qaba waan ta'eef. Aadaan miidhaa dhaqqabsiisan aadaa saba hundaa keessawuu ni jira. Fkn durba butanii fuudhuun aadaa saba Oromoofi kan biroo keessa durii kaasee ni jira ture. Garuu gochi kun osoma aadaa saba hundaa ta'uu miidhaa dhaqqabsiisuun isaa waan mirkanaa'eef seeraan dhorgamee namni kana godhe yeroo ammaa adabbii guddaa adabama. Wanti tokko aadaa saba akkanaa keessa tureera jechuun gochi sun bara dheeraaf hojjatameera jechuu nu agarsiisa malee eeyyamamaa ykn gocha gaarii ta'uu isaa hin agarsiisu.

Islaamni immoo aadaa hunda irraayyuu isa gaarii ni deeggara; isa miidhaa dhaqqabsiisu ni balaaleffata. Aadaan Oromoos akkasuma. Islaama keessatti inni gaariin ni deeggarama; inni miidhaa dhaqqabsiisu ni balaaleffatama. Maqaa aadaadha jedhuun badii adda addaa karaa godhuuf socho'uun dogoggora guddaadha. Aadaan saba kamiitu Islaama keessatti seera sharii'aatiin madaalamuu qaba. Yeroo Nabiyyichi (saw) Arabootatti ergaman Araboonni aadaa baay'ee qabu turan. Kan Nabiyyichi (saw) isaan harkatti mormaa turan aadaadhuma Araboonni waggaa dheeraa irra turan sana. Araboonnis akkam waan abbootiin keenya hojjataa turan

nu dhorgita jechuudhaan isaan mormaa turan. Nabiyyicha keenya qofa osoo hin taane nabiyyoota duraatiinis "akkamuma gocha abbootiin keenya hojjataa turan hojjachuu irraa nu dhorgita" kan jedhuun lola guddaa jidduu isaaniifi ummataatti baneera. Ummanni Arabaa aadaa gadhee baay'ee uumanii hojjataa turan. Yeroo Ergamaan Rabbii (saw) isaan dhorgan dhaga'uu didan. Gocha abbootii isaaniitiin boonan. Rabbiin ni jedhe:

{وَإِذَا قِيلَ لَهُمْ تَعَالَوْا إِلَى مَا أَنْزَلَ اللَّهُ وَإِلَى الرَّسُولِ قَالُوا حَسْبُنَا مَا وَجَدْنَا عَلَيْهِ آبَاءَنَا أَوَلَوْ كَانَ آبَاؤُهُمْ لَا يَعْلَمُونَ شَيْئًا وَلَا يَهْتَدُونَ} [المائدة: ١٠٤]

Yeroo "gara waan Rabbiin buuseefi gara ergamichaa kottaa" isaaniin jedhame "wanti nuti abbootii keenya irratti argine nuuf ga'aadha" jedhu. Sila odoo abbootiin isaanii homaa kan hin beekneefi karaa hin qajeelle ta'aniis [isaanuma hordofuu]? [Almaa'idaa:104]

Akkasuma ummanni Samuudis yeroo nabi Saalih [A.S] isaanitti ergamee Rabbiin qofa gabbaruutti isaan waamu akkam waan abbootiin keenya gabbaraa turan gabbaruu nu dhorgita jedhanii itti yaa'essan. Waan Rabbiin isaan ilaalchisee buuse kana ilaali:

{ وَإِلَى ثَمُودَ أَخَاهُمْ صَالِحًا قَالَ يَا قَوْمِ اعْبُدُوا اللَّهَ مَا لَكُمْ مِنْ إِلَهٍ غَيْرُهُ هُوَ أَنْشَأَكُمْ مِنَ الْأَرْضِ وَاسْتَعْمَرَكُمْ فِيهَا فَاسْتَغْفِرُوهُ ثُمَّ تُوبُوا إِلَيْهِ إِنَّ رَبِّي قَرِيبٌ مُجِيبٌ (٦١) قَالُوا يَا صَالِحُ قَدْ كُنْتَ فِينَا مَرْجُوًّا قَبْلَ هَذَا أَتَنْهَانَا أَنْ نَعْبُدَ مَا يَعْبُدُ آبَاؤُنَا وَإِنَّنَا لَفِي شَكٍّ مِمَّا تَدْعُونَا إِلَيْهِ مُرِيبٍ} [هود: ٦١، ٦٢]

Gara Samuuditti obboleessa isaanii Saalihiin [ergine]. Ni jedhe: "Yaa ummata kiyya! Rabbiin gabbaraa. Isa malee dhugaan gabbaramaan biraa isiniif hin jiru. Inni dachii irraa isin uumeeti, ishee keessa isin jiraachise. Kanaaf araarama Isa qofa kadhaa; ergasii gara Isaatti tawbaa deebi'aa. Dhugumatti, Gooftaan kiyya [beekumsa Isaatiin] dhihoodha; awwaataadhas." Ni jedhan: "Yaa Saalih! Ati kana dura nu keessatti nama kajeelamaa turte. Sila ati waan abbootiin keenya gabbaraa turan gabbaruu irraa nu dhorgitaa? Nuti waan ati itti nu waamtu irraa shakkii guddaa qabna." [Huud: 61-62]

Fir'awnis yeroo Muusaan ergaa tawhiidaa Rabbiin biraa itti fidu aadaa ragaa godhachuuf yaale. Rabbiin keessan eenyu jedhee Muusaafi Haaruuniin gaafate. Ogga isaan deebii sirrii isaaf deebisan aadaa ummata darbanii ragaa godhachuuf yaadee "ummanni keenya warri darban hoo akkam ta'u?" jedhee gaafate. Rabbiin ni jedhe:

{قَالَ فَمَنْ رَبُّكُمَا يَا مُوسَى (٤٩) قَالَ رَبُّنَا الَّذِي أَعْطَى كُلَّ شَيْءٍ خَلْقَهُ ثُمَّ هَدَى (٥٠) قَالَ فَمَا بَالُ الْقُرُونِ الْأُولَى (٥١) قَالَ عِلْمُهَا عِنْدَ رَبِّي فِي كِتَابٍ لَا يَضِلُّ رَبِّي وَلَا يَنْسَى (٥٢)} [طه: ٥٢]

"Yaa Muusaa! Gooftaan keessan eenyu?" jedhe. [Muusaanis] "Gooftaan keenya Isa waan hundaaf akkaataa uumama isaa isaaf kennee sana booda isa qajeelcheedha" jedhe. [Fir'awnis] "haalli ummata darbanii hoo akkam ta'a?" jedhe. [Muusaanis] "beekumsi isii Gooftaa kiyya bira galmee keessa jira. Gooftaan kiyya hin dogoggoru; hin irranfatus" jedhe. [Xaahaa: 49 - 52].

Ragaan kanaa baay'eedha. Walumaa galatti waan Rabbiin hin jaalanne ykn waan miidhaa of keessaa qabu hojjachuuf aadaa ragaa godhachuun karaa warra jajallaa duriiti malee waan haaraa har'a eegalamee miti. Kanaafuu haqa barbaaduufi aadaa jallinaa irraa fagaachuun dirqama keenya. Aadaan nuti ittiin boonuu qabnu aadaa isa bu'a qabeessa, ummataafi biyya fayyadu malee kan Rabbiin dallansiisu ykn ummata miidhuun miti. Aadaan miidhaa qabu jijjiiramuufi fooyyeffamuu qaba.

Aadaa Oromootti yoo deebinu immoo baay'een isaa waan nama boonsuudha. Isaan keessaa akka fakkeenyaatti arjummaa, gootummaa, aadaa wal gargaarsaafi kkf boqonnaa darbe keessatti dubbanneerra. Inni kun waan Islaamni sirriitti deeggaruudha. Yeroo ammaa aadaan akkasii hir'achuudhaan rakkoon hawaasa mudataara. Aadaan akkasii ammas sirriitti jajjabeeffamuu qaba. Akkasumas aadaa Oromoo turaa keessa aadaan miidhaa dhaqqabsiisan ni jiru. Sana malees aadaan seerri Islaamaa hin eeyyamne ni jira.

Qabxiin hubatamuu qabu aadaan ummata tokkoo baay'een isaa jalqaba waan irraa madde qaba. Wanti inni irraa maddu kun amantii, haala jireenyaa, seera biyyicha keessa duraan ture, mudannoo adda addaafi kkf ta'uu danda'a. Fkn amantii Islaamaa keessatti huccuu adii kan akka dawrii (mudawwaraa) uffachuun jaalatamaadha.

Ummanni Arabaa yeroo dheeraaf sana uffachuudhaan aadeffatanii aadaa isaanii ta'eera. Ummanni sun haa aadeffatan malee inni ammas kanuma sharii'aa Islaamaati. Biyya keenya keessatti dubartoonni Amaaraa huccuu adii kan suuraan masqalaa irra jiru uffachuu aadeffataniiru. Aadaa Amaaraa ta'ee kan inni miidiyaalee adda addaatiin dhiheeffamus ni argaarra. Shakkii tokko malee huccuun aadaa isaanii kun amantii Kiristaanaa irraa madde. Huccuu kana Muslimtittiin Amaaraa tokko aadaa keenya jechuudhaan uffachuun gonkuma hin eeyyamamu.

Seerri walii galaa hubatamuu qabu aadaan amantii wahii irraa madde maalummaa amantii sanaa waan ibsuuf yoo bu'uurri isaa Islaama keessa hin jiraanne amantii Islaamaa keessatti dhorgamaadha. Aadaan sun kan saba fedhee ta'uu danda'a. Yeroo Ergamaan Rabbii (saw) ergaa Rabbiin biraa fidan Araboonni aadaa baay'ee qabu turan. Isaan keessaa sanama (taabota) gabbaruun aadaa amantii irraa fudhatame isa beekamaadha. Kanaafi kanneen biroo waan seera Rabbii faallessan sirriitti dura dhaabatanii falman. Fkn huccuun dubartoonni Amaaraa aadeffatanii uffatan masqala qabu dubbannee dabarsine Islaama keessatti dhorgamaa ta'uun shakkii homaa hin qabu. Akkasuma ayyaanni amantii wahii keessaa dhufee sabni tokko aadeffate amantii Islaamaa keessatti ayyaaneffachuun guutummaan guutuutti dhorgamaa dha. Fkn naannoo Amaaraatti ayyaana amantii

Kiristaanaa waliin ayyaaneffachuun yeroo dheeraaf aadeffatamee ture. Ayyaana kana isaanii wajjin ayyaaneffachuun dhorgamaa ta'uu bira taree sadarkaa Islaama keessaa nama baasuutti sodaatama. Wal danda'uun bakka kanatti barbaachisu ogga isaan ayyaaneffatan mirga isaanii kabajanii kan isaanii tuquu dhiisuudha malee isaanii wajjin ayyaaneffachuu miti. Isaanii wajjin ayyaaneffachuun wal fakkaachuudha malee wal danda'uu miti. Ayyaanni jijjiirraa bara Itoophiyaa ammaa kan amantii Ortodoksii Gibxii ta'uu namni keenya baruu qaba. Yeroo ammaa garuu ummata harkaa wal makachuu eegaleera. Inni kan warra Ortodoksii bataskaana Gibxii hordofu qofaaf ayyaana malee Muslima hin ilaallatu; ayyaaneffachuun isaas yakka guddaadha.

Aadaa Oromoo keessattis aadaaleen amantii waaqeffataa irraa dhufan baay'eetu jiru. Fkn ayyaana Irreechaa fudhachuun ni danda'ama. Akka aadaatti haa labsamu malee maddi isaa amantii waaqeffannaati. Isa ayyaaneffachuun Islaama keessatti hin eeyyamamu. Gochi bakka ayyaaneffannaa isaatti geggeeffamus amantii ta'uu isaa kallattiidhaan agarsiisa. Inni jalqabaa kaayyoon isaa waaqa galateeffachuudha kan jedhu mataan isaa amantii ta'uu isaatiif ragaa quubsaadha. Bakka kanatti sirriitti hubachuun dirqama. Namoonni baay'een ogga Oromoo Muslima Kiristaana godhuu dadhaban maqaa aadaatiin Islaama isaanii irraa isaan

laaffisanii amantii duudhaatti deebisuuf shira xaxaarantu jiru. Kanaafuu ummanni keenya maalummaa aadaa isaafi dirqama amantii isaa hubachuu qaba. Namni Muslimaa tokko aadaa Oromooti jechuudhaan seera Rabbii diiguun gonkumaa hin eeyyamamu. Akkuma dubbannee dabarsine aadaan gocha tokkoof ragaa ta'uu hin danda'u. Osoo namni tokko intala kee butee fuudhee aadaa Oromooti jettee ni dhiiftaa? Wallaahii hin dhiiftu. Haqni Rabbii mirga keetii gadii miti. Yeroo aadaafi seerri Rabbii wal faallesse gaaffii tokko malee seera Rabbii fudhachuun dirqama ta'a.

Akkasuma gaaffiin sammuu wallaalaa keessatti yeroo garii uumamu ni jira. Innis "yoo sabboonummaafi seerri Rabbii wal faallesse isa kamin fudha?" kan jedhuudha. Jalqabuma sabboonummaa sirriiniifi sharii'aan wal hin faallessu. Gaaffii kana deebisuuf jalqaba hiika isaatti deebinee haa ilaallu: sabboonummaa jechuun fira ofii akkasuma mataa ofii jaalachuudha. Sharii'aan immoo Rabbiin jaalachuudha. Namni Muslimaa tokko jaalala Rabbii irra kan fira isaa ykn kan mataa isaa dursuun gonkumaa irraa hin eegamu. Kan Oromoo si godhe Rabbii Isa si uume malee ati ofii keetiif filattee hin uumamne. Kanaafuu jaalala Rabbii si uumee irra jaalala saba inni keessatti si uumee ykn lubbuu keetii dursuun sirraa hin eegamu.

Aadaa ilaalchisee kan amantii Kiristaanaa irraa dhufe aadeffachuun akkuma hin eeyyamamne kan waaqeffataa irraa dhufes aadeffachuun Islaama keessatti gonkuma hin eeyyamu. Kanaafuu ayyaana waaqeffataa ayyaaneffachuu osoo hin taane kan nurraa eegamu mirga warra ayyaaneffatuu kabajuudha. Haala kanaan amantii walii waliif kabajanii jiraachuun dirqama lammiiti. Warri amantii Kiristaanaa ykn waaqeffataa ayyaana amantii Islaamaa Muslimaa waliin ayyaaneffachuun yoo amantiin isaanii isaaniif eeyyame rakkoo hin qabu. Garuu yoo amantiin isaanii kan hin eeyyamne ta'eef seera amantii isaanii diiguun isaan irraa hin eegamu. Kan isaan irraa eegamu ogga nuti ayyaaneffannu mirga keenya nuuf kabajuu qofa. Garaa garummaa kanaa waliin tokko ta'anii biyya waliin guddisuun wal danda'uu miidhagaadha.

Yoo kana hin taane ani oggan ayyaana Kiristaanaa tokko ayyaaneffadhu seera Islaamaa faallessuun ykn cabsuun kiyya dirqama natti ta'a. Fkn ayyaana Kiristaanaa keessa guyyaa Gooftaan ykn ilmi Rabbii dhalate jedhanii isaan ayyaaneffatantu jira. Muslimni ykn waaqeffataan yaada waaqni ni dhalata ykn ilma argata jedhu mormaa ayyaana kana haala kamiin isaanii wajjiin ayyaaneffachuu danda'a? Rabbitu dhalate ykn ilma argate jechuu Muslimni ayyaaneffataa? Kun Islaama keessaa nama baasuun isaa shakkii homaa hin qabu.

Garuu mirga warra ayyaaneffatuu kabajuufi wal danda'uun dirqama ta'a.

Dhuguma aadaan Oromoo baay'een isaa waan Islaamni deeggaruudha. Aadaaleen boqonnaa taran keessatti dubbanneefi kanneen biroo baay'eetu Islaamaan wal galu. Aadaa akkasii Islaamni sirriitti deeggara; jajjabeeffamuus qaba. Garuu wanti seera Rabbii faallessu Muslima irraa hin eegamu. Fkn shamarran dhiiraan wal makatanii sirbuufi kkf maqaa aadaatiin Muslima keessatti geggeeffamuu hin qabu. Gochi kun badii guddaa ta'uu bira taree sagaagalatti nama geessa. Kun Rabbiin dallansiisuu qofa osoo hin taane hawaasichas hawaasa diigamaa naamuusa hin qabne taasisa. Seerri Rabbii silumaa bu'aa hawaasa hundaatiif kan kaa'ameedha waan ta'eef Muslimni hunduu seera Rabbii hojiirra oolchuu qaba.

Qabxiin biraa immoo amantiin Waaqeffataa kan duraan Oromoon irra ture amantii Islaamaatiin hariiroo guddaa qaba. Fkn Rabbii tokkichatti amanuu, akka inni waan hunda uume, waan hunda danda'uufi hundaawuu to'atu amanuun amantii lamaan keessattuu ni argama. Ummanni Oromoo durii eegalee akka waaqni tokkichi wantoota hunda uume, isaan to'atu, samii ol jiru, wanti inni fedhe uumamuufi kan inni hin feene akka hin argamne ni amana. Islaama biras yoo dhaqxe yaadichi kanuma. Faallaa kanaa immoo warra amantii Kiristaanaa

bira yoo dhaqxe amantii samii bu'e ta'uu waliin yaadrimee waaqaa ilaalchisee jalqabuma irraa tokkummaan waaqaa isaan itti amanan hiikti isaa nama rakkisa. Yeroo garii Yesuusuma qofatu waaqa jedhanii labsu. Osoo isa qofa ta'ee tokkicha jechuun ni mijaa'a. Garuu akkamitti namni garaa dubartii keessa ji'a baay'ee taa'ee kallattii qaama saalaatiin dhalate waaqa samiifi dachii uume ta'aan gaaffiin yoo isaan mudate immoo inni ilma Waaqaati malee ofii isaatii waaqa samiifi dachii uumee miti yaada jedhutti dabu. Ammas yoo "sila waaqni akka namaatti niitii fuudhee waliin ciisee ilma dhalchee" gaaffiin jedhu isaan mudate immoo "lakki! Akkasii mitii qaama sadiitu walitti dhufee waaqa tokko uume" jedhu. Qaamni sadan Kiristaanonni jedhan kun abbaa, ilmaafi hafuura qulqulluudha. Akka yaada isaaniitti abbaan ilma ta'ee, ilmis abbaa ta'ee hafuura qulqulluu ofitti dabalatanii sadan isaanii waaqa tokko ta'an. Akka ilaalcha Oromootti garuu abbaafi ilmi qaama addaati. Oromoo biratti osoo abbaan jiruu ilmaaf nooruu ka'uun qaaniidha. Kanaafuu yoo lamaan isaanii wal bira jiraatan kabajni dura abbaadhaaf kennama. Kana keessatti waaqeffataan ijjannoo tokkicha qaba; ijjannoon isaa kunis ifaafi kan hin jijjiiramneedha. Innis "Waaqni samiifi dachii uume tokkicha; niitiis ta'ee ilma hin qabu" kan jedhu amana. Yaada kana irratti guutummaan guutuutti Islaamaan waliif gala. Qabxiin biraa kan Islaamniifi waaqeffataan irratti wal galu lakkoofsa ji'aati.

Akka kitaaba "Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa" jedhu irra jirutti Oromoon lakkoofsa baraa kan ji'a irratti hundaa'e lakkoowwata malee kan biiftuu hin fayyadamu ture. Islaamnis barri inni lakkaa'atu baatii ji'aa irratti hundaa'eeti. Sababni Oromoon ji'a ykn baatii jettee waamteefuu iccitiin isaa kana natti fakkaata. Kana keessatti Islaamniifi Oromoon sirriitti wal galu.

Akkasumas moggaasni maqaa nama dhuunfaa waaqeffataa bira jiruufi Muslimoota biratti argamu baay'een wal fakkaata. Barreessaan Sooraa Jaarsoo Kotolaa jedhamu naannoo Booranaa kitaaba Afaan Ingiliffaatiin barreesse keessatti akka maatiin isaanii aadaadhumaan maqaa Islaamaafi Booranaa isaaniif baasan ibseera. Maqaa isaaf baafames Hasan Jaarsoo Kotolaa akka ta'e ibseera. Maqaan Islaamaa baafamu kun waan aadaa isaanii keessa jiruuf malee Islaama ta'aniif qofaa miti. Garuu baay'een isaanii fedhiidhaan Islaama fudhataa akka jiranis himeera. Namni naannoo Boorana Kibbaa tokko kan ani qaamaan argadhe maqaan namoota waaqeffataa baay'een isaanii Muhammad, Yahyaafi kkf akka ta'e natti himeera. Akka inni dabalata naaf himetti qaalluun (beekaan Booranaa) duraan ture raagee gara boodaatti amantii lamatu biyya kana dhufuuf deemtii isaan keessaa kan Islaamaa qabadhaa jedhee dhaameefii ture.

Sooraa Jaarsoo barreeffama isaa keessatti akka dubbatetti barreeffamni yeroo ammaa waa'ee amantii waaqeffataa ilaalchisee barreeffamaaru akka ummata Booranaa burjaajessuuf hojjatamaaru sirriitti ibseera. Keessumaa kitaabni "Amantii Waaqeffannaa" ergaan isaa kan karaa bade ta'uu sirriitti ibseera. Ergaa barreeffamni kun qabu dhalataan Booranaa naannoo hundaa warra Keeniyaa keessaa dabalatee akka mormanis sirriitti gabaaseera. Akkasumas dhaamsa Qaalluu Booranaa turaa kan maatiin Booranaa hunduu Kiristaana isaanii dabalatee beekan dubbate. Innis Islaamni fuulduratti aadaa Booranaa hundaa ni to'ata kan jedhuudha. Raagni kun Boorana keessatti dhalootaa dhalootatti akka darbaa dhufeefi yeroo ammaa mana nama Booranaa hunda keessatti akka inni beekamus sirriitti ibseera. Kitaabichi hanga ammaatti waan maxxanfame natti hin fakkaatu. Wanti namni keenya itti dammaquu barbaachisu barreessitoonni ammayyaa kaayyoo qabaniif jecha amantii Oromoofi aadaa isaa baay'ee jijjiiranii barreessuutti jiru. Keessumaa waaqeffataa ilaalchisee wanti yeroo ammaa barreeffamaaru baay'een isaa amantii Kiristaanaatiin wal simachiisuuf kallattii fedhametti jallifamee barreeffamaara. Namoonni dhugaa Oromoo, aadaafi amantii isaa fedhu hundee isaatii kaasee dhugaa irratti hundaa'ee qorachuu qaba.

Sababa armaan olii irraa ka'ee aadaan Islaamaafi Oromoo baay'een isaa wal fakkaata. Amantichis bu'urri isaa waan

wal fakkaatuuf aadaan isaan irraa madde baay'een wal fakkaata. Sababa amantichi hundeen isaa cimsee wal fakkaatuuf hayyuun tokko tokko waaqeffannaan yeroo boodaa kana jiru Muslimoota beektoleen Islaamaafi barumsi isaa irraa fagaatetu aadaa kana qabate yaada jedhu bal'inaan barreessaniiru. Ragaan isaaniis waan lammiin Booranaa dubbatan armaan olitti dabarsineedha. Yaadni beektolee kanaa dhugaa ta'uun bareechee kajeelama.

Haa ta'u malee qabxiin Islaamniifi waaqeffataan irratti wal dhaban ni jira. Fakkeenyaaf waaqeffataan ergamaa seera Rabbii isaan barsiise kan itti amanan hin qaban. Bakka kanaa Ayyaanaafi ayyaantu kan jedhaman fayyadamu. Islaamni garuu ergamaa Rabbiin biraa seera ittiin jireenyaa Qur'aana jedhamu fide qabu. Waaqeffataan kitaaba Rabbi biraa isaaniif buufame wahiis hin qaban. Yaanni waaqeffataan "namni yakka hojjate addunyaa irratti gadhee isaatiin adabama malee du'a booda ka'ee badii isaatiin mindeeffamuun hin jiru" jedhu kan kitaaba garii irratti argamu sirrii natti hin fakkaatu. Inni kun mataduree beekaa jijjiirame keessaa isa tokko ta'uun isaa hin hafu. Kitaabni lammiin Booranaa amantii waaqeffataa sirriitti beeku barreesse akka namni badii isaatiin addunyaa irratti ykn erga du'ee jiruu ekeraa jedhamu keessatti adabamu sirriitti ibseera. Kanaafuu qabxii kana irratti Islaamaan garaa garummaa waan qabu natti hin fakkaatu.

4.2 Oromoonni Akkamitti Muslima Ykn Kiristaana Ta'an?

Oromoon baay'een jaarraa kudha jahaffaa dura amantiin isaanii waaqeffataa akka ture maddoonni seenaa baay'een ni ibsu. Erga qabsoo jaarraa kudha jahaffaa booda biyya addaa qubatanii garuu baay'een isaanii amantii jijjiirrataniiru. Gaaffiin guddaan bakka kanatti ka'uu qabu "akkamitti ummanni Oromoo aadaafi maalummaa ofiitiin boonu kun amantii isaa dhiisee amantii Islaamaafi Kiristaanaa fudhate?" kan jedhuudha. Gaaffiin kun yoo sirriitti deebii argate ilaalcha dhiphinaa kallattii baay'eedhaan argamuuf deebii guddaa ta'a. Kitaabonni yeroo dhiheenyaa qophaa'an kan Oromoota amantii waaqeffataa dhiisanii Islaamaafi Kiristaana fudhatan akka gantuu ykn nama kaayyoo isaa hundee dagateetti lakkaa'uuf yaalan ni jiru. Dabalata immoo roorroo jaarraa 19ffaa Oromoo irra ga'e sababni isaa osoo sirriitti ifee dirree jiruu kallattii jijjiiruuf kan isaan yaalan baay'eetu na mudate. Kanaafuu yaada ragaa irratti hundaa'e kan Oromoon haala kamiin Muslima ykn Kiristaana ta'e jedhu sirriitti qorannee baruun baay'ee nu fayyada. Kan Islaamaa dubbachuun dura haala ittiin amantiin Kiristaanaa labsamee Oromoota keessa seenuu danda'e gabaabsinee haa ilaallu.

4.2.1 Oromoon Akkamitti Kiristaana Ta'e?

Maturee kana jecha Obbo Asmeen kan kitaaba seenicha suukanneessaa irra jiru tokkoon haa eegallu:

[Oromoon] inni hafe Kiristaana ta'uu irra Islaama ta'uu filata ture. Kunis sababa Amaara jibbeef. Phaaphaasonni, qeesonni, daaqunoonni Amaaraa hundumtuu gaallaa hin jaalatan turan. Kiristaanummaan abbaa isaatiif malee hin ta'u jedhanii barsiisu. Kana jechuun abbaan amantichaa Amaara. Kanaafuu Kiristaana ta'uu kan danda'u Amaara qofa jechuudha.

Kitaabichi itti fufee kan armaan gadii dubbate: amantiin Kiristaanaa amantii kabajamaa ta'uun isaa akkuma hin shakkisiifne, qeesonni Habashaa siyaasa bulchitoota isaanii galmaan ga'uuf biyya Oromoo keessa tamsa'anii jiran olaantummaa Amaaraa akka barumsa amantiitti barsiisuufi irratti hojjachuu jalqabanii turan.[1] Ibsa kitaaba kanaa irraa wanti hubannu Oromoonni akka isaan fedhiifi gammachuudhaan amantii Kiristaanaa hin fudhanne, osoma fudhataniis abbaa amantichaa ta'uu hin dandeenye hubanna. Kanaafuu natti fakkaata Oromoota amantii Kiristaanaa qabatan tokko tokko yeroo ani haasofsiisu "nuti warri Yesuusiin fudhanne hunduu Israa'iiliidha" naan jedhan. Kun kijiba dirree taa'uudha. Minilikiifi mootoleen Amaaraa isaan dura turan meeshaa Awrooppaa biyya Ingiliziifi Faransaayii irraa kadhatanii

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, fuula 118

ittiin Oromoota Kiristaana godhuuf lolaa turan. Weerartoonni kun yeroo gargaarsa meeshaa Awrooppaa gaafatan *"yoo qawwee naaf ergitan biyya Gaallaattan amantii Kiristaanummaa babal'isa"* jedhanii waadaa isaaniif seenuudhaan meeshicha argachuu danda'an.[1]

Lolli Habashaan biyya keenya keessatti geggeessaa ture hunduu kaayyoo gurguddaa lama akka qabu sirriitti hubachuun barbaachisaadha. Inni guddaan akka jecha tare irraa hubanne amantii Kiristaanaa baballisuu yoo ta'u inni lammaffaa immoo qabeenyaafi dachii lammiilee biroo saamuu ture. Kanaafuu bakki lolli isaanii dhaqqabe hunduu dirqiin Kiristaana gochuun guyyaa tokko biraa hafee hin beeku. Fkn labsiin bara Yohaannis keessa baafame Oromoota Wolloo irraan maal akka ga'e kitaaba Dr. Abdallaa keessatti gabaabinaan argamu haa ilaallu:

Yohaannis bara 1878 Dh.K.B wal gahii bataskaanaa bakka Booruu Meedaa jedhamtu kan Dasee irraa gara Kaabaatti argamtutti geggeesse. Ishee keessatti namni kamuu akka amantii Kiristaana Ortodoksiitti jijjiiramuu qabu murteesse. Kiristaanota warra lammii Itoophiyaatiin ala ta'aniif waggaa lama, Muslimootaaf waggaa sadii, warra amantii duudhaatiif (awaamaaf) immoo waggaa shan kenne. Bara 1880 Dh.K.B tti Muslimoota 50,000, warra amantii duudhaa 20,000 fi Oromoon walakkaa

1Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, fuula 94

miliyoonaatti dhihaatan Kiristaana ta'an. Tewodroos immoo yaanni isaa Itoophiyaafi Kiristaanummaan walitti hidhata yaada jedhu qaba ture. Yeroo nama hunda Kiristaana gochuun hin danda'amuu hubatu 'Muslimni Kiristaana hin ta'in hunduu fincilaatti lakkaa'ama' jedhee hanga dhumaatti kallattii hundaan ittiin loluu eegale.[1]

Obbo Takletsaadiq Makuriyaa kitaaba isaanii Atse Yohaannisiifi Itoophiyaa jedhu keessatti kan armaan gadii dubbataniiru:

Atse Yohaannis erga mootii moototaa ta'ee eegalee Itoophiyaan Kaatolikiifi Muslima irraa walaba taatee guutummaatti amantii Ortodoksii qofa akka waaqeffattu waan barbaadeef bara 1870 – 1875 tti Muslimoota biyya Tigiree, Walloo, Waajjiraa, Raayyaafi Abaaboo keessa jiraataa turan humnaan walitti qabanii "amani, qorrobi, cuuphami" jedhanii dirqisiisaa turan. Jiraattonni qe'ee isaanii dhiisanii baqachuu hin barbaanne garaadhaan itti amananii fudhatan osoo hin taane, mana isaanii keessaa akka hin ari'amneef afaan qofaan Kiristaana yemmuu ta'an, kaan garuu gara Sudaaniitti baqatanii turan.

Dirqama mootummaan baaseen Oromoonni Walloo hedduun utuu hin amanin cuuphamaniiru. Isaan keessaa tokko tokko "ati dhuguma Kiristaanaa?" jedhanii yeroo gaafatan "wallaahii ani Kiristaana" jedhanii deebisu turan. Taateen kun saba sana irratti dhiibbaan baay'ee guddaan dhufuu isaafi

1 Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessaa, Dr. Abdallaa Kadri, fuula 127

dhiibbaa sana dandamachuuf sabichi qophii kan hin goone ta'uu isaa agarsiisa.[1]

Dirribii Damusee Islaamaafi Kiristaana jaarraa 16ffaa dubbatee "warri Kiristaana bara saniis akkuma warra Muslimaa dhaadannoo 'Kiristaana ta'i yoo didde ajjeefami' *(become Christian or be killed)* jedhu qabu ture"[2] kan jedhu dubbate. Yaanni Kiristaana ta'i ykn ajjeefami jedhu biyya keenya keessatti akka inni jedhe jaarraa sana qofa irratti kan gabaabbatee miti. Hanga dhuma bara Minilik inumaa Haylesillaaseellee dabalatee kan tureedha. Garuu halluu jijjiirrateera. Dhuguma lolli bara kamiituu waan baay'ee barbadeessuufi miidhaa hedduu dhaqqabsiisuun isaa beekamaadha. Haa ta'u malee Islaamni bakka kamitti 'Islaama ta'i ykn ajjeefami' jedhe. Qur'aana moo Hadiisa keessatti argite? Dubbiin kun ragaa irratti hundaa'uu qaba. Garuu yoo kana hin taane yaadichi yaada qorannoon deemu ta'uurra dhiphinaan ykn oduu bakkee irraa odeeffamuun kan hogganamuudha. Maalumaafuu Islaamni akkamitti mirga namaa kabajee filannoo isaaf kenna kan jedhu matadureef "bilisummaafi wal qixxummaa Islaamni labse" jedhu jalatti ilaali.

---

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, f. 218

2 Seenaa eenyummaa Oromoo, Dirribii Damusee, fuula 61

Dhiibbaan dirqiin Kiristaana godhuu kan jaarraa kudha saglaffaa keessa ture immoo gocha gadheefi hammeenyaan kan guutameedha. Akka ijootti namni kana raawwachiise Minilik yoo ta'u naannoon inni lola hammaataa itti bane baay'een Oromoota Muslimaati.

4.2.2 Lola Dirqamaan Kiristaanessuu Jaarraa 19ffaa

Lolli jaarraa sana keessa Oromoofi Muslimoota irratti geggeeffame baay'ee suukanneessaadha. Bara Yohaannis keessa dirqiin kiristaanessuu ture dubbachuun dhala namaatti ni ulfaata; namni bal'inaan hubachuu barbaade kitaaba Ahmaddiin Jabal haa ilaalu. Armaan olitti murtii wal ga'ii Booruu Meedaatiin qofa namoota dirqiin Kiristaana ta'an ibsineerra. Yohaannisiifi Minilik achitti wal ga'anii waa'ee amantii Ortodoksii irratti mari'atanii turan. Akka maddi seenaa dubbatetti Muslimoonni kumni digdamni (20,000) Kiristaana fudhachuu diduu isaaniitiin bakka tokkotti wareegamaniiru. Warra gara Suudaanii baqatan keessaa kuma sadii ol akka dadhabanii karaa irratti kufanii nyaataafi dhugaatii dhabanii du'an maddi seenaa gabaaseera.

Yohaannisiifi Minilik yeroo lammataa Caamsaa 25/1878 Booruu Meedaatti wal qunnamanii ammas waa'ee amantii Ortodoksii irratti mari'atan. Caamsaa 29/1878 walgahii "Kora Booruu Meedaa" jedhamu eegalan. Wal gahii kanarratti namni biyyattii keessa jiraatu hundi

amantii Kiristaanaa qofa akka qabatu jedhee Yohaannis labsii labse. Haaluma kanaan

1. Namni Ortodoksii hin taane kan taayitaarra jiru yoo amantii isaa jijjiiree Kiristaana hin taane taayitaa irraa akka ka'u,
2. Muslimni hundi waggaa 3 keessatti Kiristaana akka ta'an,
3. Waaqeffataanis waggaa 2 keessatti Kiristaana akka ta'u … labsame.

Labsii kanaan booda rakkinni hangana hin jedhamne ummata Muslimaafi Oromoo irratti raawatame. Namoota dirqiin Kiristaanessuun, kan dide immoo ajjeesuun itti fufe. Kumaatamni biyyaa bahanii kumaatamni ajjeefaman.

Yohaannis murtii isaa hojiirra oolchuuf jecha gara jabeenyaan Oromoofi Muslimoota Wolloo lubbuu baasaa, arraba muraa, qe'ee handhuurri isaanii itti awwaalamte irraa buqqisuun ari'aa, akkanuma cubbuufi hammeenya adda addaa irratti raawwate. Kaayyoon Yohaannis amantii Waaqeffannaafi Muslimaa hiddaan buqqisee balleessuun Amantii Ortodoksii baballisuuf ture. Bara cinqiifi roorroo Yohaannis san, filannoon ummata Wollootii akka carraatti kennameef dirqamaan amantii Ortodoksii fudhachuu ykn biyya gadi dhiisanii deemuu qofa waan tureef, Muslimoonni Wolloo gariin gara Kaabaa, Kibbaafi lixa biyya amma Itoophiyaa jedhamtee Minilikiin hundeeffamtee keessa faca'anii

amantii Muslimaa barsiisuun kan dur caalaa biyya amantiin hin seenin hunda akka wal gahu taasisan. Gariin immoo biyya Sudaan deemanii "Mahadistoota" wajjin ta'anii Yohaannisitti duuluudhaan bitootessa 9 bara 1889, Yohaannisiin, ilma isaatiifi aangawootii isaa Matammaatti morma irraa ciranii ajjeesan. Booda mataa isaan hundaawuu fuudhanii sirbaa, ililchaa Sudaanitti deebi'anii morma isaanii addabaabaayii magaalaa Kaartuumitti akka fannisan seenaan ibsa. Yohaannis kana malee, Misiyoonota amantii Kaatolikii barsiisan walitti qabee gara amantii Ortodoksiitti yoo kan hin deebine ta'e, akka Affaarotaafi Oromootaa kan ajjeefamtan ta'uu beekaa jechuun itti tirtiruu isaa "Caulk" namni jedhamu barreessee jira.[1]

Lolli guddaan biyya wal ga'e garuu isa kan Minilik ture. Mormiin isa dura dhaabbattes yeroo kan isaatiin madaalamtu ga'umsa homaa hin qabdu ture. Mootii humna kolonii warra Afrikaa qoqooddataaruu waliin hariiroo gargaarsaa qabu fuuldura dhaabbatan. Amaarri yeroo sanatti Awrooppaa bakka bu'ee sabaafi sablammii baha Afrikaa koloneeffachuufi kiristaanessuu dirqama fudhatee ture. Gargaarsa kanaatiif Awrooppaan Minilikii waliin dhaabatanii kaayyoo kiristaanessuu bakkaan gahuuf meeshaa dhukaasaatiin gargaaran. Ummanni fuuldura isaa dhaabate hawaasa aadaan jiraatu, meeshaa

1 የዉኅና ድርሰቶችና የታሪክ እውነቶች ፣ ታቦር ዋሚ፣ 2006 አ/አበባ hiika Muhammad Sayyid fuula 231 – 232 irraan fuudhe.

lolaa eeboofi guraadee malee kan hin qabnetu kolonii Amaaraa mormuuf ka'e. Garuu hundi isiituu booda lolli bal'aan naannoo waggaa 25 (1865 – 1890) geggeeffamee dhiiga lammii Oromoofi Muslimaa baay'ee dhangalaastee harka kennite. Isaan keessaa gabaabinaan hanga ta'e haa tuqnu:

4.2.2.1 Dirqamaan Kiristaanessuu Naannoo Harar

Bara 1887 Minilik loltoota isaatiin meeshaa Xaaliyaaniifi Faransaayiitiin mootummaa Islaamaa Harar dadhabduu kan yeroo hunda nageenya labsituun lole. Ummata Harar harka dhukaasa xiqqoo kan Misra achitti dhiise qofatu jira.

Lolichi bakka "Calanqoo" jedhamu dhiha magaalaa Hararitti argamu keessatti geggeeffame. Lolattiin Muslimoota Oromoo biratti "Calii Calanqoo" jedhamtee beekamti. Kan itti fedhame ajjeechaa, barbadeessuufi gubuun baay'achuu irraa kan ka'e calanqoo dhabamsiiseedha. Amiir Abdullaahiin erga injifatamee gara Ogaaden baqatee ilmi abeeraa (wasiila) isaa bakka isaa bu'e. Innis osoo hin turin shaaramee Shawaa keessatti hidhame. Minilik deeggartoota isaa irratti rakkoo hangana hin jedhamne dhaqqabsiise.[1] Yeroo ammaa kana siidaan yaadannoo ummata Harar kan calanqoo irratti humna waraana Kiristaanaatiin wareegamee ijaarameera.

---

1 Islaama Itiyoophiyaa keessaa, Tirminghaam fuula 129
Islaama Habashaa keessaa, Yuusuf Ahmad fuula 45-46.

4.2.2.2 Dirqamaan Kiristaanessuu Naannoo Hadiyyaa

Hadiyyoonni Oromoo ta'uu baatanis saba Kuush keessatti ramadamu. Isaanis warra dirqamaan Kiristaana gochuun isaan mudateedha. Hogganaan isii yeroo sanaa Imaam Hasan Anjaamoo ture. Kaaba biyyattii irraa dhufe. Qabsaa'aa humna kiristaanotaa homaa hin sodaanneedha. Of danda'ee dhimma naannoo isaa hoggana ture. Minilik naannoo isaa of jala seensisuuf ittiin lole. Erga yeroo baay'ee weerara isaa fuuldura dhaabatee injifatame. Waggaa 14 fuuldura weerara isaa dhaabate. Booda humni itti baay'annaan injifatame. Hoggantoota lamatu loltoota isaanii waliin itti dhufan. Isaanis Goobanaa Daacceefi Fiit Awraarii Habte Goorgis ture.

Dachiin hoggansa isaa turte bara 1889 – 1928tti amiira dhumaatiif kenname. Ergasii hanga bara 1936tti ministeera lolaa Mulugeetaatti kenname. Sana booda hanga Hayle Sillaaseen bara 1974 kufutti kutaa biyyattii taate.

Hasan Anjaamoo yeroo injifatamu Jimmaa Abbaajifaaritti baqatee ture. Booda osoo achirraa deebi'uu karaarratti du'e.[1] Kaayyoon deebii isaa humna mormii qopheessee

1 Sirna Abbaa Lafaafi Jalqaba Kaappitaalizmii, Dr. Laaphisoo fuula 192.
Seenaa aalimootaafi waliyyoota Habashaa, sheekh Umar Wolanii fuula 49- 51.

Kiristaanota Amaaraa of irraa deebisuuf ta'uutu mala. Garuu Rabbiin kana hin murteessine.

4.2.2.3 Dirqamaan Kiristaanessuu Naannoo Guumaa

Mootummaan Guumaa yeroo sanaa Sulxaan Abbaagomol ture.[1] Bara 1328 Hij lolli dhumaa jidduu sulxaanichaafi Dajjaaz Garasuu[2] hogganaa lola Minilikitti uumame. Muslimoonni isii keessatti mootiin isaanii wareegame. Ilmaan biyyattii namoonni filatamoon kumni jahas wareegaman. Lolichi silumaa lola wal gitu hin turre; waraanaafi guraadeedhaan dhukaasa ibiddaa fuuldura dhaabatan. Booda lolichaatii haati iyyeessaafi yatiimonni sakaalamanii loltoota Kiristaanaatiif gabroota godhamanii oofaman. Carraan mana mootichaallee kanaan adda hin turre. Intala Sulxaan Abbaa Joobir tokko dirqiidhaan kafarsiisanii maqaa Ballaxshaachew Abbaa Joobir jedhu

1 Abbaan Gommool maqaa farda isaa gurraachaati. Tirminghaam biratti abbaa Jabiir jedha. Inni ilma Gaawaa mootii Guumaati. Sababa daldalaa Muslimootaa warra Shawaafi Gondor irraa dhufaniin wal qunnameen islaama'e. Guumaan mootummaa cimtuu naannoo Gibeetti argamtu keessaa tokko turte. Abbaan Gommool Khaadima Harama Madiinaa irraa barreeffama kallattiin ergameef qaba ture. Kanaan maqaa Islaamaatiin mootii Amaaraatiin lolaa ture. Waggaa lama lolee dhumarratti injifatame." Islaama Itiyoophiyaa Keessaa, Tirminghaam fuula 202.

2 Namni kun maqaan isaa sirriin Raas Darasuu isa hogganaa lola Taklehaymaanoot Goojjam natti fakkaata. Namni lola Guumaa waliin geggeesse isa ture. Hogganaan lola Minilik gara Kibbaa dhufe Goobanaa Daacceeti malee Garasuu hin turre.

moggaasaniif. Ibiddi qalbii ummata Guumaa nyaataa ture. Finfinnee keessa mana yaalaa maqaa isiitiin moggaafametu fuuldura hoteela Di Afrik ture.[1] Akka manguddoon gariin dubbatanitti isiin khaadima Abbaa Joobir turte male intala isaaniitii miti; booda Amaarri collummaa isii arganii ilmaan Abbaa Joobir caalte jechuuf maqaa Ballaxshaachew jedhu moggaasaniif.

4.2.2.4 Dirqamaan Kiristaanessuu Naannoo Arsii

Arsii keessatti mormii cimaatu (1890 – 1894) Minilikiin mudatee ture. Yeroo sadii weerara Minilik of irraa deebisanii turan. Afraffaa irratti ganuudhaan ummata keessa namoota gantuu seensisee karaa loltoota isaa kan hoggansa Raas Daargeetiin jiruuf mijeessinaan bara 1894 isaan injifate. Arsiin kuftee dhiiga lammii isiirra mootiin Amaaraa dhaabbate.

Lolli Minilikiifi Oromoo Arsii jidduutti geggeeffame waan baay'ee garaa nama raasuudha. Oromoota naannoo kuma dhibbaatu lola kanarratti wareegame. Lola guyyaa tokkichaa kan Oromoonni 12,000 dhume seenaan gabaaseera. Waa'ee weerara Arsii irratti godhame dubbisee osoon hin boo'in bira taree hin beeku. Waan baay'ee na boochise kana isinis mee dubbisaa: "Minilik gara Arsii deemee ture. Hanga yeroo sanaatti Arsiin hin

1 Yaadannoo Sheek Muhammad Saafii Abdurrahmaan hogganaa majlisa Itiyoophiyaa kan inni waa'ee Habashaa barreesse irraayi. Fuula 57 (barreeffama harkaati).

qabamne ture. Minilik naannoo Arsiitii midhaan ummataa saamee gara buufata isaatti guursisee gara Inxooxxoo deebi'e. Loltoonni Arsii erga waraana Raas Daargeetiin dhumanii booda humni ittisa Arsii ni kufe. Kana booda ummatichi mirga isaatiif deebi'ee fincila akka hin kaafne gochuufi ummaticha adabuu itti yaadanii dhiironniifi dubartoonni biyya Aanolee jedhamtu, kan Asallaa irraa gara Kaabaatti argamtutti akka walitti qabamaniif ajajni darbe. Ummatichi akkuma bakka sana ga'een karaa dhiphoo tokko keessa tokko tokkoon akka darbuuf Raas Daargeen ajaje. Dhiironni karaa dhiphoo sana keessa darban hundumtuu harki mirgaa akka irraa citu Raas Daargeen ajaje. Harki cite kunis saggoo namichaa irratti akka rarraafamuuf ta'e. Haaluma kanaan dubartoonni immoo harmi mirgaa isaanii citee gateettii isaaniitti rarraafame. Akkasitti Macci guddaan gara Aanoleetti yaa'an hundumtuu harka mirgaafi harma mirgaa dhabanii dhiiga isaanii akka bishaaniitti lafa lolaasaa, boo'ichaafi wawwaannaa guddaadhaan gara qe'ee isaaniitti deebi'an. Kunis harka muraa Aanolee jedhamee waamame."[1]

Ummatichi haala kanatti roorroo Amaaraafi Kiristaanaa dachii, sabaafi amantii isaa irraa deebisaa ture.

Kan armaan olitti dubbanne kun amantii Ortodoksiifi

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 140.

sochii Amaaraa ture. Inni humnaafi roorroodhaan baballachuuf yaaluun isaa shakkii homaa hin qabu. Kiristaanonni biroo kan akka Kaatolikii, Pirootestaantii, Makaana Yesuusiifi kkf haala kamiin biyya keessa akka seenan immoo gabaabinaan haa ilaallu. Warri kun yeroo dhiheenyaa jaarraa kudha saglaffaa keessa Awrooppaa irraa seenuun isaanii shakkii hin qabu. Kallattiin isaan ittiin seenanis kiristaanessitoota Awrooppaafi Amerikaatiin ture. Kaatolikii qofatu jaarraa kudha jahaffaa keessa biyya Amaaraa seenee ture. Garuu innis yeroo sana baballachuu gonkumaa hin dandeenye. Dhuma bara Faasilidas keessa guutummaan biyyarraa badaniiru. Sababni isaas jalqaba jaarraa kudha jahaffaa Porchugaaliin Itoophiyaa seenuudhaan erga kiristaanotuma wal lolchiisuudhaaf sababa taatee wal dhabbiin jidduu hordoftoota amantii Awrooppaa dhufeefi hordoftoota Ortodoksii biyya keessaa jidduutti argamee Kaatolikiifi Pirootestaantiin sochii isaanii mirga guutuun geggeessuu hin dandeenye. Garuu yaaliin hin dhaabbanne ture. Sochii isaanii ilaalchisee qorannoo Dr. Abdallaa Kadir irraa hanga ta'e armaan gaditti isiniif dhiheessuu yaaleera.

Bara 1819 Dh.K.B dhaabbanni bataskaana Pirootestaantii Gibxotaan walii galtee Misra keessatti gaazeexaa Afrikaa bahaa keessatti Wangeela baballisuu dhaamu maxxansite. Garuu sababa wal morkii jidduu hordoftoota Yesuusiifi Pirootestaantiitti argameetiin fashale. Kanuma

waliin namoonni dhufuun hin dhaabbanne. Bara 1878 Dh.K.B keessa walakkaa Itoophiyaa dhaqqabanii biyya Oromoo keessa qubatan.[1]

Sochiin kiristaanessuu sana booda ture hamilee cimaa qaba ture. Lakkoofsa armaan gadii ariitiidhaan ilaaluun hanga sochii kiristaanessuu turee nuuf ibsa.

Bara 1935 lakkoofsi kiristaanessitootaa nama dhuunfaa 180 ture. Garuu walakkaa jahaatamootaa keessa lakkoofsi isaanii gara 900tti ol guddate.

Sochiin warra kana hundaatuu warra Bataskaana Ortodoksii Itoophiyaa hin hordofnetti deebi'e. Haylesillaaseen August bara 1944 Dh.K.B haasawa isaa keessatti hojii kiristaanessitoota biyya alaa murteessee ni jedhe: "akka kiristaanessitoonni ummata Itoophiyaa haala Kiristaanaa sila jiran irraa jijjiiruutti qabsoo hin goone abdiin qaba. Jiraattota irraa saba Kiristaana hin taane irratti xiyyeeffachuutu dirqama ta'a."[2]

Gareen biyya alaa kan jalqaba ergaa Kiristaanaa fuutee biyya seente kaatolikii Roomaa turte. Namoonni isii hordofan dhuma jahaatamootaa keessa 130,000 ture.[3]

---

[1] Weerara Aalama Islaamaa Irratti Geggeeffame, Shaatilee, f. 15-16

[2] Ragaa Itiyoophiyaa Kiristaana, Yunivarsitii Ameerikaa bara 1971 fuula 254. Area hand Book A.U. 1971 P. 254

[3] Madda tare.
Ammas "Itiyoophiyaa, ummata isii, aadaafi hawaasa isii" kan Leepiskii fuula 130 ilaali.

Isiitti aanee bataskaana Injelikaaniiti. Isiin damee ergamtoota Sudaaniiti. Lakkoofsi hordoftoota isii 125,000 gaha ture. Isiitti aanee Makaana Yesuustu dhufe. Isiin biyyoota hedduu kanneen akka Iskaandaanaafiyaafi Jarmanii, garee Li'otraan Ameerikaa waliin hojjatti. Lakkoofsi hordoftoota isii walakkaa jahaatamootaa keessa 60,000 ta'a.

Dameen Pirootestaantii kan biroo kan akka "Baayinaal" isiin bataskaana Barsiisaariyaan Amerikaa bakka buutu ni jirti. Isiin hordoftoota 15,000 qabdi. Ammas bataskaanni Wangeela Eertiraa kan bataskaana Siwiidiiniin wal gargaartu ni jirti. Isiin hordoftoota 500 qabdi. Bataskaanni Falaadilfiyaatis ni jira. Isiin hordoftoota 6000 qabdi. Ammas bataskaana guyyaa torbaffaa (seventh day adventist) ni jira. Isiin hordoftoota

---

Kun jahaatamoota keessa ture. Afurtamoota keessa immoo barreessaan Xaaliyaanii tokko 85,000tti isaan tilmaame. Akka armaan gadiitti naannoo irratti qoqoode. Eertiraa 40,519, Wolaamoo 20,000, Tigraayii 2,724, Kafaa 6000, Amaaraa 75, Jimmaa 10718, Dasee Wolloo 150, Harar 2388, Shawaa 2500 ture. Dimshaashni 85,374. Waggaa digdama keessa 20% dabalate.

Maddi isaa: Islaama Itiyoophiyaa keessaa, Triminghaam fuula 29-30. Kun "Anual Dell Africe Haliana III 1940 P.713-20" irraa fuudhame.

Lakkoofsi kaatolikii kun erga jahaatamoota keessa 130,000tti ol ka'ee torbaatamoota keessa gara 20,000tti gadi bu'e. Sababni isaas dhiibbaa Sooshiyaalizmiin Kiristaanota biyya keessaarra kan alaa seenan irratti uume agarsiisa.

Insaayikiloopidiyaa Biritaanikaa 5/978 ilaali.

1000 qabdi. Walumaa galatti hordoftoonni Pirootestaantii damee isii hunda keessa jiru 227,000 caala. Ortodoksiitti aanee bal'ina guddaa kan qabu isiidha.

Kun jaarraa digdammaffaa jahaatamoota keessa ture. Torbaatamoota keessa immoo komminizmii Maarkis waliin wal danqaran. Garuu akkaataan ikoonoomii jijjiiramuun, rakkinni argamuun, carraa guddaa isaaniif argamsiise. Achumaan maqaa gargaarsaatiin ergamtoonni isaanii deebi'an. Gabateen armaan gadii kanaaf ragaa ifaadha.

Maqaa ergamtootaa	Lakk. Hordoftootaa bara 1981	Lakk. Hordoftootaa bara 1989
Jecha afuuraa	1,000,000	2,000,2000
Adventistii	35,295	78,739
Baabtistii	40,000	Lakk. isii hin argamu
Daa'ima waggaa 12 gadii (hordoftoota sadan taranii)	268,824	
Makaan iyyesuus	521,824	87,388
Kaatooliik	560,000	Lakk. Isii hin argamu
Hundee Yesuus	22,000	40,000
Kan biroo	42,000	Lakk. isii hin argamu
Dimshaasha	2,468,824	3,272,989

Gabatee: Lakkoofsa hordoftoota Kaatoolikiifi Pirootestaantii bara 1981 fi 1989[1]

Waldaaleen kunniin koree ministeerri barnootaa to'atuun hogganamti. Ministeera alaafi keessaatiin gorfamti. Mootummaa Itoophiyaatiin deeggarsa argatti. Mootummaadhaaf immoo tajaajila akka mana barumsaafi hospitaala baballisuu bakka barbaachisutti dhiheessuu qabu.[2]

Dirree amma dubbanne hundattuu fayyadamaniiru. Keessumaa dirreen barumsaa adda ture. Barumsa ammayyaa bataskaanni Ortodoksiifi barumsi Islaamaa Itoophiyaa keessatti argamullee namootaaf dhiheessuu hin dandeenye waan ta'eef isatti fayyadamaa turan.[3]

Ergamtoonni kiristaanessitootaa carraa kanaafi barumsa ammayyaatti haajomuu namootaatti fayyadaman. Mana

[1] Maddi isaa 'Sirna Abbaa Lafaafi Kaappitaalizmii Itiyoophiyaa Keessaa, Dr. Laaphisoo Deleebboo fuula 109-110. Lakkoofsi hordoftootaa yeroo hundaa akka dabalaa turan akeeka. Bara 1989 naannoo miliyoona sadii gahaniiru. Kun garee biraa hin dabalatu. Garee Kaatolikiifi Pirootestaantii qofa. Lakkoofsi isaan dhiheessan garuu akka itti dabalan beekamaadha.

[2] 2nd Area Hand Book For Ethiopia, American University, 1970 P. 230-31

[3] Sirna Abbaa Lafaafi Kaappitaalizmii Itiyoophiyaa keessaa, Dr. Laaphisoo: 100.

barumsaa baay'ee uumanii isa keessatti barumsa ammayyaafi Wangeela barsiisu ture.[1]

Jalqaba jahaatamootaa keessa lakkoofsi mana barumsaa kiristaanessitootaa 100 ol turte. Hundinuu Amerikaa, Xaaliyaanii, Ispeen, Porchugaal, Siwiidiin, Norwey, Faransaayii, Ingiliziifi Jarman jala turan. Lakkoofsi barsiisota manneen barumsaa kanaa kuma sadii ol ture. Baay'een isaanii qeesotaafi monokseedha.[2]

Tajaajilli kiristaanessitoonni kun sochii kiristaanessuu Itoophiyaa keessaatiif godhan beekamaan Wangeela afaan naannootti hiikuudha. Sababni isaas kiristaanessitoonni garaa garummaa afaanii biyya keessa jiru hubatanii akka ummanni Wangeela Ortodoksii hubachuu hin dandeenye baran. Dhaabbata bataskaanaa lamatu hiika kana hojjatte. Isaanis: dhaabbata Wangeela aalamaafi dhaabbata kiristaanessitoota Dhihaati. Hojichi qabeenya, yeroofi humna guddaa wareeguu gaafata. Waldaaleen kunniin kana hundaa ni hojjatte. Yeroo jidduu 1925 – 1935 Dh.K.B keessatti gosa Wangeela 151,770 gara afaan sagal naannoo keessatti argamuutti hiikte.

---

[1] Madda tare 110.

[2] Afrikaa magariisa, Dr. Muhammad Naasir Al-abuudii, 192. Muslimoota hacuucamoo Itiyoophiyaa keessaa, Muhammad Alhaashimii fuula 37.

Gabaatee armaan gadii ilaali.

Bara maxxansaa	Afaan	Baay'ina isaa
1825-1833	Amaariffa	10,016
1890-1915	Amaariffa	18,560
1917-1935	Amaariffa	89,487
1883	Bileeniffa	300
1887-1908	Afaan Oromoo	10,587
1935	Afaan Oromoo	3,000
1890	Tigree	1,000
1928-1933	Tigree	7,500
1901	Tigrenyaa	5,000
1935	Tigrenyaa	3,000
1929	Kunaamiffa	1,070
1934	Sidaamiffa	750
1935	Goofaa	750
1935	Hadiyyifaa	750
Walii gala afaan sagaliin		151,770

Gabatee: Afaanolee Itoophiyaa kan dhaabbanni Wangeela aalamaa bara 1925 -1935 Dh.K.B Wangeela itti hiikte bara inni maxxanfameefi baay'ina isaa[1]

[1]Maddi: Sirna Abbaa Lafaafi Kaappitaalizmii Itiyoophiyaa Keessaa: Dr. Laaphisoo fuula 11

- The foundations Of Education In Ethiopia. R. Pankhurst (1962)

Walumaa galatti amantiin Kaatolikiifi Pirotestaantii adda addaa biyya keenya keessatti kallattii tajaajila adda addaa ummataa kennuutiin baballate. Yeroo baay'ee ummata beela'eef nyaataafi Wangeela, kan dhukkubsateef woldhaansaafi Wangeela, kan rakkateef immoo qarshiifi Wangeela kennuudhaan namoonni amanticha akka fudhatu godhaa turan. Akkasuma yeroo ummatatti siqatan amala gaaromfatanii ittiin gara amantii isaaniitti waamu turan. Warra bebbeekamoo immoo taayitaa isiniif kennina jedhanii waadaa seenaniifii amanticha fudhachiisu. Sababa kana qondaaltota baay'ee amantii kana fudhatan uummataniiru.

Garuu haala kanaan Muslimoota baay'ee argachuu hin dandeenye. Kan Muslimootaa immoo piroojektii addaa itti qopheessaa turan. Kanaafuu Mr. Balas abbaan kitaaba "Piroojektii Kiristaanessuu" jedhuu ykn "Walii Gala Yaada Kiristaanessuu" jedhamuu Islaamni adeemsa kiristaanessuu kana irratti rakkoo ta'uu akeekee ni jedhe: "Amantiin Islaamaa gufuu guddaa ummata Afrikaa kiristaanessuu fuuldura taa'eedha. Diinni keenya inni guddaan Muslima qofa. Sababni isaas Wangeela baballisuun kallattii wallaaluma ummataatiin, amantii dhabuu isaaniitiin ykn wal dhabbii kiristaanotaa ykn warra Kiristaana hin ta'iniitiin waan isa faallessu guddaa hin qabu. Akkuma kana Arabni warri gabricha daldaaluuf biyya keessa deemanis diina keenya guddaa

miti. Faallaan nuun falmu guddaan sheekii warra Afrikaa keessatti dhagahamtii qabaniidha."[1]

Qees Saamu'eel Zuweemir abbaan gaazeexaa "Aalama Islaamaa" karoora Muslimoota kiristaanessuu ibsee ni jedhe: "kiristaanessitoonni biyya Muslimaa keessaa waan ittiin adda ta'an lama qabu. Isaanis:

1. Jalqaba isaanitti fakkeessuu

2. Ergasii diiguudha. Jecha biraatiin hiikanii hidhuu jechuudha. Kiristaanessitoonni Pirootestaantiifi Kaatolikii amantii Islaamaa Muslimoota irraa fageessuu dadhabuun isaanii shakkii hin qabu. Kun kan inni hojjatamuu danda'u yaada Afaan warra dhihaa waliin dhufu qofaani. Kanaafuu afaan Ingiliffaa, Jarmanii, Hoolaandiifi Faransaayii baballifamuu qabu. Islaamni barreeffama Awrooppaatiin ibsama. Islaamni akka meeshaan qaroomu godhama. Kiristaanessitoonni akka dubartoonni yaada amantii Islaamaa kan maalummaafi humni isii ittiin tikfamu diigdu mijeessuuf.

Yaada kana bal'inaan ibsee ni jedhe: "ummata aalama Islaamaa kanaaf haalliifi akkaataan biraa mijeeffamnaan haalaafi akkaataa isaa gadi dhiisaa hin yaadinaa. Yaada Islaamaa irraa suuta dadhabaa deemuun, hanqinniifi badiinsi isa hordofu akka ruuhiin amantii bu'uura isaa irraa badu taasisa. Yaanni bu'aa hojii kiristaanessitootaa

[1] Aalama Islaamaa weeraruu, Shaatilee fuula 15.

inni walakkaa karoora lammaffaa, diiguun, hanga fedhe wal dhabus, amantii Islaamaa dhabamsiisuun adeemsa leenjii kiristaanessuu keessatti dirqama.[1]

Sababni isaas Islaama qalbii Muslimootaa keessaa baasanii amantii Kiristaanaa bakka buusuun salphaa waan hin taaneefi. Jalqaba diiguun dirqama ta'a. Innis suutaan akka jibbaan kiristaanotaa keessumaa kan warra biyya alaa irraa baduuf Muslimootatti dhihaachuu, bifa hawaasaatiin isaanitti makachuu, yaaddoofi rakkoo isaanii waliin qooddachuudhaan malee hin ta'u.[2]

Ammas amantii Kiristaanaa dirree baasanii dhiheessuun gaarii miti. Yaada biroo keessaan raabsamuu isiitu gaariidha. Kun immoo erga yaada Islaamaa diiganiiyyi ta'a. Bu'aan nuti eegnu hawaasa Kiristaanaa haarawa jidduu Muslimootaatti argamsiisuu miti. Kan fedhame hawaasa duudhaafi amala Islaamaa irraa gadi bu'ee amala Islaamaa kan adda isa godhu dhabe uumuudhaan sana booda yaadaafi amantii kamuu qeebaluun akka mijaa'u gochuudha.[3]

Dursa kitaaba "Aalama Islaama Har'aa" keessatti yaadaafi gorsa adda addaa kan Muslimoota kiristaanessuun dirqama ta'uu ibsuufi kallattii sanaaf gaarii ta'e ibsuutu jira. Gorsi kunis kan armaan gadiiti:

---

[1] Madda tare fuula 8, 9.

[2] Kiristaanessuufi kolonii, Musxafaa Kaalidiifi Umar Farruukh, fuula 83.

[3] Ifaa sharii'aa, lakk. 13 bara 1402 ALH fuula 398.

1. Akka kiristaanonni Muslimootaaf diina hin taane isaan amansiisuu

2. Kitaaba Qulqulluu afaan Muslimootaatiin raabsuun dirqama ta'a. Inni hojii Kiristaanaa isa bu'uuraati. Gamtokkeen hojii kanaa raawwatameera. Fuula kitaaba qulqulluu miliyoona 46tu Bayruut keessatti maxxanfame.

3. Muslimoota kiristaanessuun ergamaa isaan irraafi hiriira isaanii keessaa ta'een ta'uu qaba. Muka kan muruu qabu dameedhuma isaati waan ta'eef.

Yeroo gara Itoophiyaa dhufanis tarkaanfiin isaanii kana ture. Muslimootatti keessumaa warra baadiyyaatti makachuun baay'ee rakkisaadha. Muslimoonni akka warri hospitaalaafi mana barumsaa ammayyaa ijaaru kun dhaabbata amantii kaayyoon isii namoota amantii isaanii irraa jijjiiruu ta'uu hin beekan. Osoo beekanii gargaarsa kamuu hin fudhatan ture. Garuu hojittiin suutaan deemti. Inumaa booda mishiniin biyya keessa turaniillee ilaalcha jibbaatiin ummanni isaan ilaala. Garuu yeroo tajaajilli hawaasaa kan mootummaa irraa hin argamne isii irraa argamuu eegalu namoonni isiitti siqachuu eegalan. Sana booda tajaajila isaanii kan mootummaa irra caalchisuun aadeffatame. Sababni isaas dhaabbanni mishinii amala gaariin isaan keessummeessa; haala gaariidhaan mijaa'ina qaba. Dabalata immoo namoottan qaroomaniifi matootii namootaa kan ittiin ummata qabatan irratti xiyyeeffatu. Odoma inni Muslima

jabaa amantii isaa seeraan qabatu ta'eyyuu amantii isaa dhiisuu isa hin gaafatan. Akka amantii isaa jibbanis isatti hin beeksisan. Warra kanaa waliin wanti isaan socho'uuf yaalan ummata tajaajiluu qofa. Ummanni bal'aan isaan hordofu akka dhaabbanni mishinii alaa dhufe kun matootii isaanii biratti jaallatamaa ta'e fudhata. Tasgabbaa'anii gara dhaabbata isii seenu. Inumaa sagantoolee isaan geggeessan irrattis ni hirmaatu. Booda walitti rigamuu kanaatii jallina kallattii qabeenyaatiifi hamileetiin dhufuun jijjiiramuun eegalama. Sana booda Muslimni ilmaan isaa isaanitti erguu dhiisuuf tooftaas ta'ee humna dhaba. Matootii naannoo keessaa namoota baay'eetu isa namoonni ilmaan isaanii erguuf wal dorgoman argee innis akka ilmaan isaa qaroomtuuf erginaan ilmaan isaa yeroo booda kiristaanomanii maqaa isaanii jijjiiranii arge. Yeroo dhimmichi dandeettii isaatiin ala ta'e homaa hojjachuu hin danda'u.

Yeroo biyyi sababa hoongee bara 1984 rakkatee naannolee Itoophiyaa baay'ee keessatti beelli uumamu mishiniin sochii isii kan duraan sababa dhiibbaa siyaasaa laafee ture deebiftee haaromsite. Naannoon beelaan tuqame baay'een naannolee Muslimaa waan ta'eef miidhaa baay'eetu amantii isaanii irra dhaqqabe.[1] Akka maatiin kumaatamni godaanu sababa ta'e. Bakka godaantotaaf qophaa'e qubatan. Achumaan dhaabbanni

[1] Siyaasaafi beela Itiyoophiyaa bara 1984-1985, Jason kilay bonnii, fuula 157

bataskaana addunyaa isaan simattee nyaataa waliin Wangeela dhiheessiteef. Daa'imman kumaatama gara bakka qubannaa daa'immanii geessitee akka kaatolikii ykn pirootestaantii ta'anii guddataniif isaan barsiifte. Rakkochi itti caalee mootummaan komminizmii diktaatoorii amantii Kiristaanaas dabalatee kamuu hin kabajne gara sekkulaarizmii isa amantii hundaaf mirga kennuutti jijjiirame. Achumaan dhaabbanni kiristaanessitootaa guyyaa guyyaatti dabaluu eegalte. Biyyattii keessa naannoo dhibbaa geesse. Akka duraaniitti kaayyoo kamuu duuba dhokachuu ni dhiisan. Konkolaataan mallattoo masqalaatiin sochootu Finfinnee keessa baay'atte. Namni kana ilaale Itoophiyaan to'annaa bataskaana aalamaa jala jiraatti jechuu yaada.

Haala kanaan naannoo Muslimoota Itoophiyaa keessa hanga ta'e seenuu danda'an. Garuu namoonni Muslimoota irraa amantii kanatti deebi'an baay'ee xiqqoodha. Baay'een warra amanticha fudhatee naannoo duraan amantii duudhaa irra tureedha. Waaqeffataanis baay'inaan amantii kana fudhachuu ni didan. Gara boodaa kana amantiin Pirotestaantii haala cimaan baballatee argama. Oromoota keessas haaluma kanaan seenuu danda'e.

4.2.3 Oromoonni Akkamitti Muslima Ta'an?

Yaanni warri seenaa hunduu walii galan tokko Muslimoonni jaarraa 16ffaa booda biyya kana keessatti lola beekamaa tokkollee hin geggeessine. Lolli ture

baay'een isaa humna nafxenyaa of irraa deebisuudha. Dhugaa dubbachuuf yoo ta'e Muslimoonni biyya kana keessatti bara kamuu lola mirga ofii irraa deebifachuu malee guyyaa tokkollee mirga namaatti darbanii nama hacuucanii hin beekan. Kan warri Habashaa yeroo hunda akka weeraraatti labsan lola Imaamu Ahmad bin Ibraahiim Algaaziiti. Lolli kamuu gocha suukanneessaa qabaachuun beekamaa ta'us kan inni lole hacuuccaa bara dheeraa kan jaarraa 13ffaa hanga 16ffaatti ture ofirraa faccisuun ala kaayyoo biraa hin qabu ture. Mootolee Amaaraa kan hidda Salamoonawaa ofiin jedhu warra bara dheeraaf masjida gubee, Muslimoota hanga danda'an gabroomfatan, dachiifi qabeenya isaanii saamaa turan qehee isaanii dhaqee itti duule. Aarii hacuuccaafi masjida gubaa duraan turee Muslimoonni gariin bataskaana hanga ta'e gubanii turan. Kun gocha sirrii miti. Yaada kanaan alaa immoo namni sammuu qabu kamuu ni deeggara. Garuu ijji jibbaan guutame dhugaa arguurra garee isaa deeggaruu filata waan ta'eef kana ummata amansiisuuf yaaluun bu'aa dheeraa hin qabu. "Egaa ummanni Muslimaa jaarraa kudha jahaffaa booda humna qabaatanii lola cimaa hin geggeessine hoo akkamitti Oromoonni harki caalu jaarraa kana booda Islaama ta'an?" gaaffiin jedhu sirriitti hubatamuu qaba.

Kana ilaalchisee qabxiin guddaan hubatamuu qabu jaarraa kudha jahaffaa duras Oromoota baay'eetu Muslima turan. Oromoonni jalqaba Islaamni biyya keenya

seene irraa kaasanii Islaama fudhachaa dhufuun shakkii homaatuu hin qabu. Garuu yeroo akkanaa Islaama fudhatan jedhanii daangessuun namatti ulfaata. Haata'u malee Oromoon amantii Islaamaa kan qabatan guyyaa keessaa miti. Jalqaba dhufiinsa amantii Islaamaa irraa kaasee fudhatan.[1] Triminghaam yaada armaan gadii dubbateera: amantiin Islaamaa kaaba Itoophiyaa keessatti babal'achuuf carraa guddaa kan argate jaarraa 10ffaa kaasee hanga 12ffaa tti akka ta'e ifa godha.[2] Qorataan seenaa Muslimaa beekamaan Huseen Ahmad immoo Amantiin Islaamaafi Madrasaan gara Walloo Bahaa kan seene jaarraa 9ffaa keessa akka ta'e ifa godheera.[3] Dr. Abdushakuur yaada armaan gadii dubbataniiru:

Biyya Habashaa keessaa naannoon jalqaba sahaabonni hijraa itti bahuudhaan sahaabaadhaan wol simatte naannoo Kaabaati; naannoo qarqara galaana Diimaa gara dhihaarratti argamtu (Eertiraa, Affaar, Tigraay) dha.

Haa ta'u malee amantiin Islaamaa amantii addunyaa guutuu waan ta'eef da'awaan sahaabotaa naannoo san qofa irratti hin daangeffamne; gara ummata naannoo san jiraatanii hundatti dabree jira. Ummata naannoo sanii keessaa tokko ummata Oromooti; Oromoon yero san baay'inaan kibba biyyattii keessatti argamu turan.

---

[1] Seenaa Muslimoota Itiyoophiyaa, Amaan Guddataa Fatoo, f.52

[2] J.S. Trimingham, 1952, f.63

[3] Huseen Ahmad, 1988

Ummanni Oromoo ummata yeroo san amantiin dhaqqabe tahuu irratti ragoota hedduutu jira. Isaanis:

1. Masjidoonni bara dheeraa turan Oromiyaa naannoo adda addaa keessa jiraachuu, gariin isaa kan sahaabaati jedhamee waamama. Fakkeenyaaf masjida naannoo "Shawaa" keessatti argamu kan maqaa sahaabaatiin waamamutu jira.

2. Naannoo "Harar" keessa gaara maqaa sahaabaatiin waamamu "Asaboot" jedhamee beekamutu jira.

3. Naannoo "Baalee" keessa masjidni barri ijaarsa isaa irratti barreeffamee jiru kan waggaa 460 Hij ni argama. Kana jechuun waggaa 972 dura ijaarame jechuudha. Masjidni kun "Masjida Doobbii" jedhamee beekama jechuu Dr.Jeylaan Kadiir naaf himanii jiran.

Kana qofa osoo hin taane hambaaleen seenaa kan Islaamummaan akka jalqaba dhufteen ummata Orommo keessa faffaca'uu agarsiiftu hedduutu jira.

Haa ta’u malee sababa beektonni Islaamaa hedduun lola keessatti dhumaniif wollaalli faca'ee beekumsi awwaalamee waaqeffataa tahuun jidduu ummata Oromootti babal'ate.

Hanbaan beekumsa Islaamaa jidduu Oromoo Booranaa fi gosa “Gabra” keessatti muldhatu kanaaf ragaadha. Kun immoo warroota Islaamummaan ummata Oromoo

keessa yeroo dhiheenyaa seente jedhu ni faallessa.[1]

Wanti haasaa beektolee armaan olii irraa hubannu Oromoonni baay'een jalqabuma Islaamni biyya keenya seenan irraa kaasanii suutaan Islaamummaatti seenuu isaaniiti. Inumaa yeroo sahaabonni gara Kaabaa dhufan ummanni Oromoo hangi ta'e naannoo sanas akka turan warri seenaa Kuush qoratan ni dubbatu. Akka kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa keessa jirutti Oromoota baay'eetu naannoo sana ture. Mootichi mataan isaa Oromoo ta'uutu mala tilmaama jedhu dhiheesseera. Garuu namni dubbiifi gocha mootichaa qorate ummata afaan Seem dubbatu irraa akka ta'e hubata.

Kana booda gaaffiin guddaan deebii argachuu qabu ummanni Oromoo akkamitti Islaama fudhate kan jedhuudha. Ibsa kana jecha Obbo Asmeen dubbannee dabarsine deebifnee ilaaluudhaan haa jalqabnu:

[Oromoon] inni hafe Kiristaana ta'uu irra Islaama ta'uu filata ture. Kunis sababa Amaara jibbeef. Phaaphaasonni, qeesonni, daaqunoonni Amaaraa hundumtuu gaallaa hin jaalatan turan. Kiristaanummaan abbaa isaatiif malee hin ta'u jedhanii barsiisu. Kana jechuun abbaan amantichaa Amaara. Kanaafuu Kiristaana ta'uu kan danda'u Amaara qofa jechuudha.[2]

---

1 Dr.Abdushakuur Muhammadamaan, Hal-ta'arifu Sha'aba Oromoo Al-Muslim? (kan hin maxxanfamin). Ani kitaaba Amaan Guddataa fuula 55-56 irraan fuudhe.

2 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, fuula 118

Akka jecha kanaatti ummanni Oromoo osoma amantii Kiristaanaa seenanii hin ilaalin amala warri amantichaan deemu qabu arguudhaan amanticha jibban. Warri amanticha labsu ogga inni dachii isaanii saamu, isaan gabroomsu, dachii ummata bal'aa fuudhee bataskaanaa dhuunfisu, yoo amanticha fudhattellee fudhatama sirraa hin qabu jedhamu, barattus qeesii ta'uu hin dandeessu jedhu argan akkamitti amanticha fudhachuu danda'u? Kanaafuu isa dhiisanii amantii Islaamaa qu'achuu eegalan. Islaama isa meeshaa tokkoon maleetti biyya keessa baballate fudhachuu filatan. Silumaa ummanni Oromoo gootummaa guddaa waan qabuuf meeshaa lolaa sodaatee amantii hin fudhatu. Amantii dhugaa isatti fakkaate qoratee fudhata ture.

Islaamni yeroo jalqaba Makkatti labsamu Itoophiyaa seenuun isaa beekamaadha. Haala inni gaanfa Afrikaa keessa itti baballate ilaalchisee Prof. Hasan Makkii ni jedhe:

Akka warri seenaa baay'een dubbatanitti Islaamni Oromoota dabalatee gaanfa Afrikaa keessatti kallattii sadiin babal'ate. Isaanis: godaansa, daldalaafi da'awaadha. Dr. Abdallaa Kadir ni jedhe: akka seenessitoonniifi qo'attoonni walii galanitti Islaamni baha Afrikaa hundaafi Itoophiyaa keessa karaa nageenyaatiin seenuudhaan babal'ateera. Haalli inni itti babal'ate karaa goodaansaatiin ykn immoo karaa hariiroo daldalaatiini.

Ykn haalli mijaahaa ta'e yoo jiraateef naannoo adda addaatti da`awaa walii galaa gochuudhaani.[1]

4.2.3.1 Kallattii Godaansaatiin

Islaamni jalqaba kan inni biyya kana seene Ergamaan Rabbii (saw) ergamanii waggaa shanaffaa ji'a Rajabaa keessa ture.[2] Godaansi sahaabonni Ergamaa Rabbii (saw) gara Habashaatti godhan si'a lama ta'uu wajjin Islaama baballisuuf ga'ee guddaa kan qabu isa lammaffaa ture. Godaansa isaanii kana irratti Najaashiin (As-hamaan) kolugala isaaniif kennuudhaan rakkoo Qurayshotaa irraa akka eegaman godhe.

Akka kitaaba Dr. Abdallaa irra jirutti wanti akka Muslimoonni godaanan dirqisiise hacuuccaa mootolee Qurayshii caalaawuu inni guddaan akka waamichi Islaamaa ka'umsa isaa irratti hin dhaabbanneef qaama isaan maxxanfatee amantaa isaaniifi lubbuu isaanii tiksu barbaacha ture. Godaansa isaaniif eeyyamuudhaan kaayyoon olaanaan Ergamaa Rabbiitti (saw) mullate akka galma ga'u godhame.[3]

Sababni godaansa jalqabaatiif biyyi keenya filatameef Nabiyyichi [saw] yeroo rakkoon cimaan sahaabota isaanii mudachuu argan gara kanatti godaanuu isaan

1 Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaa Kadir, 69
2 Albidaayaa Wanniyaahaa, Ibnu Kasiir, 3/64.
3Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaa Kadir, 70

akeekan. Ni jedhan: “osoo gara dachii Habashaa deemtanii gaariidha. Achi mootii isa biratti namni tokkollee hin miidhamnetu jira. Isiin dachii dhugaati. Hanga Rabbiin furmaata isinii godhutti.”[1] Biyyootii Arabaafi Awrooppaatii jiruu sana dhiisanii biyya keenya filatan. Najaashiin (Nagaash) yeroo sana biyya bulchaa ture Ja’afar bin Abuu Xaalib harkatti Islaama fudhate.

Islaama’uu Najaashii As-hamaa ilaalchisee maddoolee Islaamaa bu’uraa kanneen akka Tafsiiraa, Hadiisotaa, kitaabota seenaa, kan duulaa, taraajimaa, kitaaba fiqhiifi kan biroo keessatti wal dhabbii tokko malee guuteera. Hundi isiituu harka Ja’afar bin Abii Xaalibitti islaama’ee nabiyyummaa nabi Muhammad [saw] dhugoomsuu ibsiti.

Tafsiira Ibn Abii Haatim keessatti gabaasa armaan gadiitu jira: “Ergamaan Rabbii [saw] Amri bin Umayyaa Addamarii erganii kitaaba wahii gara Najaashiitti barreessan. Innis Najaashii irra seenee kitaaba Ergamaa Rabbii [saw] dubbise. Achiin Ja’afar bin Abii Xaalibiifi muhaajiroota waamee gara qeesotaafi monoksotaattis erge. Ergasii Ja’afar bin Abii Xaalib akka isaan irratti qara’u ajaje. Suuraa Maryam isaan irratti qaraanaan Qur'aanatti amanan. Ijji isaanii imimmaan dhangalaafte. Isaan warra Rabbiin sababa isaanii aayatoota armaan gadii buuseedha: *“Dhugumatti, namoota jaalalaan isaan amananitti irra dhihoo ta’an warra "nuti Kiristaanota" jedhan*

1 Siirat Ibn Hishaam, 1/321.

ta'aniitiin agarta. Kun waan isaan irraa qeesonniifi monokseewwan jiraniifi isaanis hin boonneefi. [Kiristaanonni] yeroo waan gara ergamichaa buufame dhagayan, sababaa dhugaa beekaniif jecha kan ijji isaanii imimmaan dhangalaatu argita. Ni jedhu: "Gooftaa keenya! Nuti amanneerra ragoota wajjin nu barreessi." [Almaa'idaa: 82 - 83][1] Najaashiifi namoonni naannoo isaa turan hangi ta'e yeroo sana irraa kaasanii Islaamummaa fudhatan.

Godaansi Habashaa kun godaansa isa booda Madiinatti godhameen faanni isaa dhokatus bara lola Khaybar Hijraa 7ffaa irratti erga Sahaaboonni deebi`anii kaasee burqaan Islaamaa Itoophiyaa keessatti itti fufuu irraa hin dhaabbanne. Sababni isaas Sahaaboonni naannoo waggoota 15 ta`u achi keessa turanii Islaama baballisuu irratti gahee tokko utuu hin qabaatiin ni bahu jedhamee hin yaadamu. Utumallee Phaaphaasonniifi warri aangoo irra jiranu kiristaanota warra Najaashii (As-hamaa) dhaan waldhabaniifi amantaa kana qeebaluu isaanii warra hin mullisin ta`aniiyyuu, Islaamni Habashaa keessatti baballachuuf sababni isaa inni guddaafi jalqabaa godaansa Sahaabotaa ta`uun isaa shakkii hin qabu. Abbootiin tafsiiraa akka dubbatanitti keessummooleen Najaashii biraa gara Ergamaa Rabbiitti haasaa isaanii dhaggeeffachuufi maalummaa isaanii ilaaluuf ergaman yeroo Ergamaa Rabbii arganii Qur`aana isaan irratti qara`anu, boo'anii of gadi qabanii islaama

1 Tafsiira Ibn Abii Haatim 4/1185

fudhatan. Ergasii Najaashiitti deebi`anii waan argan itti himan. Namoonni kun qeesota 7 fi monoksoota 5 ykn gara galchii kanaa ture.[1] Godaansi yeroo sanaa wiirtuu Itoophiyaa keessatti Islaama baballisuuf gahee guddaa taphachuu isaa kan akeeku keessummooleen baay'een asirraa Ergamaa Rabbii (saw) bira dhaquudha. Gariin keessummoota kanaa maalummaa Ergamaa Rabbii (saw) baruuf deeman. Garri caalaan immoo Islaama fudhatanii Ergamaa Rabbii (saw) wajjin qabsaa'uuf dhaqan ture. Muhammad Haamiddiin Booranaa ragaa seenaa quubsaa ta'een akka keessummoon si'a ja'a Itoophiyaa irraa gara Ergamaa Rabbii (saw) dhaqan addeesseera. Isaanis lama osoo Ergamaan Rabbii (saw) Makkaan jiranii yoo ta'u afur immoo erga isaan Madiinatti godaananii ture.[2]

Akkuma seenaa Oromootaafi Kuush keessatti dubbannee dabarsine ummanni Kuush yeroo sana Aksumiin dabalatee Wiirtuu Itoophiyaa qabatee akka jiru hubanneerra. Inumaa kitaabni "seenaa Itoophiyaa hanga jaarraa 20ffaa" jedhu Najaashiin sunuu Oromoo ta'uu danda'a tilmaama jedhu kaa'eera. Ragaan inni dhiheeffate jecha Ashamaa jedhu fayyadameera kan jedhu yoo ta'u, garuu yeroon seenaa isaafi jechoolee inni fayyadame baay'ee hordofu akka inni ummata Seem irraa ta'e natti mullate. Maalumaafuu amantiin Islaamaa

1Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaa Kadir, 74

2 Islaamni Habashaa keessa baballachuu, Muhammad Haamiddiin Wolloo Booranaa

yeroo sanaa kaasee ummata Kuush wiirtuu biyyattii keessa jiraataa turan keessa lola tokkoon maleetti karaa nageenyaatiin baballachuu eegale. Akka humni Muslimootaa kan jalqabaa biyyootii gurguddoo akka Roomiifi Faaris jilbeenfachiisuu waliin biyya kanarratti hin duulin warri seenaa hunduu waliif galu. Sababni isaas dadhabbii akka hin taane eenyunuu ni beeka. Amantiin Islaamaa karaa nageenyaatiin isii keessatti waan baballataa tureef, Itoophiyaanis Muslimoota waan hin hacuuciniif lola kamuu irratti hin labsine.

Yeroo taateen siyaasaa ummata Islaamaa keessatti ulfaatee dhuma bara khaliifota sirraa'oo keessa diigamiinsi qaama mootummaa keessa seenu, akkuma kana rakkoon qabeenyaa argamu, fakkeenyaaf bara Umar keessa bara Daaraa kan jedhamu argamee ture, ergasii Umawiyyoonni aangoo khaliifummaa qabachuudhaan wal dhabbiin baay'achuudhaan aangoo irra turuudhaaf meeshaadhaan mormitoota callisiisuun uumame. Haalli kun bara mootummaa Abbaasiyyootaas itti fufe. Rakkoon kun garii Muslimootaa gara baha Afrikaa bakka qabeenyi jiruufi jireenyi nagaa ta'etti godaanuutti kakaase. Kana booda sababni godaansaa baay'ate. Lolli gosaafi garee, wal dhabbiin mazhabaa uumamee jamaa'aan Muslimaa wal duukaa godaanuudhaaf sababa ta'e. Islaamni kallattii godaansaatiin seenu kun qarqara Afrikaa keessatti qofa hin dhaabbanne. Inumaa karaa isaa baqaqsee keessa

seene. Sababni isaas walitti dhufeenya haala laafaadhaan Muslimootaafi ummatta Afrikaa jidduutti argamee soddummaafi hojii daldalaatiin wal makatanii jijjiirama argamsiisan. [1]

Ummanni kallattii godaansaatiin baha Afrikaa dhufan kun kallattii soddoomaa, dinagdeefi kkf walitti dhufuudhaan Islaama biyyicha keessa baballisan yeroo booda mootummoolee Islaamaa ijaaruu danda'aniiru. Sababni isaas ummanni nama dhugaa ta'uu, haqa dalaguufi wal qixxummaa isaan keessatti argan haala salphaadhaan isaanitti makatanii sulxaaneetii Islaamaa uuman. Mootummaan haala kanaan jalqaba ijaarame sulxaaneetii Shawaati (896 – 1285). Mootummattiin kun maatii Araba irraa taate kan Banii Makhzuum Qurayshiitti hirkattuun hundeeffamte. Ilmaan Wuddi bin Hishaam Almakhzuumiitu bara Umar bin Alkhaxxaab keessa gara kanatti godaante. Seenaan isaanii dokumentii sheeroolee irraa argame. Akka dubbannee dabarsine ummanni Oromoo naannoo Shawaa sana keessa jiraachuun gaaffii hin qabu. Sulxaaneetii Shawaatti aanee kan ture mootummoolee Islaamaa torbani. Isaanis Ifaat, Dawwaaroo, Araabiinii, Hadiyyaa, Sirkaa,[2] Baaleefi

1 Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaa Kadir,80 - 81

2 Maqaan naannochaa inni sirriin Sirkaadha; garuu Kitaaboleen baay'een maqaa Sharkaa jedhuun barreessaniiru. Hayyoota naannoo sanatti dhalatanii guddatan baay'ee argee maqaan naannottii inni

Darraadha. Isaan kana hundaawuu Islaamni kallattii godaantotaatiin dhaqqabe. Isaan keessa Oromoon baay'een jiraachuu shakkii hin qabu. Dawwaaroon Oromoo akka ture kitaabni seenaa hanga Jaarraa 16ffaa ibseera. Silaawuu Baalee, Dawwaaroofi Sirkaan naannoo Arsiiti. Naannoo Oromoon bara dheeraa keessa ture ta'uu seenaan kamuu ni mirkaneessa. Warri Oromoo hin taanes hortee Kuush turan. Kanaafuu Islaamni kallattii godaansaatiin Oromoo keessa seenee dagaagee ture; kallattiin guddaan jaarraa 16ffaa dura Islaamni ittiin baballate godaansa yeroo adda addaa ture jechuu dandeenya.

4.2.3.2 Kallattii Daldalaatiin

Daldalli sababa cimaa da'awaan Islaamaa Itoophiyaafi biyya biroo keessatti babal'achuu deeggarteedha. Sababni isaas isiin sababa ittiin hawaasni adda addaa bu'aa wal jijjiiruuf walitti dhuftuudha. Daldaltoonni Muslimootaa bara Islaamaa keessa amantii, barumsa, halaala qofa barbaaduu, duudhaalee dhugaa, amaanaa, of tiksuu, of gadi qabuu, namaaf laafuu, haala gaariin nama waliin jiraachuufi toltuu baay'ee qabachuu, sooma, zikrii, salaataafi qara'uu baay'isuu, gowwoomsaa, safaraafi madaala hir'isuu irraa fagaachuu irra turan. Ummanni Afrikaa sanaan dura Araboota anatu caala

---

sirriin Sirkaadha malee Sharkaa ykn Shirkaa miti kan jedhu natti himan.

jechuu, of dhaaduu, boonaafi of guddisuudhaan beeku turan. Jijjiirama amalaa cimaa kana duuba iccitii cimaatu jiraa baran. Oggas inni Islaamatu amala daldaltoota kanaa jijjiire hubatan. Kanaafuu baay'ee isa jaalatanii suuta suutaan isa fudhachuutti seenan. Namni dhuunfaaniifi saboonni isaanii gareedhaan amantiitti seenuu eegalan.[1]

Yeroo Muslimoonni sulxaaneetii Islaamaa keessatti karaa daldalaa irratti bobbo'an, gareen daldaltootaa gara kaabaatti lafaan, gara kibba ishee immoo bishaan irraan dhaqan. Daldaltoonni kun qarqara baha Afrikaa keessatti kaabaan Sawaakin, Naasi'iifi Zayla'i irraa eegalanii hanga kibbaan Mozaambik gahanutti dhaabbata daldalaa taasisuu danda'aniiru. Kanaafuu orentaalistiin Toomaas Ornoold jedhamu "daldalliifi gara Islaamaatti waamuun guutummaan guutuutti walitti hidhamaadha" jedhe.[2]

Sochii daldalaa kanaa waliin Islaamni haala cimaan babal'ate. Daldalaan Muslimaa meeshaa isaa waliin Islaama isaa qulqulleessee baate. Amala gaarii, dhugaafi amaanaa eeguu mallattoo isaa cimaa taasifate. Kanatu bakka hundatti namoonni Islaama jaallachuu uume. Akkuma kana hojiin isaas namootaan walitti dhufuu isaaf laaffiseera.

---

1 Islaamni Habashaa keessa baballachuu, Muhammad Haamiddiin Wolloo Booranaa

2 Almawsuu'at Almuujaza fittaariik Al-Islaamii, 9/4 Shaamilaa irraayi.

Gariin magaalaa biyyattii kan akka buufata doonii Adoolis dhaabbata daldalaa beekamtuu turte. Sababni isaas isheen wiirtuu kibba Eeshiyaafi baha ishee lamaanii, baha lamaan Afrikaa kallattii tokkoon ta'ee kallattii biraatiin immoo biyyootii galaana Diimaati waan taateef.

Kana irratti dabalata immoo buufanni Aduulis kun karaa daldala lafaa isa keessoo biyya Itoophiyaa biyyoota qarqara Galaanaa jiranuun walitti hidhan irra jira. Karaan kun maramaadha. Aduulis irraa eegalee Adwaa, Aksumiifi Asmaraa irra darbee bakka irraa jalqabetti dhuma.[1]

Muslimoonni miira daldalaaf qabanuun buufata kana to'achuu danda'aniiru. Sochiin daldalaa akka dabalu wanti sababa ta'e khaliifonniifi amiironni Islaamaa irratti gootomsuufi saamtota dhabamsiisuudhaan karaa nagaa taasisuudha. Guddinni biyyaa fuulduratti deemee bulchiinsa Abbaasiyyootaa jalatti qaroomte. Injifannoo biyyi baay'een banamuutiin gaarummaan wal gahe. Khaliifonniifi amiironni waan ishee hirrisu hunda barbaadanii dhabamsiisan. Daldalli Islaamaa jidduu biyya Arabaa, Hindii, Chaayinaafi baha Afrikaa keessatti babal'ate. Dambaliin daldala Muslimaa gara baha Afrikaatti baay'ate. Hundi isaaniituu Itoophiyaa i baha Afrikaa bakka dachii gabbataafi qananii qabu qubachuu

1 Islaamni baha Afrikaa keessa baballachuu, Annaqiiraa fuula 65.

ni fedhu turan. Yeroo jaarraan sadaffaan hijraa dhufu dhaabbata daldalaa galaana Diimaafi Garba Hindii qarqara dhiha isaa irratti ijaaran. Kaabaan Iizaab irraa kaasanii hanga Safaalaafi Madaagaskaaritti kibba dhaqqabsiisan.

Daldalaan Muslimaafi warri qaroomina Islaamaa qabanii jiran magaalaa kana keessatti namootii dhuunfaa biyya keessatti beekamanuun wal makatan. Biyyi kunis Beejjaa, Oromoo, Sumaaleefi Baantuu warra gabaa isaanii bittaafi gurgurtaadhaan haguugan ture. Gariin isaanii saba kana keessa qubatanii wal irraa fuudhan. Soddummaan kun walitti dhufeenya, wal hubachuufi Islaama hubachuu ni dabalte. Inumaa Qur'aana haffazchiisuuf bakka hifzii banan. Barattoota qabxii gaarii fidan gara Haramaynii, Kaayiroo ykn Dimashqatti ergu turan.[1] Irra beekamoon daldaltoota kanaa Alhadaarimaadha. Gosti isaan irraa taate gariin hanga guyyaa har'aatti Itoophiyaa keessa ni jirti. Dhaabbata Hifzii Qur'aanaa ni banu turan. Manneen barnootaa baballisanii Afaan Arabaafi aadaa Islaamaa barsiisu turan. Magaalaa qubattoonni Yamanii keessatti baay'atan hundaawuu madrasaa isaanii ni argita. Yeroo sirni mootummaa komminizmii dhufnaan bara 1975 Dh.K.B biyya lakkisan madrasaan Islaamaa dadhabde. Hamileen garii ishee yeroo hanga ta'eef booda deebite.

1 Islaamaafi qaroomina Arabaa habashaa keessaa, fuula 431, Dr. Hasan Ahmad Mahmuud Yunivarsitii Kaayiroo.

Booda erga sirni komminizmii deemee deebitee kaate. Hanga guyyaa har'aatti Islaama tajaajiluu hin dhiifne.[1]

Daldaltoonniifi godaantonni Muslimootaa jiraattota bu'uraatiin wal makatan. Isaan irraa fuudhanii jabaatanii Islaama babal'isuufi qarooma isaa gadi dhaabuu irratti hojjatan. Kanaan Islaamni babal'atee qaroomni isaas dagaagee ummata keessa gadi dhaabate.[2]

Gamoo matootiifi mootolee Oromoo birattis daldaltoonni kunniin simannaa addaa qabu turan. Isaanis oomisha isaanii meeshaa alaa seenuun jijjiirrachuuf itti haajomu. Daldaltoonni kunniin yeroo gara caalu isaan keessa turu. Waggaatti ykn waggaa lamatti si'a tokko qofa qarqara galaanaa dhaqu ture. Carraa kana gara Islaamaatti waamuuf itti fayyadamu. Toomaas Ornoold Anxooniyoo Sitshii irraa fuudhee ni jedhe: "bakkuma lukti isaanii ejjate hundatti yeroo gabaabaa keessatti namoota baay'ee Islaamatti seensisuudhaan milkaa'u."[3]
Daldaltoonni kunniin bakka xiqqoo gadi qubatanitti daldala sochoosuu irratti dabalata, mana Qur'aanaa bananii Qur'aana haffazchiisuu (hubachiisuu), ahkaama Islaamaafi amantii isaa barsiisuu eegalu. Yeroo garii suuqii isaanii keessatti yeroo halkanii ibidda qabsiisuun bakka isaan itti ilmaan warra amantii duudhaa

1 Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaah Kadir, 115
2 Islaamni Habashaa Keessa Baballachuu, Muhammad Haamiddiin Booranaa
3 Gara Islaamaatti Waamuu, Toomaas Ornoold, 386 (kan Arabiffaa).

dubbisuufi barreessuu barsiisan ta'a. Kanaan jaalalaafi amanamtummaa jiraattota irraa argatan; ummannis jaalalaafi gammachuudhaan Islaama fudhatanii mana barumsaa kanatti baay'inaan yaa'u. Fakkeenyaaf mootummoolee Shanan Gibee keessa Islaamni kallattii daldaltoota Kaaba irraa dhufaniin qehee mootolee hunda seenuu barreessitoonni seenaa kamuu ibsaniiru.

Waan kana caalu immoo daldaltoonni kunniin warra barumsaan sadarkaa qabaniifi fedhii qaban gara dhaabbata barnootaa Haramaynii, Qudsi, Kaayiroo, Dimashqaafi kkf jirutti ergu. Kanaan barumsa Islaamaa madda isaatii baratanii hubatu. Addunyaan Islaamaas isaan tiksee kabajee halaqaa ilmii keessatti bakka addaa godhaaf. Fkn Rawwaaq Aljabartiin (kutaa jabartii Muslima Habashaa) kan Azhar, Makka, Madiinaafi Dimashqaan jira. Akka isaan barumsa itti fufanii hubatanii ummata isaanii keessatti babal'isaniifis qabeenyaan isaan deeggaru.[1] Inumaawuu mootoleen, hoggantoonniifi manguddooleen naannoo daldaltootaa jiran sababa amalli isaanii akkaan gaarii, siyaasa, bulchiinsaafi qabeenya to'achuutti muxannoo qabaniif haalaan simatu. Akkasuma meeshaa waan isaan barbaadan isaaniif dhiheessu. Kanaafuu namoonni isaanii osoo Islaama hin fudhatin hin turan.[2]

1 Islaamni Baha Afrikaa Keessa Babal'achuufi Dhiiti Isa Faallessuu, Dr. Muhammad Annaqiiraa, 144.

2 Islaamni Habashaa keessa baballachuu, Muhammad Haamiddiin Booranaa

Walumaa galatti Araboota Muslimaa baay'eetu Oromoota keessa seenanii hariiroo soddummaatiin yeroo booda Oromoota ta'an. Namoonni akkasii kan ani qabatamaan beeku baay'eedha. Ummanni kun yeroo amala gaariidhaan Oromootaan wal makatanitti amantii Islaamaa isaan barsiisan. Ummannis gammachuudhaan isaan simate. Namoonni akkasii kan hanga ammaatti saba isaa kan Arabaa lakkoowwatu baay'eetu nu keessa jira. Warra naannoo Wolloo bulchaa turan baay'een isaanii maatii kana irraayi. Ummanni akkasii godinaalee Oromiyaa kanneen biroo keessas hedduudha. Kan halluun isaanii Araba irraa hin jijjiiraminis ni jiru. Warri kun Islaama Oromiyaa keessa haalaan baballisuu danda'aniiru.

4.2.3.3 Kallattii Daa'iifi Beektotaa

Mamii tokko malee Oromoonni baay'een gorsaafi barumsa Islaamaa beektolee Islaamaa irraa argataniin Islaamatti seenaniiru. Fkn Oromoon shanan Gibee ani keessa jiraadhe hunduu maqaa nama naannoo isaaniitti Islaama baballisee sirriitti beeku. Isaan keessaa Sheykh Abdul Hakiimiifi Abbaan Arabuu Jimma keessatti, Sayyid Nasrullaan immoo Limmuun keessatti baay'ee beekamoodha. Aalimoonni dhibbi lamaa ol dhuma jaarraa kudha saddeettaffaa magaalaa guddittii Limmuu kan Saqqa jedhamtu keessa turuu maddoonni seenaa baay'eetu dubbatu. Gommaafi Guumaa keessas Islaama

kan baballise beektoleefi daldaltoota ta'uun beekamaadha. Dhuguma Geeraa keessa Islaamni kallattii beektolee Gommaafi Limmuutiin akka seene himama.

Silumaawuu seenaan Islaamaa kamuu garee aalimootaafi daa'iiwwanii kan tajaajila da'awaa Islaamaatiif Rabbiif jecha osoo nama tokkorraa mindaafi galata hin haajomin hanga dandeettiitiin qabsaa'an yoomuu hin dhabne. Toluma Rabbirratti hirkatanii hojjatu. Mataa ofiitii qabsoo dhuunfaatiin jiraatu. Beektolee kana keessa warri naannoo tokkorraa bakka birootti socho'anii barsiisan baay'eetu turan. Yeroo socho'an kana kitaabolee Islaamaa hanga danda'ame baatanii deemu. Haala kanaan ummaticha Islaama barsiisan.

Akkuma guutuu biyyattiitti beektoleefi daa'iiwwan ummata amantii duudhaa hordofan keessattillee kabajaa addaa argatu. Carraa kabajamuu addaa qabu. Naannoo Muslimootaa keessatti immoo dhimma baay'ee keessatti gara isaanii deebi'ama. Isaan matootii, abbaa murtii, muftii, barsiisotaafi daa'iiwwani. Baay'een isaanii barumsa sharii'aafi lughaa Arabaa Haramaynii, Bagdaad, Alqudsi, Qayruzuwaan, Azhariifi Baytu Zabiid Yamaniitti baratan. Barattoonni sharii'aa Habashaa irraa gara waldaa barnootaa kana deemanii waggaa dheeraa fixanii ergasii biyyatti deebi'anii waan baratan moggaa biyyattii keessatti babal'isuu hin dhiifne. Kanarratti

sadarkaan hawaasaa kamuu isaan deeggara; kennaafi waqfii isaanitti dhangalaasa.[1]

Walumaa galatti wanti ani ibsuu barbaadu, keessumaa warra seenaa hanga ta'e quba qabuuf, Islaamni jaarraa 16ffaa booda biyya kana keessatti lola homaatuu hin geggeessine. Lola sanaan dura mootolii Kiristaanaa of irraa deebisuuf geggeessaa tureyyuu ni dhaabe. Oromoonni baay'een immoo jaarraa kana booda Islaamatti seenan. Egaa "maaltu Oromoota kana Islaamatti isaan seensisee?" yoo gaafattan, deebiin gabaabaan fedhii isaaniitiin dhugaafi dhara jiru madaalanii osoo namni tokko humna kamiinuu isaan hin dirqisiisin itti seenan kan jedhu ta'a. Inumaa akka Islaama dhiisanii Kiristaanatti seenan rukutamaa ajjeefamaati Kiristaana isa humna waraanaa qabu dhiisanii Islaama isa meeshaan lolaa tokko wajjin hin jirre fudhataa turan. Inni kun tokkoffaa gootummaa dhala Oromoo ibsa. Lammaffaa immoo humna sodaatee akka inni waan sammuun isaa itti hin amanne hin fudhanne nu akeeka. Isa sammuun isaa dhugaadha jechuu amane fudhatee wareegama barbaachisu irratti kaffalaa ture. Kanaaf immoo gocha dirqiin kiristaanessuu naannolee Oromiyaa kan akka Wolloo, Yajjuu, Arsii, Harar, Guumaafi kkf haalli Oromoon itti simatee meeshaa ammayyaa warra dhihaa meeshaa isaa boodatti

1 Islaamni Habashaa Keessa Baballchuu, Muhammad Haamiddiin Booranaa

haftuudhaan of irraa faccisaa ture ragaa guddaadha. Oromoon waaqeffataa irratti hafes waan itti amane sanaaf wareegama kaffala malee doorsisa diinaa sodaatee yeroo baay'ee amantii isaa hin jijjiiru. Booda garuu haalli itti hammaannaan kan maalummaa isaanii jijjiiran argamaniiru.

4.3 Oromoon Yoom Muslima Ykn Kiristaana Ta'e?

Ortodoksiin jaarraa afraffaa keessa Itoophiyaa seenuun isaa beekamaadha. Yeroo mootummaan Kiristaanaa naannoo Aksumitti ijaaramu Oromoon hangi ta'e keessa jiraachuu tilmaamuun nama hin rakkisu. Akkasuma bara mootii Salamoonawaas Oromoon hangi ta'e keessa jiraachuun hin oolu. Fkn bara Libne Dingil loltoota isaa keessa namni Tulluu jedhamu akka jiru seenaan ni ibsa. Kana jechuun Oromoon hangi ta'e jaarraa hedduu dura Ortodoksii ta'eera jedhanii tilmaamuu nu dandeessisa. Garuu Oromoon bal'aan bara sana keessa Ortodoksii ta'uu seenaan himu tokkollee hin jiru. Namoota murtaa'aa malee gosti Oromoo beekamaan amanticha fudhate hin jiru. Gara boodaa keessa Oromoon kaabaa lakkoofsi xiqqoon sababa soddoomaafi kkf Kiristaanaan wal makatanii Kiristaana fudhachuun seenaarra jira. Giddu gala Shawaa keessas Oromoon hangi ta'e naannoo jaarraa kudha sadii keessa Ortodoksii dirqiin fudhachuu ragaan Amaaraa akeeku ni jira. Garuu gosti Oromoo

bal'aan wahii amantii Ortodoksii fudhachuun jaarraa kudha saglaffaa dura hin jiru ture. Innis kan ture naannoo Shawaa keessatti yeroo sirni gadaa badee mootummaan dhuunfaa dhaabatuudha. Oromoon naannoo biraa hangi ta'es dirqiidhaan dhuma jaarraa kudha saglaffaafi jalqaba jaarraa digdammaffaa Ortodoksii fudhatanii turan. Warri dirqiin fudhachiifame kun akkuma dubbannee dabarsine namoota murtaa'aa yoo ta'an isaanuu keessaan itti amananii osoo hin taane lubbuu ofii hambifachuuf afaan qofaan fudhatan.

Amantiin Kaatolikiifi Pirootestaantii immoo kan labsiin isaa Oromoo keessa dhufe bara 1878 Dh.K.B ta'uu dubbannee dabarsine. Sanaan dura amantiin kun lamaan Oromoo keessa gonkumaa hin seenne ture. Bara 1935 lakkoofsi kiristaanessitootaa Itoophiyaa ture nama dhuunfaa 180 ture. Garuu walakkaa jahaatamootaa keessa lakkoofsi isaanii gara 900tti ol guddate.

Gareen biyya alaa kan jalqaba ergaa Kiristaanaa fuutee biyya seente kaatolikii Roomaa turte. Namoonni isii hordofan dhuma jaarraa digdammaffaa jahaatamootaa keessa 130,000 ture.[1] Isiitti aanee bataskaana Injilikaaniiti. Isiin damee ergamoota Sudaaniiti. Lakkoofsi hordoftoota

[1] Ragaa Itiyoophiyaa Kiristaanaa, Yunivarsitii Ameerikaa bara 1971 fuula 254. Area hand Book A.U. 1971 P. 254
Ammas "Itiyoophiyaa, ummata isii, aadaafi hawaasa isii" kan Leepiskii fuula 130 ilaali.

isii 125,000 gaha. Isiitti aanee Makaana Yesuustu dhufe. Isiin biyyoota hedduu kanneen akka Iskaandaanaafiyaafi Jarmanii, garee Li'otraan Ameerikaa waliin hojjatti. Lakkoofsi hordoftoota isii walakkaa jahaatamootaa keessa 60,000 ta'a. Ida'amni walii gala hordoftoota Pirootestaantii damee isii hunda keessa jiru 227,000 ni caala. Ortodoksiitti aanee bal'ina guddaa kan qabu isiidha.

Kun jaarraa digdammaffaa jahaatamoota keessa ture. Torbaatamoota keessa immoo komminizmii Maarkis waliin wal danqaranii lakkoofsi isaanii hir'ate. Kana jechuun Oromoon murtaa'aan dhuma jaarraa saglaffaa keessa Pirootestaantii ta'anis Oromoonni baay'een kaatolikiifi Pirootestaantii kan fudhatan dhuma jaarraa digdammaaffaati jechuudha. Erga baay'inni isaanii Itoophiyaa keessatti jaarraa digdammaffaa jahatamoota keessa 227,000tti tilmaamamee Oromoota keessa immoo hangam ta'uu tilmaamaa.

Walumaa galatti Oromoon gosti beekamaan Ortodoksiitti seenuun naannoo jaarraa lamaa yoo ta'u kaatolikiifi Pirootestaantiin baay'achuun immoo walakkaa jaarraa tokkoo hin caalle. Oromoon baay'inaan isaanitti seenuun waggaa shantama ykn jahaatama hin caalle.

Oromoon yoom Islaama fudhate kan jedhu ilaalchisee immoo yeroo isaa murteessuun ni rakkisa. Garuu bara 896 mootummaan Islaamaa Shawaa dachii Oromoo

irratti ijaaramuun beekamaadha. Oromoonni baay'een sana dura Muslima ta'anii sadarkaa mootummaa ijaaruu dhaqqabaniiruu akeeka. Kanaafuu Amaan Guddataa "jalqaba dhufiinsa amantii Islaamaa irraa kaasee Oromoon Islaama fudhate" jedhe.[1] Tiriminghaamis yaada armaan gadii dubbateera: amantiin Islaamaa kaaba Itoophiyaa keessatti babal'achuuf carraa guddaa kan argate jaarraa 10ffaa kaasee hanga 12ffaa tti akka ta'e ifa godha.[2] Qorataan seenaa Muslimaa beekamaan Huseen Ahmad immoo Amantiin Islaamaafi Madrasaan gara Walloo Bahaa kan seene jaarraa 9ffaa keessa akka ta'e ifa godheera.[3] Mootummaan Islaamaa Baalee keessa dhaabbate saba Oromoofi Sidaamaatiin akka ta'e Dr. Abdallaan dubbateera. Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa fuula 39 irratti saba ummata mootummaa Faxaagaar, Dawwaaroo, Baaleefi Daamoot barreessitoonni kaayyoo qabuuf dhoksan malee Oromoodha yaada jedhu ibseera. Kana jechuun mootummoonni Islaamaa jaarraa kudha sadaffaa duraa kaasanii turan baay'een kan akka Dawwaaroo, Baalee, Faxaagaar, Sirkaafi KKF Oromoota ta'uu akeeka.

Ibsa armaan olii irraa wanti hubanne Islaamni Oromoota jiddu gala Itoophiyaa keessa seenee mootummaa mataa isaa jaarraa saglaffaa keessa ijaareera. Sana dura

[1] Seenaa Muslimoota Itiyoophiyaa, Amaan Guddataa Fatoo, f.52

[2] J.S. Trimingham, 1952, f.63

[3] Huseen Ahmad, 1988

miseensa Islaamaa baay'ee oomishuun isaa shakkii hin qabu. Oromoonni Kaaba biyyattiis jaarraa kana keessa Islaama fudhatanii madrasaa ijaaraa turuu isaanii hubanneerra. Islaamni achirraa baballatee jaarraa kudha sadaffaatti mootummaa Islaamaa gurguddaa naannoo kibbaa Arsii keessattillee ijaaruu danda'eera. Dawwaaroon bakka Oromoonni Laaloo jedhaman jaarraa kudha sadaffaa dura bal'inaan jiraataa turan ta'uu dubbannee dabarsine. Mootummaa Islaamaa Ifaat keessas Oromoonni baay'een jiraachuun beekamaadha. Kanaafuu mootummoolee Islaamaa torban ijaaraman keessa afur ykn shan ummanni isaa bal'aan Oromoo ta'uu hubanna. Fkn Dawwaaroo, Baalee, Sirkaa, Fataagaariifi kkf. Fataagaar naannoo Finfinnee gara Dukam yoo ta'u wiirtuu Odaa Nabee ta'uu namuu beekuun barbaachisaadha. Naannoo Odaa Nabee mootummaan Islaamaa waggaa dheeraa to'atee bulchaa ture; mootummichis Oromoodhaan malee saba biraatiin ijaarame jechuun hin mijaa'u.

Amantiin Islaamaa Oromoota keessa bal'inaan seenuun isaa jaarraa kudha lama caaleera. Kana jechuun Oromonni waggaa kumaafi dhibba lamaa ol Islaama keessa turaniiru. Kiristaanatti bal'inaan seenuun immoo jaarraa lama hin caalle. Oromoonni baay'ee yoo xiqqaate osoo Kiristaana hin taane waggaa kuma tokko dura Islaama fudhatanii ittiin wal baraniiru. Oromoonni gareedhaan Muslima ta'uun Pirootestaantii ta'uu isaanii

yoo xiqqaate waggaa kuma tokkoo oliin dursa jechuudha.

Oromoonni akka saboota hortee isaanii Kuush biroo kan akka Affaariifi Sumaalee bara duriitii kaasanii Islaama keessa akka turan ragaa baay'eetu akeeka. Islaama guyyaa keessa kan fudhatee miti. Inumaa biyya keenya keessatti abbaan amantii Islaamaa Oromoota akka ta'e namni hunduu ragaa ba'a. Qabsoon Islaamaa tokko dubbatamee Oromoonni keessa hin dhabaman. Qabsoon Oromoos dubbatamee Muslimoonni keessa hin dhabaman. Kanaafuu Oromummaafi Islaamummaan waan wal deeggaru malee kan wal faallesuu miti.

4.4 Bu'aa Islaamni Oromootaaf Buuse

Akkuma dubbannee dabarsine biyya keenyatti akka Amaarriifi kiristaanni adda bahuu hin dandeenye Oromoofi Islaamni adda bahuu gonkuma hin danda'an. Ummanni Oromoo harki caalu Afaan Oromoo afaan Islaamaa, Amaariffa immoo afaan Kiristaanaa jedhee beeka. Sababni isaas ifaadha. Oromoonni biyya kanaa osoo Muslima ta'uu baatanii Kiristaana Ortodoksii ta'anii silaa eenyummaafi Afaan Oromoo badee Amaariffi bakka bu'uun shakkii hin qabu. Namni tokko ogga Kiristaana, keessumaa Ortodoksii ta'u dirqama Amaariffa barachuu eegala. Ilmaan isaa ykn ilmaan ilmaanii shakkii tokko malee Amaara ta'u. Hacuuccaa yeroo sana ture irraa ka'ee maalummaa ofii dhoksuutti

seena. Oromummaa dhokfatanii Amaaratti of hirkisu. Warri gocha akka kanaa godhe ammas lakkoofsi isaanii baay'eedha. Isaan keessaa Hayle Sillaaseen fakkeenya guddaadha. Kallattii abbaatiin Oromoo ta'uu waliin kan dhiiga Oromoo dhugee foon isaanii nyaate isa ture. Akkasuma naannoo amantichaatiin injifatamee kan Oromummaa isaa dagatu baay'eedha; sababa kanaa ilmaan qabsaa'ota Oromoo kan amantiin isaanii Kiristaanaa baay'een yeroo ammaa Afaan Oromoo hin beekan. Kanaafuu Islaamni Afaan Oromoo tiksuu keessatti ga'ee guddaa gumaache. Bu'aan Islaamni Oromoof buuse baay'eedha. Isaan keessaa qabxiilee gurguddoo qofa haa ilaallu:

4.4.1 Eenyummaa Oromoo Tiksuu

Gita bittoonni biyya tokko gabroomfachuuf shira adda addaatti fayyadamuun isaanii waan hin hafneedha. Warri biyya kamuu gabroomfatan meeshaa itti fayyadaman tokko yeroo baay'ee ni qabu. Meeshaan kunis yeroo baay'ee waa sadii keessaa tokko: amantii, sabboonummaa ykn jaalala biyyaati. Warri biyya Oromoo saamuuf dhufan immoo sadan kanaawuu itti fayyadamaa turan. Garuu akka ijootti kan isaan itti fayyadamaa turan amantii Ortodoksiifi sabboonummaa Amaaraa ture. Wanti guddaan isaan ummata Oromoo ittiin adda baasuuf fayyadaman warra amantii Ortodoksii fudhate ofitti qabanii warra isa fudhachuu

didee Muslima ykn waaqeffataa ta'e irratti waliin duuluudha. Haala kanaan ummata saba tokkoo adda baasanii walitti buusuu danda'aniiru.

"Biyya keeenya keessatti maqaa amantii Ortodoksiitiin ummata Oromoo addaan caccabsanii dadhabsiisuun tooftaawwan diinonni itti fayyadamaa turaniifi kanneen isaaniif bu'aa gaarii buusaa turaniidha. Oromoo Islaamaa fi Kiristaana jechuudhaan bakka lamatti erga cabsanii booda gareen Kiristaanaa Oromummaa isaa caalaa nama amantii ta'ee akka argamuuf tooftaadhaan qabatanii meeshaa waraanaa isaanii ta'ee akka inni isaan tajaajilu godhanii turan. Atse Minilikiin dabalatee abbootiin aangoo mootummichaa Oromoodhaan "abbaa Kiristaanaa natu siif ta'a, walitti michoomna" jechuudhaan Oromoo addaan babaasanii humna ittisa sabichaa hamma malee dadhabsiisaniiru.

Kanaafuu Habashoonni biyya Oromoo saamuun duratti 'gaallaa isa nama ajjeesu' osoo jedhaniinii Minilik loltootaafi gootota Oromoo bebbeekamoo tooftaa lafa jalaatiin dadhabsiisee weeraraaf haala mijeeffatee harka jala isaan galfateera."[1]

Namni seenaa hoggantoota biyya kanaa ija haqaatiin ilaale akka xiyyeeffannaan isaanii amantii Ortodoksiitiifi Amaarummaa baballisuu ta'e sirriitti hubata. Waan kana

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 118 – 119.

lamaan baballisuun gocha adda bahu hin turre. Kanaafuu ummanni Muslimaa Oromoo hunduu Oromummaa dhiisanii amaarummaa fudhachuu akkuma kufrii jibbanitti jibbu turan. Yaanni yeroo ammaallee Muslimoota Oromoo baay'ee keessa jiru 'Amaariffi afaan bataskaanaa waan ta'eef masjida keessatti ittiin dubbatamuu hin qabu' kan jedhuudha. Aadaafi Afaan Oromoo isaan biratti Islaamummaatti lakkaa'ama. Kanaafuu nama Oromummaa isaanii kana isaan irraa mulquuf dhufe gara laafina tokkoon maleetti ittiin lolu. Sababni guddaan immoo Oromummaafi Islaamummaa waan adda hin baafneef ture. Aadaan yeroo ammaa magaalotii adda addaa keessatti haa hir'atu malee ummanni baadiyyaa ammas akkasumatti jiru. Akka natti mullatutti hanga ummanni Arabaa Arabummaafi Islaamummaa walitti hidhan caalaa ummanni Oromoo Islaamummaafi Oromummaa walitti hidhu jedheen yaada.

Kanaafuu Oromoonni Muslimaa amantiifi eenyummaa isaanii irraa deebisuuf jecha seenaa suukanneessaa baay'ee dabarsan. Yoo lola diddaa gabrummaa Oromoota keessa bara Tewodroos irraa qabee ture ilaalle biyyi baay'inaan fuuldura dhaabbate naannoo Muslimootaati. Oromoon naannoo hundaatuu bilisummaa isaatiif qabsaa'aa turuun isaa gaaffii homaatuu hin qabu. Oromoon Shawaafi Wallaggaa kan Muslima hin ta'in qabsaa'aa turuun isaanii beekamaadha. Garuu lola

suukanneessaa kan ummanni eenyummaa ofiitiif dhaabbate kan nuti baay'inaan arginu biyya Muslimootaa keessatti. Naannoo Shawaa diinni shira itti godhee Oromootuma wal rukuchiisaa ture. Fkn Oromoo Abbichuufi Galaan isaanuma wal rukuchiisuudhaan bu'aa guddaa keessaa argatan. Habashoonni gara tokko goranii meeshaa xiqqoodhaan isa gargaaranii dhiiga isaa warra kaan akka rukutu godhaa turan. Fkn hoggantoonni waraanaa kan naannoo Arsii, Harargee, shanan Gibeefi KKF weeraran baay'een isaanii Oromoo warra amantii Ortodoksii fudhataniidha.

Lola diddaa gabrummaa kan naannoo Muslimootaa keessa tureefi wareegama isaan eenyummaa ofiitiif kafalan yoo ilaaltu garuu baay'ee si boonsa. Sababni isaas ummanni sun yeroo qabsaa'u eenyummaa gurguddaa lamaaf qabsaa'aara. Inni tokko Oromummaa isaa yoo ta'u inni lammaffaa immoo amantii isaatiif ture. Lolli isaanitti labsame kun eenyummaa isaanii kana lamaanuu barbadeessuuf bataskaana Ortodoksiitiin eebbifamee gara isaaniitti ergame waan ta'eef. Weerarri Oromootatti banamu yeroo baay'ee qeesolee kaayyoo amantii isaa fakkeessee siyaasa gita bittoota Amaaraa geggeessuun qulqullummaan isaa labsamuu arga. Kanaafuu dura dhaabachuun Muslimoota hundarratti dirqama ta'e. Oromoo Kiristaana ta'e yoo fudhatte immoo lola kana dura dhaabachuun eenyummaa Oromummaatiif qabsaa'uu yoo ta'ellee eenyummaa isaa kan amantiitti

immoo qabsaa'uu ta'ee itti mullata. Keessumaa yeroo qulqullummaan lolichaa (Holly War) ta'uun isaa itti labsamu namni baay'een amantii isaa dura hin dhaabbatu waan ta'eef labsii qeesolee gita bittootaatiin gowwoomfamee lolicha irraa duuba deebi'uun ykn diina wajjiin hiriiruun isaa hin oolu. Haala kanaan eenyummaan Oromummaa isa biratti dadhabde. Kun qabatamaan bakka baay'eetti argameera.

Ummanni Wolloo kan booda kana hacuuccaan itti baay'atee Amaariffa baay'inaan baratan duraan Amaara ta'uu akka kafaruu ykn Islaama keessaa bahuutti ilaalu turan. Ummanni Raayyaas akkasuma turan. Darasoonni Muftii Raayyaa keessumaa kan akka Sheykh Juneyd yeroo dhiheenyaa du'an akka naaf himanitti muftiin sun Amaariffa dubbachuufi aadaa Amaaraatiin faalamuu Islaama keessaa bahuutti lakkaa'u turan. Garuu roorroon waan nama hin goone hin qabdu, ummanni sun booda isaaniitii qoqqoodamee kutaan tokko Amaara jala seensifamee kaan immoo Tigiree jala galfame. Yeroo dhiheenyaa garuu nuti Oromoodha jedhanii Mootummaa Naannoo Oromiyaa bira dhufanii labsataniiru. Ummanni Harargee, Arsii, Baalee, Shanan Gibeefi kanneen biroollee ijjannoon isaan aadaa Amaaraafi Amaariffa dubbachuu irraa qaban waluma fakkaata. Gochi kun aadaa gita bittootaa didanii eenyummaa Oromoofi afaan isaa tiksuu keessatti ga'ee guddaa qabaachuun isaa eenyuufuu ifaadha.

Yeroo ammaa Oromoonni bakka hunda jiran girdoo jidduu isaaniitti diinonni hidhan ciranii eenyummaa isaaniitiif waliin qabsaa'uu eegalaniiru. Qabsoon guddaan Amboofi Wolisoo irraa eegale yeroma gabaabaatti wal qooduun kan amantii hafee eenyumaa waliiniitiif qabsaa'uudhaaf bahaa hanga dhihaa, kaabaa hanga kibbaa dhaqqabuu danda'e. Yeroo ammaa kana immoo saba biraattuu dabarfatee argaarra. Yeroo shirri diinaa ummata Oromoo naannoo Sumaalee jiraatan irraan miidhaa guddaa ga'u Oromoon garaa garummaa ilaalchaa hundaa dhiisee isaanii waliin dhaabachuu danda'eera.

4.4.2 Ga'ee Afaan Oromoo Guddisuu

Akkuma dubbannee dabarsine ummanni Muslimaa afaan Oromoo afaan Islaamaati jedhee beeka. Yeroo amantii isaa wal barsiisu Arabiffa irraa Afaan Oromootti hiikkata. Gochi kun yoo xiqqaate jaarraa afurii oliif itti turame. Kallattii baay'eedhaanis afaanicha guddisuuf gumaacheera. Isaan keessaa:

4.4.2.1 Afaan Dubbatamu Guddisuu

Beektoleen Islaamaa bara duriitii eegalanii taa'anii barumsa Islaamaa baballaa Afaan Oromootti hiikuudhaan guutuu biyyattii keessatti barsiisaa turan. Baha Hararii kaasanii hanga Dhihaatti, Kaabaa hanga Kibbaatti Afaan Oromootiin barsiisaa turan. Isaan biratti jechi Oromiffaa tokkollee gatii guddaa qabdi. Jecha tokko

argachuuf ykn hiika isii baruuf namoonni baay'een walitti yaa'anii mari'atu. Gocha kana nutillee umurii keenya keessatti dhaqqabnee baranneerra. Ammas akkasumatti jira. Gatiin darasoonni jecha Afaan Oromoo tokkoof kennan baay'ee si boonsa. Sheeka tokko bira darasoota baay'eetu taa'ee barata. Yeroo sheeka irraa baratanii ka'an isaanis taa'anii jechoolee jiran tokko tokkoon funaananii qu'atu. Yoo argachuu dhaban jecha akkasii barbaacha dhihaa hanga baha biyyattii adeemu. Akka loqonni Afaan Oromoo kan Bahaafi Dhihaa wal irraa fagaatee ture namni kamuu ni beeka. Osoo akkasitti turee afaan lamatti ba'aa nama sodaachisa ture. Osoo miidiyaaleen ammayyaa hin eegalin akka ummanni kun lamaan wal hubatu kan ga'ee guddaa taphatee jechoolee Harargee Bahaatti dubbatamu hanga Jimmaafi Iluu Abbaaboor fide darasoota warra barumsa Islaamaa baratuudha. Osoo miidiyaan hin baballatin dura Muslimoonni dhihaa jechoolee loqonni bahaa fayyadamu, akkasumas Muslimoonni bahaa jechoolee loqonni dhihaa fayyadamu ni beeku turan. Kun hunduu gumaacha barumsa Islaamaa ture. Yoo gochi kun Afaan Oromoo guddisuu keessatti ga'ee hin qabaanne gochi kamuu afaanicha guddiseera hin jedhamu.

4.4.2.2 Kallattii Barreeffamaa (Ogbarruu)

Kallattii barreeffamaatiin Muslimoonni haala lamaan Afaan Oromoo dagaagsan.

i. Qubee amma nuti itti fayyadamaa jirru kana haala ammayyaatiin qindeessuudha. Kan kana qindeesse hayyuu Muslimaa ture. Kitaabni jalqaba ittiin barreeffames hiika Qur'aanaati.[1] Namni jalqaba qubee Afaan Oromoo haala addaatti bocee barsiisuu eegale Abuu Bakrii Saphaloo[2] nama jedhamu dhalataa biyya

---

1 Kan nuti mana barumsaatti barsiifamaa turre garuu faallaa kanaati. Silaa barnoonni keenya yeroo baay'ee woga'amuudha malee jaalannee nuuf hin dhugamu ture. Yaada woga'amne kana keessaa tokko jalqaba nama qees Oones Mooses (Abbaa Gammachuu) jedhamutu Macaafa Qulqulluu Afaan Oromootti hiike kan jedhuudha. Kun kijiba ifaadha. Dhuguma namni kun Macaafa Qulqulluu hiikeera; guddina afaaniitiifis gumaacheera. Haa ta'u malee hiikti isaa hayyuu Muslimootaatii afaan Oromootiin isa dura kitaaba dhibbaatamaan lakkaa'amu barreessanii booda ture. Inni qubee Amaariffaa fayyadamee barreesse hayyuun Muslimootaas baay'een isaanii qubee Arabiffaa fayyadamanii barreessan. Aanaa ani keessatti dhaladhe qofa keessatti beektoleen jaarraa tokko dura kitaaba Afaan Oromootiin barreessan baay'eedha. Kan ani ofii kiyyaa dubbises hedduutu jira. Isaan keessaa Sheek Hasan Abbaa Dikoo nama beekamaadha. Isa kana gumaacha barreeffamaa isa lammaffaa irratti dubbanna.

2 Sheykh Abuu Bakr Saphaloo nama yaada bilchaataa, Afaan Oromoofi Arabaa sirriitti beekuudha. Namni akka isaa kan seenaa ummata Islaamaafi saboota biyyattii kanaa beeku Itiyoophiyaa keessa xiqqoo ture. Kitaabolee kudha tokkoo ol qaba. Baay'een isii seenaa ilaallatti. Waa'ee seenaa ilaalchisee kitaaba beekamaa lama qaba. Kitaaboleen kunis 'Janyu zawaat Ashamaariik min Hadaa'iqi Attawaariikh' hiikti isaas 'harbuudhaan oorruu seenaa irraa guuruu' fi 'Irsaal Asawaariik ilaa samaa'i Attawaariikh' hiikti isaas 'Dhukaasa gara samii seenaatti ergu' kan jedhuudha. Isa kana

Harar qabsaa’aa beekamaadha. Warri wajjin turan baay’ina qubee isaallee natti himanii turan. Ogga ummanni barreeffama isaa kana baratee fayyadamuu eegalu akka ummanni isa hin baranneefi hin fayyadamne seeraan dhiibbaan irra kaa’ame. Qabsoon sheekhni kun Oromoofi Muslimoota tiksuuf godhaa ture kophaa isaatti qoratamuu gaafata. Akkasuma Dr. Abdushakuuris qubee addaa tolchanii akka turan warri keessa beeku ni dubbatu. Qubee Laatiinii nuti amma fayyadamaarru kana namni haala kanaan qindeesse immoo Sheykh Muhammad Rashaad Abdallaa nama jedhamuudha. Erga qindeessees hiika Qur'aanaa yeroo jalqabaatiif qubee kanaan barreesseera. Inni kitaaba guddaa jildii shanii Afaan Oromootiifi qubee Oromiffaatiin barreessee biyya keessaafi biyya alaatti maxxanfamee ummataaf raabsamaa ture. Akkasuma kaasettaanis waraabamee ummata baay’eef raabsameera. Ummanni naannoo

---

keessatti seenaa Oromoo bal’aa barreesseera. Namni qubee Afaan Oromoo jalqaba qindeesses isa ture. Darasaan isaa Sheykh Muhammad Rashaad Abdullees yaada burqisiisuu keessatti qabsoo baay'ee qaba. Inni kitaabota bu'a qabeessa baay'ee Afaan Oromootti hiikeera. Kitaaba akka "Bu'uura Islaamaa" kan Mawduudii, Aqiidaa Xahaawiyyaafi kan biroos hiikeera. Qur'aana kabajamaas Afaan Oromootti hiikeera. Barumsa Afaan Oromootiin sagantaa raadiyoo Moqaadishoo irratti naannoo waggaa digdamaatiif tamsaaseera. Waraabamee 'Majma'i Malik Fahd kan Qur'aanaatiin' kaasettiin isaas raabsameera.

isaaniis waan kana sirriitti isaan irraa baratanii hojiirra oolchaa turan.

ii. Qubee Arabiffaatiin afaan Oromoo baay'ee barreessan. Wolaloo kitaaba kumaatamatti lakkaa'amu barreessaniiru. "Beektoleen kun sagalee Afaan Oromoo kan qubee Arabiffaa keessatti hin argamneef seera kaa'u turan. Barreeffama haala kanaatiin 'Ajam' jedhu. Ajama kana keessa hambaa ogbarruu Oromoofi Islaamaa baay'eetu jira. Yeroo ammaa qorattoota dhihaa warra Habashaa keessatti hambaa Islaamaa qoratu biratti dirree qorannoo cimaa ta'e. Yeroo ammaa Yunivarsitiin Finfinnee kallattii seenaa biyya kanaa irratti ibsa godhuuf dammaqxee walgahii mootummaa adda addaa geggeessitee qaroomaafi seenaa qoratteetti. Qorattoonni gariin sadarkaa maastariifi Doktooreetii irratti barreeffamoota kana gulaalteetti. Sochiin barbaachisaan Yunivarsitiin Finfinnee geggeessite tokko walgahii mootummaa idilee kan isiin to'annoo Awwaliyaa Isponsarii 'Annadwat Al-Aalamiyyaa lishabaab Al-Islaamii'tiin bara 2009 Dh.K.B geggeessiteedha. Isii keessatti barreeffama Islaamaa Itoophiyaatu dhihaataa ture. Baay'inaafi akaakuu isiitiin qorattoota warra dhihaa rifachiifte.[1]

1 Yaada kana kitaaba Muhammad Haamiddiin irraan fuudhe. Kan Dr. Abdullaah Kadir irras hangi ta'e ni jira. Garuu ofii kiyyaafis baay'ee isaa qabatamaan argeera; ammas hambaaleen kun gariin na bira ni jira.

Sababni hayyoonni Islaamaa qubee Amaaraa mootummaan Kiristaanaa barachuu isaa dirqama godhe kana dheessanii Arabiffa fayyadamaniif qarooma Amaaraa kan amantii Kiristaanaatiin kallattiidhaan hariiroo qabu barsiisuufi barachuu irraa ni fagaatan waan turaniifi. Kaarrikulamiin barumsaa sirna waaqeffannaa bataskaanaa barachuu isaan dirqisiiftis waan ta'eef.

Barreeffamni isaanii kun amantii qofarratti kan gabaabbatee miti. Rakkoo dhimma hawaasaa irratti kan isaan barreessanis baay'eedha. Sheekh Muhammad Haamiddiin kan naannoo Wolloo Booranaa bakka barreeffamni kun baay'atutti dhalatanii guddatan kan armaan gadii dubbatan: "Sababa mootummaan qarooma Islaamaa hin qeeballeefi qarooma biyyattiitti hin lakkoofneef Muslimoonnis kallattii isaaniitiin qarooma Amaaraa kan amantii Kiristaanaatiin hariiroo qabu barsiisuu irraa ni fagaatu. Kaarrikulamiin barumsaa sirna waaqeffannaa mana amantii Kiristaanaa barachuu isaan dirqisiifti waan ta'eef.

Bakka bu'aa sanaa afaan biyya keessaa qubee Arabaatiin barreessan. Sagalee Afaan Arabaa keessatti hin argamneef mallattoo haaraa tolchan. Dhimma amantiifi hawaasatti rarra'u adda addaa isaan barreessu. Walaloon Islaamaa kan walaloofi ogbarruu keessaa beekamaa ta'e baay'een qubee kanaan barreeffame. Maqaa Ajam jedhu

isiif baasan. Afaan Amaaraa keessatti barreeffamni Sayyid bin Ibraahiim Caalii, Sheekh Misbaah Daanniifi beektolee baay'ee qubeelee kanaan barreeffame. Oromiffa keessatti immoo galmeen beekaa ogbarruu, suufiyyaa Sheekh Ahmad Siraaj isaan barreeffame. Inumaa kitaabonni Nahwiifi Sarfii afaan Oromootiin barreeffamaniiru. Fkn kitaaba Qaxrul Oromiyyaa, inni sharhii Qaxrunnadaa Afaan Oromotiin kaa'ameedha.

Dr. Abdullaah Kadir isii gulaalee Yunivarsitii Finfinnee irraa maasterii ittiin eebbifame. Akkasuma Muhammad Hakiim hojii Sheekh Ahmad Siraaj qorachuudhaan sadarkaa Doktooraa ittiin argateera."[1] Godina Jimmaa keessa qofa kitaaboleen akkasii yoo xiqqaate dhibbaatamaan jiru. Baay'een isaanii yeroo ammaa ni badaaru. Fkn namni Sheykh Hasan A/Dikoo A/Saajjee A/Qiriphee isaan mootii Badii turanii qofti kitaaboleefi walaloo Oromiffaa qubee Arabiffaatiin barreessan 45 (afurtamii shan) qabu. Wolaloon isaanii baay'een amantii Islaamaa ibsuu, seenaa Nabiyyichaa [saw], aqiidaa barsiisuu, Faaruufi kkf of keessaa qaba. Kan nuti abbootii irraa isaan baranne baay'eetu jiru.

Garuu dokumantiilee kana walitti qabuu ilaalchisee ammas dhiibbaan ni jira. Akka hambaaleen sun dirree hin baane ni godhamaara. Harargee, Arsii, Baalee,

1 Kitaaba "Islaamni Habashaa keessa baballachuu" jedhu irraan fuudhe.

Jimma, Iluu Abbaaboor, Raayyaafi naannolee Oromiyaa Muslima ta'an kanneen biroo keessas barreeffamoota akka kanaa baay'eetu jiru. Barreeffamoota kumaatamaa kana lafatti gataniiti kan qeesiin tokkichi Macaafa Qulqulluu qubee Amaariffaatiin Oromiffatti hiike akka gumaacha afaanii guddaatti nu barsiisu. Kan qeesichaas dhuguma gumaacha afaaniiti. Haa ta'u malee maaliif barreeffamoonni bibilchaataan kumaatamaa kun seenaan isaa haguugamaa? Maali yoo Muslima ta'e dirree baasanii dubbachuun hin eeyyamamuu? Kun dhiphina warri itti gaafatama barnoota idilee yeroo ammaallee qabaniidha. Kan Qeesiin kun hojjate isa sheekholeen kumatamni isa dura Oromiffaan qubee Arabiffaatiin barreessan madaaluu dhiisaatii kan hayyuun Islaamaa tokkichi waggaa dhibbaatamaan isa dursee barreesse hin madaalu. Inumaa isa kana dhiisaatii kan warra qubee Afaan Oromoo jalqaba qindeesseefi barreesse kan Abuu Bakrii Saphaloofi Muhammad Rashaad Abdulleetuu ni dhokfama. Mana barumsaatti kan qeesichaa qofa nu barsiisuuf yaalu. Hambaaleen kun osoo qoratamee dirree ba'ee seenaafi gumaacha afaanii guddaatu irraa baratama ture. Yoo mucaan boo'e malee haati lafaa hin fuutu waan ta'eef ummanni keenya ofii isaatii dammaqee hambaalee itti karoorfamee dhokfamaaru kana dirree baasuun dirqama isaati.

4.4.2.3 Kallattii Miidiyaa

Sagantaan raadiyoo yeroo jalqabaatiif Afaan Oromootiin tamsa'aa ture hiika Qur'aanaa Muhammad Rashaad Abdallaati. Bara warri Amaaraafi warri isaan hordofu Afaan Oromoo Raadiyoo cabsee ba'a jedhan keessa Muslimoonni Harar Moqaadishoo keessatti Raadiyoo Afaan Oromoo tamsaasu bananii tamsaasaa turan. Namni gocha kana irratti gahee guddaa qabu Muhammad Rashaad Abdullee ture. Namni kun guddina Afaan Oromootiif kallattii hundaan gumaachuu wajjin hojiin inni qubee Afaan Oromoo hojiirra oolchuufi tamsaasa Raadiyoo banuu keessatti hojjate waan ummanni Oromoo yoomuu dagatuu miti. Sana malees akka inni miidiyaa hundarra ooluuf kaasettaan waraabee addunyaaf raabseera. Namni Sheekh Yaasiin jedhamanis hiika Qur'aana Afaan Oromootiin bara Hayle Sillaasee duraa kaasanii barsiisnaan waraabamee kaasettaan ummata bira ga'eera. Kaasetticha anis dhaggeeffadheera.

Walumaa galatti biyya keenya keessatti akkuma amantiin Kiristaanaafi Amaariffi adda hin baane Afaan Oromoofi Islaamni adda bahuu gonkumaa hin danda'u. Akka natti mullatutti osoo mootummaa Amaaraa dura Muslimoonni dhaabachuu baatanii Afaan Oromoo biyya kanaa rakkoo guddaaf saaxilama ture. Bakki amantiin Ortodoksii dhaqqabe hundi yeroo gabaabaa keessatti Amaaratti jijjiiramaa ture. Kanaaf ragaa fiduu hin barbaachisu. Namoonni gariin amantiin Islaamaa

Oromiffa balleessee Arabiffa bakka buusuuf socho'a yaada jedhu facaasuu yaalu. Namni akka hundeetti yaada kanaan deemu Leencoo Lataati. Inni kitaaba isaa irratti Islaamni Araba ummata gochuuf socho'a waan jedhu jabeessee dubbatee "akkuma biyya Misraafi Suudaanii Araba godhan keenyas Araba nu godhanii turan" jedhe. Yaanni kun gonkumaa sirrii miti. Kun dhiphina amantii qabu irraa ka'ee seenaa jallisuufi inumaa ummata Oromoo ganuudha. Addunyaa kana irratti amantii Islaamaa 80% ol kan qabee jiru Arabaa miti. Biyyi akka Indooneeziyaa, Paakistaan, Afgaanistaan, Iraaniifi kkf baay'een afaan ofii isaanii dubbatu. Turkiin kan waggaa dhibba baay'ee biyyootii Muslimaa hunda to'attee amantii Muslimaa babal'isaa turte Afaan Turkii malee Arabiffa jecha tokko hin beekan. Namoota Turkii garii qunnamee Ingiliffas ta'ee Arabiffa ittiin dubbachuu jennaan homaa wallaalan. Islaamni gonkumaa dhiphina Sabummaa hin qabu. Osoo ta'ee kan Ummata Israa'ilii qofa jedhu amantii Kiristaanaa ture. Waan guyyaa tokko na mudate keessaa Oromoo amantii Pirootestaantii hordofu tokko argee osoo waliin dubbannuu "nuti warri Yesuusiin fudhanne hunduu Israa'iiliidha" naan jedhe. Kun yaada isaaniiti malee namni tokko amantii fedhe yoo hordofes eenyummaa saba isaa lakkisuu hin danda'u. Ani yoomuu Oromoodha akkasumas Muslima. Waan wal faallessu osoo hin taane

waan wal deeggaruudha. Kanaafuu Oromoo ta'uu kiyyatti nan boona; Muslima ta'uu kiyyaanis nan boona.

4.4.3 Hacuuccaa Dubartoota Irraa Kaasuu

Aadaan Oromoo akkuma dubbannee dabarsine aadaa filatamaafi nama boonsuudha. Garuu aadaan kamuu hanqina mataa isaa ni qaba. Aadaa Oromoo keessatti dubartoonni yoo firri isii du'e hin dhaaltu ture. Akkasuma yoo dhirsi isii du'e obboleessa abbaa manaa ykn fira isaa kan birootu dirqama ishee dhaala ture. Kanarra hamaan immoo fuudha butiifi raraa jedhamutu jira. Butii jechuun dargaggoonni wal qindeessanii shamara isaanitti bareedde tokko dirqiin butanii fedhii isiifi maatiitiin alatti dhiira isaan irraa ta'e tokkotti heerumsiisuudha. Raraa kan jedhamu immoo qehee shamarri gaariin tokko jirtu akka maatiin isaanii dhiira isaaniitiif kennan dhiibuudhaaf jaarsoleen baay'een wal qindeessanii fuuldura maatii intalaa guyyaa dheeraaf taa'u. Maatiin shamaraas jaarsolee kana qaanfatanii shamara sana dirqamaan mucaa sanatti heerumsiisu ture. Islaamni aadaa kana sirriitti balaaleffate. Wanti baay'ee nama ajaa'ibu aadaan addunyaa baay'een waa'ee dubartii ilaalchisee wal fakkaata. Aadaan dubartoota dhaalchisuu akka waan addunyaa guutuu irra hin turiniiti. Inumaa sana bira darbee akka meeshaatti dhaalamaa turte. Akka barreessaan biyya Hindii tokko dubbatetti dubartoonni aadaa Hindii durii keessatti akka

gabraa turan. Namni tokko haadha manaa isaa qumaaraan taphatee nyaatamee namni biraa irraa fudhachuu danda'a. Yeroo garii dubartiin tokko abbaa manaa baay'ee qabaatti. Yeroo abbaan manaa isii du'e akka waan awwaalamteetti ilaalamti; hin heerumtu. Namni fedhe akka fedhetti isii xinneessa ture. Yeroo garii ogga abbaan manaa du'e cinqii jireenyaafi xinneenya jibbitee of gubdee duuti ture.[1] Aadaan Islaamaan dura Araba keessa tures kanaan addaa miti. Namni tokko yoo ilmoo durbaa argate baay'ee ofitti gadda ture. Sababa durbi isaaf dhalatteef namatti ba'uu qaanfata ture. Akkuma Qur'aanni hojii isaanii nutti hime "xinnaadheen isii guddisamoo biyyee keessan isii awwaala" jedhee ofitti gadda ture. Kanarraa ka'anii kan ilmaan durbaa osoo isiin lubbuun jirtuu awwaalan baay'ee turan. Gochi kun Islaamaan dura garii sahaabotaa irraawuu akka argame gabaasa baay'eetu akeeka. Durbi yoo guyyaa dhumtuu (dhuma ji'a gurraandhalaa) keessa dhalatte akka bineensi nyaatu bakkeetti gatuun aadaa Oromoo keessas akka ture kitaaba dhalataa Booranaa wahii Jamaaluddiin Muhammad Roobsaa irratti dubbiseen ture.[2] Dubbiin kun yoo dhugaa ta'eef waan baay'ee nama

1 Maazaa Khasiral Aalam, Annadawii, fuula 53

2 Ibsa Jamaaluddiin Muhammad Roobsaa, gulaala Dr. Jaylaan Kadir Gammadaa, fuula 498 – 499 ilaali. Akka Doktorichi miil jalee sanatti nama Gujii wahii irraa dubbatetti nama dhuma ji'a Gurraandhalaa dhalate irratti hixaa (gaddii) badaa ilaallatanii jibbu. Yoo dhiira ta'e hin fuusisan; yoo dubara taate immoo boolla keessatti awwaalu

gaddisiisuudha. Daa'ima lubbuun jirtu dubara taateef ykn ji'a gurraandhalaa keessa dhalatteedhaaf awwaaluun baay'ee waan suukanneessaadha. Badiin isaa hanga kana haa hanqatu malee gochi butii keessatti raawwatamu kan shamara dirqiin butanii fedhii isiitiin malee gudeedanii abbaa manaa isii ta'anus waan baay'ee nama gaddisiisuudha.

Seerri jalqaba dubartoonni dhaaluu akka qaban labse Qur'aana ture. Seera Giriikii keessattillee mirga kana hin qaban ture. Akkasuma dubartii tokko fedha isiitiin malee abbaan manaa irraa duunaan dhaaluu Qur'aanni jalqaba seera dhorgeeti. Akka biyya keenyaatti sheekholee gurguddootu gocha dhaala dubartii dhorgachuu kana mormaa turan. Yaada isa 'dubartiin hin dhaaltu; haati manaafi obboleettiinis hin dhaaltu' jedhu Muftii Jamaaluddiin Al-Aannii Booranaa baay'ee loluu keessa dabarsanii akka inni kufrii Islaama irraa nama baasu ta'e Fatwaa isaanii keessatti dubbataniiru.

Muslimni yaada kana ni eeyyamama jedhee dubbate kafaree Islaama irraa baheera. Namni qabeenya haala miidhaa kanaan dhaalame fudhate qabeenya haraamaa fudhate; nyaata cubbuu

---

yookiin akka bineensi nyaatu gadi baasanii karaa irratti gatu. Yoo akka tasaa guddatte immoo hin heerumtu ture. Gochi kun waan Arabni Islaama dura hojjataa turaniin akka wal fakkaatus ibsaniiru.

nyaate. Itti fufanii Hadiisa "nama dhaala Rabbiin karaa godhee kute Rabbiin dhaala isaa kan jannataa irraa kuta" jedhu ibsan.[1]

Sheekni guddaan kun yakka haala kanaan biyya isaanii keessatti dubartoota irratti raawwatamu haala cimaan dura dhaabbataa turan. Islaama keessatti namni osoo hin dhalatinillee mirga qaba. Uumama isaatii gadaamessa keessatti walitti qabamee lubbuu godhatee booda ulfa baasuunuu cubbuun isaa akka nama fayyaa ajjeesuutti lakkaa'ama. Warra ijoollee durbaa osoo lubbuun jirtuu awwaalan immoo Qur'aanni bakka baay'eetti seerate. Inumaa Rabbiin Guyyaa Qiyaamaa warra awwaale gaafachuu dhiisee isii awwaalamte "maal balleessitee ajjeefamte?" jedhee gaafata. Kun yakki isaa haalaan ulfaachuu irraa kan ka'eedha. Kun dhugaatti yakka suukanneessaadha. Dubartoonni dhaaluu akka qabanis Rabbiin ibsee ni jedhe:

{لِلرِّجَالِ نَصِيبٌ مِمَّا تَرَكَ الْوَالِدَانِ وَالْأَقْرَبُونَ وَلِلنِّسَاءِ نَصِيبٌ مِمَّا تَرَكَ الْوَالِدَانِ وَالْأَقْرَبُونَ مِمَّا قَلَّ مِنْهُ أَوْ كَثُرَ نَصِيبًا مَفْرُوضًا } [النساء: ٧]

Dhiirotaaf Waan haadhaa abbaafi firoonni dhiisan irraa qoodatu jira. Dubartootaafis waan haadhaa abbaafi firoonni dhiisan irraa qoodatu jira. Waan isa irraa xiqqaateefi guddate irraas; Qooda murteeffamaa [Rabbiin isa qoodeera].

[Annisaa'i: 7]

1 Fatwaa Jamaaluddiinn Al-Aannii, Muhammad Roobsaa, 513.

Dhiirriifi dubarri hagam akka dhaaluu qaban Qur'aanni tokko tokkoon adda baasee addeesseera. Isa kana asitti ibsuuf bakki nuuf hin eeyyamu.

Waa'ee dubartii abbaan manaa irraa du'e dirqamaan dhaaluu ilaalchisee aayata Qur'aanaa tokkicha isiniif dubbadheen gabaabsa:

{يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لَا يَحِلُّ لَكُمْ أَنْ تَرِثُوا النِّسَاءَ كَرْهًا وَلَا تَعْضُلُوهُنَّ لِتَذْهَبُوا بِبَعْضِ مَا آتَيْتُمُوهُنَّ إِلَّا أَنْ يَأْتِينَ بِفَاحِشَةٍ مُبَيِّنَةٍ وَعَاشِرُوهُنَّ بِالْمَعْرُوفِ فَإِنْ كَرِهْتُمُوهُنَّ فَعَسَى أَنْ تَكْرَهُوا شَيْئًا وَيَجْعَلَ اللَّهُ فِيهِ خَيْرًا كَثِيرًا} [النساء: ١٩]

Yaa warra amantan! dubartii dirqamaan dhaaluun isiniif hin eeyyamamu. Yoo hojii fokkataa raawwachuun isaanii ifatti beekame malee; garii waan isaaniif kennitanii fudhachuuf heeruma isaan hin dhorginaa. Akkaataa gaariin isaanii waliin jiraadhaa. Yoo isaan jibbitanis (obsaa); waan tokko isin jibbitanii Rabbiin isa keessa khayrii baay'ee godhuun ni kajeelama. [Annisaa'i: 19]

Aadaan dhaala dubartoota dhorgachuufi dubartii dirqiin fuuchuu ykn dhaaluu yeroo namoonni seera Islaamaa irraa fagaatan keessa naannoo keenyawuu ni jira ture. Aadaan kun yeroo ammaas hanga ta'e waan itti fufee jiruu natti fakkaata. Yeroo ijoollummaa keenyaa keessa dargaggoonni wal gurmeessanii yeroo dubara bareedduu tokko argan dirqiin butanii isaan keessaa nama tokko fuusisu turan. Sirni fuudhaa kunis butii jedhama ture. Sirni kun Islaama keessatti jibbamuu bira taree sagaagala (zinaa) gochuun garaa garummaa hin qabu. Islaama

keessatti saamtonni wal qindeessan intala namaa saamuu dhiisee maatiin dhalee guddiseyyuu fedhii isiitiin malee heerumsiisuu mirga hin qabu. Yoo dirqiin heerumsiiseyyuu manni murtii kuffisuu qaba.

عَنِ ابْنِ عُمَرَ رَضِيَ اللهُ عَنْهُمَا , أَنَّ رَجُلًا زَوَّجَ ابْنَتَهُ وَهِيَ بِكْرٌ , وَهِيَ كَارِهَةٌ , فَرَدَّ النَّبِيُّ صَلَّى اللَّهُ عَلَيْهِ وَسَلَّمَ نِكَاحَهُ عَنْهَا "

Ibn Umar irraa odeeffamee (ra) ni jedhe*: "namichi tokko intala isaa bikraa taate osoo isiin jibbituu dirqiin heerumsiise. Nabiyyichi (saw) gaa'ila sana ni deebisan (hin ta'u jedhan)."*[1]

Gabaasa Ibn Abbaas keessatti immoo "intaloo sana filachiisan" jedhe. Kana jechuun yoo isiin yeroo sana gaa'ilicha itti fufuu feete bakkatti hambisuun ni danda'amaadha.

Osoo sirni Dargii dhufee gocha kana hanga danda'e hin dhorgin dura bakka baay'eetti baballatee argama ture. Inumaa naannoo Boorana Kibbaa keessatti Dargiin dura akkuma aadaa Arabaa wallaalaa keessa tureetti ijoollee durbaa awwaaluun ykn bineensa nyaachisuun akka ture manguddoon naannoo sana beeku natti himeera. Dargiitu gocha seeraan dhaabsise naan jedhan. Naannoo Islaamni hojiirra oolu keessatti gonkumaa yakki akka kanaa hin raawwatamu ture. Yoo dhiirri tokko fuuchuuf shamara dhufee gaafatee isii mari'achiisuun dirqama akka ta'es Ergamaan Rabbii (saw) dubbataniiru.

1 Sharhii Ma'aan Al-Aasaar, 4/370

Walumaa galatti akka yeroo ammaa warri yeroo hunda Islaama maqaa balleessuuf yaalan "Islaamni mirga dubartii dhiiba" jedhan osoo hin taane gabaabinaan biyya keenya keessatti qofa badii gurguddaa dubartii irratti raawwatamu armaan gadii kana dhabamsiisuu ykn hirrisuu danda'eera.

- Butii ykn dirqiin shamarran saamuu,
- Fuudha raraa bakka baay'eetti beekamu,
- Maatiin shamarranii fedhiin malee heerumsiisuu,
- Dubartii abbaan manaa irraa du'e dirqamaan dhaaluu,
- Dubartii dhaala dhorgachuu fi
- Yoo akka jedhame jira ta'eef intala durbaa awwaaluu ykn bineensa nyaachisuu irraa dhorgeera. Kun hunduu aadaa fokkisaa Islaamni jijjiireedha.

Boqonnaa Shan

5. Bu'aafi Miidhaa Sabboonummaa

Sabboonummaan meeshaa qara lama qabuudha. Yoo ummanni waan faayida qabeessaaf itti fayyadame bu'aa guddaa buusa. Yoo kallattii lakkise immoo rakkoo guddaa uuma. Kanaafuu rakkoon guddaan addunyaa kana irratti uumame sababa sabboonummaati. Sadarkaa sabboonummaa dubbannee dabarsine hunda keessattuu kaayyoo ilma namaa fayyaduuf kan socho'amu yoo ta'e ummata kamuu ni fayyada. Kana gochuuf akeekkachiisa lama kan kitaaba Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse jedhu keessa jiru hubachuun gaariidha: inni jalqabaa haaloo qabaachuun haaloo baafachuuf akka hin yaalle akeekkachiisuu yoo ta'u, inni lammaffaa immoo "olaantummaa koo durii maaliifan dhabe? Maaliifan kabaja dhabe?" jechuudhaan of tuuluun akka hin biqille cimsinee akeekkachiifna. Isaan kunneen lamaanuu sabboonummaa gara lolaatti nama oofan waan ta'aniif balleeffamuu qabu. Kitaabichi itti fufee ergaa armaan gadii barreessaa wahii irraa nuuf hime:

Eenyummaa ofiitti boonuun isa kaan jibbuu, bilisummaa argachuun isa kaan irratti haaloo bahuu, ofiin of bulchuun isa kaan garboomsuu, mirga dimokraasii gonfachuun isa kaaniin "naannoo kiyya gadi lakkisi" jedhanii dirqisiisuun itti fayyadamuun mirga hiika hin qabne ta'uusaarrayyuu bu'aan isaas nageenya booressuu ta'a. Ilaalcha akkasii irratti duuluun

itti gaafatama ummattoota hundaati. Ummanni keenya daangaa mirgasaa isa dhugaa irra utuu hin darbin, mirgasaas utuu dabarsee hin kennin seenaasaa hundee cimaarratti ijaarratee jireenya isaa isa sirna nafxenyaatiin duraa sarbame deebisee akka gonfatu jabeessinee abdanna.[1]

Sabboonummaan yoo saba ofii bilisa baasuu irra taree kan biraa garboomsuu ta'e, dinagdee biyya ofii guddisuu dhiisee kan biraa saamuu ta'e, aadaafi seenaa mataa ofii dagaagsuu bira cehee aadaafi duudhaa saba biraa haaluu ta'e, walumaa galatti dhiibbaa sabaafi biyya biraa irraan gahuu taanaan bu'aa buusuu dhiisee biyyattii jeequmsatti jijjiira.

5.1 Bu'aa Sabboonummaa Guutuu Addunyaa

Akka addunyaa kanaatti bilisummaafi wal qixxummaa ammayyaa kanaaf kan sababa ta'e sochii sabboonummaa biyya adda addaati. Kan akka ijootti ilaalamu warraaqsa sabboonummaa Faransaayii yoo ta'u biyyi hunduu isaan hordofanii warraaqsa eegaluun bilisummaa biyya ofii labsuu danda'aniiru. Miidhaan inni booda fide akkuma jirutti ta'ee bu'aan inni fide addunyaan guutuun akka dammaqee mirga ofii labsatu taasiseera. Ummanni kan duraan mootummaa abbaa irreetiin hacuucamaa ture bakka baay'eetti dammaqee ofirraa dhiibuutti ka'e.

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 8 – 9.

Walumaa galatti Dimokraasiifi wal qixxummaan yeroo ammaa addunyaa kana irra jiru baay'een isaa warraaqsa sabboonummaa adda addaatiin kan dhufeedha. Sabboonummaan bu'aa biraa hundaa dhiisii sirna abbootii irree kuffisuun, sirna daldala garbaa dhaabsisuun, biyya keenya keessatti sirna Salamoonawaa kuffisuun, hacuuccaa Kolonii Afrikaa keessaa baasuun qofti ga'aadha.

Wanti hubatamuu qabu tokko sabboonummaan tokko saba wahiitiif yeroo bu'aa buusu saba biraa miidhuutu mala. Inni akka kanaa hin deeggaramu. Fakkeenyaaf Awrooppaan biyyootii Afrikaa gita bittootaan qabuun isaanii sabboonummaa Awrooppaa irratti hundaa'eeti. Loltoonni isaanii yeroo lolan ol aantummaa biyyaafi sabaa isaaniitiif qabsaa'u. Qabsoon sun Awrooppaaf bu'aa hanga ta'e buusus ummata Afrikaa irraan miidhaa guddaa ga'eera. Sochiin miidhaa kolonii kana ofirraa mormuus sabboonummaadhaan geggeeffame. Sabboonummaan inni kun immoo bu'aa malee miidhaa homaatuu hin qabu. Ummanni Afrikaa hunduu qabsaa'ee bilisummaa hanga ta'e argachuu danda'eera. Miidhaa hammaataa duraan warra adiidhaan irra ga'aa ture of irraa xiqqeessuu danda'eera.

5.2 Bu'aa Sabboonummaa Biyya Keenyaa

Qabatama biyya keenyaa yoo ilaalle sabboonummaan jiru bu'aa isaarra miidhaa turetu caala. Sabboonummaan

Amaaraa miidhaa guddaa uumaa ture. Kan Tigiroonni yeroo dhiheenyaa geggeessaa turanis jalqaba lammii Tigirootaa bilisa baasuuf haa ta'u malee booda of tuuluufi saba biraa hacuucuutti jijjiirameera. Sabboonummaan Oromoo garuu hanga ammaatti hacuuccaafi roorroo saba Amaaraafi Tigirootaa kaasee akka guutuu biyyaatti bilisummaa argamsiisuu keessatti bu'aa guddaa buuse. Sabboonummaan Oromoo kan jaarraa kudha shanaffaafi kudha jahaffaa keessa tures bu'aa guddaa buusee seenaa galmeessisee darbeera. Bu'aan sabboonummaa Oromoo jaarraa sanaa qorannoo of danda'e ta'ee qoratamuu qaba. Yeroo sanatti ummanni Oromoo miidhaa hidda Salamoonawaa ofiin jedhuufi bataskaana Ortodoksii ofirraa rukutuudhaan dachii isaanii saamame baay'ee deebifataniiru. Dachii Oromiyaa ammaa kana yeroo sana to'atan. Ummanni Oromoo bara sanaa kaasee naannoo jaarraa afurii bilisummaa guddaa argatee sirna gadaatiin bulaa ture. Yeroo kanatti seera gadaa kan addunyaan yeroo sanaa tokkollee itti hin dhaqqabin tumuu danda'aniiru. Seerri Maccaa ani dubbisee ilaale Dimokraasii yeroo ammaa caalaa baay'ee miidhagaadha. Akka jedhamutti seericha Makkoo Biliitu Odaa Bisilitti tume. Qabiyyeen isaa waan baay'ee nama ajaa'ibuudha. Akki inni itti mirga dhala namaa, kan bineensotaafi biqilootaa kabachiise waan baay'ee nama ajaa'ibuudha. Ummanni keenya bara dheeraa kaasee

seera kanaan bulaa ture. Kun hunduu bu'aa sabboonummaa jaarraa kudha jahaffaati.

Sadarkaa amma jirru kana keessattis roorroofi hacuuccaa gita bittootaa ofirraa finciluutti turre. Biyyattiin kan duraan hacuuccaan dinagdee, siyaasaa, aadaa, barumsaafi amantii irra turte yeroo ammaa wal qixxummaan hangi ta'e nutti mullachuu eegaleera. Taayitaan guutuu biyyattii kan duraan saba Tigiree keessaa maatii Adwaa qofaan qabamee ture yeroo ammaa saboota Itoophiyaa hundaafuu baay'ina isaanii irratti hundaa'ee wal qixa raabsamuu eegaleera. Inni bu'aa sabboonummaa qeerroo Oromiyaa ta'uu eenyunuu ni beeka. Sabboonummaan inni kun isa sadarkaa tokkoffaati. Innis bilisummaa sabaafi dachii ofii mirkaneessuudha. Yeroo sabboonummaa sadarkaa lammaffaatti ceenu immoo bilisummaa argame kana tiksuu wajjin biyyaafi ummata isii qaroomsuu, dinagdeen guddisuu, aadaa isii fooyyessuufi kkf hojjachuutu nurraa eegama. Ummanni siyaas-dinagdeen guddate, qaroomeefi aadaa ofii tikfate immoo qaroomaafi aadaa isaa biyya biraa keessattis baballisuu eegala. Inni kun sabboonummaa sadarkaa sadaffaati.

Sabboonummaan Amaaraa duraan biyya keenya keessa ture miidhaa guddaa dhaqqabsiisuu wajjin sadarkaa sadan dubbannee dabarsine kanatti fayyadameera. Ummata isaa bara dheeraaf bilisaan jiraachiseera. Sana

bira darbee akka ummanni Amaaraa akka yaada isaatti qaroomu, aadaa isaa guddifatu, siyaas-dinagdeen ol aantummaa argatu taasiseera. Sana biras darbee qaroomaafi aadaa isaanii sana naannoo sabaafi sablammoota Itoophiyaa hunda keessatti baballisuu danda'aniiru. Yeroo ammaa kana naannoon aadaafi Afaan Amaaraa of keessaa hin qabne hin jiru. Ummanni Amaaraa baay'inni isaa kan Oromootii gadi ta'uu wajjin afaan isaanii dachii biyyattii bakka baay'eetti ballisanii afaan biyyoolessaa godhachuu danda'aniiru. Gochi isaanii kun saba biroo haa miidhu malee akka saba Amaaraatti isaan fayyadeera. Aadaa fi amantii isaaniis sirriitti dagaagseera. Nyaataafi uffannillee osoo hin hafin ummanni biyyattii baay'een kan isaanii hordofuutti jiru. Amantiinillee osoo hin hafin amantii isaaniitu amantii qaroomaa ta'ee dirqamaan ummatatti fe'amaa ture. Dr. Abdallaa Khadir ni jedhe: "Mootoleen Habashaa hunduu biyyattii Kiristaana qofa gochuudhaaf hojjatan. Mallattoolee Islaamaa dhaamsuufi maalummaa Islaamaa qaroomina (aadaa) Amaaraa warra mootii keessatti baqsiisanii hambisuuf kallattii adda addaa fayyadaman. Amaariffa afaan biyyoolessaa taasisan. Naannolee Arabiffi afaan hojii, murtiifi barnootaa taate kan akka Hararriifi Eertiraa keessattillee Arabiffaan socho'uu ni dhorgan. Aadaan Islaamaa jidduu beektolee keessatti qofa hafe. Muslimootatti isii dabarsuu irraawuu ni dhorgamte. Hawaasa Muslimaa keessatti hiikti qaroomaa

ni jijjiirame. Namni qaroome jedhamu nama qarooma Amaaraa barate; odoma elelmantariillee ta'ee. Aalimni beekaan isaan biratti akka wallaalaatti lakkaa'ame. Duraan immoo Muslimni Afaan Arabaatiin dubbisuufi barreessuu danda'u isatu beekaatti lakkaa'ama ture. Yeroo sana barnoonni Amaaraa qeesota bira malee hin jiru ture."[1]

Ibsa doktoora kanaa irraa wanti hubannu ummanni kun sabboonummaa isaaniitiin aadaa biraa hundaa ukkaamsanii kan ofii qofa babal'isuu danda'uu isaaniiti. Aadaafi amantiin biroo tokkollee dachii isaan bulchan irratti beekamtii akka hin qabaanne gochuuf yaalaniiru. Saboonni biroo aadaafi afaan ofiitti akka qaanfatu gochuu danda'aniiru. Saboota maqaa tuffii itti moggaasanii akka bineensaatti ilaalaa turan. Saboonni injifatame hunduu gabroomfamee lammiin isaanii bakka argame hundattuu akka gabrootaatti lakkaa'amaa gurguramaa ture. Gochi kun lammii biyyattii miidhuu ta'uu wajjin isaan garuu aadaa, afaaniifi amantii mataa isaanii ittiin guddifachuu danda'aniiru. Gabatee dhiibbaa Amaarri Finfinnee keessatti saba biroo irraan ga'e akeeku kitaaba Dr. Laaphisoo irra jiru haa ilaallu.[2] Sabni

[1] Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaa Khadir, fuula 148

[2] Maddi isaa "sirna Fewdaaliifi jalqaba Kaappitaalizmii Itiyoophiyaa keessatti, Dr. Laaphisoo fuula 12. Baay'ina jiraattota Itiyoophiyaa bara 1984 Dh.K.B.

Amaaraa naannoo waggaa 45 keessatti dhibbentaa 24 irraa gara 52tti ol guddachuu danda'e. Akka jecha Dr. Abdallaatti Amaarri magaalaa guddittii Finfinnee keessatti baay'atanii Oromoo caaluun ummanni Amaaraa magaalaatti yaa'an baay'achuu qofaanii miti. Ummanni baay'een qaroominaan saboota biraa irraa gara Amaaraatti jijjiiramuudhaani. Fkn Shanqillaan dhibbentaa 25 irra turan naannoo waggaa 45 keessatti liqimfamanii baduu danda'aniiru.

Saboota	sochii saboonniifi Loqonni isaanii bara adda addaa keessa dabalate lakkoofsaafi dhibbentaadhaan					
	1908 Dh.K.B		1953 Dh.K.B		1984 Dh.K.B	
	Lakk.	100%	Lakk.	100%	Lakk.	100%
Oromoo	20,000	33.3	56,755	18.5	241,614	17.1
Shanqillaa	15,000	25.0	1241	0.4	-	-
Amaaraa	14,000	24.4	161,627	52.7	676,015	47.9
Wolayittaa	5,000	8.3	17,410	5.7	49,317	3.6
Guraagee	2000	3.3	52,951	17.3	249,077	17.6
Tigree	1000	1.7	8,366	2.7	117,485	8.3
Kan biroo	3000	5.0	8,306	2.7	49,067	5.5
Ida'ama	60,000	100	307,000	100	1,412,575	100

Gabatee 1: **Saba Amaaraafi saboota biroo Finfinnee jiraataa turan**

5.3 Miidhaa Sabboonummaa Guutuu Addunyaa

Miidhaan guddaan addunyaa kana irratti uumame sababa sabboonummaa akka ta'e eenyunuu ni hubata. Innis waraana addunyaa lammaffaa kan lubbuu namoota miliyoona shantamaa olii baase, namoota lakkaa'uuf hin mijoofne bakka bu'an dhabamsiise, qabeenya baay'ina isaa tilmaamuuf ulfaatu barbadeesseedha. Sababni isaa sabboonummaa biyya Jarmanii keessatti daangaa darbee gara of tuuluutti jijjiirameedha. Lammiin Jarmanii Adolf Hitlar walakkeessa jaarraa digdammaffaa keessa Heeraanvook jedhamuudhaan kan beekamu doktiriinii sabboonummaa labsaa ture. Ijjannoo sabboonummaa isaa kana irraa kan ka'e yeroo sana kan armaan gadii jedhee ture:

Nama akka qamalee leenjisanii akka inni abukaatoo ta'u karaa agarsiisuun yakkamaafi maraatuu nama godha. Akkasumas gochi kun cubbuu hojjachuufi seera ittiin bulmaata keenyaa cabsuudha.

Ilaalcha sabboonummaa hammana isa keessatti guddateen "Ardii Awrooppaa keessa sanyiin qulqulluun Jarmanoota qofa; isaan keessaawuu sanyii Aariyaanotaati" jedhaa ture.[1]

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 43.

Dhiphina guddaa sabboonummaan ummata Jarmanii keessatti uume kana ilaali. Akka seera isaaniitti namni saba Aariyaanotaa hin ta'in hunduu qamaleedha. Namni qamaloota kana waa barsiisee akka saba Jarmanii nama ta'een falmu godhe yakkamaa ta'uu bira darbee cubbuu Rabbiin wal nama lolchiisu hojjachuudha. Waraanni addunyaa lammaffaa sababni isaa sabboonummaa kana ta'uun maddoolee seenaa hunda keessattuu ibsameera.

Bu'urri of tuulummaa sabaa ulfaataa kana Yahuudota akka ta'e maddoolee baay'eetu dubbatan. Anis odeeffannoo ana bira isiniin haa ga'u: bu'urri sabboonummaa namoota hunda biraawuu ni jira. Garuu of tuuluu guddaa akka kanaatiin sabni kamuu Yahuudota hin dursine. Isaantu yaada Awrooppaa keessa baballisee addunyaa waliin gahe jechuu dandeenya. Kanumti Naazistii Jarmaniifi Faashistii Xaaliyaanii yaada Yahuudotaa kana irraa burqe. Yahuudonni amantii isaanii irraa eegalanii akka ilmaan Rabbii ta'an labsaa turan. Kun sabboonummaa isa hanga dhumaatti daangaa tare ta'uu wajjin kijiba kana caalu addunyaan keessummeessitee hin beektu:

{وَقَالَتِ الْيَهُودُ وَالنَّصَارَى نَحْنُ أَبْنَاءُ اللَّهِ وَأَحِبَّاؤُهُ قُلْ فَلِمَ يُعَذِّبُكُمْ بِذُنُوبِكُمْ بَلْ أَنْتُمْ بَشَرٌ مِمَّنْ خَلَقَ } [المائدة : ١٨]

Yahuudonniifi Kiristaanonni "nuti ilmaan Rabbiitiifi jaalallee Isaati" jedhan. Atis "maaliif badii keessaniin isin adaba?

Dhugumatti isin nama Inni uume irraayi" jedhi. [Almaa'idaa: 18]

Dabalatas akka saba Rabbiin biratti filatamoo ta'aniifi yoo ummata biraa irratti badii fedhe raawwatan yakka hin taane labsu. Qabeenya saba biraa fudhachuun isaan irratti yakka hin ta'uus wal barsiisan. Isa kana Qur'aannis nutti himeera.

{ وَمِنْ أَهْلِ الْكِتَابِ مَنْ إِنْ تَأْمَنْهُ بِقِنْطَارٍ يُؤَدِّهِ إِلَيْكَ وَمِنْهُمْ مَنْ إِنْ تَأْمَنْهُ بِدِينَارٍ لَا يُؤَدِّهِ إِلَيْكَ إِلَّا مَا دُمْتَ عَلَيْهِ قَائِمًا ذَلِكَ بِأَنَّهُمْ قَالُوا لَيْسَ عَلَيْنَا فِي الْأُمِّيِّينَ سَبِيلٌ وَيَقُولُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ وَهُمْ يَعْلَمُونَ} [آل عمران : ٧٥]

Warra kitaabaa irraa nama yoo ati qabeenya guddaan isa amante isa siif deebisutu jira. Ammas isaan irraa kan yoo maallaqa warqeetiin isa amante hanga yeroo dheeraa isaaf eegdutti isa siif hin deebifnetu jira. Kun waan isaan "wallaaltota [qabeenya isaanii nyaachuu] keessatti badiin nurra hin jiru" jedhaniifi odoo beekanuu Rabbi irratti kijiba odeessaniifi. [Aali Imraan: 75]

Of tuuluun guddaan kun isaan biratti argamuudhaaf sababni guddaan ergaa Kakuu Moofaa (Tawraat) keessa jiru isaan jijjiirratanii barreessan ykn jallisanii hiikaniidha. Of tuuluu kana keessaa tokko nabiyyiin kamuu saba keenyaan ala ergamuu hin danda'u kan jedhu wal barsiisaa turan. Sababa kana yeroo nabi Muhammad [saw] Araba irraa ergaman osoma nabiyyii ta'uu beekanii itti kafaran. Kanaafuu Rabbiin akka

ilmaan isaanii beekanitti Muhammad nabiyyii ta'uu beeku jechuu nutti hime.

Akka kitaaba Safar Alhawaalii keessa jirutti of tuuluun isaanii kun daangaa taree ummata Yahuudaan ala jiran amantii fedhe yoo qabaates fedhu Kiristaana, Muslima ykn amantii fedhe qabaatus akka harree isaan tajaajiluuf uumameetti lakkaa'an. Ummanni Rabbiin isaan filate kun akka fedhetti isaan fe'ata. Sababni Rabbiin suuraa Yahuudaatiin ummata harree kana uumeef akka itti fayyadamuun Yahuudotaa mijaa'uuf malee dhugaan jiru isaan harree, gaangee ykn gaala jedhan. Kanaafuu qabeenya ummata kanaa hatuun, dubartii isaaniitti sagaagala hojjachuun, lubbuu isaanii baasuun Yahuudaa irratti badii hin ta'uutu isaan biratti labsame. Kitaaba isaanii beekamaa Talmuud jedhamu keessatti yoo namni Yahuudaan alaa boolla keessatti kufe isa hin kaasin; inumaa yoo dandeesse akka inni hin baane dhagaa itti darbi jedhe.[1]

Ol aantummaan isaan himataa turan booda gara diinummaatti jijjiirame. Kanaafuu yoo namni Yahuudaa hin ta'in boolla keessatti kufe, bishaaniin nyaatame ykn ibidda keessa bu'e diina keetii keessaa hin baasin jechuu wal barsiisan. Garuu wanti diinummaa guddaa kanaan Yahuudota ga'ee kitaaba kana isaan barreessise miidhaa Baabil keessatti isaan mudateedha. Aashuuriyyoonni

1 Alqawmiyyat Al-Arabiyyaa, Safar Alhawaalii, 3

warri Yahuudota booji'anii gabroomfatan Iraaqiin keessa naannoo Baabil jiraatu turan. Yahuudonni waan booji'amanii gabroomanii jiraniif saba isaan hacuucu kana jibbuufi akka beelladaatti lakkaa'uu eegalan. Ofii isaaniitii akka Rabbiin isaan filate ibsanii warra Aashuuriyyootaa kan amantii duudhaa hordofu immoo beellada jechuudhaan haala kanatti Talmuudiin barreessan. Haaloo ummata kana irraa qabaniin ummata hundarratti barreessan. Kanaafuu kitaabichi kitaaba haalooti malee kan amantii hin turre.

Yahuudonni yeroo hacuuccaa Baabil jalaa bahanii gara Awrooppaa cehanis miidhaa sana caalutu isaan mudate. Awrooppaa kan hogganaa ture kiristaanota. Akka yaada Kiristaanotaatti Yahuudotatu Yesuusiin ajjeese. Yesuus immoo Rabbii dachii samii uumeedha. Kanaafuu Yahuudonni Rabbii kiristaanonni itti amanan fannisanii cinqanii ajjeesan jechuudha. Kanaafuu Yahuudota miidhuufi hacuucuu keessatti daangaa taran. Yeroo kanas Yahuudonni waan Talmuud keessatti barreessan sirriitti itti quufan. Kanaafuu waa'ee Yesuusis dubbii hammeenyaa barreessanii Talmuud keessa kaa'an. Talmuud kitaaba iccitii waan ta'eef akka laafaatti hin argamu ture. Isa keessattuu bakka Yesuus jedhu mallattoo wahii kaa'u; garuu qeesiin isaanii yeroo isaaniif dubbisu Yesuus jedhee dubbisa. Ummanni kamuu yoo tola hanga fedhe isaaniif ooles silaawuu innis qabeenyi isaa isaaniif jecha uumame jedhanii waan yaadaniif

galata tokkollee isaaf hin qaban. Warri Jarman yaada kana arganii isaan irraa akka jiruun fudhatan.[1]

Haala kanaan ummanni Awrooppaa sabboonummaa oftuuluu qabu eegale. Sanaan dura Awrooppaan hunduu amantii Kaatolikii irratti wal ta'ee jiraata ture. Achiin warraaqsi Faransaayii eegale. Warraaqsichi bu'uurri isaa sabboonummaa ture. Baabaa (phaaphaasii) Kaatolikiitiin walii galuu hin dandeenye ture. Booda garuu ga'ee baabaa isaanii bataskaana qofatti daangessanii isaan sochii itti fufan. Garuu wal dhabbiifi wal qooduun Awrooppaa keessatti ni ulfaate. Wal dhabbiin guddaan bakki irraa uumame mormii Maartiin Luutar kaatoolikii irratti kaaseedha. Maqaan amantii inni fudhatee dhufeewuu pirootestaantii (mormitoota) jedhame. Wanti inni baabaa Kaatolikii harkatti mormeefi kan akka haaromsaatti ilaalame yaada abbootiin amantii namaafi Rabbiin jidduu galuu ilaalchiseeti. Kanaan mormiin guddaan baabaafi waan haaraa inni amanticha keessatti uume jedhamu irratti ka'e. Garuu isaanis qabxii bu'uraa waa'ee tokkummaa Rabbii ilaallatu itti hin kaafne ture. Isa ilaalchisee yaadrimee "qaama sadiitu Rabbii tokko ta'e" jedhu akkuma jirutti fudhatan. Waa'ee namni tokko ofumaan kallattiidhaan kitaaba qulqulluu dubbisee waaqa isaa waaqeffachuu qaba jedhu irratti xiyyeeffate. Kaatolikii keessatti kallattii qeesiitiin malee hin

1Alqawmiyyat Al-Arabiyyaa, Safar Alhawaalii, 4 irra utaaleen fuudhe.

danda'amu ture. Sadaqaa kennuun (rakkataa deeggaruun), araarama kadhachuufi sirna waaqeffannaa baay'ee keessatti qeesiin jidduu namaaf Rabbii seena yaada jedhu qabu. Yaanni Maartiin yeroma Jarmanii keessatti uumamu Awrooppaan dur tokko ture wal dhabbii guddaatu jidduu isaaniitti uumame. Maartiin dura Awrooppaa keessatti namoonni baay'een qabsoo godhanii isa suuraan Yesuus jedhamu kaafamee gabbaramu mormanii caccabsuu yaalanii turan. Garuu hanga kan Maariin itti hin milkoofne ture. Inni Jarmanii waan ta'eef Macaafa Qulqulluu Afaan Jarmaniitti hiiksise. Sana booda namni hunduu mataa isaatiif kitaabicha dubbisee osoo qeesii kamiin hin mari'atin waaqeffachuu jalqabe. Warri kun kaatolikii Awrooppaa keessa jiraniin kaafira (kan amantii hin qabnetti) ilaaluu eegalan. Baabaanis isaaniin kaafira jedha ture. Kanaafuu wal irraa fuuchuufi walitti heerumsiisuun dhorgame.

Warraaqsi Jarmanii keessatti eegale sabboonummaa Jarmaniifi amantii Pirootestaantii irratti hundaa'e. Sabboonummaan Faransaayii immoo Kaatolikii qabaachuu waliin amantii ofirraa dhiibanii sekulaar ta'uu yaalan; amantiin bataskaana keessatti qofa daangeffame. Warraaqsi Ingilizii keessatti jalqabames sabboonummaa Ingiliziifi Pirootestaantii irratti hundaa'e. Isaan biyyootii addunyaa baay'ee keessatti baballatan. Jarmaniifi Ingiliziin saba irratti waliin diina ta'an. Yeroo kana biyya sadan jidduutti wal dhabbiin hamaan uumame. Biyyi

kun sadan yaada tokko irratti walii galuun ulfaataa ta'e. Yeroo baay'ee yoo biyyi lama walii galan sadaffaan ni faallessa ture. Kana booda biyyootii Awrooppaa hunda keessatti maqaa sabboonummaatiin of tuuluun eegalame. Biyyoonni hunduu dhaadannoo, seenaa fi waan ittiin boonan kan mataa isaanii tolfatan. Biyyoonni hunduu wal irraa fagaatan. Jarmanoonni sana booda dhiphina hamaa labsan.

Lammiin Jarmanii Adolf Hitlar walakkeessa jaarraa digdammaffaa keessa Heeraanvook jedhamuudhaan kan beekamu doktiriinii sabboonummaa labsaa ture. Ijjannoo sabboonummaa isaa kana irraa kan ka'e kan armaan gadii jedhee ture:

Nama akka qamalee leenjisanii akka inni abukaatoo ta'u karaa agarsiisuun yakkamaafi maraatuu nama godha. Akkasumas gochi kun cubbuu hojjachuufi seera ittiin bulmaata keenyaa cabsuudha.

Ilaalcha sabboonummaa hammana isa keessatti guddateen "Ardii Awrooppaa keessaa sanyiin qulqulluun Jarmanoota qofa; isaan keessaawuu sanyii Aariyaanotaati" jedhaa ture.[1] Yaada Yahuudonni dubbatan kan ummata filatamaafi addunyaa guutuu bulchuu qabna jedhu hundaa Jarmaniidhaaf labse. Yaada isaa kanarratti Mosoloonii Xaaliyaanii isa deeggare. Jaappaanis bu'uura

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 43.

isaanii qabattee sochoote. Biyyoonni kunniin sadan Faransaayiifi Ingilizii rukutuu eegalan. Dhumarra Amerikaan lolichatti seente. Kanarraa ka'ee lolli addunyaa lammaffaa kan addunyaan hanga nuti beeknutti waan isa fakkaatu hin geggeessin bara 1939 eegalee guutuu addunyaa, keessumaa Awrooppaa hundeefi mataa isii waliin dhahee margaafi nama utuu hin hambsin ashaaraa isaa hanga ammaatti beeknu Jaappaanii keessatti hambise. Kun hunduu bu'aa sabboonummaa karaa lakkiseeti.

Dhukkubni kun Awrooppaa keessatti hin gabaabbanne. Of tuuluun kun isaanii wajjin Afrikaallee ni dhufe. Mee seera warri adii Afrikaa kibbaa keessatti baasaa turan haa ilaallu: bara 1953 pirezdaantii Afrikaa kibbaa kan turan JG Istiriijdam sabboonummaa ijjannoo Hitlariin wal fakkaatuun biyya bulchaa ture. Pirezdaantichi imaammata armaan gadii kana baasanii labsaa turan:

Akka imaammata keenyaatti, lammiin Awrooppaa kamiyyuu Afrikaa kibbaa keessatti Gooftaa ta'anii jiraachuu qabu. Nuti doktiriinii Heeranvookiifi qajeelfama isaa dhiifnee dhalataan lammii adii gooftaa ta'uu hin qabu yoo jenne, abbaan mirgaa Awrooppaan akkamitti gooftolii ta'uu danda'u?

Ilaalchi keenya bifa kamiinuu Awrooppaanonni Afrikaa kibbaa bituu akka danda'an gochuu, akkasuma of amantummaa warra adii mirkaneessuufi kabachiisuuf qabsaa'uudha.[1]

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 44.

Afrikaa kibbaa keessatti warra gurraacha gabroomsanii bulchuuf waltajjii hundarratti doktiriinii kana hojiirra oolchan. Hojiirra oolchuufis meeshaa waraanaatti fayyadamaa turan. Olaantummaa isaaniis mirkaneeffataniiru. Sabboonummaafi gara jabeenyi mootummichaa lammilee gurraacha Afrikaa kibbaa hundaa miidhaa baay'eef saaxilaa ture.

Kana qofa osoo hin taane Awrooppaan hundi maqaa koloniitiin Afrikaafi Eeshiyaatti yaa'anii gabroomfachuufi qabeenya isaanii saamuun bu'urri isaa sabboonummaa ture. Miidhaaa koloniin ummata Afrikaa irraan ga'e eenyuufuu ifaa natti fakkaata.

Miidhaa of tuuluun maqaa sabboonummaatiin uumame Awrooppaa irraan ga'e dubbannee dabarsine. Awrooppaan erga hadhaa kana hunda dhandhamanii dabarsanii akka guutuu ardittiitti tawbaa qulqulluu tawbatan. Sabboonummaa maqaa 'nationalism' jedhuun dirree baasanii mormuu eegalan. Kan sila biyyaan wal qoodanillee kallattii baay'eedhaan wal qooduu kana dhiphisuu eegalan. Namni waraqaa eenyummaa Awroppaa tokko qabu bahaa hanga dhihaa, Kaabaa hanga Kibba ardittii deemuu danda'a. Qarshii tokkichaan guutuu ardittii irratti hojjachuun ni danda'ama. Garuu "sabboonummaa ittiin firii hadhaa'aa kana hunda haammatan lafatti gatan moo muxannoo kanatti ni fayyadaman?" kan jedhu gaaffii ta'a.

Sabboonummaa isaanii akkuma jiruun fidanii Afrikaafi Araboota keessatti raabsan. Araboonni sabboonummaa Awrooppaa kana akkuma jiruun kooppii fudhatan. Yaadichi hundeen isaa kan Awrooppaati. Warri jalqaba yaada kana fudhatee labsuu eegalee kiristaanota Lubnaan keessa jiraataniidha. Yaada Awrooppaatu warra lola Masqalaatiin dachii Muslimootaa keessatti geggeeffamuu eegale. Muslimoonni harki guddaan khaliifaa Usmaaniyyaatiin bulaa turan. Sabaan wal qoqooduun bu'uura Awrooppaa irratti hundaa'e isaan jidduu seene. Ummanni Turkii sabboonummaa Turkii eegalan. Yaanni ummata Arabaa bakka baay'eetti qoodamee wal dhabuu eegale. Namoonni gariin biyya isaanii kan akka Misraa, Sooriyaa, Morokoo, Jordan, KKF fi alaabaa isaaniitiin boonuu qabna jedhan. Ummanni Misraa jalqaba irratti jaalala biyya Misraa maqaa jedhuun Muslimoota qoqqooduu eegalan. Booda bara Jamaal Abdul Naasir keessa gara sabboonummaa Arabaatti deebi'an. Qabsaa'onni Muslimaa yeroo dhiheenyaa immoo maqaa biyyaas ta'ee kan sabaa dhiifnee Islaamummaadhaan boonnaa filatan. Booda dachiin Arabaa hunduu Shaamiin dabalatee sabboonummaa Arabaa eegalan. Kaayyoon isaanii guddaan khaliifaa Usmaaniyyaa kuffisanii ummanni amantii Islaamaatiin hogganamuu dhiisee Arabummaa qofa akka labsu ture. Warri kana karoorsee ka'e harki guddaan Kiristaana

Lubnaan warra Ameerikaatti baratanii deebi'an ture.[1] Gariin immoo maqaa Arabaafi Muslima jedhus dhiifnee kan Awrooppaan isaaniif baase kan "Giddu Gala Bahaa" jedhuun socho'uu qabnaa filatan. Inni kun Arabaafi Israa'iilii hunda akka hammatuuf ture. Warri kun yeroo baay'ee hambaalee Arabaafi Islaamaatti hin gammadan. Warra yaada kana qaban ofii kiyyaaf Aljaziiraa irratti yaada isaanii dhaggeeffadheera. Akka yaada isaaniitti hambaaleen Arabaa kan hanga ammaatti jiru homaa nun fayyanne waan ta'eef sana hunda dhiifnee kan Awrooppaa fudhachuu qabna jedhu.

Kana booda biyyi Muslimaa hunduu seenaa Islaamaa dheeraa kan boodatti hafiinsa guddaa kan intala durbaa osoo lubbuun jirtuu awwaaluu keessaa Araboota baase dhiisanii hambaa sanaan dura ture barbaaddachuu eegalan. Misra hambaa Fir'awniin, gariin qarooma Samuudiifi Aadiin, Iraaq kan Baabilooniifi Aashuuriyyootaatiin dhaadachuu eegalan. Naannoon waan akkasii hin qabnes lafa qoonfaranii yeroo hambaa tortoraa wahii argan kunoo nutis hambaa dheeraa akkanaa qabna jedhanii ittiin dhaadachuu jalqaban. Gareen ilaalchi sabboonummaa isaanii wal dhabu baay'een ijaarame. Warri Misraa sabboonummaan isaanii ilaalcha warra bahaa kan akka Ruusiyaa yoo ta'u Araboonni baay'een immoo sabboonummaafi yaada

[1] Kitaaba 'Tadmiir Wasan Alqawmiyyiin' jedhamu irraayi.

warra dhihaa hordofu turan. Hundi isaaniituu wal haa dhaban malee Islaama diina godhachuu irratti waliif galu.

Sababni sabboonaan Arabaa Islaama diina isaanii godhataniif kaayyoon Awrooppaan isaan ijaarteef ittiin Islaama rukutuuf waan ta'eef. Kaayyoo ijaaramaniif bakkaan ga'uuf Islaama dirqama diina isaanii godhachuu qabu. Kanaafuu Muslimoota Turkii, Hindiifi kan biroo duraan waliin turan diina addaa godhatanii labsuu eegalan. Warra saba Arabaa qofatu hafe. Isaan qofa adda ciruun immoo Awrooppaaf salphaa ture. Wanti sirriitti hubachuu barbaachisu sochii sabboonummaa Turkii kan geggeessan Yahuudota biyya san jiraatan malee namni hundee Turkii tokkollee keessa hin turre. Warri sabboonummaa Arabaa labsaa turanis kiristaanotaafi warra hundeen isaanii Araba hin taaneedha. Erga turee Arabni hangi murtaa'aan keessa seenan.

Waraana Addunyaa lammaffaa booda yeroo Awrooppaa keessatti sabboonummaa dhiisee biyyaan wal qooduun dhokachuu eegaletti Turkiifi Araboonni sabboonummaa of tuuluu kana irraa fudhatan. Turkiin Araboota hundarratti Afaan Turkii barachuu dirqama goote. Araboonnis Ingilizii waliin waraana qopheessanii Turkii rukutan. Ingilizii wajjin Usmaaniyyaa rukutanii Filisxeen keessaa baasan. Filisxeen keessatti alaabaa Ingiliziifi

sabboontota Arabaa fannisan.[1] Erga Dawlaa Usmaaniyyaa baasanii alaabaa Ingilizii fannisanii suuta suutaan Qudsii Yahuudotatti kennanii keessaa bahan. Bu'aan hadhaa'aan Araboonni hanga har'aatti haammataaran bu'aa sabboonummaa kaayyoofi karoora lakkiseeti. Dachiin Arabaa duraan waliin bulu hunduu ciccitee guyyaa guyyaatti yoo xiqqaate namni kumaatamni Araba irraa ta'e sababa tokko malee ajjeefamu. Akkuma Ergamaan Rabbii (saw) jedhan ta'e: "inni ajjeesu maaliif akka ajjeesu hin beeku; inni ajjeefamus maaliif akka ajjeefamaaru hin beeku."[2] Biyyi bara dheeraaf tokko ta'ee amantii Islaamaatiin bulchiinsa walii galaa ijaaree jiraataa ture yeroo ammaa biyya kudhanii olitti qoodame. Diinni kan fedhe walakkaa qabee nyaata. Yeroo ammaa biyyi Arabaa gubatee dhumuurra ga'ee jiru kan akka Sooriyaa, Yaman, Iraaq, Lubnaan, Liibiyaa, Tuuniisiyaafi kkf bu'aa sabboonummaa Awrooppaan isaaniif fide kooppii godhachuuti. Yoo of baranii dammaqanii walitti hin deebine inni hafeyyuu yeroo gabaabaa keessa dhabama ta'uun isaa shakkii hin qabu. Bu'aa sabboonummaan isaanii Filisxeeniif uume argineerra. Sabboontota Arabaatu Ingilizii wajjin Yahuudaa isii irra qubsiisan. Sana booda biyyi isaaniituu addunyaa irratti beekamtii dhabde. Yeroo dhiheenyaa kana immoo Qudsi magaalaa guddittii

[1] Yaada kana baay'inaan kitaaba Safar Alhawaalii "Alqawmiyyat Al-Arabiyyaa" jedhamu irraan fuudhe.

[2] Muslimtu gabaase.

Israa'iil godhamee labsameeyyu. Araboonni tokkollee isii bira dhaabachuu hin dandeenye.

5.4 Miidhaa Sabboonummaa Biyya Keenyaa

Sabboonummaan biyya keenya keessa duraan ture baay'een isaa of tuuluutti jijjiiramee saboota biroo baay'ee hacuucaa ture. Sirni duraan sabboonummaa karaa bade kana geggeessaa ture saba Amaaraati. Silaawuu taayitaan warra Salamoonawaa ofiin jedhu Amaaraafi Tigiree harkaa hin baane. Amaarri akka ofii isaanii ilaalanitti lammii biroo ilaaluu hin barbaadan. Seenaa, beekamtii, eenyummaafi ulfina ofii isaaniitiif kennan lammiilee birootiif kennuu qabu jedhamee isaan irraa hin eeggamu ta'ullee, yoo xiqqaate mataa isaanii akka ergamaatti, lammiilee kaan immoo akka uumama hafuura sabummaa hin qabneetti fudhachuun isaan irraa hin eegamu ture. Sirni gabroomfattoota Amaaraa kun saba Oromoo gaallaa, gara jabeessa, yeeyyii, aramanee, bishaan keessaa kan ba'e … jechuudhaan maqaa balleessaa turan. Waa'ee saba Amaaraa immoo akkas jedhu turan:

Maqaan Amaaraa jedhu jecha Amhaaraa jedhu irraa dhufe. Hiikti isaas filatamaa, saba bilisummaa qabu jechuudha. Am jechuun saba jechuudha. Haaraam jechuun immoo hurriidhaa kan ba'e, amala qabeessa, injifataa, hogganaa olaanaa jechuudha.[1]

1 Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 32 - 33

Ummanni kun saboota biroo baay'eetti maqaa tuffii baasanii waamu malee maqaa isaaniitiin hin waaman ture. Oromoodhaan waan isaan jedhaa turan ni beektu. Saba Walayittaatiin Wolaamoo, Yemiidhaan Jaanjoroo, Dawroodhaan immoo Kuulloo jedhaa turan. Garuu yeroo ammaa sabni Kuulloo, Jaanjoroo ykn Wolaamoo ofiin jedhu hin jiru. Ummanni kun hunduu yeroo meeshaa lolaatiin injifatamu mirga dhabee akka gabraatti gurguramaa ture. Miidhaa sabboonummaan Amaaraa biyya keenya irraan gahe namuu ni beeka waan ta'eef isa kana hin dheeressinu.

Garuu dhiibbaa eenyummaafi afaanii kan Amaarri Finfinnee keessatti saba Oromoofi kan biroo irraan ga'e akeeku kan kitaaba Dr. Laaphisoo irra jiru olitti dabarsine deebifnee haa ilaallu. Sabni Amaaraa naannoo waggaa 45 keessatti dhibbentaa 24 irraa gara 52tti ol guddachuu danda'e. Shanqillaan dhibbentaa 25 irra turan naannoo waggaa 45 keessatti liqimfamanii baduu danda'aniiru. Gabatee odeeffannoo kanaa qabu dabarsine deebi'anii ilaaluun ni danda'ama.

Bara Minilik keessa miidhaan sabboonummaa ulfaatee saba Amaaraan alaa irraa lammummaan Itoophiyaa haqamaa ture. Namni tokko lammii Itoophiyaa ta'uuf ulaagaalee armaan gadii guuttachuu qaba. Isaanis:

a. Amantii Ortodoksii fudhachuu

b. Uffata aadaa Amaaraa uffachuu fi
c. Afaan Amaaraa dubbachuudha.

Ulaagaa kana kan maddisiise mana maree Booruu Meedaa jedhamuudha.[1] Ogg biyya alaa deemtellee yoo ulaagaa kana sadan hin guuttatin Itoophiyaa ta'uun kee hin fudhatamu ture. Beektoleen keenya kanneen duraan dooniidhaan garba qaxxaamuranii biyya biraa deemanii baratan akka naaf himanitti ati lammii Itiyoophiyaati jedhamuuf Amaariffa dubbachuun dirqama ture. Kan sababa kanaa carra Yunivarsitii dhaban ni jiru turan.

[1] Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Woldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, f.209

Xumura

1. Namni tokko eenyummaa baay'ee qaba. Yoo eenyummaa tokko irratti hundaa'ee garee wahii keessa seene eenyummaan isaa inni kaan dhiibamuu hin qabu. Eenyummaan isaa hunduu kabajamuufii barbaachisa.

2. Islaama keessattis eenyummaan namaa hunduu ni kabajamaaf. Sabni, amantiin, biyyi, saalliifi kkf Islaama keessatti waan mormamuu miti. Kan mormamu ittiin oftuuluufi kan biroo tuffachuudha.

3. Miidhaan biyya keenya keessatti geggeeffamaa ture baay'een isaa sabaafi amantii irratti hundaa'eeti. Saba jiru keessaa kan baay'ee miidhame Oromoo yoo ta'u amantiidhaan immoo Muslimootatu baay'ee miidhaman. Sababa kanaa Oromoonni Muslima ta'an miidhaa dachaatu irra ga'aa ture. Naannoon Oromoo Muslimootaa kan akka Harar, Arsii, Wolloo, Guumaafi KKF miidhaa dachaafi suukanneessaa eenyummaa lama irratti hundaa'e keessummeessaa turan.

4. Oromoon saboota Hortee Kuush kan gurraacha Afrikaa jala jiran keessaa haalaan bal'aadha. Ummanni Oromoo ummata kaaba baha Afrikaa keessa waggaa 8,000 duraa kaasee jiraataa tureedha. Naannoo waggaa kuma torbaatii kaasanii gara jiddugaleessa Itoophiyaatti gara Kibbaatti godaananii turan.

Ummanni Oromoo bu'ura saba biyya kanaati malee kan alaa dhufee miti. Maqaan Itoophiyaa jedhus ummata Kuush kanaafi Oromoota ilaallata malee hortee Seem hin ilaallatu ture.

5. Sabboonummaan ilaalcha Islaamaa keessatti bakka lamatti qoodama. Sabboonummaan kan saba ofii bilisa baasuuf, qaroomsuuf, dinagdee isaa guddisuuf, afaaniifi qarooma isaa babal'isuuf tajaajilu jaalatamaadha. Yoo gara sabaan of tuuluu, saba biraa tuffachuu, hacuucuufi dhugaa isaan bira jiru diduutti tarkaanfate immoo baay'ee jibbamaadha. Dhugaafi haqqiin nama kam birayyuu yoo jiraate fudhatamuun dirqama ta'a. Kana diduun Rabbiinis wal nama lolchiisa.

6. Oromoofi Islaamni biyya keenya keessatti hariiroofi seenaa dheeraa waliin qabu. Biyya keenya keessatti akkuma Amaaraafi Kiristaana adda baasuun hin mijoofne, Oromoofi Islaama adda baasuun gonkumaa hin danda'amu. Oromoon guyyaa keessa kan Islaama fudhatan osoo hin taane jaarraa kudha lamaa ol Islaama keessa turaniiru. Muslimoonni biyya keenyaa eenyummaafi Afaan Oromoo tiksuu keessatti wareegama guddaa kaffalaniiru. Muslimoonni baay'een osoo eenyummaa isaanii kan sabaafi amantiitiif falmanii wareegamaniiru.

7. Sabboonummaan seera qabeessi bilisummaa guddaa fiduu danda'eera. Garuu sabboonummaan kallattii lakkise miidhaa hammaataa geessiseera. Waraana addunyaa lammaffaa keessatti lubbuun namoota miliyoona 54 ol ta'an galaafatamuuf sababa ta'eera. Kanaafuu warraaqsi sabboonummaa seeraafi kaayyoo ifaa qabaatee ittiin to'atamuu barbaachisa.

Faaruun hunduu kan Rabbii Gooftaa Aalamaati. Rahmanniifi nageenyi Ergamaa Rabbii, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi warra hanga Guyyaa Qiyaamaatti isaan hordofan irra haa jiraatu.

Xumurameera

Kitaabota Wabii

1. Qur'aana Kabajamaa
2. Macaafa Qulqulluu
3. Kitaabolee Hadiisaa kan akka sahiiha Bukhaarii, Muslimiifi kkf
4. Seenicha Suukanneessaa Barri Dhokse, Waldeyohaannis Warqinaafi Gammachuu Malkaa, 2009
5. Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa/Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa, 1998
6. Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20ffaa, bara 2008
7. Sirna Fewdaaliifi Jalqaba Kaappitaalizmii Itoophiyaa Keessatti, Dr. Laaphisoo G/Deeleebboo
8. Seenaa Muslimoota Itoophiyaa, Amaan Guddataa
9. Qaroomina Islaamaa Habashaa Keessatti, Dr. Abdallaa Kadir
10. Alqawmiyyat Al-Arabiyyaa, Safar Alhawaalii
11. Islaamni Habashaa Keessa Baballachuu, Muhammad Haamiddiin Booranaa
12. Fatwaa Jamaaluddiinn Al-Aannii, Muhammad Roobsaa, 513
13. Ragaa Itoophiyaa Kiristaanaa, Yunivarsitii Ameerikaa bara 1971
14. Area hand Book A.U. 1971
15. Gara Islaamaatti waamuu, Toomaas Ornoold
16. Islaamni Baha Afrikaa Keessa Babal'achuufi Dhiiti Isa Faallessuu, Dr. Muhammad Annaqiiraa

17. Identity Politics and Politicized Identities: Identity Processes and the Dynamics of Protest, P. G. Klandermans, *Vol. 35, No. 1, 2014*
18. Islaamaafi Qaroomina Arabaa Habashaa Keessaa, Dr. Hasan Ahmad Mahmuud Yunivarsitii Kaayiroo
19. Almawsuu'at Almuujaza Fittaariik Al-Islaamii, 9/4 Shaamilaa irraayi.
20. Albidaayaa Wannihaayaa, Ibn Kasiir
21. Siirat Ibn Hishaam
22. Tafsiira Ibn Abii Haatim
23. Dr. Abdushakuur Muhammadamaan, Hal-ta'arifu sha'aba Oromoo Al-Muslim
24. Dynamic Respectives Of Identity Politics
25. Al-Asabiyyat Alqabaliyyaa Wa Asaruhaa Alalmujtama'i
26. Alqawmiyyaat Fii Miizaan Al-Islaam
27. Siyaasaafi Beela Itoophiyaa Bara 1984-1985, Jason kilay bonnii
28. Ifaa Sharii'aa, lakk. 13 bara 1402
29. Kiristaanessuufi Kolonii, Musxafaa Kaalidiifi Umar Farruukh
30. Afrikaa Magariisa, Dr. Muhammad Naasir Al-abuudii
31. Muslimoota Hacuucamoo Itoophiyaa Keessaa, Muhammad Alhaashimii
32. Area Hand Book For Ethiopia, American University
33. Islaama Itoophiyaa Keessaa, Tiriminghaam

34. Weerara Aalama Islaamaa Irratti Geggeeffame, Shaatilee
35. Yaadannoo sheek Muhammad Saafii Abdurrahmaan hogganaa majlisa Itoophiyaa kan inni waa'ee Habashaa barreesse
36. Seenaa Aalimootaafi Waliyyoota Habashaa, Sheekh Umar Wolanii
37. Islaama Habashaa Keessaa, Yuusuf Ahmad
38. የዉገና ድርሰቶችና የታሪክ እውነቶች ፣ ታቦር ዋሚ፣ 2006
39. Seenaa Eenyummaa Oromoo, Dirribii Damusee
40. Assuluuk Lima'arifat Duwal Almuluuk 7/216
41. Al-Ilmaam Dimna Rasaa'il Almaqriizii
42. Tahziib Allughaa, Al-Azharii
43. Endris Mohammed, Sheik Seid Muhammed Sadiq (1897-1977) Philological, historical And Patriotic legacy
44. Seenaa Muslimoota Itoophiyaa, Ahmaddiin Jabal
45. G.W.B Huntingford, The Galla of Ethiopia: The Kingdom of Kaffa and Janjero. London 1959
46. Mohammad Hasan: The Oromo of Ethiopia 1990:xi
47. Eheret, Christofer. Cushitic Prehistory
48. Itoophiyaa, Arabaafi Islaama Seenaa Keessatti, Muhammad Xayyib
49. Insaayikilooppidiaa Islaamiyyaa kan Ahmad Ashantanaawiifi Ibraahiim Zakii Khoorshiid
50. Birhaanuu Lammeessoofi Taaboor Saamii, Seenaa Ummata Oromoo